Abrham Yohanes https://t.me/ethiopianlegalbrief

WIIRTUU LEENJII OGEESSOTA QAAMOLEE HAQAA FEDERAALAA

Seera Daldalaa fi Heera Mootummaa

Moojulii Leenjii Leenjifamtoota Hojiin Duraatiif Qophaa'e

Kan Qopheesse: Birhaanee Asaffaa

Guraandhala, 2001

Afaan Oromootti Kan Hiike: Habtaamuu Bultii

Kan Gulaale: Shaambal Hordofaa

Mudde, 2005

BAAFATA

SEENSA 4
1. Seera Daldalaa fi Heera Mootummaa 6
1.1 Hojiin Daldalaa Heera Mootummaa fi Labsiilee Daldalaa Adda Addaatiin Maal Akka Fakkaatu .. 6
1.2 Hojiin Daldalaa Seera Hariiroo Hawaasaatiin Maal Akka Fakkaatu 8
2. Dhaaba Daldalaa (Business) 10
2.1 Dhaaba Daldalaa: Yaada Waliigalaa 10
2.2 Tuutota Dhaaba Daldalaa (Elements of Business) 11
2.2.1 Maqaa Gaarii (Good Will) 11
2.2.2 Qabeenyaa Kalaqa Sammuu fi Heera Mootummaa 17
2.2.5 Dizaayinii Industirii (Industrial Designs) 28
2.2.6 Mirgoota Waraabbii fi Isaa Wajjiin Hariiroo Qaban (Copy Right and Neighboring rights) 30
2.2.7 Mallattoo Daldalaa (Trade Mark) 38
2.3 Dhaaba daldalaa Irratti Wabii fi Qabsiisa Taasifamu 46
Gaaffilee Marii 49
3. Dhaabbilee Daldalaa (Business Organiztions) 50
3.1 Dhaabbilee Daldalaa: Yaada waliigalaa 50
3.2 Waldaa Michummaa (Partinership) 53
3.2.1 Waldaa michummaa: Yaada waliigalaa 53
3.2.2 Dirqamaa fi Mirga Miseensota Waldaa Michummaa 57
3.2.3 Diiggaa Waldaa Michummaa fi Qulqulleessa Herregaa 58
3.3 Waldaa Keessa Beekettii (Joint Venture) 59
3.4 Waldaa Aksiyoonaa fi Waldaa Dhuunfaa I/G/M (Itti Gaafatamummaan isaa Murtaa'ee) 61
3.4.1 Hundeeffama Waldaa Aksiyoonaa 62
3.4.2 Waldaa Aksiyoonaa fi Waldaa Dhuunfaa i/g/m: Qabiyyee Waliigalaa 63
3.4.3 Faayidaalee fi Miidhaa Waldaaleen Qaqqabsiisan 64
3.4.4 Haala Diiggaa Waldaalee Aksiyoonaa fi Waldaa Dhuunfaa I/G/M 64
3.4.5 Qulqulleessa Herregaa (Liquidation) 70
Gaaffilee Marii 72
4. Seera Waliigaltee Inshuraansii 75

4.1 Seera Inshuraansii: Yaada Waliigalaa (insurance in general) 75
4.2 Hundeeffama Waliigaltee Inshuraansii (Formation) 76
4.2.2 Qajeeltowwan Bu'uuraa Inshuraansii (Basic Principles of Insurance) 81
4.2.2.1 Yaad-rimee beenyaa miidhaa (the concept of indemnity) 81
4.2.3. Faayidaalee inshuraansiin seenamuufii qabuu (insurable interests) 82
4.3.3 Itti-Darbuu (subrogation) 85
4.3.4 Buusii (contribution) 87
4.3.5 Sababa Dhiyoo (proximate cause) 88
4.4 Kaffaltii Dursaa (Premium) 92
4.5 Dhoksuu fi Sobuu 99
4.6 Balaa: Waliigaltee Inshuraansii Keessatti 101
4.6.2 Dirqama Beeksisuu fi Ibsa Kennuu 102
Gaaffilee Marii 105
5. Seera Waliigaltee Geejjibaa 107
5.1 Seera Waliigaltee Geejjibaa: Yaada Waliiglaa 107
5.2 Waliigaltee Geejjiba Dachee Irraa (Carriage by land) 108
5.2.1 Dirqama beenyaa kaffaluu qaama tajaajila geejjabaa kennuu 111
5.2.2 Beenyaa (compensatory awards) 112
5.3 Geejjiba qilleensaa Irraa (air carriage) 114
5.3.1 Itti gaafatamummaa Geejjibaa: ija seera daldalaa Itoophiyaa fi Konvenshinii Waarsoon yoo ilaalamu 115
5.3.2 Itti gaafatamummaa murtaa'aa Geejjibaa (limited liabilities of air carrier) 117
5.4 Geejjiba Galaana Irraa (Carriage by Sea) 119
5.4.1 Geejjiba Galaana Irraa: Yaada Waliigalaa 119
5.4.2 Sanada waliigaltee fe'iisaa (bill of lading) 120
5.4.3 Itti gaafatamummaa qaama tajaajila geejjibaa kennu 123
5.4.4 Daangaa Itti Gaafatamummaa (limitation of liability) 126
5.4.5 Daangaa yeroo 127
Gaaffilee Marii 129
6. Sanadoota Maallaqaa Daddarboo (Negotiable Instruments) 130
6.1. Sanadoota Maallaqaa Daddarboo: Yaada Waliigalaa 130
6.2 Nama fayyaalessummaan sanada maallaqaa daddarboo qabatee jiru (holder in due coures) 132

6.3 Ibsituu maalummaa sanadoota maallaqaa daddarboo (basic features) 134
6.4 Faccisa sanadoota maallaqaa daddarboo irratti ka'uu danda'u 136
6.5 Haalawwan Sanadootni Maallaqaa Daddarboo Ittiin Darban 143
6.6 Waraqaa Daldalaa (commercial papers) 145
6.6.1 Hiikoo Waraqaa Dabarsoo Maallaqaa (Bill of Exchange) 145
6.6.2 Sanada Abdii (Promissory Note) 149
6.6.3 Cheekii (Cheque) 150
6.6.4 Cheekii Himalaa (Travelers Cheque) 158
6.6.5 Tokkummaa fi Garagarummaa Sanadoota Maallaqaa Gidduu Jiru 158
Gaaffilee Marii 160
7. Seera Kasaaraa (Bankruptcy) 161
7.1 Hiikoo, fi Seenaa Guddina Seera Kasaaraa 161
7.2 Raawwatiinsa Seera Kasaaraa 165
7.3 Kasaaruu Waldaa Michummaa 166
7.4 Kasaaruu Waldaa Aksiyoonaa fi Waldaa Dhuunfaa i/g/m 168
Gaaffilee Marii 171
Yaada Guduunfaa 173
Maddawwan (References) 174

SEENSA

Dhalli namaa oomisha nyaata isaatiif barbaachisuu ol oomishuu erga jalqabee as, qaroomina bara durii kaasee hanga bara nuyi keessa jirru bara giloobaalayizeeshinii kanatti daldalli guddina agariisaa dhufe. Daldalli yeroodhaa gara yerootti guddina agarsiisaa dhufe kun addunyaan haala amma irra jirtu kanarra akka geessu dhimmoota gurguddoo taasisan keessatti ramadama. Walitti dhufeenyi hawaasa dinagdee namoota naannoo tokko keessa jiraatan gidduutti meeshaa meeshaan jijjiiruudhaan eegale; sana booda namni galaana qaxxaamuree karaa dheeraa deemuun daangaadhaa hanga daangaatti daldaluu jalqabe. Guddinni tekinooloojii daldalaa mul'ate kun dhalootni amma jiru jireenya fooyya'aa akka jiraatuu fi hawaasni addunyaa akka namoota ganda tokko keessa jiraatanitti akka walitti dhiyaatan taasisee jira.

Dur Itoophiyaan Gibxi, Giriik, Peershiyaa, Hindii fi Chaayinaa wajjiin hojii daldalaa raawwataa akka turte galmeewwan seenaa ni dubbatu. Walitti dhufeenya daldala durii kana irraa kaa'amee yeroo ilaalamu daldalli biyya keenya keessatti guddateera nama hin jechisiisu.Haa ta'u malee, biyyi keenya bu'aa guddina damee kana irraa argme hanga tokko qooddachuu dandeesseetti. Haaluma kanaan, biyyi keenya bara 1923tti seera hojii baankii fi liqaa, bara 1933tti labsii dhaabbilee daldalaa fi labsii seera kasaaraa baasteetti; akkasumas bara 1952 keessa seerri daldalaa amma hojii irra jiru erga labsamee booda sadarkaa gadi-aanaan yoo ta'es addunyaa wajjiin daldaluuf biyyi keenya tattaafachaa turteetti. Tattaaffiin bara dheeraa kun Mootummaan RDF Itoophiyaa gara aangootti erga dhufee as hojiin daldalaa sirna gabaa bilisaatiin akka gaggeeffamu godheera.Mootummaan misooma industirii qonnaan durfamu erga bu'uuressee as tarsiimoon imaammata misooma dhugoomsuuf gargaaran, hojiiwwaan walitti dhufeenya daldalaa si'oomaa fi bu'a qabeessa taasisan hedduun hojjetamanii jiru.

Kaayyoon moojulii mata-duree seera daldalaa fi heera mootummaaRDF Itoophiyaa jedhu irratti barreeffame kun leenjifamtootni turtii manneen barnoota ol'aanoo keessaatti taasisan irraa beekumsa argatan, ogummaa fi yaada dimookiraatawaa baballisuu fi qaruun gabbisanii kanas akka meeshaatti itti fayyadamuun ijaarsa sirna nageenya, misoomaa fi dimookiraatawaa cimsuun haqa barbaachisaa ta'e hawaasa fayyadamaaf kennuun guutummaa biyyattii keessatti bulchiinsa gaarii diriirsuun sirni haqaa cimaan akka ijaaramu gochuu keessatti hirmaattota akka ta'an gochuu dha. Qophii fi qabiyyee moojulii kanaa ilaalchisee haala sirna barnootaa qophaa'een

seera daldalaa fi heera mootummaa, dhaaba daldalaa (business), dhaabbilee daldalaa (business organization), seera waliigaltee Inshuraansii, seera waliigaltee geejjibaa, sanadoota maallaqaa daddarboo (negotiable instruments) fi kasaaruu (bankruptcy) mata-dureewwan jehaman hammatamaniiru.Dhimmoota kanas hiikkoo seeraa fi raawwii isaanii wajjiin wal qabsiisee dhimmoota ka'uu qaban kaasuun keessumaa heera mootummaaRDF Itoophiyaa booda labsiilee adda addaa bahan irratti ibsa bal'aa kenneera; xumura mata-dureewwan kanneen irrattis gaaffilee marii kaasuun mariif ka'umsa haala ta'uu danda'aniin qophaa'anii jiru.

Kanaaf, leenjifamtootni labsamuu heera mootummaaRDF Itoophiyaa booda sirni heera mootummichaa, tarsiimoo fi imaammata misoomaa, nageenyaa fi dimookiraasii bu'uura godhachuun labsiilee daldalaa wajjiin walitti dhufeenya qaban sirriitti hubatanii yeroo hojii irra oolchan sirna dinagdee gabaa bilisaa biyyatiin hordofaa jirtu bu'uureffachuun si'oomaa, fulla'aa fi lammiileen hundumtuu sadarkaa sadarkaan fayyadamoota irraa ta'an akkasumas galma ga'iinsa tarsiimoo misoomaatiif galtee akka ta'anitti hojjiirra oolchuun dirqama ogummaa fi lammummaa qaban bahutu irraa eegama. Ergaa ijoon moojulii kanaa beekumsaa, ogummaa fi yaada dimookiraasiin ogeessota qaamolee haqaa qaruun dheebuu haqaa tajaajilamtootni qaban baasuun amantaa uummataa argachuuf cimsinee hojjechuu qabna kan jedhuu dha.

Dubbisa Gaarii!!

1. Seera Daldalaa fi Heera Mootummaa

1.1 Hojiin Daldalaa Heera Mootummaa fi Labsiilee Daldalaa Adda Addaatiin Maal Akka Fakkaatu

Daldalli walitti dhufeenya jalqaba addunyaa keenya irra jiran keessaa isa ijoo, fi meeshaa guddinaati.Seera daldalaa fi heera mootummaa RDF Itoophiyaa irratti yaadota tokko tokko kaasanii ilaaluun hubannoo waliigalaa argachuuf waan gargaaruuf daldalli maali? kan jedhu irraa ka'uun gaarii dha.Daldala jechuun " ***A regularly carried out and organized production exchange of goods and services under taken with the objective of earning profit and acquiring wealth through the satisfaction of human needs."*** jechuu dha. Hojiin daldalaa meeshaalee yookaan tajaajilawwan gatiif jedhanii gurguruu, dabarsuu fi geeddaruu; yeroo hunda raawwii bituu-gurguu kan qabu, bu'aaf jedhamee kan raawwatamuu ta'uu, fi qabatamummaa kan hin qabne kasaaraa yookaan bu'aa kan hordofsiisu qabaachuunsaa amaloota isa ibsan keessaa isaan muraasa. Dinagdeen kutaan daldalaa bakka lamatti jechuunis kutaa dinagdee industirii fi tajaajila meeshaalee jechuun qoodanii ilaaluun kan danda'amu yoo ta'e illee kutaan lamaaniyyuu guddina biyya tokkoof bu'aa isaan qaban guddaa dha. Daldala meeshaalee fi tajaajilawwanii kan ilaallu yoo ta'e kutaan dinagdee kanaa wajjiin wal-qabatan kan akka baankii, geejjibaa, inshuraansii, hojii maxxansaa fi beeksisaa caqasuun ni danda'ama.

Seera daldalaa fi heera mootummaa biyya keenyaa yoo ilaalle dhalli namaa jireenya har'aa borii fooyyessuuf akkasumas jireenya gaarii gaggeessuuf walitti dhufeenyi dinagdee qooda guddaa qaba.Kanaaf walitti dhufeenya kana gara barbaadamutti geessuuf seeraan bituun barbaachisaa waan ta'eef biyya keenyatti bara 1952 seerri daldalaa bahee hojii irra ooluu kan eegale jaarraa walakaa ol ta'eera. Heerri mootummaa RDF Itoophiyaa kwt 43(1) irratti 'Uummattootni Itoophiyaa walumaagalattis ta'e sabootni, sab-lamootni, uummattootni Itoophiyaa keessa jiraatan mataa mataatti haala jireenya isaanii fooyyessuu fi guddina walirraa hin cinne argachuuf mirgi isaanii eegamaa dha' jechuun kan tumame bu'uura godhachuun mootummaan guddina misooma biyyattiif barbaachisoodha kan jedhu seerota hedduu baasuun hojiin daldalaa fi investimentii yeroo kamirrayyuu caala bal'inaan akka hojjetaman taasisaa jira.

Seerri daldalaa heera mootummaa RDF Itoophiyaa utuu hin bahiin duraa fi addunyaan sadarkaa giloobaalayizeeshinii amma irra geese irra utuu hin ga'iin dura kan bahe waan ta'eef hanqinaalee qaba. Ija heera mootummaatiin yeroo ilaalamu immoo heerri mootummaa kwt 51(2), 51(9), 55(c) fi 77(6), 91(3) fi 89(1) irratti dirqamaa mootummaa fi biyyaa tumaman bahuuf, daldalaa (commerce) seera daldalaa kwt 86-114irratti aguuggii seeraa argatee ittiin hojjetamaa ture. Itti dabalees sirna heerichaa wajjiin labsiilee wal-siman kan akka labsii lak 67/89 akka bahan ta'anii jiru. Gama biraan, yeroo yerootti labsii lak 171/91, 328/95, 87/95, 95/96 fi 376/96 bahaniiru; labsiilee kanas hojii irra oolchuuf kan gargaaran dambii lak 13/89 fi kan biroo baasuun dinagdeen kutaa daldalaa bifa toora qabuun akka gaggeeffamuu fi biyyattiinis damee kanarraa fayyadamaa akka taatu gochuu irratti xiyyeeffatamaa jira.

Kanatti dabalees, biyya keenya keessa kan jiru sirni dorgommii dinagdee gabaa bilisaatiin gaggeeffamu duraan tumaalee seera daldalaa kwt 30-134 aguuggii seeraa argatee ittiin hojjetamaa kan ture yoo ta'u, dorgommiin haqa-dhabeessi (unfair competition) seera diddiriiraa fi sirna heera mootummaa wajjiin adeemuu fi, sadarkaa guddina biyyaa fi ardii bifa hubannoo keessa galcheen akka bulu ta'eera; kaayyoon seerichaas dinagdee si'oomina qabuu fi nageenya hawaasaa mirkaneessuuf akkasumas daldaltoota gidduutti gochawwan farra dorgommii ta'an to'achuun dorgommiif haala mijataa ta'e ijaaruuf labsiin lak 329/ 95 bahee sirni bittaa-gurgurtaa seeraan akka bitamuu gochuurratti argama.

Akkasumas, seera daldalaa kwt 127(d), 148 fi 149 irratti aguuggiin muraasni kennameefii kan ture mirgootni kalaqaa (patent right), waraabbii (copy right) fi dhaaba daldalaa amma biyyi keenya sadarkaa guddina irra geesee fi mirgootni kanneen faayidaa isaan lammiileef qaban guddaa ta'uusaa hubachuun, kalaqa, kalaqa giddu-galeessa fi giraafiksii industirii seera to'atu labsii lak 123/87 baasuun mirgoota kanneeniif aguuggii seeraa bal'aan kennuun lammiileen fayyadamoo akka ta'an godhameera. Mirgoota waraabbii fi isaa wajjiin hariiroo qabaniif eegumsa seeraa gochuuf labsii lak 410/97 tumuun seera daldalaa fi seera hariiroo hawaasaa kwt 164 fi 1674 irratti aguuggii fi eegumsa seera kennamee ture caalaa aguuggii fi eegumsa labsii kanaan akka argatu gochuun mirga kanaaf kunuunsi akka godhamuuf ta'eera. Akkasumas seera daldalaa kwt 140-141irratti eegumsi seeraa mallattoo daldalaatiif (trade mark) kennamee ture labsii lak 501/98 aguuggii bal'aa akka argatu taasifamee jira.

Seerri daldalaa kwt 179 irratti waa'ee dhaaba daldalaa wabiin qabsiisuu fi galmeessuu kan ilaallatu yoo ta'u saffisa guddina dinagdee amma jiruun wal-simee akka deemutti, baankonni maallaqa wabiin kennan (liqeessan) dafanii funaannatanii nama biraaf liqeessuu akka danda'anitti haalli galmee isaa seera haaraan bitamuun barbaachisaa waan ta'eef labsii lak 98/90 baasuun hojii irra akka oolu ta'eera.Seera kasaaraa bifa bu'uura godhateen seera daldalaa kitaaba 5ffaa irratti tumaalee tumamanitti dabalatee dhimmoota baankii seera gamalu labsii lak 592/2000 fi seera dhimmoota dhaabbilee misoomaa mootummaa ibsu labsii lak 25/92 akka bahu ta'uun hojii hedduun hojjetamaaa jira.Guddina dinagdee daldalaa biyya tokkoof hidda dhiigaa kan ta'e dameen geejjibaas hammayyawaa, si'oomaa, fi nageenyi isaa kan eegame akka ta'utti heera mootummaa RDF Itoophiyaa bu'uura godhachuun seerotni baay'een kan akka tiraansipooratii to'achuuf bahe labsii lak 468/97, labsii nageenya aveeshinii lak 432/97, yakkoota nageenya geejjiba qilleensaa irratti raawwataman to'achuuf labsii lak 31/88 baasuun, heera mootummaan ifatti kan kaa'aman tarsiimowwanii fi imaammatawwan misoomaa, nageenyaa fi diimokiraasii hojii irra akka oolan ta'aa jira.

1.2 Hojiin Daldalaa Seera Hariiroo Hawaasaatiin Maal Akka Fakkaatu

Heerri mootummaa kwt 41 irratti, '"Lammiin biyya Itoophiyaa kamiyyuu biyyattii keessatti sochii dinagdee kamiyyuu irratti hiriiruu fi hojii bultii isaatiif filate hojjechuuf mirga qaba" jechuun mirga lammiilee ifatti kan tumuu fi kwt 41(2) jalatti immoo bifa kana jabeessuun "lammiin Itoophiyaa kamiyyuu bultoo, hojii fi ogummaa isaa mirga filachuu qaba" jechuun teechiseera.Haaluma kanaan, namni lammii Itoophiyaa ta'e kamiyyuu dinagdee kutaa daldalaa irratti hiriiruun daldalee jiraachuuf mirga heera mootummaatiin ifattti tumame argatee jira.

Mirgi heera mootummaa kun ija seera hariiroo hawaasaatiin yeroo ilaalamu seerri hariiroo hawaasaa kwt 16 jalatti bilisummaa hojii bu'uura godhachuun keewwata kana keewwata xiqqaa tokko jalatti "Namni kamiyyuu oggummaa, hojii isaa yookaan yeroo boqonnaa isaa ilaalchisee hojii gaarii dha jedhee ofii isaatii filate hojjechuuf bilisummaa qaba" jedha.Keewwata 16(2) jalatti mirga namoota biroo, aadaa gaarii fi dirqama seera kabajuu qofatu mirga bilisummaa hojii kana daangessuu danda'a jechuun techisee jira. Bifa kanaan, tumaaleen seera hariiroo hawaasaa kanneen tumaalee heera mootummaaRDF wajjiin tokkummaa akka qaban hubachuun ni danda'ama. Haa ta'u malee mirgi ija seera hariiroo hawaatiin yeroo ilaalamu karaa lamaan

jechuunis fedha abbaatiin (voluntary) fi dirqamaan (compulsory) daangeffamuu akka danda'u hubachuun ni danda'ama. Haayyamma abbaatiin mirga daangessuun kan danda'amu akkuma seera hariiroo hawaasaa kwt 16(3) irratti tumame "Namni kamiyyuu mirga bilisummaan hojjechuu isaa waliigalteen hir'isuun hojii murtaa'aa tokko qofa raawwachuu yookaan hojii tokko akka hin raawwanneef kan waliigale yoo ta'e, waliigaltichi nama kanaaf bu'aa kan argamsiisu yoo ta'e malee isa dirqsiisuu hin danda'u" jedha. Bifuma wal-fakkaatuun namni tokko mirga heera mootummaatiin mirkanaa'e kana mirga daldalaanii buluu isaa fedha isaatiin dhiisuu kan danda'u bu'uura seera daldalaa kwt 158tti haayyama hojii daldalaa yeroo gurguru, guyyaa gurguree kaasee hanga waggaa shanan itti fufee jirutti hojii wal-fakkaataa fi naannoo mana hojii daldalaa gurguramettii hojii dorgommii uumuu fi miidhaa nama bite sanarratti geessisuu danda'u raawwachuu akka hin dandeenye tumameera. Dirqama seeraa kana yoo cabse seera daldalaa kwt 131 jalatti itti gaafatama waan ta'eef mirga isaa kanatti fayyadamuuf dirqama seera daldalaa kwt 22 tumamee jiru kabajuu waan qabuuf heera moootummaatiin mirga kabajame kana haayyama mataa isaatiin, waliigalteen, haalli inni itti daangeffamuu danda'u ni jiraata.

Heerri Mootummaa RDF Itoophiyaa namni kamiyyuu akaakuu daldalaa barbaade irratti hiriiree hojjechuu akka danda'u kwt 41(1-2) jalatti ifatti tumee kan jiru yoo ta'es, heera mootummichaa irrattis haa ta'u seerota biroo irratti akka ibsametti mirgi kun daangaa tokko malee kan kenname miti. Faayidaa uummataaf jecha mirgootni tokko tokko akkuma daageffaman mirgi hojii daldalaa kamirrattiyyuu bobba'uu daangaalee dirqisiisoo (compulsory restraints) kan qabu ta'uusaa seera daldalaa kwt 11-26 irratti tumaaleen jiran ni ibsu. Fakkeenyaaf, mucaan gaheessa hin taane tokko yookaan waggaa 18 hin guutne bu'uura seerri hariiroo hawaasaa kwt 288 tumutti yoo ta'e malee hojii daldalaa raawwachuu hin danda'u. Kanaaf, mirgi hojii daldalaatiin buluu mirga heera mootummaati kan jedhamu yoo ta'es mirga daangaa seeraa tokko utuu hin qabaatiin kennamne akka hin taane seera daldalaa kwt 27 fi seera hariiroo hawaasaa kwt 652 fi 461(d) wal-bira qabnee ilaallan daangaalee seera irraa maddan mirga qabu ta'uu isaa hubachuu ni dandeenya.

Walitti dhufeenyi seerri daldalaa, seerri hariiroo hawaasaa fi heerri hootummaa RDF Itoophiyaa waliin qaban haalawwan armaan olitti ilaallen kan ibsamu yoo ta'u, seerri daldalaa heera mootummaa RDF Itoophiyaa bu'uureffatee kan bahe tarsiimoo misooma industirii fi magaalaatiin yeroo madaalamu maal fakkaata? jennee ilaaluun gaarii dha. Akkuma beekamu

biyyi keenya kan hordoftu istiraatejiin misooma industirii qonnaan gaggeeffamuuf bu'uura kan ta'e humna namaa, qabeenya dheedhii, daldala qodaawwanii fi tajaajilawwanii qofa utuu hin ta'iin misooma magaala mirkaneessuuf nannoowwan magaalatti kan gaggeeffaman dhaabbilee giddu-galeessaa fi xixiqqaa akkasumas dhaabbilee gurguddoo fi giddu-galeessa kaappitaala qusatan barbaachisoo ta'uun isaanii hubatamee xiyyeeffannoon akka kennamuuf ta'eera. Haalawwan kanneeniin seerri daldalaa yeroo sakattaa'amu biyyi keenya hordofaa kan jirtu tarsiimoo misooma industirii qonnaan gaggeeffamu hojiirrra oolchuu bifa dandeessisuun kan tumamee fi misooma industirii saffisaa deeggaruu kan danda'u, dinagdee kutaa daldalaa deeggaruun wal-dhabiinsa akka biyyaa fi addunyaatti uumaman furuuf gahumsa kan qabu akkasumas seerota hedduu sirriitti of-keessatti kan hammate jechuun hin danda'amu. Kanaaf, waa'een seera daldalaa yeroo ka'u seera daldalaa bara 1952 kan ilaalu qofa utuu hin taane heera mootummaa RDF Itoophiyaa bu'uureffachuun dhimmoota daldalaa wajjiin hariiroo qaban irratti labsiilee hedduu bahanillee kan ilaallatu waan ta'eef, labsiilee kanneen sirriitti hubachuun hojii irra akka oolan gochuun milkaa'ina misooma saffisaa fi fulla'aa mirkaneessuu biyyi keenya eegaltee akka utubanitti cimsinee hojjechuutu nu irraa eegama.

2. Dhaaba Daldalaa (Business)

2.1 Dhaaba Daldalaa: Yaada Waliigalaa

Seera daldalaa irratti hiikoon 'Dhaaba daldala (business)' jechuuf kenname hiikoo baratamee ala jechuun ni danda'ama. Keewwata 124 irratti 'Dhaaba daldala kan jedhamu wantoota qaama-dhabeessa (intangible) ta'anii fi qabeenyawwan socho'an seera daldalaa kwt 5 jalatti hojiiwwan daldalaa tarreeffaman hojjechuuf kanneen gargaaran hunda' jechuun hiikoon itti kennamee jira. Jechi qaama-dhabeessa jedhu mirgoota akka mirga maqaa gaarii, mirga waraabbii, mirga kalaqaa fi kkf kan ilaalalu yoo ta'u, kanneen qaama-qabeessa jedhaman immoo teessumaa, miiljalee fi kkf yoo ta'an isaan kun qaama-qabeenyii socho'an jalatti kurfeeffamuu ni danda'u.

Hiikoon afaan Amaaraa dhaaba daldalaa yeroo jedhu kan akka suuqii, bakka daldalli itti gaggeeffamuu fi mana kuusaa qofa kan ilaalalu fakkaata. Jecha kana irraa gaaffiiwwan ka'uu danda'an, namootni bakka daldala dhaabbii kan akka suuqii fi mana kuusaa hin qabaanne dhaaba

daldalaa hin qaban jechuun ni danda'amaa? kan jedhuu fi seerichi kanneen socho'an yeroo jedhu qabeenyawwan qaama-dhabeenyii moo qabeenyawwan qaama-qabeenyii socho'uu dana'an kan hammatuu dha? kan jedhanii dha. Gaaffiiwwan kanneen ilaalchisee yaadni qopheessaa barreeffama kanaa, wanti tokko dhaaba daldalati moo miti jechuuf tuutota qabeenyawwanii irratti xiyyeeffachuu utuu hin ta'iin qabeenyawwan walitti qabaman sun hojii daldalaatiif tajaajilu moo miti yaada bu'uuraa jedhurratti xiyyeeffachuutu barbaachisa kan jedhuudha. Qaama-dhabeessa yookaan qaama-qabeessa haa ta'uu qabeenyaan socho'u hojiiwwan daldalaa seera daldalaa kwt 5 jalatti tarreeffaman hojjechuuf hanga nu gargaarutti tuuta dhaaba daldalaa jedhamee fudhatamuu ni danda'a.

2.2 Tuutota Dhaaba Daldalaa (Elements of Business)

Armaan olitti akkuma ilaalle mirgi daldalaa qabeenya qaama-dhabeessa yookaan qaama-qabeessa ta'uu ni danda'a. Qabeenyawwan qaama-dhabeenyii ta'an keessaa muraasa yoo ilaalle mirga daldalaa keessatti kan ramadaman fakkeenyaf akka maqaa gaarii (good will), maqaa daldalaa (trade name), kan ittiin daldalaamu kanneen akka gabatee beeksisaa, mirga mana hojiin daldalaa keessatti gaggeeffamu kiraa fudhachuu, mirga waraabbii, mirga kalaqaa fi mirga mallattoo daldalaa fi mirgoota biroo of-keessatti hammachuu ni danda'a.

2.2.1 Maqaa Gaarii (Good Will)

Hikoo maqaa gaarii-

Lord Eldon qorataan jedhaman "*The good will ... is nothing more than the probability that the old customer will resort to old palce*" jechuun kan hiikan yeroo ta'u,

Lord Machanghten

> *Good will, the very sap and life of the business, without which the business would, yield little or no profit. It is the whole advantage what ever if may be of reputation and connection of firm. This may have been built up by years of honest work or gained by lavish expenditure of money*

jechuun hiikanii jiru. Hiikowwan kanneen irraa hubachuun akka danda'amutti maqaa gaariin mirgoota qaama-dhabeessa ta'an keessatti ramadama. Seera daldalaa kwt 130 jalatti akka ibsametti maqaa gaariin dhaabbata yookkaan nama daldalaa ta'ee fi qaama sadaffaa gidduutti walitti dhufeenya gaarii uumame irraa kan maddee dha. Kanaafuu, barreessaan tokko "*Good will is the result of good operation of the business organation and its extent depends upon good operation, good handling of customers, quality production, trust and confidence of third parties on the given business organization or trader*'' jechuun ibseera. Kanaafuu, maqaa gaarii fi mirgootni qaama-dhabeessa ta'aan hundi eegumsa seeraa argataniiru waan ta'aniif sarbamuu isaaniitiin namni miidhaan irraa gahe itti gaafatamummaa waliigaltee alaatiin bu'uura seera hariiroo hawaasaa kwt 2057 fi 2059 akkasumas yakkaan bu'uura seera yakka kwt 719 himachuun mirga isaa kabachiifachuu akka danda'amu hubachuun ni danda'ama.

2.2.2 Dorgommii Haqa-dhabeessa (Unfair competition)

Hojimaata daldalaa ija heera mootummaa RDF Itoophiyaatiin yeroo ilaallu labsiin lak 329/95 waliigala tarsiimoo fi imaammata dinagdee biyyi keenya hordoftu wajjiin bifa wal-simuu danda'uun heera mootummaa kwt 89(2) "Mootummaan haala dinagdee lammiilee Itoophiyaa fooyyessuuf, carraa wal-qixa akka qabaatan gochuu fi qaabeenya haala haqa-qabeessa ta'een lammiileef qooduuf dirqama qaba." tuma jedhu bu'uureffachuun labsii bahe yoo ta'u kunis seensa labsichaa irratti akka armaan gadiitti ibsamee jira:

- Hojiin daldalaa biyyattiin hordofaa kan jirtu imaammata dinagdee gabaa bilisaa bu'uura godhachuun hojimaata sirrii hordofee gaggeeffamuu waan qabuuf
- Dinagdee si'oomina qabuu fi nageenya uummataa mirkaneessu akkasumas daldaltota gidduutti gochawwan farra-dorgommii ta'an to'achuun sirna dorgommiif haalawwan mijatoo ta'an guddisuun barbaachisaa waan ta'eef
- Meeshaalee fi tajaajilawwan bu'uraa warra ta'anirratti hanqinni gabaa keessatti yeroo uumamu fayyadamtoota irratti miidhaan akka hin geenyetti gatii to'achuu fi haala raabsama saaniis toora qabsiisuun lammiileen hundumtuu sadarkaa hunda irratti fayyadamtoota akka ta'an gochuuf labsii bahe ta'uu isaa hubachuun ni dadna'ama.

Qabiyyeen labsii kanaa faayidaa hawaasa daldaltotaa fi hawaasa soorattootaa wal-simsiisuun daldalli haala toora qabeessa ta'een akka deemu gochuu, dorgommiin dinagdee fayyaalessa ta'ee

biyyattii keessatti lafa akka qabatuuf haalawwan adda addaa mijeessuun biyyi keenya hordofaa kan jirtu sirna ijaarsa nageenyaa, misoomaa fi diimokiraasii keessatti dameen dinagdee gahee isaa irraa eegamu akka gumaachu gochuu, fi tarsiimoo fi imaammata uummata sadarkaa misooma hundaarratti fayyadamaa taasisu bu'uura gochachuun seera bahe ta'uusaa hubachuun nama hin dhibu.

Dorgommii haqa-dhabeessi seera daldalaa kwt 130-134tti fi seera hariiroo hawaasaa kwt 2057 jalatti aguuggiin seeraa kannameefii kan ture yoo ta'u, yeroo ammaa kana biyyi keenya hordofaa kan jirtu tarsiimoo misoomaa gabaa giddu-galeessa godhate wajjiin kan wal-simuu fi sirna gabaa bilisaa bu'uura kan taasifate seera hojimaata daldalaa dorgommii gabaa kan gaggeessu labsii lak 329/95 erga bahee as, akka ijootti, dorgommiin haqa-dhabeessi haala labsii kanaatiin hubatamuu qaba. Gara qabiyyee tarreeffama labsichaatti utuu hin seenin dura dorgommii haqa-dhabeesa jechuun maal jechuu akka ta'ee fi gochaawwan isaa haala ittiin ibsaman yoo ilaallu, barreessaan ***Haines*** jedhamu

> *Unfair competition is use or simulation by one person of names, symbols, or devices of a business rival in such a manner as is calculated to deceive and cause the public to trade with the first, when they intend to and would otherwise have traded with the second*
>
> jechuun hiikee jira.Ibsitootni dorgommii haqa-dhabeessaa immoo kanneen armaan gaditi tarreeffaman dha.

- Oduu sobaa fi dogoggorsiisoo ta'an gatii, oomisha, haala oomishamaa fi iddoo itti oomishame ilaalchisee facaasuu
- Hojii beeksisaatti fayyadamanii meeshaalee gurgurtaa irratti odeeffannoo dogoggorsiisoo ta'an facaasuu
- Mallattoo daldalaa, maqaa daldalaa, ibsituu oomishaa (product labelling) fi samsitoota (packages) wal-dhawoo (mischief) ta'an fayyadamuu
- Nagahee dogoggoraa (sobaa) dhiyeessuu, dhoksaa daldalaa ifa baasuu fakkeenyaaf haala oomisha meeshaa yookaan qodaa tokkoo akkasumas odeeffannoo daldalaa kan ta'an hunda qaama biraatti dabarsanii kennuu dha.

Tumaaleen seera daldalaa labsii lak 329/95 ifatti kan haqaman waan hin taaneef hojii irra oolchuun kan dana'amu ta'uun akkuma jirutti ta'ee kaayyoowwan labsichaa kwt 3 irratti ibsameera. Isaanis, gabaa bilisaatti gochawwan gufuu ta'anii fi hojiiwwan daldalaa seera-dhabeessa ta'an akka hin taawwatamine gochuu, dorgommiin haqa-qabeessa ta'e gabaa keessatti akka mirkanaa'u gochuu fi dhiyeessaa fi raabsaa meeshawwanii fi tajaajilawwan daldalaa irratti gochaawwan danqaa ta'an ittisuun faayidaa uummataa mirkaneessuu dha. Kaayyowwan ijaarsaa fi raawwii wajjiin wal-qabatan tumaalee galmaan gahuu danda'an labsichi kan qabu yoo ta'es keewwatoota labsichaa tokko tokko yeroo ilaallu, fakkeenyaaf kwt 6(1) irratti dhoksaan waliigaluu kan hin hammanne waan ta'eef hanqina mataa isaa kan qabu ta'ee argina. Haaluma kanaan, labsicha kwt 6(2) gabaabsinee yoo ilaalle,

- Waliigaltee gatii walii wajjiin murteessuu
- Waliigaltee gatii gabaa murteessuuf gamta'anii caalbaasiirratti dorgomuu
- Waliigaltee oomishaa fi gurgurtaa ramaddii kootaa
- Waliigaltee gabaa yookaan maammila ramaduu fi qoqooduu
- Gurguruu diduu, tajaajila kennuu diduu fi waliin akka hin murteessineef gamtaa'anii ejjennoo qabachuu labsichi akka gochaa seeraa alaatti fudhata; haala kanaan, gochaawwan dhoksaan raawwataman hanga tokko kan hammate yoo ta'es, gochaan kun dhoksaatti si'a raawwatamu moo ifatti akkas jedhee dhiyaachuutu gochaa seeraa alaa ta'a? Gaaffii jedhuuf seerichi deebii ifa ta'e kennuu irratti hanqina qaba.

Ol'aantummaan gabaatti haala seera-dhabeessa ta'een fayyadamuu kan tumu kwt 11 gabaatti ol'aantummaan seeraa ala fayyadamuun maal akka ta'e kutaa hiikoo isaa keessatti waan hin hiikneef yaadni kun raawwii irratti rakkina kan uumuu fi hiikoo adda addaaf kan saaxilamee dha. Keewwatni labsichaa 11 (2)(a) fi 11(2)(i) iftoomina kan hin qabanee fi bitaa kan galanii dha; kwt 11(a) "Kallattiinis haa ta'uu al-kallattiin seera-dhabeessa kan ta'ee fi gatii gurgurtaa daraan ol'ka'ee gaafachuu yookaan dhiyeessa daangeessuun, yookaan nama biraa gabaa irraa ittisuu, akka hin seenne gochuu fi hojii daldalaa seeraa ala ta'e raawwachuu" jedha. Keewwatni 11(2)(i) immoo "Dorgommiin seera qabeessa ta'e akka hin jirreenne gochuuf meeshawwan gatii oomisha isaanii deebisuu hin dandeenyetti gurguruu" jedha. Qabiyyeen tumaalee kanneenii ol'aantummaa gabaa keessatti qaban seeraa ala fayyadamuu (abuse of dominanace)

kan ibsan utuu hin ta'iin gabaa keessatti tokko isa biraa haala kamiin akka liqimsu (predatory pricing) kan ibsan waan ta'aniif iftoominni isaan hanqata. Itti dabalees, qabiyyee labsichaa keessaa akka rakkootti ilaalamuu kan danda'an dhimmoota seeraa ala dorgomuu ilaallataniin ala kan jiranii dha. Keewwatni 10(h)

> Meeshawwan biyya Itoophiyaa keessatti oomishaman balleessuuf yookaan miidhuuf, yookaan meeshaalee kanneen irra kan jiru kutaa daldalaa kamiinuu daangessuuf yookaan dhuunfaan to'achuuf (monopoly) yaaduun, gatii meeshaaleen kanneen gabaa biyya itti oomishamanitti ittiin gurguramaniin yookaan gatii jimlaa gadiin biyya keessa galchuu;

kan jedhu tumaan seeraa kun waa'ee dorgommii seeraa alaa kan ilaalu utuu hin ta'iin waa'ee meeshaa biyya tokko gara biyya biraatti galchuu (damping) irratti kan xiyyeeffatu waan ta'eef tuma seeraa hojii irra oolchuuf ulfaatuu dha.

Labsichi kwt 20 irratti waa'ee gatii meeshaalee kan ibsu yoo ta'u kwt 21 irratti immoo waa'ee meeshaalee daldalaa moggaasuu (labels of goods) dubbata waan ta'eef qabiyyeen isaa ijoo seeraa ala dorgomuu jedhuu wajjiin kan deemu miti. Qabiyyeen labsichaa yaada lama akka qabaatuu fi dorgommii wajjiin walitti dhufeenya kan qabaatanii fi dorgommii wajjiin walitti dhufeenya kan hin qabne (non-competition issues) adda baasuun bifa rakkisaa ta'een labsii tumamee dha. Ijoo kanarratti falmiin yeroo ka'u ka'uumsaa fi qabiyyee falmichaa fo'anii adda baasuuf seericha ijoo dorgommii daldalaa (commercial competition issues) qofa irratti raawwatiinsa akka qabaatu taasisuu barbaada. Hanqinaaleen kanneeniin akkuma jiranitti ta'ee, akka cimina labsichaatti kan fudhatamu, tumaaleen seerchaa cabsuun tarkaanfii akaakuu lama kan hordofsiisu dha. Isaanis,

1. Bu'uura kwt 25tti tarkaanfii bulchiinsaa,
    - Gochaa iyyatni irratti dhiyaate daangessuu, akka sirreeffamu gochuu yookaan akka addaan citu taasisuu
    - Haayyama daldalaa daangessuu yookaan akka haqamu taasisuu
    - Dandeettiin dorgommii miidhamaa bakka duraan turetti akka deebi'uuf tarkaanfii barbaachisaa ta'e fudhachuu

- Meeshaalee to'annoon gatii irratti taasifamu yeroo ta'an qodaawwan kanneen akka qabamanii fi gurguraman gochuun galii gurgurtaa kanarraa argame baasii adeemsa gurgurtaadhaaf bahe hir'isuun haftee abbaa qabeenyaaf akka deebi'u gochh dha. Itti dabalees, abbaan qabeenyichaa kaffaltii adda addaa kan akka dhalaa yookaan kaffaltiiwwan biroo akka hin gaafanne tarkaanfiiwwan taasisan fudhachuun ni danda'ama.

2. Bu'uura labsicha kwt 27 irratti tumameen sirna adabbii ittiin murteessan hordofanii haala kwt 28tiin adabbii kennuu yoo ta'u, bu'uura kanaanis adabbiin kennamu:
    - Filannoon qabeenya waliigalaa nama balleessaa raawwatee keessaa hanga dhibbantaa kudhanii kan ta'u yookaan galii gurgurtaa waliigala waggaa nama balleessa raawwatee keessaa hanga dhibbantaa kudha-shanii gahuu kan danda'u adabbii maallaqaa
    - Gochaa dhorkame keessatti kallattiinis haa ta'u al-kallattiin jiraachuun hirmaannaan nama tokkoo mirkanoofnaan nama balleessaa raawwate irratti qarshii 5000 (kuma shanii) hanga qarshii 50,000 (kuma shantamaa) adabbii maallaqaa gahuu danda'uun kan adabamu ta'a. Kanaaf, dorgommiin seeraa alaa dinagdee namoota dhuunfaa irrattis haa ta'u kan biyyaa irratti miidhaa guddaa kan geessisu waan ta'eef seera kana hojii irra yeroo oolchinu boorsaa namoota dhuunfaa furdisuun misooma biyyaa kan miidhu sassattuu daldalaa irraa uummataa fi sirna mootummaa bifa golguu danda'uu fi abbaa qabeenyaa misooma irratti xiyyeeffatu daandii jabeessuu danda'uun ta'uu qaba.

2.2.2 Qabeenyaa Kalaqa Sammuu fi Heera Mootummaa

Qabeenyaan kalaqa sammuu durii kaasee warri Roomaa mirga dhuunfaa (personal right) fi mirga qabeenya qaama-qabeessaa (real right) jechuun sadarkeessan keessatti ramadama; mirgi kun mirga qabeenyaa addaati. Haala moggaasa maqaa isaa ilaalchisee barreessitootni adda addaa maqaa adda addaan utuu waamanii mul'atu. Kanaaf, barreessitootni tokko tokko mirga qabeenya qaama-dhabeessa (incorporeal right), warri kaan immoo qabeenya kalaqa sammuu (intellectual property) jechuun waamu. Moggaasni kun maalummaa qabeenyichaa kan hin jijjiirre yoo ta'u biyyootni hedduun mirga qabeenya kana imaammata hawaasummaa fi dinagdee hordofan irraa kaa'anii heera mootummaa fi labsiilee biroon eegumsa barbaachisaa ta'e kennuufiin akka meeshaa misoomaatti mirga qabeenya kanatti fayyadamaa jiru.

Heera mootummaa RDF Itoophiyaatiin aguuggii heeraa mirga kanaaf kenname yoo ilaallu kwt 51(19) irratti, "Mirgoota kalaqaa fi barreeffamaa ni haayyama; eegumsas ni kennaaf " jechuun mootummaan eegumsa mirga kalaqa sammuutiif dirqama qabu bu'uura godhachuun kan tumame yoo ta'u kwt 77(5) irratti immoo "mirga kalaqaa fi aartii ni kabachiisa" jechuun tumee jira. Tumaalee heera mootummaa kanneen irraa hubachuun akka danda'amutti biyya keenya keessatti aartiin, hojiin barreeffamaa fi tekinoolojiin guddina akka agarsiisu gochuun lammiileen jijjiiramaa fi guddina dinagdee-hawaasummaa biyyattii keessatti taasifamu irratti gahee isaanii kan duraa caalaa cimsanii akka taphatan taasisuun hirmaattotaa fi fayyaamtoota misooma bal'aa akka ta'an kaayyoo gochuu qabu.

Gaaffiin tumaalee heera mootummaa armaan olitti caqasaman kanneenii wajjiin walqabatanii ka'uu danda'an, mirgi qabeenya kalaqa sammuu mirga kalaqaa (patent right), hojii aartii yookaan mirga waraabbii (copy right) qofa irratti kan daanga'uudhaa? kan jedhuu dha. Mirgi qabeenya kalaqa sammuu mirga kalaqaa, aartii yookaan waraabbiitti ida'ee dizaayinii industirii (industry design), mallattoo daldalaa (trade mark), mirga biqiltoota diqaalessuu (plant breeders right) fi mirgoota kan biroo hedduu kan hammatu waan ta'eef eegumsi heeraa mirga kanaaf kenname dhiphateera jechanii hubachuun kan danda'amu yoo ta'ellee istiraateejiwwanii fi imaammatawwan hawaasummaa fi dinagdee heera mootummaa irraa seerota maddaniin eegumsi mirgoota kanneeniif taasifameera waan ta'eef mirgootni lammiilee sirna haqaa

biyyattii keessatti balaadhaaf saaxilaman hin jiran jechuun guduunfuun ni danda'ama. Mootummaanis bu'uura heera mootummaa kwt 89(1)tti lammiileen hundumtuu fayyadamtoota kuufama beekumsaa fi qabeenya biyyatti ta'uu akka danda'aniif dirqama kallattii agarsiisuu qaba. Qajeeltoo dinagdee heera mootummaan tumame kana akka hojii irra oolu kan taasisan labsiilee adda addaa baasuun yeroo kamiyyuu caalaa caaseffamaa fi hojimaata eegumsa mirga qabeenya kalaqa sammuuf godhan diriirsuun galama-ga'iinsa tarsiimoo misooma fulla'aa fi damee kanarraa guddina argamuu danda'u galmeesisuuf hojiin guddaan hojjetamaa jira. Mirgi kun nama uumamaan yookaan dhaabilee daldalaa qaama seerummaa argataniin qabamuu kan danda'u ta'uu seera daldalaa fi labsiilee biroo irraa hubachuu ni dandeenya. Seeraan mirkanaa'uu fi mirkanaa'uu dhabuun mirga kalaqa sammuu biyya tokko keessatti ijaarsa sirna dimookiraasii fi dinagdee-hawaasummaa irratti faayidaa inni qabu hubachuun, mirgi kun mirga qabeenyaa eegumsi seeraa godhamuuf waan ta'eef dhimmootni qaamolee haqaa biratti mirga kana waliin wal-qabatanii dhiyaatan sirnaan gaggeessuuf itti gaafatamummaa heeri mootummaa kwt 13(1) isaan irratti gate- dirqama heera mootummaa kabajuu fi kabachiisuu isaanii- akka bahan kan isaan taasisu ta'uu hubannoo argachuu qabu.

2.2.4 Hojii Kalaqaa (Patent)

Duraan seera daldalaa kwt 127 (d) irratti aguuggii seeraa argatee kan ture hojiin kalaqaa amma heera mootummaa bu'uura godhachuun labsii baheenis beekamtiin seeraa kennameeraafi. Qabeenyi kalaqa sammuu karaa seera qabeessa ta'een akka to'atamu gochuuf labsiin bahe labsiin lak 123/1987, kwt 2(5) irratti "'Patent' jechuun hojii kalaqaaf eegumsa taasisuuf mirga kennamu jechuu yoo ta'u hojiin kalaqaa kunis oomisa tokko yookaan haala raawwannaa hojii oomishaa wajjiin wal-qabachuu ni dand'a." jechuun hiika. Keewwata 2(3) irratti immoo "Kalaqa jechuun damee tekinoolojii keessatti rakkoo tokkoof furmaata qabatamaa ta'e kennuu kan danda'u yaada hojjetaa kalaqaati" jechuun maalummaa kalaqaa ibsa.

Toorri interneetii *Wikipedia, the free encyclopedia* jedhamu hiikoo labsichaan hojii kalaqaaf (patent) kenname irraa bifa garagarummaa guddaa hin qabneen akkasi jechuun hiikeera:

> *The term patent usually refers to a right granted to any one who invents or discovers process, machine, article of manufacture, or composition of matters or any new and useful improvement thereof.*

Hiikowwan walitti dhiyeenya qaban kenneenirraa hubachuun kan danda'amu, mirgi hojii kalaqaa madduu kan danda'u namni tokko sammuu isaatiin oomisha faayida-qabeessaa fi haarawaa ta'e yookaan argannaa haarawaa yoo ta'uu baates, kalaqa nama biraan wanta hojjetamee hojii irra ture tokko fooyyessuun irra caalaa faayida-qabeessa akka ta'u gochuu kan danda'u hojii kalaqa dabalataa itti ida'uu fi fooyyessuun kan dhiyeesse yoo ta'ee dha. Daangaan raawwatiinsa labsichaa daldalaaf akka ta'e labsicha kwt 2(7) irraa "Nama jechuun nama uumamaa yookaan dhaabbata qaama seerummaa qabuu dha" kan jedhurraa hubachuun waan danda'amuuf hojii kalaqaa akka daldala mirga qabeenya qaama-dhabeessaa tokkootti barreeffama kana keessatti akka hammatamu ta'eera. Mirgi hojii kalaqaa waan haaraa tokko kalaquun yookaan kalaqa duraan ture fooyyessuun mirga qabeenyaa argamu ta'uunsaa kan hubatamu ta'ullee seera biyya keenyaa yeroo ilaallu garuu mirga akkanaa kan kennu bu'uura labsichaa kwt 40(1)tti moodelii tajaajilaatiif (hojii kalaqaa giddu galeessaa) yoo ta'erraa kan hafe mirga kalaqaaf (patent right) kalaqa duraan ture tokko fooyyessanii dhiyeessuun mirga qabeenya kalaqaa argachuun akka danda'amu kan ibsu miti. Gargarummaan akkanaa seerota biyyoota adda addaa keessatti ni mul'ata. Fakkeenyaaf, biyya Ameerikaatti hojii kalaqaa tokko fooyyessanii hojjechuun akka sarbamuu mirgaatti fudhachuun itti gaafatamummaa seera hariiroo kan hordofsiisu yoo ta'u biyya Awustiraaliyaatti garuu hojii kalaqaa tokko fooyyessanii dhiyeessuun ni haayyamama.

Kaayyoowwan labsii biyya keenya keessatti hojii kalaqaaf eegumsa (kunuunsa) taasisuuf bahe labsii lak 123/1987 yoo ilaallu mirgi kalaqaa, mirga qabeenya kalaqa sammuu yoo ta'u mirga hojii kalaqa sammuutti gargaaramu nama tokko (use or practice) kan gonfachiisuu dha. Labsiin kun akka kaayyoo ijootti qabatee kan ka'u haayyama abbaa mirgaa malee namni biraan mirga kanatti akka hin tajaajilamne dhorka kaa'uu dha. Kanatti ida'uun,

1. Namoota biyya keessaa hojii kalaqaa raawwataniif haala mijataa uummuun guddina tekinoloojii biyyattii saffisiisuun tarsiimoo fi imaammata misooma industirii galmaan gahuu hojii dandeessisu kaayyoo hojjechuu qaba
2. Namoota biyya keessaa hojii kalaqaa raawwataniitti ida'ee biyyoota alaa wajjiin wal-jijjiirraan tekinoloojii akka jiraatutti, haala mijaawaa uummuun biyyattiin kana irraa fayyadamaa akka taatutti dameen kun milkaa'ina nageenya, dimokiraasii, misoomaa fi bulchiinsa gaariitiif gahee isarraa eegamu akka bahu kaayyoo taasisu qabatee labsii bahee dha. Kalaqa biyya keessaa akka meeshaa misoomaa tokkotti fayyadamuun muuxannoo

biyya alaatii fudhachuu qabnu fudhachuun dinagdee cimaa, itti fufiinsa qabuu fi dorgomaa ta'e ijaaruu tekinoloojii fi industirii bu'uura godhate guddina mirkaneessuu akka kaayyootti qabateera. Maaliif mirga kalaqaa seeraan akka eegamu gochuun barbaachisaa ta'e? gaaffii jedhu kaafnee yoo ilaalle biyyootni adda addaa mirgi kun akka kabajamu kan godhaniif sababootni hedduun kan jiran yoo ta'ellee muraasa isaanii kaafnee akka armaan gadiitti haa ilaallu:

- Guddina dinagdeef shoora inni qabu guddaa waan ta'eef kanarraa fayyadamuufi
- Mirgichi sababa eegumsa seeraa argateef kalaqxoota hojii isaanii gadi baasuun uummantni kanarraa fayyadamaa akka ta'u gochuu dha
- Qorattootni gara dorgommiitti akka galanii fi dhaabbileen daldala hojii kana irraa gatii salphaan fayyadamaa akka ta'an gochuu dha
- Dhaabbileen daldalaa hojii kalaqaa bitanii kallattiin ittiin oomishuu yoo eegalan kalaqni biraan immoo irratti kan ba'u taanaan balaa fi kasaaraaf saaxilamu waan danda'aniif hojii kalaqaa bituuf kaka'umsa hin godhatan. Kanaaf, biyya tokko keessatti seerri hojii kalaqaa yoo bahu kaayyoo fi sababoota mataa isaatii ni qabaata; seerri hojii kalaqaa keenyaas kaayyowwan armaan olitti caqasaman gonfatee jira.

2.2.4.1 Hojiiwwan kalaqaa eegumsa seeraa qabanii fi hin qabne

Mirgi hojii kalaqaa (patent right) kalaqaa akkamiitiif kennama? gaaffii jedhu yoo ilaallu mirgi kun kalaqaawwan hundaaf akka hin kennamnne ta'uusaa hubachuuf tumaalee labsichaa kwt 3 irratti bifa tarreeffamaa fi haala addaatiin tumaman ilaaluun gaarii dha. Hojiin kalaqaa tokko eegumsa seeraa akka argatu gochuun dura safartuwwan armaan gadii guutee argamuutu irraa eegama:

1. **Haarawummaa (Novelty)** - hojiin kalaqaa tokko haarawa kan jedhamu ogummaa duraatiin aguuggii kan hin arganne yoo ta'ee dha. Ogummaa duraa jechuun hojii kalaqaa ilaalchisee iyyatni guyyaa galeerraa yookaan akka haala isaatti guyyaa dursaa dura kutaa addunyaa kamirrattiyyuu maxxansa qabatamaatti argamu yookaan jechaan yookaan faayidaa irra oolchuun karaa kamiiniyyuu wanta ibsame kan hammatuu dha (Labsicha kwt 3(2))

2. **Gahumsa kalaqummaa (inventive step)** – hojiin kalaqaa tokko gahumsa kalaqummaa qaba kan jedhamu ogummaa duraa wajjiin wal bira qabamee yoo ilaalamu damee beekumsa kana irra namoota hojjetanitti ifa ta'ee kan hin mul'anne jechuu dha (Labsich kwt 3(4))
3. **Industiriif Galtee Ta'uu (Industirial Applicability) –** hojiin kalaqaa tokko industiriitiif galtee ta'uu ni danda'a kan jedhamu hojii aartii, qonnaa, tajaajilawwan hawaasummaa yookaan damee hojii kamirrattiyyuu hojii irra ooluu kan danda'u yoo ta'ee dha.

Hojiin tokko eegumsa seeraa argatee namni tokko kalaqaa isaati jedhamuun fayyadamaa mirga kanaa ta'uuf safartuwwan seeraa (legal requirements) armaan olitti tarreeffaman kanneen guutee argamuu qaba. Hojiiwwan kalaqaa eegumsi seeraa hin taasifamneef labsicha kwt 4 irratti kanneen tarreeffamanii ta'anii dha. Isaanis,

- Hojiiwwan nageenya yookaan duudhaa uummataa faallessan
- Akaakuwwan bineensotaa yookaan biqiltootaa yookaan bu'aa bineensotaa yookaan biqiltootaa argamsiisuuf hojiiwwan sirna-lubbuu irratti hojjetaman
- Taphoota gaggeessuu yookaan hojiiwwan industirii fi daldalaa raawwachuuf tooftaawwan qopha'an, dambiiwwan, tooftaalee fi sagantaawwan kompiiteraa
- Argannawwan, tiwoorii (theory) saayinsii fi tooftaalee hojii herregaa
- Nama yookaan bineensota baqaqsanii hodhu yookaan tooftaa wallaansa teraappiin wallaanuu akkasumas dhukkuba namaa fi bineensotaa mallotni ittiin qoratanii hubatan hojiiwwan kalaqaa eegumsi seeraa hin kennamneef jedhamanii fudhatamu. Kana jechuun garuu dhukkuba namaa fi bineensotaa qorachuuf maloota barbaachisan faayidaarra oolchuuf bu'aawwan gargaaran irratti raawwatiinsa ni qabaata jechuu miti. Bu'uura labsiicha kwt 4(2) tiin seerri hojii kalaqaa tokko eegumsa seeraa gonfachiisuu yookaan dhorkacuuf safartuwwan gargaaran adda baasuuf, hojiin kalaqaa tokko faayidaa uummataa ni eegsisa moo hin eegsisu? Qabeenyi kalaqa sammuu tokko nama dhuunfaan qabamuu kan danda'uu dha moo miti? safartuwwan jedhan fayyadama.

2.2.4.2 Mirgaa fi Qabiyyee Hojii Kalaqaa

Mirgi abbaa qabeenyummaa hojii kalaqaa mirgichi mirga dhuunfaa nama tokkoo ta'uusaa kan mirkaneessuu fi tumaalee dambii lak 12/89 kwt 14 fi itti fufannii jiran irratti xuqaalee tarreeffaman kan hammate ta'uu qaba. Bu'uura labsicha kwt 15tti namni abbaa mirga qabeenya hojii kalaqaa ta'e hojicha kalaquu yookaan mirgichatti fayyadamuu yookaan karaa kamiinuu hojichatti fayyadamuuf mirga ni qaba. Namootni biroon haayyama abbaa hojii kalaqaa utuu hin qabaatiin hojii sana irratti kalaqa haaraa uumuu hin danda'u. Namootni biroon itti gaafatamaa ta'uu kan danda'an mirgi hojii kalaqaa abbummaan mirga isaa nama kalaqe sanaaf kan kenname yoo ta'e qofa. Bu'ura kwt 22(1) fi 23tti mirga kun miidhamnaan abbaan mirgaa seera hariiroo hawaasaatiin himata dhiyeessee mirga isaa kabachiifachiifachuu ni danda'a. Hojicha hojjechuu qofaan abbaa mirga kalaqichaa ta'uun hin danda'amu; hojii kanatti namni biraan akka hin fayyadamne taasisuuf mirga kana qaama dhimmi ilaaluun mirkaneeffachuu qaba. Namni abbaa qabeenyaa mirga qabeenya kalaqaa ta'e namni biraan haayyama isaa malee hojii isaatti akka hin fayyadamne mirga gochuu qofa utuu hin ta'iin mirga kanarraa kan maddu dirqamas ni qaba. Dirqamni kunis hojii kalaqaa kana biyya Itoophiyaa keessatti hojii irra oolchuu yookaan haayyama isaatiin namootni biroon hojii irra akka oolchan dha (labsicha kwt 27).

Mirgi hojii kalaqaa attamitti kennama? gaaffii jedhu kaafnee yoo ilaalle mirgichi nama hojii kana hojjeteef kan kennamu dha; namootni lamaa fi isaa ol ta'anii waliin hojii kana hojjetan mirga kana waliin argachuu ni danda'u. Namootni lama qoba qophaatti hojii kalaqaa tokko hojjenneerra yeroo jedhan abbaa mirga hojichaa kan ta'u nama dursee iyyata galfateedha. Labsichi kwt 11(1) jaltti dursa iyyachuu fi mirga dursaa (first to file rule and right of priority) qajeeltoo jedhu kan hordofuu dha. Labsicha kwt 14 bu'uura godhachuun komishichi mirga hojii kalaqaa laachuusaa gaazexaa ofiisel jedhuun beeksisuun, sertiifikeetii mirgicha ibsuu fi waraabbii hojichaa tokko nama hojii kalaqichaa hojjeteef kennuun, galmeessuu fi qaama kaffaltii raawwatuuf waraabbii hojii tokko ni kenna. Mirgi hojii kalaqaa namni biraan hojii kanatti haayyama malee akka hin fayyadamne kan taasisuu fi mirga itti fayyadamuu nama hojjete qofa badhaasuu dha.

Biyya keenya keessatti mirgi hojii kalaqaa nama uumamaatii fi dhaabbilee qaama seerummaa qabaniif kan kennamu yoo ta'u biyya Ameerikaatti garuu mirgi kun nama uumamaa qofaaf kennama. Biyya keenya keessatti haalli kenna mirga kanaa maal fakkaata? gaaffii jedhu yoo ilaallu waliigalteen addaa yoo jiraate malee namni tokko qacaramee yeroo hojjetu hojii kalaqaa

hojjetamuuf mirgi abbaa qabeenyummaa hojjechiisaaf kennama. Haalli qacara hojjetaa fi hojjechiisaa hojii kalaqaa wajjiin hariiro kan hin qabne yookaan waliigaltee tajaajilaa wajjiin karaa walitti hin dhufnee fi qabeenya hojjechiisaa fi hojjetaa, odeeffannoo yookaan meeshaalee hojjechiisaatti utuu hin fayyadamiin hojii kalaqaa hojjetaan yoo hojjete garuu mirgi hojii kalaqichaa nama hojicha uumeef kennama.

Armaan olitti kan caqasaman akkuma jiranitti ta'ee meeshaa hojjechiisaa fayyadamuu fi gaheen dhuunfaa hojjechiisaa hojii kalaqaa keessa kan jiru taanaan waliigalteen addaa yoo hin jiraanne ta'e mirgi qabeenyummaa hojichaa qaamolee lamaan kanneeniif kennama. Qabiyyeen mirga hojii kalaqaa sanada namni hojicha kalaqe hojichatti qophaasaa fayyadamu yoo ta'u kanaanis qaamolee sadaffaa irratti raawwatiinsa akka qabaatu gochuuf mirga qabeenya kalaqa sammuutiif eegumsa barbaachisaa ta'e taasisuu dha. Mirgi abbummaa hojii kalaqaa kan kennu tokko nama hojicha kalaqeef yookaan nama hojii kana hojjechuuf qacarame yookaan tajajila nama kennu yommuu ta'utti mirgi abbaa qabeenyummaa hojichaa hojjechiisaaf kennama. Waliigalteen addaa hin jiru yoo ta'e hojii kalaqaatiif gaheen namoota lameen kanaa jiraannaan mirgichi lamaan isaaniif kennama; waliin ta'anii haalli waliin irraa fayyadaman ni uumama.

2.2.4.3 Daangaa mirga hojii kalaqaa

Mirgi hojii kalaqaa mirga qabeenyaa kalaqa sammuu waan ta'eef namni abbaa qabeenya mirga hojii kalaqaa ta'e, namni biroon mirga kanatti akka hin fayyadamne dhorkuuf mirga (negative right) qaba. Haa ta'u malee, mirgi kun mirga qabeenyaa namni kalaqe qophaasaa itti fayyadamu yoo ta'es daangaa seeraa (limitation) jala mirga hin jirre jedhamuu hin danda'u. Haaluma kanaan, labsicha kwt 25 irratti daangawwan muraasni mirga kana irra kaa'amaniiru. Isaanis,

a. Haayyama nama kalaqee malee hojiiwwan daldalaa ala hojiiwwan jiran irratti kalaqa kana yoo fayyadaman seeraan nama hin gaafachiisu
b. Hojii kalaqaa seeraan beekamtii argate kaayyoo qoranno fi yaaliiwwan saayinsii qofaaf akka oolu gochuun haayyamamaa dha
c. Abbaa qabeenya hojii kalaqaatiin yookaan haayyama isaatiin qodaawwan beekamtii hojii kalaqaa argatanii wajjiin bifa wal-qabateen Itoophiyaa keessatti gabaarra akka oolu gochuun ni danda'ama

Akkasumas labsicha kwt 25(2) irratti,

> Fayidaa uummataa keessumattuu nageenya biyyaa, nyaataa fi fayyaa yookaan kaayyoo misooma dameewwan dinagdee gurguddoo ta'aniif komiishinichi haayyama abbaa qabeenya hojii kalaqaa malee fayyadamuu, dhaabbileen mootummaa yookaan qaamni sadaffaa komishinichi moggaasu abbaa kalaqichaaf kaffaltii barbaachisaa ta'e kaffaluun kalaqicha fayyadamuu ni danda'a.

jechuun tumee jira. Kaayyoon tumaalee kanaa hojii kalaqaa heera mootummaan beekamtii argate kana namni kalqe yookaan waliin ta'anii namootni kalaqaan akka qajeeltootti dhuunfaan fayyadamuu danda'uu isaanii amanuun, faayidaa uummataa fi nageenya biyyaaf jedhamee garuu mirga qabeenya kalaqa sammuu kanaa irratti daangaan (limitation) kaa'uun akka barbaachisuu fi kunis yeroo ta'u abbaan kalaqaa mirga kaffaltii argachuu akka qabu mirkaneessuu dha.

2.2.4.4 Haqamuu, Dhiifamuu fi Addaan Cituu Mirga Hojii Kalaqaa

Hojiin kalaqaa guyyaa iyyannaanni dhiyaate galmeeffamee kaasee waggoota kudha-shaniif eegumsa seeraa kana argatu yoo illee sababa adda addaaf mirgichi addaan cituu, dhiifamuu yookaan haqamuu ni danda'a. Mirgi hojii kalaqaa addaan cituu kan danda'u abbaan kalaqichaa mirgicha dhiisuu isaa barreeffamaan komiishinicha kan beeksisee fi kaffaltiin turtii mirgaa yeroo murtaa'aa tokko keessatti kan hin kaffalamne yoo ta'ee dha. Addaan cituun mirgaa kunis uumamuu kan danda'u fedhaa fi dirqama seeraan jiru bahuu dhabuu ta'uusaa agarsiisa. Dhiifamuun mirga hojii kalaqaa uumamuu kan danda'u immoo fedha abbaa irratti hundaa'ee dhufuu kan danda'u yoo ta'u haalli raawwatiinsa isaas abbaan kalaqichaa mirga isaa dhiisuu akka barbaade barreeffamaan komiishinicha kan ibsee fi komiishinichis kanuma maxxansiisee yoo baasee dha. Abbaan mirga kalaqaa mirgicha dhiisuu yeroo barbaadetti waliigalteen nama birootiif kenneera yoo ta'e haayyamni nama saddaffaa sanaa ni barbaachisa. Kunis ta'uu kan danda'e mirga nama waliigalteen mirgicha fudhate sanaaf eegumsa gochuusaa ta'uun kan tilmaamamu yoo ta'elle namni waliigalteen mirga kana fudhate dhiyaatee yaada isaa kan hin ibsine yoo ta'e maaltu ta'uu akka qabu seerichi ifa hin goone. Tumaalee labichaa irraa akka waliigalaatti hubachuu kan dandeenyu garuu namni waliigaltee mirga hojii kalaqaa argate hanga mirgichi cimee dhaabbatutti itti fayyadamuu kan danda'u ta'uusaati. Mirgi hojii kalaqaa haqamuu kan danda'u ulaagaaleen seerri teechisu gar-tokkeen yookaan hundi guutaman yoo ta'ee fi m/murtiikan mirkaneesse yoo ta'ee dha. Waa'ee haqamuu mirga kanaas labsich kwt 34 fi 35 irratti akka armaan gaditti kaa'eera:

a. Hojiin mirgi hojii kalaqaa irratti gaafatame labsii lak 123/98 kwt 3 fi 4 irratti mirga kalaqaa kan hin kennisiifne ta'ee yoo argame
b. Hojiin kalaqaa hojjetame haala guutuu fi ifa ta'een ibsamuu dhabuun ogeessota damee hojii kanaan leenji'aniin gara hojiitti kan hin jijjiiramne ta'ee yoo argame dha.

Mirgi hojii kalaqaa yeroo haqamu bu'aan haqamuu mirgichaa gara boodatti deebi'ee raawwatiinsa qabaata. Kanaaf kwt 37(2) irratti "Guutummaatti yookaan gar-tokkeen mirgi kalaqaa haqame gati-dhabeessa ta'ee kan lakkaa'amu guyyaa mirgichi eegumsa seeraa argatee kaaseeti" jedhee tumee jira.

Kanaaf, gabaabsamee yoo ilaalamu mirgi hojii kalaqaa nama hojii kalaqaa raawwate tokkoo yookaan hedduuf mirga qabeenya kalaqa sammuu ta'uun heera mootummaa fi labsiileen eegumsa seeraa argateera. Mirgi kun waliigalteen gara nama sadaffaatti mirga qaama-dhabeessa ta'uun darbuu ni danda'a. Mirgi hojii kalaqaa mirga qaama-dhabeessa yoo ta'es yeroo tokko uumamee waggoota 15 eegumsa seeraa argachuun eenyummaa isaa dhabuu yookaan hafaa ta'uu yookaan gidduutti danqaan uumamee adda cituu yookaan haqamuu yookaan haayyama abbaatiin dhiifamuu mirga qabeenya kalaqa sammuu danda'uu dha.

2.2.4.5 Mirga Hojii Kalaqa Seensaa (Patent of Introduction)

Mirgi hojii kalaqa seensaa eenyuuf kennama? Mirgi hojii kalaqa seensaa hojii kalaqaa biyya alaatti (bakkeetti) beekamtii fi eegumsa seeraa qabu akkasumas biyya Itoophiyaa keessatti hojii beekamtii seeraa hin arganne ta'ee qaama ibsa irratti kennuu danda'uu fi itti gaafatamummaa guutuu fudhatuuf mirgi hojii kalaqa seensaa ni kennama. Bu'uura labsichaa kwt 18tti safartuuwwan hojii kalaqaa tokkof beekamtii seeraa kennisiisuu danda'anii fi safartuwwan hojii kalaqaa seensaaf beekamtii kennisiisuu danda'an kan wal-fakkaataan yoo ta'ellee hundeen mirga kalaqa seensaa mirga kalaqa biyya alaa waan ta'eef mirgi kalaqa seensaa akka kennamuuf qaamni iyyatu lakkoofsa mirga kalaqichaa biyya alaatti kennameef, maddaa, guyyaa yookaan odeeffannoo barbaachisaa ta'e hin beeku taanaan bakka itti argamu ibsuu qaba (labsicha kwt 19(1-2)). Labsichi kwt 11(2) irratti qajeeltoo dugda wal-fudhachuu (principle of reprocity) kan hordofe ta'uunsaa akkuma eegametti ta'ee iyyataan hojii kalaqa seensaa kwt 11(2) irratti yeroon waggaa tokkoo utuu hin xumuramiin dura iyyata abbummaa hojii kalaqaa biyya alaa ta'uusaa dhiyyeessuu yoo baate yookaan bu'uura kwt 21tti yeroo kaa'ame keessatti kalaqichi hojii

qabatamaatti hin jijjiiramne taanaan mirgi hojii kalaqa seensaa gatii dhabeessa yookaan seeraan fudhatama akka hin qabaanne ni taasifama. Bu'uura kwt 20(1)tiin gaaffii qaama dhimmi ilaaluu dhiyeessuun mirgi hojii kalaqa seensaa kun mana murtiin akka haqamu ni taasifama (labsicha kwt 36).

Mirgi hojii kalaqa seensaa seera duratti fudhatamummaa qabaatee turuu kan danda'u beekamtii argatee waggaa sadii booda waggaa waggaatti hojii irra a ooluusaa dirqama mirkaneessuu fi kaffaltii waggaa kaffaluu qaba; mirgi kun seera duratti hanga waggaa kudhaniitti fudhatamummaa qabaachuu ni danda'a. Kaayyoon mirkaneessa mirga hojii kalaqa seensaa hojiin kalaqaa biyya alaatti beekamtii argate biyya Itoophiyaatti akka seenu gochuun wal-harkaa fuudhinsi tekinoloojii akka jiraatuu fi damee kanarraa faayidaa argamuu danda'u duguuganii fayyadamuun misoomaaf akka oolu gochuun damee kanaanis ijaarsii fi gahumsi humana namaa akka dabalu gochuu dha. Kunis guddina biyya keessaaf gahee ol'aanaa kan qabu yoo ta'es hojii biyyoota alaatiif xiyyeeffannoo kennanii hojjechuun amma addunyaan keenya kan irra geese guddina giloobaalayizeeshiniin wal bira qabamee yoo ilaalame hojii sirrii fi baay'ee barbaachisaa dha.

2.2.4.6 Moodelii Tajaajilaa (Utility Model)

Hojiiwwan kalaqaa xixiqqaaf eegumsi seeraa kennamu sertifikeetii moodelii tajaajilaa akka ta'e labsii lak 123/1989 kwt 38 fi dambiin lak 12/89 kwt 39 irraa hubachuun ni danda'ama. Akkuma hojii kalaqaa moodeliin tajaajilaa hojiiwwaan eegumsi seeraa kennamuu fi hin kennamne of keessatti hammatee jira. Safartuwwan haarawummaa fi industiriif galtee ta'uu guutnaan, hojiiwwan xixiqqaa sertiifikeetii moodelii tajaajilaatiin eegumsi seeraa akka kennamuuf ta'a. Safartuwwan sunis,

a. **Haarawummaa** – hojiin kalaqaa xiqqaa tokko haarawa jedhamuuf iyyatichi guyyaa galmeetti baruulee biyya Itoophiyaatti maxxanfaman irratti duraan kan hin ibsamnee fi uummataaf kan hin dhiyaanne yookaan ifatti hojii irra kan hin oolle yoo ta'ee dha. Haa ta'u malee iyyatni hojii kalaqichaa utuu hin galmeeffamiin ji'a jaha fuul-dura ibsamuu fi hojii irra ooluun isaa harawummaa isa hin dhabsiisu, labsicha kwt 39(1-2)
b. **Industiriif galtee ta'uu** – hojiin kalaqaa tokko industiriif galtee ta'uu ni danda'a yeroo jennu hojii ogummaatiin (hojii harkaa), qonnaa fi tajaajila hawaasummaa

yookaan damee hojii kamirrattiyyuu hojii irra ooluu kan danda'u yoo ta'ee dha (labsicha kwt 3(5))

Moodeliin tajaajilaa eegumsa seeraa argachuu kan danda'u waggaa shaniif yoo ta'u hojiin kalaqa xixiqqaan biyya Itoophiyaatti hojii irra kan oole yoo ta'e waggaa shaniif ni haareffama. Mirga hojii kalaqa xixiqqaaf eegumsa seeraa kan kennu modeeliin tajaajilaa mirga hojii kalaqaa wajjiin yeroo madaalamu salphaa, qaalawaa kan hin taanee fi daandii saffisaa mirga kalaqaa eegsisuu danda'u waan ta'eef namootni karaa mirga isaanii itti kabachiifachuu danda'anii dha.

Armaan olitti akka ibsame moodelii tajaajilaatiin hojiiwwan eegumsi seeraa taasifamuuf akkuma jiran hojiiwwan kalaqaa xixiqqaa eegumsa seeraa hin argannes jiru. Isaan kanneenis,

- Hojii mirgi kalaqaa (patent right) kennameef yookaan qabeenya uummataa qabiyyee, amala, yookaan raawwannaa isaanii jijjiiranii haala fayyadama isaatiin yookaan kaayyoo yaadameen fooyyessuu kan hin hordofsiifne yoo ta'e malee bocaan, hangaan yookaan qabiyyeen jijjiirama taasifamuuf eegumsi moodelii tajaajilaa hin taasifamu (labsicha kwt 40(1))
- Gurmaa'iinsa (wal-nyaatinsa) wantoota beekamoo ta'an raawwannaa wal-fakkaatu kanqaban gurmaa'iinsa wantoota beekamoo kan biraan bakka buusuu fi kunis faayidaa argamu yookaan haala raawwannaa irratti fooyya'iinsa tokkoyyuu kan hin hordofsiifne yoo ta'e (labsicha kwt 40(2))
- Hojiiwwan kalaqaa xixiqqaa nageenyaa fi dudhaa uummataa faallessan hojiiwwan kalaqa xixiqqaaf eegumsa kan taasisu sertifikeetiin moodelii tajaajilaa, mirga hin gonfachiisu; eegumsi isaaniif ta'us hin jiru (labsicha kwt 40(3))

Kanaafuu, sertiifkeetiin moodelii tajaajilaa mirga hojiiwwan kalaqa xixiqqaa eegsisuuf jedhamee kennamu yoo ta'u hojiiwwan kalaqaa eegumsa argatanii fi hin arganne seeraan adda bahaniiru. Mirgi kun seera duratti fudhatamaa ta'ee turuu kan danda'u waggaa shaniif yoo ta'u kalaqichis hojiiwwan biyya keessaaf hojii irra ooluun isaa mirkanoofnaan dabalataan waggoota shaniif haareffamuu ni danda'a. Yeroo mirgi kun cabu tarkaanfiiwwan fudhataman ilaalchisee biyya Ameerikaatti itti gaafatamummaa seera hariiroo hawaasaa (beenyaa) qofa kan hordofsiisu yoo ta'u biyyoota Faransaayii fi Awustiraaliyaatti itti gaafatamummaa yakkaas kan hordofsiisuu dha.

Seera biyya keenyaatiinsi beenyaan seera hariiroo hawaasaa kwt 2027 fi itti fufanii jiraniin kan gaafachiisu yoo ta'u yakkaan immoo seera yakkaa kwt 721 adabsiisa.

2.2.5 Dizaayinii Industirii (Industrial Designs)

Dizaayinii industirii jechuun maal jechuu dha? Dizaayinii industirii jechuun qindoomina haalluwwanii yookaan sararootaa, yookaan sararootaa fi haalluwwanii wajjiin kan wal qabatu yookaan wal hin qabanne boca abbaa rogee sadii yoo ta'u, qindoominichi yookaan bocichi bu'aa industirii yookaan ogummaa harkaaf bifa addaa kan kennuu fi oomisha industirii fi ogummaa harkaatiif akka dizaayiniitti tajaajiluu kan danda'uu dha jedhamee kwt 2(2) irratti hiikameera. Toorri interneetii beekamaan **Wikipedia free encyclopedia** jedhamu hiikoo seera keenyaan kennamerraa hiikoo garagarummaa guddaa hin qabne dizaayinii industiriif kenneera:

> *Industrial design rights are intellectual property rights that protect the visual design of objects that are not purely utilitarian. An industrial desing consists of creation of shapes, configurations or composition of patterns or color or combination of patterns and color in three-dimensional form containing aesthetic value.*

2.2.5.1 Dizaayinoota eegumsi seeraa taasifamuu fi hin taasifamne

Hojii dizaayinii industiriif akkuma hojii qabeenya kalaqa sammuu biroo eegumsi seeraa kan taasifamuu fi hin taasifamne jiru. Hojiiwwan dizaayinii industirii eegumsi seeraa argachuuf safartuwwan (ulaagalawwan) armaan gadii guutuutu irraa eegama:

- **Haarawummaa industirii-** dizaayiniin industirii tokko haarawa kan jedhamu amaloota gurguddoo dizaayinii biyya Itoophiyaatti yookaan biyya alaatti beekaman kanneen hojii kanaan hariiroo qaban irraa adda kan ta'ee fi guyyaa galmee yookaan akka barbaachisummaa isaatti guyyaa dursa dura waggaa tokkoo keessatti kan hin ibsamne yoo ta'ee dha. Gargarummaan dizaayinoota gidduu jiru xiqqoo yoo ta'e dizaayinootni sun wal-fakkaatu jedhamanii fudhamu (kwt 46(2)(a).
- **Hojii irra ooluu danda'uu –** hojiin dizaayinii industirii tokko qabatamatti hojii irra ooluu ni danda'a kan jedhamu oomisha dizaayinii industirii irra deddeebi'anii baasuuf akka moodeliitti tajaajiluu kan danda'u yoo ta'ee dha (kwt 46(2)(b))

Hojiiwwan dizaayinii eegumsi seeraa hin taasifamneef yoo ilaallu immoo

- Beekamtii waan hin arganneef eegumsi hin taasifamuuf (kwt 46(3)
- Wantootni bu'aa tekiniikaa argamsiisuuf oolan kamiyyuu labsii kanaan eegumsa dizaayinii industiriitiif taasifamu hin argatan (kwt 46(4))
- Hojiiwwan dizaayinii industirii nageenya yookaan dudhaa uummataa faallessan hin galmeeffaman. Hin galmoofne taanaan abbaa qabeenya sertiifikeetii dizaayinichaa waan hin taaneef ittiin hojjechuu, tajaajilamuu yookaan haala kamiinuu mirga dhuunfaan itti fayyadamuu hin argatu.

Mirga abbaa qabeenyummaa dizaayinii industirii argachuuf iyyatni dhiyaatu oomisha dizaayinii industirii qabu yookaan fakkii dana dizaayinichaa fi akaakuu oomisha dizaayinichi tajaajiluuf qophaa'e qabaachuu qaba. Kaffaltiin barbaachisaa ta'es ni fakkalama. Dizaayiniin dhiyaate qoratamee fudhatamummaa yoo argate waraqaa ragaa galmee dizaayinii industirii ni argata. Waraqaan ragaa galmee kun mirga dizaayinii industirii haala kamiin mirkaneessa? Mirgi dizaayinii industirii beekamtii kan argatu galmeeffamuun ta'een qabiyyee armaan gadii ni qabaata:

- Hojiin dizaayinichaa dizaayinii industirii ta'uu qaba
- Angafummaa (dursa ta'uu) dizaayinii industirii
- Maalummaa hojjetaa dizaayinii industirii fi abbaan dizaayinii industirii mirgichatti dhuunfaan fayyadamuusaa ibsa

Mirgichatti fayyadamuuf galmeeffamuun murteessaa dha. Iyyataan murtii komiishinichi kennutti walii hin galle yoo ta'e garagalchi murtichaa guyyaa isa qaqqabee kaasee guyyoota 60 keessatti ol'iyyata mana murtiitti dhiyeeffachuu ni danda'a. Kanaaf, biyya keenyattis ta'e biyyoota birootti seerri hojii dizaayinii industiriif eegumsa kan kennuu yoo ta'es dizaayinoota industirii hundumaaf haala garagarummaa hin qabneen eegumsa seeraa kenna jechuu miti.

2.2.5.2 Hanga Turmaata Mirgichaa

Dizaayiniin industirii hojii kalaqa sammuu waan ta'eef akkuma mirga qabeenya kalaqa sammuu kan biroo mirgi abbaa qabeenyummaa dizaayinii industirii yeroo murta'aa ta'e qofaaf eegumsa

seeraa argata. Biyyootni haaluma sirna haqaa isaaniitiin mirgootaaf yeroo turmaataa garagaraa kennu. Fakkeenyaaf, biyya Kanaadaatti waggaa 10; Jaapaanitti wagaa 15; Ameerikaatti waggaa 14 yoo ta'u biyyi Ingilizii kan galmaa'ee fi hin galmoofne hojimaata jedhan kan qaban waan ta'eef kan galmaa'e yoo ta'e waggaa 25 kan hin galmoofne taanaan immoo hanga waggaa 5tti eegumsa seeraa qabaatee turuu danda'a. Biyya Itoophiyaatti iyyatni guyyaa galmeeffamee kaasee hanga waggaa 5tti mirgichi eegumsa seeraa argatee kan turu yoo ta'u hojiin dizaayiniichaa Itoophiyaa keessatti hojii irra oollaan waggaa 5 haareffamuu ni danda'a. Mirgichi eegumsa seeraa argatee akka turuuf iyyatni dhiyaatu turmaati yeroo inni duraa utuu hin xumuramiin guyyoota 90 dura dhiyaachuu qaba; bu'uura kanaan hin dhiyaatu taanaan haareffamuu hin danda'u (kwt 50(2)).

Mirgi abbummaa dizaayinii industirii nama dizaayinii hojjeteef kan kennamu yoo ta'ullee faayidaa hojichi hawaasummaa, siyaasaa fi dinagdee guddina biyyaa keessatti qabu xiyyeeffannoo keessa galchuun eegumsi seeraa akka taasifamuuf ni ta'a. Hojiiwwan guddina biyyaa boodatti harkisan galmaa'uu kan hin danda'eenyee fi qaama sadaffaatiin miidhaa gahuu danda'u eegumsa seeraa ittisus argachuu akka hin dandeenye tumaalee labsii lak 123/1987 fi dambii lak 12/98 irraa dhugaa hubachuu dandeenyuu dha. Dirzaayiniin industirii akkuma hojiiwwan qabeenya kalaqa sammuu kan biroo bifa sirna qabuun gaggeeffamuun kaayyoo guddina biyyaatiif galtee ta'uu bu'uura kan godhateedha.

2.2.6 Mirgoota Waraabbii fi Isaa Wajjiin Hariiroo Qaban (Copy Right and Neighboring rights)

Mirgoota waraabbii fi isaa wajjiin hariiroo qaban ilaalchisee labsiin bahe labsiin lak 410/96 kwt 2(8) irratti "Mirga waraabbii jechuun mirga dinagdee hojii tokkorraa maddu jechuu yoo ta'u barbaachisaa ta'ee yoo argame garuu mirga hamilee dabalachuu ni danda'a'' jechuun hiikeera. Mirgootni mirga kanaa wajjiin hariiroo qaban maal akka ta'an kwt 2 (14) irratti "Mirga hariiroo qabu jechuun raawwataa, sagalee waraabuu, qindeessanii baasuu fi mirga dhaabbata tamsaasaa (broadcasting) dha" jechuun hiikeera. Toorri interneetii beekamaan ***Wikipedia free encyclopedia*** gama isaatiin,

> *Generally it is 'the right to copy', but also gives the copy right holder the right to be credited for the work, to determine who may adapt the work to other forms, who may perform the work, who may financially benefit from ti, and others.*

jechuun mirgi waraabbii abbaa qabeenya kalaqa sammuutiif mirga argamsiisuu danda'u hiike kan jiru ta'uusaa argina. Asirratti qalbeeffachuu kan qabnu tokko mirgi waraabbii yaadaa (idea) fi odeeffannoof (information) aguuggii seeraa kan kennu utuu hin ta'iin mirga waraabbichaa bu'uura godhachuun eegumsa seeraa kenna. Eegumsi yaadaa fi odeeffannoof kan kennamu utuu hin ta'iin boca (form) yookaan haala (manner)f kennama. Ibsa biraatiin, mirgi waraabbii kan irratti xiyyeeffatuu fi aguuggii kan kennu ibsa yaadaatiif malee yaadni akka hin sarbamen gochuuf miti.

> *Copy right usually protects the expression of an idea not the idea itself. Thus, copy right does not prohimbit a reader from freely using and describing that concept to others, it is only the particular expersson of that process as originally described that is covered by copy right.*

Kaayyoon labsii mirga waraabbii fi isaa wajjiin hariiroo qabanii barreeffamoota, aartii fi hojiiwwan kalaqa biroo eegumsa seeraa akka argatan gochuu dha. Kanaanis, guddina aadaa, hawaasummaa, dinagdee, saayinsii fi tekinoloojii saffisiisuun biyyattiin damee kanarraa fayidaa argachuu qabdu akka argattu gochuu dha. Labsichis kaayyoo ijoo kana bu'uura gochachuun kanaan dura seera hariiroo hawaabsaa kwt 1647 – 1674n mirga waraabbiif eegumsa seeraa kennamee ture bal'isuun yaadawwan bu'uuraa haarawaa ta'anii fi mirgoota dabalataa hammatee baheera. Itti dabalees, karaan ittiin dabarsan akka bal'atu gochuun eegumsa barbaachisaa ta'e akka argatanii fi ogeessotni damee hojii kanarratti hiriiran wabii argatanii garaa guutuun hojii isaanii akka dalagan taasisuuf seera tumamee dha. Haaluma kanaan xiyyeeffannoon guddaan itti kennamee yeroo kamirrayyuu caalaa haali raawwannaa fi ijaarsi isaa cimee akka deemuuf, mirga qabeenya kalaqa sammuu ta'aa jiruu fi damee dinagdee eegumsa seeraa argatee dha. Hojiiwwan kalaqaa aguuggiin mirga waraabbii kennamuuf ilaalchisee ***Wikipedia*** akka armaan gadiitti tarreessee jira:

> *Copy right may apply to a weide range of creative, intellelctual , or artistic forms or 'works'... can include poems, thesis, plays, other literacy works, moves,*

dances, musical composition, audio recordings, drawings, sculptures, photographs, software, radio and television broadcasts, and industrial desings, graphic designs.

Dhimma kana ilaalchisee labsiin bahe labsiin lak 410/96 kwt 4(1) (a-b) irratti haala tarreeffama armaan olii wajjiin wal-simuu danda'uun hojiiwwan eegumsa seeraa argachuu danda'an tarreessee jira:

- Hojii hiikkaa, hojii waan tokko fakkeessanii hojjechuu, hojii qindeessuu, hojiiwwan biroo geergaruu fi fooyyessuu yookaan
- Qabiyyeen, qindoominaan, yookaan haala filannootiin hojii jalqabaa (original) kan ta'ee fi meeshaa dubbifamuun yookaan bifa biraatiin kan jiru encyclopedia, kuusaa sookoo yookaan daataa beezii fi hojiiwwan isaan wal-fakkaatan

Eegumsa seeraa argachuuf safartuwwan guutamuu qaban ilaalchisee labsichi kwt 6(1) irratti kaayyoo fi qulqulinni hojii qaamni hojii uume tokko qabu yaada keessa utuu hin galiin mirga abbaa qabeenyummaa kalaqaa argachuun kan danda'amu hojichi wal-ta'iinsaa qabuu fi hojii jalqabaa yoo ta'ee dha. Bocamaa yookaan qaama-qabeessa taanaan haal-duree tokko malee hojiicha dhiyeessuu isaa qofaan eegumsa kan argatu ta'uusaa labsichi yoo tumu, hojichi hojii suura kaasuu yeroo ta'u immoo armaan olitti safartuwwan ibsamanitti ida'ee hojichi qaama kuusaa tokko irraa kan argame yoo ta'u yookaan bifa kitaabaatiin maxxanfame jiraannaan yookaan maqaa fi bakka jireenyaa nama yaadicha maddisiise yookaan bakka bu'aa isaa kan qabu taanaan eegumsa seeraa argachuu akka danda'u labsicha kwt 6(2)(a-b) irratti ifatti ibsameera.

Kanaafuu, biyya keenya keessatti hojiin tokko mirga waraabbii argachuuf haala barreeffamaan, haala suura kaasuun yookaan akkaataa dhiyeessa tamsaasaa adda kan bahe yookaan haarawaa ta'uun isaa yoo mirkanaa'ee dha. Hojiiwwan suura kaasuu fi tamsaasa sagalee yeroo ta'an hojii jalqabaa ta'utti ida'ee safartuwwan kwt 6(2-3) irratti tarreeffaman guutuu isaanii mirkaneeffachuun barbaachisaa dha.

2.2.6.1 Mirgoota Hojii Waraabbii fi Isaa Wajjiin Hariiroo Qaban

Mirgoota dhuunfaa abbaa qabeenyaa mirga waraabbii (exclusive rghts):

- Hojii hojjete baasuu yookaan waraabee gurguruu
- Gara biyya keessatti galchuu fi biyya keessaa baasuu
- Hojii jalqabaa hojii cimsu hojjechuu
- Hojiisaa uummatatti dhiyeessuu
- Mirga isaa nama biraaf dabarsuu
- Hojii isaa raadiyoo fi talavizninniin dhiyeessuu

Mirgi hojii waraabbii fi isaa wajjiin hariiroo qaban mirgoota dinagdee fi hamilee jedhanii bakka lamatti adda baasanii ilaaluun ni danda'ama. Tumaaleen kwt 19 irratti waa'ee mirgi hojii waraabbii tamsaasuu fi kwt 9 irratti mirga hojii tajaajila dhuunfaaf fayyadamuu tumaman akkuma jiraniitti ta'ee labsichi abbaan qabeenya mirga waraabbii mirgoota dinagdee inni qabu ilaalchisee kwt 7 irratti namni hojii tokko maddisiise yookaan abbaa qabeenya hojii tokko ta'e kamiyyuu hojiiwwan armaan gadii raawwachuu yookaan namni biraan akka raawwatuuf haayyamuu ni danda'a jedhee ibseera. Isaanis, hojicha baayisuu, afaan biraatti hiikuu, fakkeessuu, qindeessuu, yookaan gara biraatti jijjiiruu ni danda'a; gurgurtaan yookaan kiraan hojiisaa jalqabaa (original) yookaan waraabbii (copy) raabsuu, biyya alaatii galchuu, uummatatti agarsiisuu, hojicha ifatti hojjechuu, hojicha qilleensaan tamsaasuu yookaan daandii filate kamiinuu mirga tamsaasuu of keessatti hammachuu kan danda'uu dha.

Kun akkuma eegametti ta'ee seerichi mirga dinagdee hojii waraabbiirraa argamuu danda'an nama hojicha hojjete badhaasuun akka danda'amu yoo ibsu, mirgootni kun garuu hojiiwwan hundaaf kan kennaman akka hin taane kwt 7(2) irratti tumee jira; kwt 7(3) irratti immoo namni kalaqe yookaan dhaaltotni isaa mirgoota dinagdee argachuu danda'an dambiin tumamuu akka danda'u seerichi teechisee jira. Namni abbaa qabeenya mirga waraabbii yookaan mirgoota isaa wajjiin hariiroo qabanii ta'e mirgoota dinagdee isaan qaban armaan olitti kan ilaalle yoo ta'u, amma immoo abbaan qabeenya mirga kanaa hanga yoomitti mirga kanatti fayyadamuu danda'a? gaaffii jedhu kaafanee ilaaluun gaarii dha. Biyyootni garagaraa yeroo turmaata adda addaa mirgoota kanneeniif kennu. Fakkeenyaaf, biyya Ameerikaatti mirgi kun waggaa 50-70tti eegumsa seeraa argatee turuu kan danda'u yoo ta'u waggaa 28n haareffamuu danda'a. Sana booda qabeenya uummataa ta'a. Biyya Xaaliyaanitti namni hojicha maddisiisu du'ee hanga waggaa 6tti; biyya Faransaayitti waggaa 14 fi biyya Ispeenitti waggaa 80f mirgichi seera duratti fudhatamaa ta'ee tura. Gara biyya keenyaatti yeroo deebinu labsichi kwt 20 irratti,

- Mirgootni dinagdee, namni hojicha maddisiise hanga lubbuun jiruu fi inni du'ee dhaaltota isaatii hanga waggaa 50tti dhuunfaan itti fayyadamuu danda'u (kwt 20(1))
- Hojii namoota hedduun maddisiifame yoo ta'e gaafa namoota hojicha maddisiisan keessa inni jalqaba du'ee waggaan 50 lakkaa'amuu eegala (kwt 20(2))
- Namni maddisiise erga du'ee booda hojiin maxxanfamu yoo ta'e waggaan 50 lakkaa'amuu kan eegalu hojichi guyyaa maxxanfamee kaaseeti
- Hojiin kuusaa *audio-visual* ala jiran guyyaa hojjetamanii yookaan yeroo jalqabaaf uummataaf guyyaa dhiyaatanii yookaan jalqaba guyyaa maxxanfamaanii kaasee hanga waggaa 50tti eegumsa seeraa akka gonfatetti tura. (kwt 20(4))
- Hojichi maqaa nama maddisiisee kan hin qabne yookaan maqaa qubeessaan (nick name) mirgi dinagdee nama hojichi maddisiisee guyyaa jalqaba uummataaf dhiyaate yookaan maxxanfamee kaasee hanga waggaa 50tti eegumsa seeraa argatee kan turu ta'a (kwt 20(5))
- Yeroo kwt 20(5) jalatti ilaallen dura enyummaan nama hojicha maddisiisee kan beekame yookaan kan hin shakkisiifne yoo ta'e akka barbaachisummaa isaatti tumaaleen kwt 20 (1) fi (2) raawwatiinsa kan qabaatan ta'u
- Mirgootni dinagdee hojii suura kaasuu eegumsa seeraa argatanii turuu kan danda'an hojichi hojjetamee hanga waggaa 25tti
- Hojiin oodiyoo-viizuwaalii guyyaa hojjetamee kaasee yookaan guyyaa uummataaf dhiyaatee isa dhumaarraa kaasee hanga waggaa 50 tti eegumsa seeraa argatee tura

Tumaalee keewwata kanarraa hubachuun kan danda'amu turmaati yeroo mirga dinagdee lakkaa'amuu kan eegalu du'a yookaan maxxansa dhumaa yookaan, maxxansa du'a booda dhufuuf maxxansichi yeroo jalqabaaf guyyaa baheerraa kaaseeti.

Mirgi dinagdee hojii waraabbii fi isaa wajjiin hariiroo qaban akkuma mirgoota biroo abbaa qabeenyaa irraa gara nama biraatti darbuu mirga danda'uu dha. Mirgi kun guutuummaatti yookaan gamisaan, yookaan haayyama kennuun yoo ta'u waliigaltichis hundaa'uu kan danda'u barreeffamaan ta'uu qaba. Mirgi kun yeroo darbutti namni haayyama kenne yookaan abbaan qabeenya mirgichaa qodaawwan ittiin tajaajilamaa ture kan dabalatu miti. Waliigalteen dabarsa mirgaa kun guyyaa mirgichi itti darbu ifatti hin teechifne taanaan gaaffii mirgichi naaf haa darbu jedhu dhiyeesuu kan danda'u waggaa 10 keessatti. Gaaffiin haayyamni naaf haa darbuu immoo

waggaa shan keessatti dhiyaachuu qaba. Ibsa biraatiin, gaaffiin mirgi naaf haa darbuu guyyaa jedhameen booda kan dhiyyaate taanaan fudhatama argachuu hin danda'u jechuu dha. Haala kanaan mirgichatti guutummatti yookaan gamisaan utuu hin fayyadamiin kan hafe yoo ta'ee fi mirgi abbaa qabeenya mirga waraabbii irratti miidhaa yoo geessise namni hojicha maddisiise mirgichi akka hin dabarre yookaan haayyamichi akka hin kennamne gochuu ni danda'a (kwt 25).

Namni hojicha maddisiise abbaa qabeenya mirga dinagdee yoo ta'es yookaan ta'uu baates mirga hamileetti yeroo hunda ni fayyadama. Mirgoota hamilee kan jedhamanis,

- Dhimmoota tibbanaa tamsaasa talavizniniin galmeesuuf akka tasaa yookaan akka carraa hammataman irraan kan hafe maddisiisaa hojichaa ta'uunsaa akka beekamu gaafachuu ni danda'a (kwt 8(1))
- Utuu hin beekamiin turuu fi maqaa qubeessaa fayyadamuun kabajaa fi maqaa gaarii xureessuu kan danda'an hojiiwwan wal-keessa dhawaman, addaan ciccitan yookaan bifa biraatiin jijjiiraman mormuuf mirga ni qabaata (kwt 8(1) (a) (c)
- Hojicha maxxansiisuuf mirga hamilee ni qaba (kwt 8(1)(d)

Abbaan hojiiwwan waraabbii mirgoota hamilee kwt 8 irratti tarreeffaman dhaaltota yoookaan kennaa fudhattoota kan ta'ani irraan kan hafe yeroo lubbuun jirutti mirgoota kanneen qaama sadaffaaf dabarsuu hin danda'u. Mirgootni hamilee kan dhaalaman yookaan kennaan kan kennaman yoo ta'anillee namni maddisiisaa yaada hojichaa ta'a yeroo lubbuun jiruu fi mirgichi seeraan eegumsa qabutti dhaaltootnii fi kennaa fudhattootni mirgichatti hin fayyadamnu jedhanii iyyata dhiyeessuu ni danda'u. Yeroon turmaataa mirgoota hamilee yeroo turmaata mirgoota dinagdee wajjiin tokkoo dha (kwt 8(3)(4).

Qabeenya mirga waraabbii argate karaa haqa qabeessa ta'een tajaajilamuu (fair use) ilaalchisee biyyootni garagaraa sirna adda addaa kan hordofan yoo ta'ellee biyyootni baay'een safartuwwan fayyadaman kaafnee yoo ilaalle,

- Kaayyoo fi maalummaa dhimmichaa (purpose and characteristic)
- Uumama mirga waraabbii (nature)
- Hojiicharraa hangamtu fudhatame (what amount or portion of the whole work was taken)

- Hojichi fudhatamummaa mirga waraabbii irratti midhaa geessisu (the effect of the use upon the potential marke for the value of the copy righted work)

Biyya Kanaadaatti qabeenya mirga waraabbii argate tajaajila dhuunfaaf baay'isaanii fayyadamuun bara 1999 irraa kaasee kan danda'amu yoo ta'u Awustiraaliyaatti immoo baayisanii fayyadamuun kan danda'amu hojiiwwan qorannoo, qo'annoo, qeeqa barreessuu, dhiyeessa oduu fi tajaajila gorsa seeraa kennuu dha. Biyya Ameerikaatti hojicha si'a kudhan baay'isuun hojii daldalaatiif akka baayyateetti fudhatama kan jedhurraan kan hafe kudhanii gadi baayisuun ni danda'ama yaada ifaan hin keenye. Mirgi waraabbii fi isaa wajjiin hariiroo qaban biyya Itoophiyaatti labsicha kwt 9(1) irratti hojii tokko tajaajila dhuunfaaf baay'isuun akka danda'amu ni ibsa. Kanaaf, seerri mirga waraabbii Itoophiyaa safartuwwan mirgoota waraabbii addunyaa kan guutuu fi hojii haaraa maddisiisuuf mirga heera mootummaatiin beekamtii argatee dha; akkuma mirgoota qabeenya kalaqa sammuu kan biroo mirga qaama biraatti darbuu danda'uuf turmaata yeroo murtaa'aa ta'e tokko qabeenya qabuu dha.

2.2.6.2 Furmaata Sarbamuu Mirgaa (Remedies)

Labsiin mirga waraabbii fi isaa wajjiin hariiroo qaban kabachiisuuf bahe labsiin lak 401/96 furmaata akaakuu sadii kan kennu yoo ta'u, isaanis furmaata seera hariiroo hawaasaa, daangaa biyyaa irratti fudhatamuu fi adabbii yakkaati.

1. **Furmaata Seera Hariiroo Hawaasaa**

Furmaata hariiroo hawaasaa ilaalchisee aangoon kan kennameef m/murtii idileef yoo ta'u m/murtiisarbamuunn mirgaa jiraachuusaa mirkaneessuun dura fi erga mirkaneessee booda tarkaanfiiwwan fudhachuu danda'u bakka lamatti hiranii ilaaluun ni danda'ama. Sarbamuu mirgichaa mirkaneessuun dura ajaja dhorkaa yeroof kennuun ni danda'ama. M/murtiijiraachuu sarbamuu mirgaa erga mirkaneeffatee booda garuu tarkaanfiiwwan armaan gadii fudhachuu ni danda'a:

- Baasii abbaan qabeenya mirgichaa baasee fi miidhaa irra gahe beenyaa maallaqaa fi hamilee akka kaffalamuuf ni taasifama

- Haayyama abbaa qabeenyaa malee akka hin baay'ifamne yookaan gara biyyaatti akka hin galle waan jedhame kan galche yookaan kan raabse yoo jiraate akka dhaalamu ni taasifama
- Mirga waraabbii wajjiin hariiroo kan qaban sanadoota herrega ibsan, hojii daldalaa raaawwachuuf waraqaa tajaajilan hojjechuuf meeshaalee gargaaran akka qabaman ajaja ni baasa
- Namni mirga namaa sarbe kun seeraa ala badhaad heera kan jedhamu yoo ta'ee fi beenyaan akka kaffamuuf murtaa'e miidhaa gahe deebisuu hin danda'u taanaan namni himata dhiyeesse waliigalteen mirgicha akka fayyadamu namichaa haayyameera utuu ta'ee kaffaltii kaffalchiisu qabu ture akka kaffaluuf murtii dabarsuu ni danda'a
- Abbaan qabeenyaa shakkee bu'aa argate qofa akka kaffalu yeroo gaafatu m/murtii akka kaffaluuf murteessu ni danda'a; bu'aa namni himatame argate jedhame sun gabaa biraa irraa kan argameedha yoo jedhame dhirqamni mirkaneessuu himatamaa irratti kufa
- Abbaa qabeenyaaf beenyaan kaffalamu miidhaa gahee fi bu'aa seeraa ala mirgicharraa argame yaada keessa galuun ta'a.
- Mirgi waraabbii sarbamuusaatiin beenyaan hamilee kaffalamu qarshii 100,000 gadi kan hin taane fi miidhaa qaqqabes yaada keessa kan galche ta'uu qaba
- Haa ta'u malee, himatamaan gochaa seera cabse kan raawwate hubannoo dhimmichaa waan hin qabneef yookaan beekuu akka danda'u sababootni taasisan kan hin jirre taanaan manni murtii bu'aa argatee qofa akka deebisu murteessuu ni danda'a
- Kanneen seeraa ala baay'ifaman mirga abbaa qabeenya irratti miidhaa utuu hin geessisin sochii daldalaa ala akka ta'an gochuu yookaan haala addaan hojii ala akka ta'an gochuun ni danda'ama. Tarkaanfiin kun garuu nama fayyaalessummaan waraabbii hojii sana qabatee jiru irratti raawwatiinsa hin qabaatu (kwt 35).

2. Tarkaanfiiwwan Daangaa Biyyaarratti Fudhataman

- Iyyata abbaan mirgaa dhiyeessuun abbaan aangoo gumuruukaa waraabbiiwwan sana to'annoo jala ni oolcha
- Tarkaanfii kana fudhachuunsaa nama iyyata dhiyeesse yookaan abbaa qabeenyaa meeshichaa battalatti ibsa

- Iyyataan guyyaa 10 keessatti raagaawwan seeraa barbaachisoo ta'an dhiyyeessuu yoo dadhabe meeshicha qabuuf tarkaanfii fudhate ni kaasa
- Iyyatni iyyataan dhiyeesse fudhatamummaa seeraa kan hin qabne yoo ta'e sababa meeshaan qabameef miidhaa gaheef itti gaafatamaa ta'a
- Ajaja mana murtiin abbaan taayitaa galiiwwanii fi gumuruukaa meeshaa mirga sarbeera jedhame dhaaluu ni danda'a (kwt 35)

3. **Itti gaafatamummaa yakkaa**
   - Seera yakkaatiin caalamaan kan adabsiisu yoo ta'e malee itti yaadee namni mirga waraabbii sarbe hidhaa waggaa 5 gadi kan hin taanee fi waggaa 10 hin caalleen adabama
   - Seera yakkaatiin caalmaan kan adabsiisu yoo ta'e malee dagannoo cimaan mirgoota labsii kanaan eegumsi ta'eef namni cabse hidhaa waggaa 1 gadi hin taanee fi waggaa 5 hin caalleen adabama
   - Yeroo barbaachisaa ta'etti yakkicha raawwachuuf meeshaalee gargaaranii fi qodaawwan mirgi namaa ittiin sarbaman qabuu, dhaaluu fi mancaasuu dabalata (kwt 36)

Kanaafuu labsiin mirga waraabbii fi isaa wajjiin hariiroo qabaniif eegumsa gochuuf bahe safartuwwan seera addunyaa kan guutee fi nama hojicha maddisiiseef mirga heera mootummaatiin eegumsi taasifameef kan kenne ta'uunsaa akkuma jirutti ta'ee, mirgichi akkuma mirgoota qabeenya kalaqa sammuu kan biroo mirga gara nama biraatti darbuu danda'uu fi yeroo turmaata mataa isaatii kan qabu akkasumas mirga dinagdee fi hamilee of keessatti kan hammatee dha. Fayyadamtootni mirga kanaa furmaata seera hariiroo hawaasaatiin taa'an argachuutti dabalanii sarbamuun mirgichaa gochaa yakkaa kan hordofsiise yoo ta'e yakkaan akka adabamu taasisuuf mirga qabu.

2.2.7 Mallattoo Daldalaa (Trade Mark)

Mallattoon daldalaa maal akka ta'e labsiin eegumsaa fi galmee mallattoo daldalaa lak 501/98 kwt 2(12) irratti akka armaan gadiitti ibsee jira.

Mallattoo daldalaa jechuun fakkii meeshaalee yookaan tajaajilawwan nama tokkoo meeshaalee yookaan tajaajilawwan nama biraa irraa adda baasuuf gargaaruu dha. Mallattichi jechoota, dizaayinoota, qubeewwan, lak oofsota, haalluwwan, yookaan boca meeshaalee yookaan qabattoowanii, yookaan qindoomina kanneenii ta'uu ni danda'a. Bifa walfakkaatuun toorri interneetii *Wikipedia the free encyclopedia* jedhamu mallattoo daldalaa akka armaan gaditti hiikee jira.

> *Trade mark is a distinctive sign or indicator of some kind which is used by an individual, business organization or other legal entiry to indentify uniquely the source of its products and /or services to consumers and to distinguish its products or services from those of other entities*

Kanaafuu, mallattoo daldalaa jechuun oomisha, tajaajila yookaan madda tokko galeessuun mallattoo dhuunfaa ofii taasisuun namootni oomisha yookaa tajaaajila tokko isa kan biraa irraa adda akka baasan kan gargaaruu fi kaayyoo dogoggorsiisoo (confusion) ittisuu kan qabuu dha. Mallattoon daldalaa seera qabeessa kan ta'u yookaan eegumsa seeraa kan argatu galmeeffamuun akka ta'e labsichi kwt 4, 5, 15 fi 16 irratti ni hubachiisa. Bifa walfakkaatuun Wikipedian,

> *A trade mark is a type of intelleclutal protpery, and typically comprises of a name, word, phrase, logo, symbol, image or combination of these elements*

jechuun mallattoo daldalaa kan ibsu yoo ta'u kunis seerri keenya hangam safartuwwan seera addunya wajjiin wal-fudhatee akka adeemsu agarsiisa. Kaayyoon mallattoo daldalaa beekamtii fi maqaa gaarii namoota meeshaalee oomishuu fi raabsuu yookaan tajaajila kennuu irratti hirmaatan eeguu, fi meeshaalee yookaan tajaajilawwan wal-fakkaatoo gidduutti waldhawu (confusion) uumaman hambisuun gabaan qajeeltoo gabaa bilisaa hordofee akka adeemtuu fi filannoo soorattootaa kabachiisuu kan godhuudha. Faayidaa biyyoolessaa ilaalchisee keessumaa kaayyoo tarsiimoo misooma indusirii fi daldalaa gamaan gahuu qaba. Sirni daldala fayyaalessa ta'e, dorgommii bilisaa fi beekumsa irratti hundaa'e akka jiraatuu gochuu, fi seerichi kan ajajuu mallattoo ifa ta'e fayyadamuun meeshaalee oomishuu fi tajaajila kennuun guddina biyyaatiif gahee guddaa taphata. Kanaafuu labsiin lak 329/95, bu'uura qajeeltoo gabaa bilisaatiin oomishaa fi tajaajila dorgommii fayyaalessa ta'e gaggeessuun hawaasni filannoo hedduu argatee meeshaa

yookaan tajaajila kaffaltii kaffalamuu wajjiin wal-gitu argachuu akka danda'u gochuu irratti xiyyeeffata.

2.2.7.1 Galmaa'uu Mallattoo Daldalaa

Galmaa'uuf gahaa ta'uun kan danda'amu,

- Mallattoon daldalaa meeshaalee yookaan tajaajilawwan nama tokkoo meeshaalee yookaan tajaajilawwan namoota biraa irraa adda baasuu akka danda'u gochuu fi eegumsa seeraa akka argatu taasisuuf mallattoo gargaaruu dha (kwt 5(1))
- Mallattoon daldalaa tokko gurraachaa fi adiin yookaan haalluun galmaa'uu ni danda'a. Mallattoon daldalaa gurraachaa fi adiin galmaa'e yookaan qindoomina haalluwwaniin galmaa'an eegumsa seeraa argachuu kan danda'an bifa qindoomni sana qofaan ta'a.
- Mallattoon daldalaa galmaa'uu danda'u tokkoo maalummaa addaa mallatichaa hiri'isuu kan hin dandeenye yookaan mirga nama biraa kan hin sarbine hanga ta'eetti kutaa eegumsi seeraa hin taasifamneef qabachuu ni danda'a (kwt 5(3))

Mallattowwan daldalaa galmaa'uu hin dandeenye ilaalchisee labsichi kwt 6 irratti safartuwwan adda addaa teechiseeera.

- Mallattoon safartuwwan kwt 5 irratti tarreeffaman hin guunne akka mallattoo daldalaatti galmaa'uu hin danda'u
- mallattoon sagalee yookaan foolii qabu hin galmaa'u
- Mallattoon meeshaalee yookaan tajaajilawwan nama tokkoo kan namoota biraa irraa adda baasuu hin dandeenye hin galmaa'u
- Nageenyaa fi dudha uummataa mallattoon faallessuu danda'u hin galmaa'u
- Akaakuu, qulqullina, baayyina, faayidaa, gatii yookaan bakka oomishaa, yeroo oomishame yookaan yeroo itti dhiyaatu yookaan amala meeshaalee yookaan tajaajilla qofa yoo ta'e,
- Mallatowwan meeshaalee yookaan tajaajila ibsan ilaalchisee, yookaan sochii dinagdee yookaan daldala keessatti mallattoowwan daldalaa beekamanii fi uummanti bal'aan waliin kan itti fayyadamu yoo ta'e,

- Maalummaa meeshaalee irraa kan madde yookaan bu'aa takiniika meeshaa argachuuf kan gargaaru yookaan meeshaa irratti boca gatii dabalu qofa yoo ta'e,
- Madda yookaan akaakuu fi maalummaa meeshaalee yookaan tajaajilawwan ilaalchisee mallattoo daldalaa uummata yookaan hawaasa daldalaa dogoggorsiisuu dannda'u yoo ta'e,
- Mallattoo biyyaa, dhaabbilee mootummoota gamtoomanii yookaan waliigaltee addunyaan dhaabbata hundeeffamanii, raayyaa biyyaa, alaabaa, aasxaa, maqaa, haala barreeffama maqaa kanaan dura galmaa'ee jiru bu'uura kan godhate yoo ta'e,
- Mallattoo maqaa maatii iyyataa qofa kan qabu yoo ta'e,
- Nama lubbuun jiru utuu hin haayyamsiisin maqaa isaa akka mallattoo daldalaatti fayyadamuun seeraan dhorkamaa dha. Itti dabalees, mallatton daldalaa tokko mirga nama biraa kan miidhu yoo ta'e hin galmeeffamu. Mirga namoota biroo kabachiisuu jecha mallattoon daldalaa akka hin galmoofne safartuuwwan taasisan kwt 7 irratti tarreeffamanii jiru. Isaanis,
    - ✓ Mallattoo daldalaa kanaan dura galmeeffamee jiruu wajjiin kan wal-fakkaatuu fi namoota dogoggorsiisuu kan danda'u yoo ta'e
    - ✓ Meeshaalee yookaan tajaajilawwan nama biroo mallattoo daldalaa ibsuu wajjiin mallattoo wal-fakkaatu yookaan hiika isaa kan qabu yoo ta'e,
    - ✓ Aartii, haala barreeffamaa, yookaan suura nama biraa yookaan dizaayinii mallattoo daldalaa qaban mallattoon of keessaa qaba jedhamee yaadamu hanga haayyamni abbaa qabeenyaa argamutti galmeeffamuu hin danda'u. Akkuma beekamu galmaa'uu dhabuun mallattoo daldalaa eegumsa seeraa hin argatu; hojii seera cabsu ta'ee yoo argame immoo seera hariiroo hawaasaa fi yakkaan kan gaafatamu ta'a

2.2.7.2 Galmaa'uun Mirga Argamsiisu

- Galmaa'uun mirga mallattoo daldalaatti fayyadamuu fi namni biraan akka itti fayyadamuuf haayyamuu danda'uu argamsiisa
- Namootni biroon mallattoo daldalichaa haala dogoggorsiisaa ta'een akka hin fayyadamnee fi uummata akka hin dogoggorsiifne mirga dhorkuu danda'uu gonfachiisa

- Namootni biroon haala mirga abbaa mallatichaa miidhuu danda'uun akka hin fayyadamne mirga taasisuu kenna
- Dhaabbileen biroon mallattoo wal-fakkaataa fayyadamuun dogoggorsiisa (confusion) uumanii mirgicha akka hin miinetti mirga dhorkuu argamsiisaa
- Dogoggorsiisi mallattoo daldalaa yeroo uumamu mirga himata dhiyeessuu argata

Galmaa'uun mallattoo daldalaa mirgoota armaan olitti ilaallee kan argamsiisuu yoo ta'es mirgootni kanneen daangaa tokko malee kan kennaman miti. Mirgoota kanneen ilaalchisee kwt 27 daangaawwan mirgoota kanneen irra kaa'aman ni ibsa. meeshaalee mallattoon daldalaa ilaallatu irratti jijjiirama tokkoyyuu utuu hin taasisiin mallattoo kana qabatanii biyya kamiin keessattiyyuu meeshaalee kanneen namoota gurguran dhorkuuf abbaan mallatichaa mirga hin qabu. Qaamni sadaffaan meeshaalee yookaan tajaajilawwan isaanii karaa dogoggorsiisaa hin taaneen mallattoo kanatti fayyadamanii yoo beekisisan yookaan kaayyoo odeeffannoof itti yoo fayyadaman dhoakkuuf mirga hin qabu. Haa ta'u malee, namoonti daangaa seeraa kanatti fayyadamuun mirga abbaa qabeenya mallattoo daldalaarratti miidhaa geessisuu hin dandaa'an. Seerrichi mallattoon daldalaa yeroo galmaa'uu mirgoota ni gonfata akkuma jedhu haala galmeen itti haqamuun galmee daldalaa maal akka hordofsiisus teechiseera. Labsicharratti haalawwan barbaachisoo ta'an utuu hin guutiin galmeen yoo raawwate ni haqama. Mallatichi meeshaalee yookaan tajaajilawwan gamisa bakka bu'uuf galmaa'e yoo ta'e meeshaalee fi tajaajilawwan hin galmoofne ilaalchisee raawwatiinsa hin qabaatu. Keewwatni 36 bu'aan galmeerraa haqamuun mallattoo daldalaa gaafa galmeen raawwatee kaasee raawwatiinsa kan qabaatu ta'a. Kana jechuun fashalaa'uun mallattoo daldalaa boodatti deebi'ee hojii irra kan oolu ta'a jechuu dha. Mirga qaama sadaffaa eegsisuuf jecha mallattoon daldalaa gati-dhabeessa ta'u gaazaxaa yookaan miidiyaa tamsaasa bal'aa qabuun uummatni akka beekuuf akka darbu ta'a. Abbaan qabeenyaa mallattoon isaa karaa kanaan gati-dhabeessa ta'e maallaqa galmeessuudhaaf baase akka deebi'uuf gaafachuu hin danda'u. Kanaafu, mallattoon daldalaa qati-dhabeessa yeroo ta'u bu'aa lama hordofsiisuu danda'a: gati-dhabeessa ta'uunsaa boodatti deebi'ee raawwatiinsa qabaata; akkasumas mallatticha galmeessisuuf baasii baase deeffachuu hin danda'u.

Galmeen mallattoo daldalaa haareffamuu, dhiifamuu fi faayidaarra ooluu dhabuunsaatiin haqamuu, akkasumas guutummaan yookaan gamisaan nama biraaatti haala inni ittiin darbu danda'u ilaalchisee kwt 20, 25, 34, 35 fi 28 irratti tumameera. Mallattoon daldalaa akkuma

mirgoota qabeenya kalaqa sammuu kan biroo yeroo turmaataa kan qabuu yoo ta'u kwt 24 kana ilaalchisee labsicha kwt 35 fi 37 irratti tumaaleen jiran akkuma jiranitti ta'ee mirgi mallattoo daldalaa waggaa torbaaf fudhatama argatee turuu danda'a. Haa ta'u malee mallattoon daldalaa hojii irra hin oolle waggaa torba eeguun utuu hin barbaachisiin haqamuu ni danda'a. Keewwatni 36 waa'ee gati-dhabeessa ta'uu mallattoo daldalaa dubbata; haala kanaanis mallattoon galmaa'e waggaa torba guutuuf fudhatama seeraa argatee haalli itti turuu hin dandeenye akkan ta'uu hubanna. Galmee mallattoo daldalaa ilaalchisee murtii waajjirri galmee raawwatu kennetti namni walii hin galle m/murtii aangoo qabutti ol'iyyannoo dhiyeessuu ni danda'a. Kanaafu sarbamuun mirga abbaa qabeenyummaa mallattoo daldalaa addabbii beenyaa fi yakkaa hordofiisuu danda'u ta'uu kwt 17, 40 fi 41 irraa hubachuu ni dandeenya.

Armaan olitti kan ilaalle gabaabsinee kaa'uudhaaf mallattoon daldalaa akkuma mirgoota qabeenya kalaqa sammuu kan biroo qabeenya qaama-dhabeessa yoo ta'u adeemsa keessa haqamuu, gatii-dhabeessa ta'uu, dhiifamuu fi haareffamuu mirga danda'uu dha. Seerri kun dinagdeen biyya keenyaa sirna gabaa fayyaalessa ta'een akka gaggeeffamuu fi mirgi soorattootaa gochaawwan dogoggorsiisoo ta'anirraa bilisa ta'ee akka gaggeeffamu taasisa; akkasumas fedha irratti hundaa'ee filannoon meeshaalee fi tajaajilaa akka raawwatu taasisuu keessatti gahee isarraa eegamu bahuun guddina misooma dinagdee kaayyoo saffisiisuu kan qabuudha.

2.2.7.3 Furmaata sarbamuu mirgaa (remedies)

Mallattoo daldalaa ilaalchisee falmiin yeroo ka'u m/murtii fi abbaan taayitaa galiiwwanii fi gumurukaa furmaata yeroo kennuu akka danda'anii fi furmaatni fullaa'aan mana murtiin akka kennamu seerri ni ibsa; furmaatni fulla'aan bu'uura seera hariiroo hawaasaa fi seera yakkaan akka kennamu labsicha irratti tumamee jira.

1. **Seera hariiroo hawaasaa**

Furmaatin xumuraa hanga kennamutti bu'uura labsichaatiin dhorki yeroodhaaf kennamuu akka danda'u ni ibsa. Labsichi kwt 39(4) irratti seera hariiroo hawaasaa kwt 155(1) irratti kan tumame caalaa bifa fooyya'aa fi ifa ta'een faayidaa miidhaa irratti kufuuf jedhu beenyaa kaffalchiisuun baraaruun kan hin dandaa'amne yoo ta'e m/murtii miidhaa gama himataa fi himatamaan gahuu danda'u yaada keessa galchuun dhorkii kennuu akka danda'u tumuun aangoo mana murtiitti luugama kaa'eera.

Yaadni wal-falmitootaa kan wal-fakkaatuu taanaan m/murtii qorannoo waliigalaa gaggeessee dhimmicha adda baasuuf dirqama akka qabu labsichi tumee jira; kanaanis qaamni tokko dhorka waan gaafate qofaaf kennuu akka hin qabne ibsa. Mallattoo daldalaa irratti falmiin yeroo gaggeeffamu tarkaanfiin fudhatamuu qabu kan biroon qabeenyichaaf wabiin galamaa'uu guyyoota 10 gumurukatti qabamee akka turu gochuu dha. Himataan yookaan namni mirgi koo sarbameera jechuun iyyata isaa abbaa taayitaa galiiwwanii fi gumurukitti dhiyeeffatu guyyaa 10 keessatti mana murtiitii ajaja fiduu baannaan maallaqni qabsiisame dhaalamee qabeenyi qabamee ture immoo nama harkaa fuudhameef kennama. Faayidaan seera kanaas abbaan mirgaa yeroo aara-galfii (breathing time) argatee dhimmicha mana murtiitti dhiyeessee safartuwwan barbaachisan guutee kan argame yoo ta'e mana murtiitii dhorkii baasuun mirgichatti akka fayyadamu gochuu dha. Gama biraan, mirgi koo sarbameera jedhee namni mana murtiitti iyyata dhiyeeffatu bu'uura labsichaa kwt 39(1)(b) fi 39(5)tiin qabeenyaa falmiif sababa ta'e seera d/f/h/h kwt 161(1)(a) fi 32tti akka kabajamuu fi qabamu akkasumas akka hidhamuu fi irraa of dhorku m/murtii dhorkii laachuu ni danda'a. Kanaafuu, mirgi mallattoo daldalaa kun mirga mana murtiin hanga xumuraatti kabajamuu fi raawwachuu danda'u ta'uusaa hubachuun salphaa dha. Armaan olitti abbaan mirga mallattoo daldalaa mirgi koo sarbameera jedhee haala iyyata itti dhiyeessuu fi furmaataa yeroo gaafatu ilaalleerra; itti fufee furmaata fulla'aa (xumuraa) jiran ilaalla.

Furmaatni tokko miidhaa qaqqabeef beenyaa argachuuf mana murtiitti himata dhiyeessuu dha. kan biraan immoo yeroo mirgi sarbame keessatti namni faaydaa hin malle argate bu'aa sana abbaa mirgaatii akka deebisu gochuu dha. Seerri, daldalaan tokko galmee herregaa tokko qaba jedhee waan fudhatuuf galmee irraa ilaaluun mirga kana salphaatti raawwachiisuun ni danda'a yaada jedhu qaba; haa ta'u malee qabatamaan mirga kana raawwachiisuun rakkisaa dha. Furmaata maallaqa argamsiisanitti dabalatee m/murtii mirgichi qaama sadaffaa biratti akka beekamutti murtii kennuu ni danda'a. Labsichi furmaata hariiroo hawaasaa kan akka dhorkaa fi beenyaa kan teechisu yoo ta'u kwt 40(2) irratti haalli beenyaa ittiin kffalchiisaan kan seera hariiroo haawaasaa kwt 2091 irratti beenyaa miidhaa jedhamee tumame- qajeeltoo hanga miidhaa jedhuu wajjiin kan wal hin simnee dha. Kanaafuu, sarbamuu mirga mallattoo daldalaatiif sirni kaffaltii beenyaa qajeeltoo hanga miidhaa jedhu dhiisuun yeroo mirgichi sarbamee turetti galii argame yookaan utuu haayyamaan kiraa fuudhee daldale kaffaluu kan qabuu ol akka kaffalu ni taasifama.

Haalli kaffaltii beenyaa labsii kanaan beekamtii argate qajeeltoo badhaadhina seeraa alaa (unlawful enrichment) kan hordofuu dha. Itti dabalees, labsichi kwt 40(1) akkuma seera hariiroo hawaasaa kwt 2121 irratti tumame haala dhorki dhaabbataa (Permant injunction) itti kennamu "himatamichi mirga namaa sarbuu akka dhaabuu murteessuu ni danda'a" jedhee waan tumuuf seerri kun mirga qabeenya kalaqa sammuutiif eegumsa guddaa kan kennu ta'uusaa agarsiisa. Sarbama mirga mallattoo daldalaa fi furmaatilee hariiroo hawaasaa fudhatamuu qaban ilaalchisee akkuma ibsame yoo ta'u, maqaa gaarii fi kabajni abbaa mirga qabeenyaa kanaa akka deebi'uuf m/murtii seerri hariiroo hawaasaa kwt 2120 fi seerri daldalaa kwt 134(2) (a) bu'uura ajajaniin beeksisni akka ba'uu fi uummanti akka beeku taasisuu ni danda'a. Tarkaanfiin kunis abbaan qabeenya mirga kanaa gara gabaatti deebi'ee faayidaa fooyya'aaf akka hojjetu haala mijeessa.

2. Itti Gaafatamummaa Yakkaa

Gara dhumaatti, labsichis sarbamuu mirga mallattoo daldalaa ilaalchisee furmaatin hariiroo hawaasaa akkuma tumame, kwt 41 irratti namni tokko mirga mallattoo daldalaa sarbeeruun isaa kan mirkanaa'e taanaan bu'uura kwt 720tti itti yaadee gochicha yoo raawwate hidhaa waggaa 5 gadi hin taanee fi waggaa 15 hin caalleen adabama. Gochicha dagannoon raawwate taanaan hidhaa waggaa 1 gadi hin taanee fi waggaa 5 hin caalleen adabama. Akkasumas, yakkicha raawwachuuf meeshaalee hojii irra oolan qabuu, dhaaluu fi hojii ala taasisuu dabalata jechuun tumee jira. Tumaan labsii kana kan agarsiisu mirga mallattoo daldalaa sarbuun hangam akka adabsiisu qofa utuu hin ta'iin uummatni daldaltota mallattoo daldalaa seera dhabeessa ta'anitti fayyadamaniin akka hin gowwomfamnee fi, meeshaalee fi tajaajila gaarii hin taane bituun miidhaarra akka hin buunne eeguuf seera ba'ee ta'uusaati.

Imaammatan uummataa seera kanaaf bu'uura ta'es daldaltotni ofittoo ta'an hojiisaanii kanarraa akka of qusatan gochuun uummata fayyadamtoota sirna bittaa-gurguratataa haqa qabeessaa fi bilisaa akka ta'aan gochuu dha. Kanaafuu, mirgi qabeenyaa kalaqa sammuu socho'aa qaama-dhabeessaa mirgoota daldalaa keessatti kan hammataman waan ta'eef eegumsa seera daldalaatiin kennameef caalaa labsiilee kanneeniin eegumsi akka kennamuuf ta'eera waan ta'eef mirga kana irratti falmiin yeroo ka'u seerota kanneen irratti hundaa'uun furmaata kennuun barbaachisaa dha.

2.3 Dhaaba daldalaa Irratti Wabii fi Qabsiisa Taasifamu

Seerri daldalaa kwt 179 fi itti fufanii jiran irratti mirga daldala wabiin qabsiisuun akka dandaa'amu tumee jira. Haala galmee qabsiisa akkasii ilaalchisee seerri akka ba'u seerri daldalaa kwt 1175 irratti tumee kan jiru yoo ta'es utuu hin ba'iin turuun isaa ni beekama. Heerri Mootummaa RDF Itoophiyaa erga bahee as garuu qaawa dhaabbilee daldalaa irratti mul'atan guutuu fi sochii dinagdeef haala mijataa uumuuf aadaan dhaabbilee daldalaa qabsiisuun baankiirraa maallaqa liqeeffachuu akka guddatu gochuuf labsiin lak 98/90 bahee hojii irra erga oolee waggoota kudhan lakkoofsiseera. Haaluma kanaan, labsicha kwt 2(1) irratti dhaabbata daldalaa jechuun seera daldalaa bara 1952 bahe irratti dhaaba daldala ibsamee dha jechuun hiika kan itti kenne yoo ta'u kwt 2(5) irratti nama jechuun nama uumamaa yookaan qaama mirgi qaama seerummaa kennameefiidha jedha.

Dhaabbata daldalaa tokko akka qabsiisaatti galmeessuuf qaama haayyama daldalaa kennurraa haayyama argachuun barbaachisaa dha; galmaa'uuf safartuwwan labsicha kwt 5 fi 6 irratti teechifaman guutamuu qabu. Qabsiisa wabummaaf bu'uura seera daldalaa kwt 175(1)(e) fi 178(1)(g) qabeenyawwan kennaman irratti mallattoon adda baasuu (identification mark) akka godhamu taasisuu ni danda'a. seerri daldala kwt 189 yoo jiraates bu'uura labsicha kwt 13tti namni qabeenya isaa qabsiisa kenne maallaqa irraa barbaadamu baankiif utuu hin kaffaliin yoo hafe akeekkachiisa guyyaa 30 gadi hin taane abbaa idaaf kennuun qabeenyichi caalbaasiin akka gurguramuu yookaan guyyaa caalbaasiin gaggeeffame isa jalqabaatti qabeenyichi hin gurguramne yoo ta'e hanga maallaqa isaatti gara maqaasaatti naanneffachuu ni danda'a. Labsiin kun Itoophiyaan adeemsa duraan hordofaa turte- qabeenya mana murtiin gurgursiisuun liqaa kaffalchiisuu irraa gara adeemsa abbaan mirgaa qabeenya qabsiifame ofiin gurguree maallaqa isaa deeffatutti akka ce'u taasisee jira.

Labsiin kun gara boodaatti deebi'ee taatee inni qabaachuu qabu ilaalchisees kwt 14 irratti qabsiisa dhaabbilee daldalaa bu'uura seera daldalaatiin taasifamee ture baankiin akeekkachiisa guyyoota 30 kennuun qabeenyicha gurguruu akka danda'u mirga kenneefii jira. Baankiin qabeenya wabiin qabee jiru caalbaasiin yeroo gurguru bu'uura seera daldalaa kwt 394-449tti sirna caalbaasichaa to'achuun mirga abbaatii liqaa eegsisuu akka qabu seerri ni akeekkachiisa. Dhimmi mata-duree kanarratti ifa ta'uu qabu tokko haala galmee qabsiisa qabeenyaa ilaalchisee

adeemsa lamatu jira. Baankiin dhaabbilee daldalaa wabiin kan qabsiisu yoo ta'e waliigaltee kun bu'uura labsichaatiin kan raawwatu ta'a; namoota dhuunfaa wajjiin taanaan garuu bu'uura seera daldalaatiin gaggeeffama. Qabeenya wabiin qabsiifame gurguranii kaffaltii liqaaf oolchuu jechuun maal maal akka ta'e haala armaan gadiin ibsameera.

> Foreclosure is defined as to shutout, to bar, to destroy an equity of redemption, a termination of all rights of the mortgagor or his guarantee in the property covered by the mortgage---- the term is also loosely applied to any of the various methods, statutory or otherwise known in different jurisdicitions, of enforcing payment of the debt scurried by a mortgage by taking and selling the mortgaged esate.

Qabeenya qabsiifame haalawwan kaffaltii liqaatiif oolchan keessaa tokko qabsiisa kaffaltii liqaaf oolchuu muddaa (strict foreclosure) jedhama. Haalli qabeenya qabsiifame kaffaltii liqaaf oolchan kun namni qabeenya wabiin qabate gara maqaasaatti akka naanna'uuf iyyata mana murtiitti dhiyeessinaan abbaan liqaa yeroo raawwii m/murtiikaa'e keessatti kaffaluu hin dandeenye yoo ta'e mirga qabeenya sanarratti qabu yeroo dhumaaf kan dhabu haala itti ta'uu dha. Ciminni qabsiisa kaffaltii liqaaf oolchuu muddaa namni qabeenyicha qabatee jiru kaffaltii liqaaf qabeenyicha akka fudhatu kan haayyamu yoo ta'u qabeenyicha gurguruuf baasii baasu hir'isuutti ida'ee yeroo falmii fi kaffaltii adeemsa hambisu waan ta'eef abbaa maallaqaatiif faayida qabeessa. Dadhabina adeemsi kun qabu ilaalchisee yeroon liqaa itti kaffalan waan xumurame qofaaf qabeenya qabsiifame abbaan liqaa qabeenya qarshii liqeeffatee ol ta'uu akka dhabu isa taasisa; abbaaa maallaqaa qabeenya isaaf hin malle akka kuufatu isa taasisa. Adeemsi qabsiisa kaffaltii liqaaf oolchan kun yeroo ammaa kana fudhatama dhabaa jira.

Murtii mana murtiitiin qabsiisa kaffaltii liqaaf oolchuun (judicial foreclosure) adeemsa qabeenya qabsiifame ajaja mana murtiin gurguruun liqaa erga kaffalanii booda maallaqa hafe abbaa liqaatiif adeemsa itti deebisanii dha. Adeemsi kun seera hariiroo hawaasaa kwt 2851 fi 3060, fi labsii lak 65/89 keewwatoota kanneen fooyyessuuf bahe akkasumas seera daldalaa/f/h/h kwt 394-449 tumaalee jiran bu'uura gochachuun adeemsa Biyya Keenyatti ittiin hojjetamaa jiruu dha. Ciminni murtii mana murtiitiin qabsiisa kaffaltii liqaaf oolchuu qabu adeemsi gurgurtaa qabeenya qabsiifame to'annoo m/murtiifi haala seerri ajajuun kan raawwatu waan ta'eef maallaqni kaffaltii liqaarraa hafe nama qabeenyich qabsiisa kenneef akka deebi'u ni taasifama. Kanaaf, adeemsi kun adeemsa faayidaa abbaa liqaa kabachiisuu dha. Haa ta'u malee, adeemsi

kun dirqama gama mana murtiin adeemamuu waan qabuuf baasii fi yeroo ni guba; kanaaf abbaan maallaqaa qabeenya isaa yerootti akka argatu adeemsa taasisu miti.

Abbaan maallaqaa qabeenya qabatee jiru ajaja m/murtiimalee gurguree adeemsi kaffaltii liqaaf oolchu (power of sale foreclosure) kan jedhamu yoo ta'u adeemsa kanaan abbaan liqaa maallaqa irraa barbaadamu yerootti kaffaluu kan dhabe yoo ta'uu ammas yeroo akeekkachiisaa kenname keessattis kaffaluu kan hin dandeenye yoo ta'e abbaan maallaqaa qabeenyicha gurguree liqicha kaffala. Adeemsi kun adeemsa baankotni bu'uura labsii lak 97/90 fo 98/90 qabeenya qabsiisa kenname gurguranii liqaa ittiin kaffalanii dha. Ciminni adeemsa kanaa yeroo fi mallaqa bahu qusachuu kan danda'u waan ta'eef faayida qabeessa. Haa ta'u malee adeemsi kun qaama sadaffaan kan hin gaggeeffamne waan ta'eef qabeenyi gurguramuuf jedhu liqicha guutummaatti deebisuu kan hin dandeenye taanaan abbaan liqaa qabeenyichi akka hin gurguramnetti himata mana murtiitti dhiyeessuu ni danda'a. Haalawwan qabeenya qabsiifame gurguranii kaffaltii liqaaf oolchan kanneen ciminaa fi dadhabina mataa isaanii kan qaban yoo ta'u, kanaan dura Itoophiyaan waggoota 40 hordofaa kan turte mirgaa fi dirqama wal-falmitootaa qulqulleessanii murtii kennuurratti kan hundaa'ee fi haalli raawwannaa murtichaas dheeraa waan ta'eef adeemsi kun labsii lak 65/89 fi, labsiiwwan labsii kana fooyyessuuf bahan labsii lak 97/90 fi 98/91 geergaramuun m/murtii ala sirni gurguranii kaffaltii liqaaf oolchan uumamee jira. Barbaachisummaa fi hamayyawaa adeemsa kanaa ilaalchisee labsiin lak 97/90 seensa irratti akkas jedhuun ibsee jira: Qabeenya dhaabbatoo fi socho'oo baankotni wabiin qabatanii jiran murtii mana murtiin akka gurguraman gochuu fi murtii kanas raawwachiisuun yeroo dheeraa kan fudhatu waan ta'eef, Baankiwwan liqaa liqeessanii dhala isaatiin jiraatan irratti miidhaa guddaa kan fidu waan ta'eef, Baankotni maallaqa hojiiwwan dinagdee adda addaa akka hojjetamuuf liqeessan yerootti akka deeffatan taasisuu fi gara fuulduraattis hojimaata daldalaa mijataa ta'e uumuuf haala gurgurtaa qabeenyawwan baankotni wabiin qabatan fooyyessuun barbaachisaa ta'eera jedha. Seensa labsichaa irratti akkuma ibsame baankotni maallaqa liqii laatan haala duraan tureen walitti haa qabatan yoo jedhame imaammata fi tarsiimoo dinagdee biyyi keenya hordofaa jirtu kan miidhu waan ta'eef adeemsa akaakuu lama qabu kana hordofuun barbaachisaa ta'ee argamee jira. Kanaafuu, Itoophiyaan qabeenya wabiin qabsiisa kenname mana murtiin yookaan baankiin akka gurguramu kan haayyamtuu fi haalli galmee isaatiis bifuma kanaan lama ta'uusaa hubachuun barbaachisaa dha.

Gaaffilee Marii

1. Maqaan gaarii (good will) maali? Faayidaa maqaa gaarii kan murteessu maali?
2. Obbo Zamadkun dukkaana gurgurtaa kophee Piikooki jedhamu banee waggoota shanan darban itti daldalaa jiru cinatti Adde Hiruut bifuma wal-fakkaatuun dukkaana gurgurtaa kophee piikooki jedhamu yoo bante Obbo Zamadkun dorgommii haqa-dhabeessa raawwate jedhee himachuu ni danda'aa? Maaliif?
3. Jiraatotni ganda 20 waldaa Iqubii Agazi jedhu yoo dhaabanii fi jiraatni ganda 19 bifuma wal-fakkaatuun waldaa Iqubii Agazii jedhamu yoo dhaabbatan jiraatotni ganda 20 dorgommii haqa-dhabeessatu raawwatame jedhanii himachuu ni danda'uu? Maaliif?
4. Daldalaa beekamaa kan ta'e Obbo Baqqalaan daldalaa beekamaa kan biraan tokko ganda isaa keessa akka jiru yoo dhagahe himannaa dorgommii haqa-dhabeessaa dhiyeessuu ni danda'aa?
5. Heera mootummaaRDF Itoophiyaa kwt 41(1-2) fi seera daldalaa kwt 158 gidduu wal-diddaan jiraa? Tumaan seera daldalaa kun qabiyyee heeraa kan faallessuudha waan ta'eef bu'uura kwt 9(1)tti haqamuu qaba jettuu?
6. Imaammatni mallattoo daldalaa dugda duuba jiru maalii fi maali?
7. Mirgootni mallattoo daldalaa, hojii kalaqaa fi waraabbii qabeenaya qaama-qabeessa socho'aa ta'e tokkoo wal-makuu ni danda'uu? Attamitti?
8. Mirgootni mallattoo daldalaa qabaachuu qaban isaan kami?
9. Furmaatin sarbamuu mirga mallattoo daldalaa maali?
10. Faayidaaleen mallattoo daldalaa maali?

3. Dhaabbilee Daldalaa (Business Organiztions)

3.1 Dhaabbilee Daldalaa: Yaada waliigalaa

Guddinni dhaabbilee daldalaa guddina dinagdee biyyaa wajjiin walitti hidhata guddaa qaba. Hojiin kun dhuunfaan namootni walitti dhufanii hojii daldalaa gaggeessuu irraa kan eegalu yoo ta'u, bifa gurmaa'een hanga hojjechuutti kan fulla'uu ta'a. Sadarkawwan adda addaa darbuun waldaaleen daangaa biyyaa qaxxaamuranii hojjetan hedduun bara itti uumaman bara giloobaalayizeeshinii kanatti, haala hundeeffama dhaabbilee daldalaa fi seerri isaan bitu yeroo jalqabaaf biyya keenyaa kan seene bara 1884 yeroo daandiin baaburaa hojjetame ture. Isaan dura seerri dhaabbilee daldalaa bitu biyyattii keessa akka hin jirre barreessitootni seenaa ni ibsu. Waldaan daldalaa lammaffaan bara 1905tti Baankii Absiiniyaa yoo ta'u, innis of danda'ee utuu hin ta'iin damee baankii biyyoolessa Gibxii ta'ee hundeeffame. Baankiin yeroo jalqabaaf bara 1931 Itoophiyaatti baname Baankii Itoophiyaa yoo ta'u itti fufee Waldaan Misooma Daldalaa fi Qonnaa Itoophiyaa hirmaanna namoota muraasa aangoo irra jiraniin hundaa'eera.

Biyya keenyatti seerri dhaabbilee daldalaa yeroo jalqabaaf bara 1933tti bahe. Kanarraa kan hubannu biyya keenya keessatti dameen daldalaa keessumaa bifa gurmaa'een hojii daldalaa hojjechuun yeroo dhiyeenya kan eeegale ta'uu dha. Sirna bittaa mootummaa Haayilesillaasee booda gara aangootti kan dhufe mootummaan Dargii sirna hordofaa tureen dhaabbilee daldalaa dhuunfaan hundeeffamanii turan akka dhaalaman god heera waan ta'eef goddinni dhaabbilee daldalaa boodatti akka harkifatu ta'eera. Kufaatii dargii booda haalli mijataan investimentiif ta'u waan uumameef gurmaa'anii gara hojii daldalaatti seenuun akka guddatu ta'eera. Bifa gurmaa'een hojii daldalaa hojjechuun heera mootummaaRDF Itoophiyaa, fi tarsiimoowwanii fi imaammatawwan dinagdee heericha bu'uureffatanii bahaniin mirkanaa'ee jira.

Dhaabbileen daldalaa namootni dhuunfaan daldaluurraa kaayyoo dinagdee tokkoof gurmaa'uun gabaa keessatti dorgomaa ta'u kan isaan dandeessisu maallaqaa fi baballina gabaa ka'umsa taasifachuun galii fooyya'aaf karoorfamanii kan hundeeffamanii dha. Mirgi gurmaa'uu heera mootummaa kwt 31 irratti "Namni kamiyyuu kaayyoo kamiifuu mirga gurmaa'uu ni qaba. Haa ta'u malee seera jiru cabsuun yookaan sirna heera mootummaa karaa seeraa alaa diiguuf kan hundeeffaman yookaan hojiiwwan caqasaman dhaabbileen gaggeessan kan dhorkamanii dha"

jechuun tumee jira. Jecha 'namni kamiyyuu' jedhu nama uumamaa fi dhaabbilee qaama seerummaa qaban kan ibsu yoo ta'u 'kaayyoo kamiifuu' kan jedhu immoo hojii daldalaatiifis gurmaa'uun akka dandaa'amu agarsiisa. Mirgi dhaabbilee daldalaan gurmaa'uun kun heera mootummaa kwt 41(2) irratti tumaa jiru "Lammiin Itoophiyaa kamiyyuu biyyattii keessatti sochii dingadee kamiyyuu irratti bobba'uudhaa fi ittiin bulmaata isaatiif hojii filate hojjechuudhaaf mirga qaba" kan jedhu yoo ilaalle lammiileen dhaabbata daldalaa bu'a qabeessa jedhan filatanii akka hojii ittiin bulmaata isaaniitti fudhachuu kan isaan dandeessisu mirga heera mootummaa kan qaban ta'uu kan hubachiisuu dha.

Dhaabbileen daldalaa Misooma dinagdee biyya tokkoo keessatti gahee taphatan galma-ga'iinsa tarsiimoo fi imaammata misooma industiriin gaggeeffamu biyyi keenya hordofaa jirtu kanaaf baay'ee barbaachisoo dha. Sababa hanqina maallaqaa yookaan gaggeessummaan lammiileen qoba qophaatti hojii hojjechuu hin dandeenye namoota kaayyoo wal-fakkaataa qabanii wajjiin gamtaa'anii yoo hojjetan ofiisaanii fayyadanii guddina dinagdee biyya isaanii keessatti gahee tokko xabachuu ni danda'u. Biyyi keenya sirna dinagdee hidhamaarraa hiikamtee tarsiimoo fi imaammata dinagdee gabaa bilisaa hojii irra oolchuu erga eegaltee asi seera daldalaa fi sirna gabaa kana bu'uureffatanii labsiilee, dambiilee fi hojimaata baankii fi inshuraansii bahaniin gargaaramanii dhaabbileen daldalaa adda addaa dhaabbachuun misooma saffisaa fi fullaa'aa biyyattii keessatti gaggeeffamaa jiru dhoksaan mirkaneessuu isaanii bu'aa jijjiirama tarsiimoo fi imaammata dinagdee biyyatiiti. Kanaafuu, akka waliigalaatti yoo ilaalamu gurmaa'anii hojjechuun mirga heera mootummaan eegumsi kennameef waan ta'eef lammiileen sadarkaan kan irraa fayyadamanii fi guddina dinagdee biyyattiis kan mirkaneessu akka ta'utti mirga kanatti bifa seera qabeessa ta'een itti fayyadamuu akka qabnu hubachuun barbaachisaa dha.

Haalli qoodinsa dhaabbilee daldalaa biyyi keenya hordoftu haala biyyootni biroon hordofanii wajjiin wal bira qabnee yoo ilaallu dhaabbanti tokko dhaabbata daldalaa moo miti jechuuf biyyootni baay'een adeemsa lama hordofu. Biyyootni tokko tokko dhaabbilee kaayyoo hundeeffama isaaniitiin adda baasu; kaayyoon isaanii hojii daldalaa yoo ta'e seera daldalaatiin gaggeeffamu; hojii kanaan adda ta'e kan hojjetu yoo ta'e immoo dhaabbata hojii daldalaaf hin hundoofne jedhanii waamuun seerota biroon akka bulu adeemsa taasisu qabu. Ijoo kanarratti biyyi akka fakkeenyaatti caqasuu dandeenyu Beeljiyeem yoo ta'u, biyyootni akka Ameerikaa moo dhaabatni daldalaa kaayyoo fi foormii qabatee hundeeffame bu'uura godhachuun adda kan

qoodan malee dhaabbata daldalaa yookaan dhaabbata daldalaa hin taane jedhanii adda hin qoodani. Kanarraa kaanee qoodinsa dhaabbilee daldalaa biyya keenyaa maal akka fakkaatu yoo ilaallu seerotni keenya dhaabbilee daldalaa fi dhaabbilee daldalaa kan hin taane jedhee bakka lamatti qooda. Ramaddii dhaabbilee daldalaa biyya Faransaayi kan hordofu seerri keenya seera daldalaa kwt 10 irratti dhaabbatni daldalaa tokko hojii daldalaa beekamoo ta'anii hojjechuuf kan hundeeffame yoo ta'e dhaabbata daldalaa jedhamee kan fudhatamu yoo ta'u, dhaabbatichi waldaa aksiyoonaa yookaan waldaa dhuunfaa i/g/m yoo ta'e moo hojiiwwan daldalaa kwt 5 irratti tarreeffaman kan hojjetu yookaan kan hin hojjenne yoo ta'es dhaabbata daldalaa jedhamee ramadama.

Seerri daldalaa Itoophiyaa dhaabbilee michummaa itti gaafatamummaa qaban lamaa beekamtii kan kennu yoo ta'u dhaabbata daldalaa ta'uuf hojiiwwan seera daldalaa kwt 5 jalatti tarreeffaman keessa tokko yookaan isaa ol kan hojjetan ta'uu qabu. Akka madda seera kanaatti kan fudhatamu seerri Faransaayi garuu kaayyoo dhaabbileen michummaa hundeeffaman yaada keessa utuu hin galchiin akkuma seerri keenya waldaalee aksiyoonaa fi waldaa dhuunfaaf aguuggii seeraa kennu dhaabbilee michummaa lamaan isaaniitiif aguuggii seeraa kenneefii jira. Adeemsa Faransaayi irraa bifa adda ta'ee fi seera daldalaa Itoophiyaa kwt 10(1) wajjiin haala wal-simuun tumee kan jiru seera Jarman yoo ta'u keessumaa dhaabbata michummaa itti gaafatamummaa lama qabu ilaalchiseee seerri keenya seera biyya Jarmaniin kan hordofuu dha.

Dhaabbilee biroo irraa adda baasanii dhaabbilee daldalaa haala kanaan ramaduun kan barbaachiseef hojiin daldalaa haala seera qabeessa ta'een akka gaggeeffamuu fi adeemsi isaas guddina misooma dinagdee biyyattiin hordofaa jirutu akka meeshaatti akka tajaajilu taasisuuf yaadameeti. Kana hojii irra oolchuufis Itoophiyaa, Faransaayi, Jarman yookaan Beeljiyeem dhaabbileen daldalaa akka galmaa'anii fi uumatatti akka beeksifaman adeemsa taasisu kan hordofanii, fi hojiin daldalaa bifa seera qabeessa ta'een akka gaggeeffamu gochaa jiru. Namni tokko galmee daldalaarratti erga galmaa'ee mirga daldalaadha jedhamee waamamuu kan qabu ta'uusaa seerri daldalaa kwt 117(1) kan tumu yoo ta'u utuu kan hin raawwatiin hojii daldalaa utuu raawwatuu yoo argame garuu bu'uura seera daldalaa kwt 115tti yakkaa fi hariiroo hawaasaan kan gaafatamu ta'a; seerri yakkaa kwt 434 fi labsii lak 67/89 kwt 46 wal duraa duubaan itti gaafatamummaa yakkaa fi hariiroo hawaasaa jiraachuu mirkaneessu. Itti gaafatamummaa hariiroo hawaasaa ilaalchisee seera daldalaa kwt 118(1) galmee daldalaarratti

utuu hin galmeeffamiin hojii daldalaa utuu hojjetuu namni argame hojii hojjeteef akka daldala ta'eetti itti gaafatamummaa ni fudhata. Hima biraatiin, qaama sadaffarraan miidhaa yoo geessise itti gaafatamummaa waliigaltee alaan akka gaafatamu ta'ee beenyaa kaffaluu qabu akka kaffalu ni taasifama. Fakkeenyaaf, daldalaa ta'ee gibira mootummaaf kaffaluu qabu baqa utuu hin galmaa'inii fi haayyama utuu hin qabaatiin hojii daldalaa utuu hojjetuu yoo argame mootummaaf gibira kaffaluu qabu akka kaffalu dirqisiisuun ni dandaa'ama. Kanatti idaa'amee fudhatamuu kan danda'u tarkaanfii bulchiinsaa yoo ta'u bu'uura labsii lak 67/89 kwt 21(2)tti manni daldalaasaa akka cufamu gochuudha. Waa'ee dhaabbilee daldalaa akka waliigalaatti yoo ilaallu haala ijaarsaa fi ergama mataasaanii kan qaban yoo ta'u qaama seerummaa argachuu fi gara gabaatti bobba'uuf hojiiwwan galmee, haayyamaa fi beekisaa raawwachuun, humni namaa fi maallaqaa bifa gurmaa'een hojii misooma biyyaarratti akka hiriiru kan taasisanii dha. Haala gurmaa'e akkasii kanaan ijaaramanii hojiitti bobba'uun mirga heera mootummaa fi labsiilee biroon beekamtii argatan ta'uusaa hubachuu qabna.

3.2 Waldaa Michummaa (Partinership)

3.2.1 Waldaa michummaa:Yaada waliigalaa

Dhaabbata michummaa jechuun 'Namootni lama yookaan isaa ol ta'an maallaqa walitti guuranii tokkummaa fi gamtaadhaan hojii dinagdee hojjechuun galii fi baasii (liqaa) argamuu waliigalteen waliin qooddatanii dha' jechuun seerri daldalaa kwt 211 hiika itti laata. Wal bira qabnee ilaaluuf hiika ogeessi damee barnoota kana irratti qorannoo gaggeesse haa ilaallu: "*Partinership is the relation between persons who have agreed to share the profit of a business carried on by all or any of them acting for all*" jechuun hiika itti kenneera. Hiikkoo lamaan kanneen qabiyyee yaada wal-fakkaataa fi wal hin fakkaanne qabu; Bu'uura seera daldalaa kwt 211tti dhaabbata michummaa hundeessuuf,

- Waliigalteen jiraachuu qaba
- Buusiin bu'uu qaba
- Tokkummaa fi gamtaan hojiin dinagdee hojjetamuu qaba
- Bu'aas haa ta'u kasaaraa waliin qooddachuu qabu

Akka hiikoo *Prof. M.C.Kuchhal*tti dhaabbatichi tuutota armaan gadii kan hammatee dha.

- *There must be a contract*
- *Between one or more perons*
- *With the objective of sharing profits*
- *The business must be carried on by all or any of them caring for all*.

Ogeessi kun waa'ee buusii fi idaa waliin qooddachuu irratti waan dubbatu hin qabu. Utuu hin ibsamin hafuun ijoo kanaa beekamaadha jedhamee yookaan sababa biroof kan bira tarame ta'uu ni danda'a. Sababa biroof kan bira darbame yoo ta'e garuu dhimma falmii kaasuu danda'uudha. Yaadni qopheessaa barreeffama kanaa mirgii fi dirqamni adda bahanii dhaabbachuu waan hin dandeenyeef bu'aa fi kasaaraa waliin qooddachuun biyya Hindiinis ni jira kan jedhuu dha. Seerri daldalaa biyya keenyaa dhaabbaata michummaa itti gaafatamummaa qaban lama akka jiran ibsuurraan kan hafe dhaabbilee michummaa biroo keessatti miseensotni dhaabbata michummaa adda addaa akka jiran kan ibsu hin jiru. Kitaaba *M.C. Kuchhal* barreessan irraa akka argamutti dhaabbatni michummaa miseensota akaakuu adda addaa qaba. Isaanis,

1. Michuu si'aa (*active or actual partner*) miseensa dhaabbata michummaa. Miseensi akaakuu akkanaa sochii dhaabbatichaa hunda keessatti hirmaataa fi miseensa ta'uusaa uummatatti kan beeksiseedha. Akkasumas miseensummaa erga gadi lakkisee booda idaa uumamuuf itti gaafatamaa akka hin taanetti miseensummaa gadi lakkisuu isaa uummata beeksisuu qaba.
2. Michuu dunquqqa'aa (*sleeping or dormant partner*) kan jedhamu nama maallaqa barbaachisu buusuun dhaabbaticha irraa bu'aa yookaan idaa argamu kan isa gahuu maluu gadi argachaa miseensummaa isaa uummatatti utuu hin beeksisiin miseensummaan kan turuu dha.
3. Michuu callisaa (silent partner) kan jedhamu moo nama miseensota biroo wajjiin waliigaluun hojii bulchiinsa dhaabbatichaa keessatti hin hirmaannee yoo ta'u hojii guyyaa guyyaan dhaabbatichi gaggeessu keessatti hirmaachuun gaaffii qaamni sadaffaan dhiyeessuuf itti gaafatamaa fudhachuu kan danda'uu dha.
4. Michuu bu'aa qofa hirmaachuuf miseensa ta'e (partner in profit only) kan jedhamu bu'aa argamu irraa hanga tokko fudhachuuf kan waliigalee fi idaa uumamutti gaafatamaa miseensa hin taanee dha. Michummaa itti gaafatamummaan isaa daanga'e biyya Hindiitti

beekamtii waan hin qabneef gaaffii qaamni sadaffaa dhiyeessutti miseensa gaafatamaa ta'uu dha.

5. Michuu gamisa (sub partner) miseensi jedhamu miseensa bu'aa nama alaa irraa argame qofa hirmaachuuf waliigalu yoo ta'u mirgaa fi dirqama michummicha irraa maddu irratti garuu mirga kan hin qabnee dha.
6. Michuu fakkeessaa (parter by estoppels or holding out) kan jedhamu nama walitti dhufeenya michummaa utuu hin qabaatiin haasaa, barreeffama yookaan gochaa birootiin qaamni sadaffaa miseensa jedhee akka isa fudhatu kan taasisee yoo ta'u sababa gochaa kanaanis qaama sadaffa irra miidhaan yoo gahe miseensota biroo wajjiin gaaffii dhiyaatuuf itti gaafatamaa nama ta'uu dha.

Akka waliigalaatti yoo ilaalamu akaakuun dhaabbilee Itoophiyaa jiiran kan biyya Hindii jiranii gadi ta'uunsaanii ifa yoo ta'ees ijoon falmisiisaan tokko garuu michuu sababa ta'aniif itti gaafatamummaa qabu moo hin qaban kan jedhuu dha. Michootni seera daldalaa qofaan moo seera hariiroo hawaasaatinillee ni bitamuu gaaffii jedhuuf yaadni furmaataa fudhatamuu qabu walitti dhufeenyawwan seera daldalaatiin hin bitamne seera itti gaafatamummaa waliigaltee yookaan waliigaltee ala irraa maddan bitaniin kan bitaman ta'u kan jedhuu dha.

Bu'uura seera daldalaa Itoophiyaatti dhaabbilee michummaa akaakuun sadaii kan jiran yoo ta'u maalummaa isaanis akka armaan gaditti kan ilaallu ta'a:

1. Waldaa michummaa salphaa (ordinary partinership) (seera daldalaa kwt 227-270)
    - Miseensa muraasaan michummaa hundeeffamuu dha
    - Dhaabbata daldalaa ta'uu dhabuu ni danda'a
    - Hojiiwwan seera daldalaa kwt 5 jalatti tarreeffaman hojjechuu dhabuu ni danda'a
    - Carraan hojii irra ooluu isaatii gadi aanaa dha
    - Itti gaafatamummaan miseensotaa kan daangeffame miti
    - Faayidaan miseensotaa bilisaan qaama sadaffaatti kan darbu miti
2. Waldaa michummaa gamtaa (seera daldalaa kwt 280-295)
    - Yeroo hedduu miseensota muraasaan hundeeffama
    - Faayidaan miseensotaa bilisa qaama sadaffaatti kan darbu miti
    - Itti gaafatamummaan miseensotaa kan daanga'e miti

- Yeroo baay'ee tumaalee michummaa salphaatiin gaggeeffama

3. Waldaa michummaa itti gaafatamummaa akaakuu lama qabu (seera daldalaa kwt 296-303)
    - Itti gaafatamummaan miseensa tokkoo yookaan lamaa kan murtaa'e ta'uusaa irraan kan hafe dhaabbata michummaa gamtaa wajjiin dhaabbata wal fakkaatuu dha.
    - Faayidaan miseensaa bilisa qaama sadaffatti kan darbu miti

Maalummaa dhaabbilee michummaa kanneen safartuwwan armaan gadiin yoo ilalaman ijoowwan armaan gaditti tarreeffaman ni arganna.

lak	Akaakuu dhaabbilee daldalaa	Itti gaafatamummaa	Haala darbiinsa faayidaa	Lakkoofsa miseensaa	Qaama seerummaa	Kaappitaala ka'umsaa
1	Waldaa michummaa salphaa	Itti gaafatamummaa hin daangofne	Bilisa hin darbu	>2 <6	Qaama seerummaa qaba	15,000
2	Waldaa michummaa gamtaa	Itti gaafatamummaa hin daagofne	Bilisa hin darbu	>2 <6	Qaama seerummaa qaba	15,000
3	Waldaa michummaa itti gaafatamummaa akaakuu lama qabu	Miseensota itti gaafatamummaa daanga'e qabanii fi hin qabne kan hammate	Bilisa hin darbu	>2 <6	Qaama seerummaa qaba	15,000

Bu'uurri Waldaa michummaa waliigaltee dha yoo jedhamu dhaabbaticha fi qaama biroo gidduutti waliigalteen hin gaggeeffamu jechuu akka hin taane hubachuun barbaachisaa dha. waliigalteewwan kanneen keessaa muraasa yoo fudhanne,

- Waldaa michummaa akka waliigalteewwan biroo abbaa liqaa (debtor) fi abbaa maallaqaa (creditor) kan uumu yookaan mirgi isa tokkoo dirqama kan isa biroo adeemsa taasisu kan hin qabnee fi miseensotni dhaabbatichaa hundi sadarkaa tokkorra kan jiran ta'uun isaanii waliigalticha waliigaltee biroo irraa adda kan baasuudha
- Waliigalteewwan biroon dhaabbata kan hin uumne yoo ta'an waliigalteen waldaa michummaa garuu dhaabbata hundeessuu kan danda'uu dha
- Waliigalteewwan biroon bu'aa waliigaltee diigu kan hordofsiisu yoo qabaatna waliigalteen waldaa michummaa garuu waliigaltee dhaabbaticha hundeesse diigutti ida'ee dhaabbatichi akka diigamu kan taasisuu dha.

Akka waliigalaatti yoo ilaalamu waldaan michummaa akkuma dhaabbata daldalaa kan biroo namootni dhuunfaadhaan hojii daldalaa hojjechuu hin dandeenye michummaadhaan ijaaramanii beekumsaa fi qabeenya isaanii walitti fidanii ofii isaanii fi biyya isaaniitiif bu'a qabeessa kan ta'e hojii misooma dinagdeerratti akka bobbaa'an kan taasisuu dha.

3.2.2 Dirqamaa fi Mirga Miseensota WaldaaMichummaa

- Dhaabbaticha haala isaaniif mijataa ta'een gaggeessuu
- Qabeenyaa fi bu'aa isaa haala barbaadaniin waliin gaggeessuu
- Dhimma dhaabbaticha irratti mirga hin daangofne qabaachuu
- Sirna hirmaannaa bu'aa murteessuu
- Idaanis yoo jiraate waliin qooddachuu

✓ Waalummaa michummaa salphaa ilaalchisee haala qooddannaa qabeenyaa fi idaa seerichi waan jedhu hin qabu (seera daldalaa 284(7))

- Waldaa michummichaa waliin dorgomuu dhabuu (seera daldalaa kwt 244, 292)
- Qabeenya dhaabbatichaa tajaajila isaatiif oolchuu (seera daldalaa kwt 245)
- Abbootiin maallaqaa gaaffii isaan dhaabbaticharraa qaban deebisuu (seera daldalaa kwt 255, 289, 294 fi 296)
- Haayyama miseensota dhaabata michummaa utuu hin argatiin faayidaa dhaabbatichaa gara qaama sadaffatti dabarsuu dhabuu (seera daldalaa kwt 282)

3.2.3 DiiggaaWaldaa Michummaa fi Qulqulleessa Herregaa

Diiggaa waldaa jechuun waldichi maalummaa isaa kan dhabu (organization comes to an end) jechuu yoo ta'u diiggaan kunis irra guddaan dhaabbata daldalaa qaama seerummaa qaban kan ilaallutu waan ta'eef diigame jechuun hojii daldalaa hojjechuu dhaabe yookaan dhukkuffate jechuudha malee du'e jechuu akka hin taane ifa ta'uu qaba. Kanaafuu, dhaabbatni daldalichaa erga diigamee booda hojjiin itti aanee dhufe hojii qulqulleessa herregaati. Kunis hojii qulqulleessitootni herregaa yoo ta'u isaanis hojii isaanii hanga xumuranitti dhaabbatni daldalaa sun qaama seerummaa kan qabu ta'ee itti fufa. Qaama seerummaa isaas kan dhabu qulqulleessitootni hojii heerrega qulqulleessanii xumuruun maallaqa argame abbootii maallaqaatiif erga qoodaanii booda kan hafe yoo jiraate miseesotaaf kan hiran ta'a. Waldchi qaama seerummaa kan argate galma'uu fi beeksisuun hanga ta'eetti qaama seerummaa isaas dhabuu kan qabu maqaasaa galmee daldalaa irra akka haqamu gochuu fi qaama seerummaa dhabuusaa qaama sadaffaatti beeksisuun ta'a. Sababoota sadiin dhaabbatichi diigamuu danda'a; isaanis seera, waliigaltee fi murtii m/murtiidha.

Dhaabbatni daldalaa tokko seeraan diigamuu kan danda'u kaayyoo hundeeffame galmaan yoo gahe yookaan galmaan gahuu yoo dadhabee dha. Akkasumas yeroo murtaa'aaf kan hundeeffame yoo ta'e xumura yeroo sanaatti seeraan ni diigama; kana jechuun garuu miseenstotni xumura yeroo kaa'amee dura waliigalteen dhaabbatichi akka turu yookaan akka diigamu murteessuun galmee daldalaa irratti fooyya'iinsi akka taasifamu gochuu ni danda'u. Miseensotni xumura yeroo kaa'amee dura dhaabbatichi akka diigamu yoo waliigalan garagalcha waliigaltichaa qaama galmee raawwatutti dhiyeessuu fi qaama sadaffaatti beeksisuun akka diigamu gochuu ni danda'u; hojiin herrega qulqulleessuus erga raawwatee booda galmee daldalaa irraa akka haqamu gochuun ni dandaa'ama.

Dhaabbatni daldalaa tokko murtii mana murtiin akka diigamu gochuu kan danda'amu immoo gaggeessa hojii dhaabbatichaa kan booressu yookaan waldhabdeen cimaan miseensota gidduutti yoo uumame m/murtiidhaabbatichi akka diigamu murteessuu ni danda'a. Murtiin akkanaa kan kennamu diiggaa dhaabbataatiif sababa gahaa (quubsaa) kan ta'an yoo argamanii dha. Akka fakkeenyaaf, waldhabdee isaan gidduutti uumameef miseensotni murtii dabarsuu kan hin dandeenye ta'uu fi dhaabbatichi amala badaan gaggeeffamuun akka sababa quubsaatti kan fudhatamuu danda'anii dha. Kanaafuu, akka waliigalaatti yoo ilaalamu hundeen dhaabbata

michummaa waliigaltee yoo ta'u akka waliigaltichaatti itti fufuu kan dadhabe yoo ta'e yookaan kaayyoo isaa galmaan yoo ga'ee yookaan armaan olitti sababoota hedduu ibsamaniin diigamuu akkasumas herregni isaa erga qulqullaa'ee booda galmee daldalaa irraa haqamuu ni danda'a.

3.3 Waldaa Keessa Beekettii (Joint Venture)

Waldaan keessa beekettii waldaa namootni kaayyoo tokko ittiin galmaan ga'uuf foormaalitii guutuun utuu isaan hin barbaachisin hundeessanii dha. Waldaa kun daldalaaf yookaan hojii birootiif hundeeffamuu ni danda'a. Biyya birootti aguuggiin dhaabbata keessa beekettiif kennamu seera Itoophiyaatiin kan kennamee wajjiin tokko jechuu utuu hin ta'iin seera daldalaa kwt 271 irratti akka ibsame ".... miseensotni haayyama mataa isaaniitiin haala waliigaltee isaanii murteessuun dhaabbata hundeessan" jedhamee fudhatama. Fakkeenyaaf, biyya Jarman, Ingilizii, Faransaayi fi Xaaliyaanitti waldaan keessa beekettii akka gurmuu namootaatti malee akka dhaaba daldalaatti kan fudhatamu miti. Akka seera Itoophiyaatti garuu waldaan keessa beeketti hojii waliigalaa hojjechuuf akkasumas yeroo dheeraa yookaan gabaabaaf hundeeffamuu ni danda'a. Seera dhaabbata keessa beekettii Itoophiyaa wajjiin kan walfakkaatu seera biyya Beeljiyeem yoo ta'u biyya kanatti bara 1873 waldaan kun beekamtii seeraa argate.

Waldaan keessa beekettii barreeffamaan hundeeffamuu qaba seerri hin jedhu; kanaafuu bu'uura seera hariiroo hawaasaa kwt 1681tti waliigaltee afaaniin yookaan mallattoon hundeeffamuu ni danda'a. Waldaan kun waliigaltee barreeffamaatiin kan hin hundoofnee ta'ee miseensota gidduutti wal haaluun yoo uumame jiraachuusaa mirkaneessuu irratti rakkinni uumamuu ni danda'a. Rakkinni kun akkuma jirutti ta'ee ijoon bita nama galu kan biraan tokko seera daldalaa kwt 275(4) irratti "Aangoon hojii gaggeessaa barreeffama hundeeffamaan murtaa'a; tumaan waliigaltichaa aangoo kana murteessu qaama sadaffaa irratti akka mormiitti fudhatamuu hin danda'u" kan jedhuu dha. Akkasumas kwt 276(2) irratti "Miseensotni hojii gaggeessitoota hin taane hanga barreeffama hundeeffamaa irratti ibsame qofatti idaa waldichaatiif itti gaafatamoo ta'u" jedha. Keewwatoota kanneen kwt 214 wajjiin wal bira qabnee yoo ilaallu hundeeffamni waldaa keessa beeketti filannoo irratti hundaa'ee barreeffamaan ta'uu danda'aa? gaaffii jedhu kaafnee akka ilaallu ni dirqisiisa. Gaaffii kanaan wal qabatee gaaffiin ka'uu danda'u waldaan kun barreeffama hundeeffamaan hundaa'a yoo jedhame galmee daldalaa irratti galmeeffamuu fi qaama sadaffatti beeksifamuu qaba moo hin qabu? gaaffii jedhuu dha. Akka yaada barreessaa

kanaatti, tumaaleen waa'ee barreeffama hundeeffamaa ibsan kanneen duraa-duubaa fi tokkummaa dhabuu barreeffama seerichaa irraa kan madde malee waldaan kun barreeffamaan dirqama hundeeffamuu qaba kaayyoo jedhu kan qabu miti. Akka utubduu yaada kanaatti fudhatamuu kan danda'u seerri biyya Beeljiyeem yoo ta'u seerichis waldaan keessa beekettii dirqama barreeffamaan hundeeffamuu fi qaama sadaffatti beeksifamuu qaba hin jedhu. Waldaan kun akka waldaa daldalaa biroo qaama seerummaa waan hin qabneef himachuu yookaan himatamuu hin danda'u; bu'uura kwt 273tti qabeenyaan argamu gita buusii miseensotni buusanitti miseensotaaf kan hiramu ta'a. Waldaan keessa beekettii qaama sadaffatti yoo beeksifame dhaabbatichi keessa beekettii ta'uunsaa hafee kwt 272(4) akka waldaa michummaatti fudhatamuun qaamni sadaffaan himannaa irratti dhiyeessuu ni danda'u. Hojii gaggeessaan waldaa keessa beekettii akka bakka bu'aa hin ibsamnee maqaasaatiin waan hojjetuuf balleessaa kamiifuu dhuunfaan itti gaafatama. Haala kanaan erga kaffalee booda miseensotni maallaqa isaa akka bakka buusaniif gaafachuu ni danda'a. Kanaafuu, bu'uura seera daldalaa Itoophiyaatti waldaan keessa beekettii,

- Yeroo baay'ee namoota muraasaan hundeeffama
- Yeroo baay'ee kaayyoo fi yeroo murtaa'aaf hundeeffama
- Qaama seerummaa hin qabu
- Faayidaan miseensotaa bilisa darbuu hin danda'u
- Dhaabbatichi qaama sadaffaa biratti ifatti kan beekamu miti
- Itti gaafatamummaan miseensotaa barreeffama hundeeffamaan kan murtaa'u ta'ee kan daanga'ee dha
- Lakkoofsi miseensotaa lamaa ol kan ta'ee fi jaha kan hin caalle ta'uu qaba
- Kaappitaalli ka'umsaa 15, 000 waldaa ta'ee dha

Waldaan keessa beekettii qaama seerummaa waan hin qabneef murtiin kasaaruu irratti darbuu hin danda'u. Biyyoota akka Ameerikaa fi Jarmanitti garuu dhaabatni keessa beekettii qaama seerummaan kan kennamuuf yoo ta'ellee dhaabbilee akkasii irratti murtiin kasaaruu murtaa'uu ni danda'a. Seera biyya Ingiliziitti immoo waldaan keessa beekettii qaama seeraa waan hin qabneef murtiin kasaaruu irratti murtaa'uu hin danda'u. Seera biyya Faransaayitti immoo kasaaruu miseensotaa utuu hin dabalatiin waldaan kun yoo kasaare murtiin kasaaruu irratti murtaa'uu ni danda'a. Akka seera Itoophiyaatti waldaa keessa beekettii irraa kan hafe dhaabbileen daldalaa

biroon idaa irra jiru kaffaluu yoo dadhaban bu'uura seera daldalaa kwt 1156tti murtiin kasaaruu kan irratti murtaa'u yoo ta'u bu'uura kwt 158(1-2)ttti immoo akeekkachiisi erga kennamee booda miseensotni idicha kaffaluu yoo baatan waldichaa wajjiin murtiin kasaaruu irratti kennama.

3.4 Waldaa Aksiyoonaa fi Waldaa Dhuunfaa I/G/M (Itti Gaafatamummaan isaa Murtaa'ee)

Hanqina maallaqaa qaban hir'isuu fi gabaa keessatti dorgomaa ta'uuf namootni gurmaa'anii waldaa aksiyoonaa hundeessu. Waldaan kun namootni hanqina maallaqaa qaban maqsuuf ijaaramanii gara gabaatti kan ittiin seenan qofa utuu hin ta'iin maallaqa tajaajilarra hin oolle namootni qaban gahee (aksiyoonaa) bituun maallaqa dabalataa akka isaaniif argamsiisu gochuu kan ittiin danda'anii dha. Waldaan aksiyoonaas ta'e waldaan dhuunfaa itti gaafatamummaan isaa murtaa'e sababoota gaarii ittiin filataman kan qaban yoo ta'u isaan keessaas miseensotni itti gaafatamummaa daanga'e qabaachuu isaaniiti.

Tumaan seera daldalaa kwt 304 fi 510(1) tumaa seera biyyoota *komanlowuu* wajjiin kan walfakkaatuudha. Ciminni lammaffaa waldaaleen kanneen qaban miseensotni hundillee yoo du'an (dhuman) waldichi kan hin duune ta'uu isaati. Fakkeenyaaf, yeroo warraan addunyaa lammaffaa miseensotni waldaa aksiyoonaa tokko walga'ii waliigalaa ta'aa utuu jiranii boonbii haayidiroojiniin dhumaniiru; miseensotni hundi sababa dhumaniif waldichi hin diigamne. Amalli waldaa aksiyoonaa kun amala waldaa michummaa wajjiin kan wal hin simne yoo ta'u ijoo cimina waldaa aksiyoonaa ibsan keessaa isa tokko. Waldaan aksiyoonaa kaappitaala ka'uumsaa guddaan kan hundaa'u waan ta'eef namoota baay'ee hojii uumuu danda'a. Inni biraan immoo waldaan aksiyoonaa maalummaa miseensota isaa irratti xiyyeeffannoo kan taasisu miti. Waldaan aksiyoonaa kun cimina akkuma qabu dadhabina mataa isaatiis ni qaba. Kanaaf, **Avatar Sigh** "*Corporate entities works like boomerang and hits a man who tries to use it"* jechuun ibsa. Dhimmootni akka dadhabina waldaa aksiyoonaatti fudhataman kanneen armaan gadii ta'u,

- Waldaa aksiyoonaa hundeessuuf adeemsi adeemamu wal-xaxaa fi rakkisaa dha
- Waldicha hundeessuuf kan barbaachisan kan akka barreeffama hundeeffamaa fi dambii ittiin bulmaataa qopheessuuf ogeessa seeraa, buusii akaakuun bu'e tilmaamuuf ogeessota herregaa yookaan maandisa waan barbaaduuf baasii guddaa gaafata.

- Qaabeenyaan waldichaa akka qabeenyaa waldaatti malee akka qabeenyaa miseensotaatti waan hin ilaalamneef qabeenyi buusiin walitti qabamee fi bulchiinsi qabeenyawwan kanneenii addaan kan bahee dha (separation of fund and management)
- Miseensotni waldaa aksiyoonaa kan hundeessan bu'aa maallaqaa argachuuf yoo ta'ellee waldichi faayidaa fulla'aa fi faayidaa biyyaa argamsiisuu qaba. Jireenya hojjjetoota isaaf dhimmamaa ta'uu fi oomisha oomishu ilaalchisee walitti dhufeenya gaarii maammila isaa wajjiin qabaachuu waan qabuuf miseensotni haala salphaan waldaa isaaniitti akka hin fayyadamne taasisa.

3.4.1 Hundeeffama Waldaa Aksiyoonaa

Waldaan aksiyoonaa,

- Namoota barreeffama hundeeffamaa irratti mallatteessan (parsons who sign on memorandum of association)
- Namoota sanada gurgurtaa aksiyoona jalqabaa irratti mallatteessan (persons who sing on prospectus)
- Namoota buusii akaakuu buusan (persons making contribution in kind)
- Namoota bu'aa gahee addaa qaban (persons allocated with special shares of profit)
- Namoota yaada ka'usa hundeeffama waldichaa burqisiisan (persons who initiated plans for the formation of company or making possible the formation) hundeeffamuu ni danda'a.

Mirgii fi dirqamni hundeessitootaas,

- Mirga bu'aa addaa waldichaa argachuu
- Mirga miseensa waldichaa ta'uu
- Mirga akaakuun buusii buusuu
- Mirga baasii beeksisaaf baasan akka deebi'uuf waldicha gaafachuu
- Mirga gaggeessaa dursaa waldichaa ta'uu kan qabanis yoo ta'u, dirqama armaan gadiis ni qabaatu,

✓ Amanamummaan (fayyaalessummaan) waldichaaf hojjechuu

- ✓ Ggalii adeemsa beeksisaa keessatti argame beeksisuu
- ✓ Gatii gahee olguddisuun faayidaa argamu dhoksuu dhabuu dha.

Hundeessitootni dirqama qaban kanneen cabsanii yoo argaman qeenxee fi waliin qaamolee sadaffaaf kan itti gaafataman ta'u. Itti gaafatamummaa yakkaa ilaalchisee akkuma dhimmichaatti seeraa yakkaa kwt 692, 695 yookaan 696 jalatti himatamuu kan danda'an yoo ta'u hariiroo hawaasummaa ilaalchisee immoo seera hariiroo hawaasaa kwt 2028 fi itti fufanii kan jiran jalatti gaafatamu. Dhimmootni kanneen waggaa 5 keessatti mana murtiitti dhiyaachuu qabu (seera daldalaa kwt 309(2)). Waldaan dhuunfaa i/g/m amala waldaa aksiyoonaa fi michummaa kan qabu ta'ee namoota wal-beekanii fi maalummaa miseesotaa yaada keessa galchuun waldaa daldalaa hundeeffamuu dha. Gaheen waldichaa namoota alaatti kan hin gurguramne yoo ta'u hundeeffama booda miseensi gahee isaa namoota alaatti haayyama miseensotaa malee gurguruu kan danda'u duraan miseensotni haala kanaan kan waliigalan yoo ta'e qofa. Waldaan aksiyoonaas ta'e waldaan dhuunfaa i/g/m hundeeffama booda maqaa qabaachuu qabu. Maqaan ittiin moggaafaman dudha uummataa fi mirga qaamolee sadaffaa kan miidhu ta'uu hin qabu (seera daldalaa kwt 133(2) fi 134). Itti dabalees, maqaa waldichaa dugda duubatti waldaa aksiyoonaa yookaan waldaa dhuunfaa itti gaafatamummaan isaa murtaa'e jedhu itti ida'amuu qaba (seera daldalaa kwt 305 fi 514(2)).

3.4.2 Waldaa Aksiyoonaa fi Waldaa Dhuunfaa i/g/m: Qabiyyee Waliigalaa

1. Waldaa Aksiyoonaa
    - Dhaabbilee michuummaa irraa garagarummaa qaba
    - Itti gaafatamummaan miseensota isaa daanga'aa dha (seera daldalaa kwt 508)
    - Miseensotni isaa baay'ee ta'uu dhabuu ni danda'u; hundeeffamaaf miseensota 5 fi isaa oltu barbaachisa (seera daldalaa kwt 307)
    - Qaama seerummaa qaba (seera daldalaa kwt 214 (2))
    - Gaheen miseensotaa bilisa gara qaama sadaffaatti darbuu ni danda'a
    - Hojiiwwan daldalaa maallaqa guddaa barbaadan irratti bobba'uuf hundeeffama
2. Waldaa Dhuunfaa i/g/m
    - Amala waldaa aksiyoonaa fi waldaa michummaa qaba
    - Itti gaafatamummaan miseensotaa daanga'aa dha

- Miseensota muraasa qabaachuu fi gaheen miseensotaa bilisa qaama sadaffatti darbuu dhabuun isaa amala waldaa michummaa akka qabaatu isa taasiseera
- Qaama seerummaa qaba
- Kaappitaala ka'umsaa birrii 15,000 hundeeffama (seera daldalaa kwt 512)

3.4.3 Faayidaalee fi Miidhaa Waldaaleen Qaqqabsiisan

- Maallaqa guddaa barbaadu (financial strength)
- Itti gaafatamummaa murtaa'e qabu (limited liability)
- Carraa ballachuu qabu (scope of expansion)
- Bulchiinsa si'aa fi bu'a qabeessa ta'e barbaadu (efficient and bold management)
- Miidhaa bittinna'aa (diffused risk)
    - ❖ Faayidaalee armaan olitti caqasaman kan qaban yoo ta'u miidhaalee armaan gadiis ni qabu.
- Haala salphaan kan hundeeffaman miti (difficulty of formation)
- Miseensotni abbaa qabeenyaa waldichaa miti (lack of owner's personal interest)
- Dafee murtiin kennamuu dhabuu danda'a (delay in decision making)
- Harka namoota muraasaan waan gaggeeffamaniif gaggeessaan isaanii keessatti gochaan waliindhawu raawwatamuu danda'a (oligarchic fraudulent managment)
- Kaffaltiin gibira isaanii ol'aanaa dha (high taxation)
- Dhimmootni dhoksaan qabamuu dhabuu danda'u (lack of secrecy) dha

3.4.4 Haala Diiggaa Waldaalee Aksiyoonaa fi Waldaa Dhuunfaa I/G/M

1. Seeraan Diigamuu (Dissolution by Law)

1.1 Galma Gahuu yookaan Galma Gahuu Dhabuu Kaayyoo Hundeeffama Waldaa

Haalli waldaaleen seeraan ittiin diigaman baay'ee dha. Isaanis, kaayyoo hundeeffamaniif galmaan yoo gahan yookaan galmaan gahuu yoo dadhaban (*failure of purpose or immopsibility of performance*), kaappitaala isaanii harka afur keessaa harki sadii yoo bade (loss of there quarter of the capital), fi himannaan kasaaruu yoo irratti dhiyaatuu (institution of bankruptcy

proceedings) dha. Bu'uura seera daldalaa kwt 331(4) fi 517 (d)tti waldaan aksiyoonaa fi waldaan dhuunfaa i/g/m sababa kaayyoo hundeeffama isaanii galmaan gahaniif yookaan galmaan utuu hin ga'iin yeroon darbeef diigamuu ni danda'u. Waldaan aksiyoonaa tokko kaayyoo hundeeffama isaatii galmaan waan gaheef seeraan haala itti diigamu hubachuuf murtii m/murtiiFederaalaa galmee lak 58/92 irratti kenname haa ilaallu. Baankiin Biyyoolessaa, Baankii Internaashinaalii Hoorniin bu'uura labsii lak 84/86tti ragaa sirrii utuu hin dhiyeessin hundeeffame jechuun haayyamni daldala isaa akka haqamu godheera. Ragaan kun haqamuu hin qabu jechuun Horni himata mana murtiitti dhiyeessinaan m/murtii seera daldalaa kwt 495 (b) bu'uura godhachuun baankichi akka dhiigamu ajajeera. Tumaan keewwata kanaa 'hojii waldiichi hojjechuuf hundeeffame yeroo xumuramu' jedha. Manni murticha waldicha diiguuf keewwatni itti fayyadamee sirrii akka hin taane hubachuun nama hin dhibu. Ijoon asi irratti hubatamuu qabu hundeeffama waldaa irratti sababa dogoggorri uumameef bu'uura seeraatiin haala itti diigamuu danda'u seera daldalaan aguugamuu dhabuu isaati. Dogoggorii murtii kana irratti mul'atus sababa kanaaf ta'uu hin hafu.

1.2 **Xumuramuu Yeroo Waldichaa (expiration of the company)**

Seera daldalaa kwt 217(3) irratti mata duree seera yookaan waliigalteen waldaan diigamuu danda'a jedhu jalatti miseensotni akka itti fufu yoo murteessan irraan kan hafe xumura yeroo kaa'ameetti waldichi kan diigamu ta'a jedha. Waldaan aksiyoonaa yookaan waldaan dhuunfaa i/g/m yeroo murtaa'aa ta'eef kan hundeeffame yoo ta'e xumura yeroo kaa'ame sanatti bu'uura seeraatiin qaama seerummaa isaa kan dhabu ta'a. Ijoon asi irratti ifa ta'uu qabu yeroon barreeffama hundeeffamaa keessatti kaa'ame utuu hin xumuramin dura miseensota walga'ii waliigalaa waamuun miseensotni 2/3 waldichi akka itti fufu yoo haayyaman barreeffanni hundeeffamaa akka fooyya'u ta'a jechuu dha.

1.3 Hir'achuu Sadii Arfaffaan Kaappitaala Waldichaa

Hir'achuun sadii arfaffaa kaappitaala waldaan seeraan akka diigamuuf sababa ni ta'a. Waldaan tokko hojiisaa gaggeessuuf dirqama maallaqa isa barbaachisa. Maallaqni kun kaappitaala karaa sadii ibsamuu danda'uu dha. Isaanis,

- Yeroo hundeeffama waldaa gurgurtaa gahee irraa maallaqa argamu (nominal capital or authorized capital)

- Erga waldaan hundeeffamee booda maallaqa gurgurtaa gahee irraa argamu (issued or subscribed capital)
- Maallaqa gahee waldaaf kaffalame (paid up capital) yookaan maallaqa gahee waldaaf gara fuula duraatti kaffalamu (unpaid capital) kan jedhamu yoo ta'u qaamoleen sadaffaa wabummaan itti dhagahamee waldichaa wajjiin hariiroo akka uuman kaappitaala waldaa taasisuu dha. Waldaan aksiyoonaas ta'e waldaan dhuunfaa i/g/m yeroo hundeeffaman hanga kaappitaala isaanii beeksisuutu irraa eegama. Waa'ee hir'achuu kaappitaalaa yeroo dubbannu waa'ee kaappitaala gurgurtaa gahee irraa argamuu dubbachuu keenya malee waa'ee maallaqa gara fuula duraatti kaffalamuuf jedhuu dubbachuu keenya akka hin taanne seera daldalaa kwt 495(1)(h) irraa hubachuu barbaachisaa dha. Dhimmi xiyyeeffannoo barbaadu kan biraan waldaan dhuunfaa i/g/m hir'achuu sadi arfaffaa kaappitaala isaatiin diigamuu kan danda'u bu'uura seera daldalaa kwt 493(1) hojii gaggeessaan sababa hir'achuu kaappitaalaan waldichi akka diigamuuf yaada yeroo dhiyeessuu dha. Hir'achuu kaappitaalaatiin waldaan aksiyoonaa diigamuu kan danda'u bu'uura seera daldalaa kwt 495(2) miseensota walga'ii waliigalaa ariifachiisaa (extraordinary meeting) waamuun miseensotni kaappitaala olguddisuun waldicha diigggaarra akka baraaran taasisuu dha. Kun ta'uu hin danda'u yoo ta'e bu'uura kwt 495(3) qaamni waldicharraa dantaa qaba jedhu murtii mana murtiitiin akka diigamuuf iyyata dhiyeessuu ni danda'a.

1.4 Dhiyaachuu Himannaa Kasaaruu (Bankruptcy Proceeding)

Waldaan aksiyoonaa fi waldaan dhuunfaa i/g/m yeroo hunda daldalaa jedhamanii waan fudhatamniif dhaabbilee daldalaa seera kasaaruutti dhiyeenya qabanii dha. Seerri daldalaa kwt 968 (1) seerri kasaaruu waldaa michummaa irraan kan hafe qaamolee kwt 5 fi 10 jalatti daldalaa ta'an irratti raawwatiinsa ni qabaata jedha. Asi irratti dhimmi xiyyeeffannoo barbaadu tokko seera daldalaa kwt 969 "Qaamni liqaa hojii daldalaa wajjiin hariiroo qabu kaffaluu addaan kutee fi kasaaruun isaa mana murtiin murtaa'e hundi daldalaa jedhamee lakkaa'ama " waan jedhuuf seerri kasaaruu daldaltoota hojiiwwan kwt 5 jalatti tarreeffaman hojjetan qofa ilaallata yaada jedhurra gahuu hin qabnu. Sababni isaas kwt 5 fi 10 wal bira qabnee yoo ilaalle waldaa keessa beekettii irraan kan hafe dhaabbileen biroon daldaltota jedhamanii waan fudhatamaniif waldaa aksiyoonaa fi waldaa dhuunfaa i/g/m irratti seerri kasaaruu raawwatiinsa ni qabaata.

Waldaanaksiyoonaa yookaan dhuunfaa liqa isarra jiru baasuu yoo dadhabe guyyaa 15 keessatti iyyata isaa rajistiraara dhimmi ilaalutti dhiyeeffachuu qaba. Bu'uura seera daldalaa kwt 974tti m/murtiiwaldaaleen kanneen kasaaraniiru jedhee yoo murteesse bu'uura kwt 495(1) waldaaleen kun seeraan diigamaniiru jedhamanii fudhatamu. Waldaan kasaare jedhamee murtii argate miseensota isaatiin itti haa fufu kan jedhamu yoo ta'e qaamoleen waldicha irraa maallaqa qaban wabii akka dhaban waan taasisuuf mirga isaanii eeguuf waldaan kasaare jedhame akka diigamu ta'a.

Seerri daldalaa waldaan dhuunfaa i/g/m sababa kasaareef haala itti diigamu haala addaa fi ifa ta'een waan jedhu hin qabu. Haa ta'u malee, seera daldalaa kwt 542 waldaan dhuunfaa i/g/m sababoota waldaa daldalaa biroo hunda akka diigamuuf sababa ta'an hundi diiggaa waldaa kanaafis akka sababatti ni fudhatamu jedha. Dhaabbileen daldalaa biroon sababa kasaaraniif waan diigamaniif waldaan dhuunfaa i/g/ms yoo kasaare kan diigamu ta'uunsaa ifa ta'uu qaba. Gaaffiin dhaabbatni daldalaa haa diigamuu jedhu bu'uura seera daldalaa kwt 975 akka armaan gaditti kan dhiyaatu ta'a,

- Daldalaan kasaareera jedhee yeroo iyyatu
- Namni yookaan namootni daldalicharraa maallaqa qaban iyyata yeroo dhiyeessan
- Seera kabachiistuun yeroo gaafatu
- M/murtii yeroo haayyamu

Kanaafuu dhaabbatni daldalaa tokko seeraan akka diigamu kan ta'u kaayyoo hundeeffame galmaan gahuu yoo dadhabe, kaayyoo isaa galmaan kan gahe yoo ta'es yeroo murtaa'aaf kan hundeeffame ta'ee xumura yeroo sanaatti miseensotni 2/3 akka itti fufuf barreeffamni hundeeffamaa akka fooyya'u murteessuu yoo baatan yookaan sababa kasaareen yookaan sababoota kwt 495(1) jalatti tarreeffamaniin diigamuu ni danda'a.

2. **Murtii Mana Murtiin Diigamuu (Dissolution by the Court)**

Waldaan aksiyoonaa yookaan waldaan dhuunfaa i/g/m iyyata miseensi yookaan miseensotni mana murtiitti dhiyeessanii akka diigamu ta'uu ni danda'a. Seera daldalaa kwt 218(1)tti namni miseensa jedhamu bu'uura kwt 331 yookaan kwt 521tti buusii buusee dha. Miseensi sababa iyyata dhiyeesse qofaaf waldaan kan diigamu utuu hin ta'iin kwt 218tti sababni quubsaan yoo jirate qofa akka diigamu murtaa'uu danda'a. Haa ta'u malee, dhimma kanarratti ijoon akka

falmisiisaatti fudhatamu kwt 218(2) dhaabbilee daldalaa hundarratti raawwatiinsa akka qabaatutti sababa tumameef waldaa aksiyoonaa fi waldaa dhuunfaa i/g/m irratti raawwatiinsa kan qabu ta'uusaati. Ajaja mana murtiitiin diigamuun dhimma waldaa michummaa qofaaf kenname miti. Dhaabbilee daldalaa hunda irratti raawwatiinsa qabaachuu isaa seera daldalaa kwt 495(1) fi 542(1) caqasuun falmuun ni danda'ama. Akka ijoo falmiitti dhimmi fudhatamuu danda'u tokko tarreeffamni kwt 218 jalatti kaa'aman tarreeffamanii kan xumuraman akka hin taane hubachuun gaarii dha. Dhimma kanarratti ejjennoon m/murtiimaal akka fakkaatu ilaaluuf falmii Inshuraansii Yuunversaalii (W.A) fi Baankii Biyyoolessaa gidduutti galmee lak 812/88 irratti gaggeefame haa ilaallu. Wal dhabiinsa waldaa fi Baankicha giddutti ta'e sababa godhachuun hundeessitootni waldichi akka diigamuuf m/murtiifederaalaa sadarkaa jalabaatti iyyata dhiyeessan. M/murtiis wal dhabiinsa uumame akka ijootti utuu hin fudhatiin walga'iin waliigalaa gaggeeffamuu dhabuusaa, odiitarootni muudamuu dhabuu isaanii, buusii miseensotni buusan liqaa waldicharra jiru baasuu dhabuusaa akka sababa gahaatti fudhachuuun Inshuraasiin Universalii (W.A) akka diigamu murteesse. Murtii mana murtichaa irraa hubachuun kan danda'amu sababoota seera daldalaa kwt 218(2) jalatti tarreeffamanii ala sababootni akka sababa gahaatti fudhataman kan biroon jiraachuu isaaniiti. Haala adeemsa waldaan dhuunfaa i/g/m mana murtiitiin itti diigamu ilaaluuf, Obbo Xaahir Hajaa fi Obbo Abdulmaliik miseensa waldaa dhuunfaa i/g/m *engineering and mechanical work shop garage* ta'uun nu gidduutti waldhabdeen cimaan waan uumameef waldichi haa diigamu jedhanii m/murtiisadarkaa jalqabaa irratti iyyata dhiyeeffatan. M/murtiis galmee lak 2869/87 irratti miseensotaa fi *Wakkiila Guzoo Alfaa* gidduutti falmii waldichi naaf haa diigamu jedhu sababa galmee lak 97/90 irratti teechifame fudhachuun miseensota gidduutti waldhabdeen cimaan waan uumameef akka diigamu murteessera. Tumaan kwt 218(2) tumaa waliigalaa waan ta'eef dhaabbilee daldalaa hunda irratti raawwatiinsa ni qabaata hubannoon jedhu manneen murtii keessatti fudhatama argatee jira.

3. **Hir'achuu Lakkoofsa Miseensotaa (Reduction of the Number of Members Below the Legal Requirment)**

Lakkoofsi miseensotaa hanga seerri gaafatuu gadi yoo ta'e waldichi diigamuu ni danda'a. Kanaafuu, seera daldalaa kwt 311 akka tumutti lakkoofsi miseensota waldaa aksiyooonaa 5 gadi yoo ta'e ni diigama. Waa'ee diigamuu waldaa aksiyoonaa kan dubbatu seera daldalaa kwt 495(1) gara kwt 311tti kan deebisuu dha. Kanaafuu, waldaan aksiyoonaa bu'uura seera

daldalaakwt 525 fi 532(1) safartuwwan guutamuu qaban guutee argamuu qaba. Seerri lakkoofsa miseensota waldaa dhuunfaa i/g/m dubbatu mieensotni lamaa gadi taanaan waldichi akka diigamu ni ta'a. Waldaan bu'uura seera daldalaa kwt 278(g) diigamu kan danda'u immoo gaheen waldaa harka nama tokkoo jala yoo seenee dha. M/murtiisadarkaa tokkoffaa Federaalaa falmii waldaa inshuraansii Itoophiyaa fi waldaa dhuunfaa *Radii Alam Aqaf inna Abaalaatuu* galme lak 70/90 gidduu ture irratti lakkoofsi miseensotaa hanga seerri barbaaduu gadi ta'eera jedhee waldichi akka diigamu murteesseera. Kun kan agarsiisu jiraachuu waldaatiif lakkoofsi miseensotaa guddaa barbaachisaa ta'uusaati.

4. **Haayyama Miseensotaatiin Diigamuu Waldaa Aksiyoonaa fi Waldaa Dhuunfaa i//g/m (Voluntary dissolution of share and private limited company)**

Haayyama irratti hundaa'ee waldaan diigamuu kan danda'u bu'uura seera daldalaa kwt 217(b) miseensotni waldaan akka diigamu yoo murteessanii dha. Tumaan seeraa kun tumaa waliigalaa jala waan jiruuf waldaa aksiyoonaa fi waldaa dhuunfaa i/g/m irratti raawwatiinsa kan qabuu dha. Kanaafuu, seera daldalaa kwt 495(1(a)) irratti "Walga'ii ariifachiisaa waliigalaa irratti jireenyi waldaa akka itti fufu yoo murtaa'e malee ----" himi jedhu yaada kana kan cimsuu dha. Waldaa aksiyoonaa keessatti walga'iin ariifachiisaa waliigalaa kan waamamu gahee miseensotni qaban yaada keessa utuu hin galchin ta'a. Walga'ii yeroo jalqabaaf ta'amu irratti murtii darbarsuuf abbootii gahee keessaa harki walakkaan kan argaman yoo ta'ee dha; waamicha lammaffaa irratti harka sadii keessaa tokko; waamicha arfaffaatti yoo xiqqaate harka kudhan keessaa tokko yoo dhiyaatan walga'ichi kan adeemsifamu ta'a. Haa ta'u malee, seerichi maaltu yoo raawwate miseensotni haayyma isaaniitiin diigamuu waldaa akka murteessan ifaan hin keenye. Kun ta'uu kan danda'ees safartuwwan seeraan tumanii kaa'uun fedha miseensotaa murteessuurra haayyama isaaniitiin diiggaa waldaa akka murteessan taasisuu seerichi kan filate fakkaata. Haayyama miseensotaa irratti hundaa'ee diiggaa waldaa dhuunfaa i/g/m murteessuu ilaalchisee seera daldalaa kwt 217(b) dhaabbileen daldalaa kamiyyuu haayyama miseensotaatiin diigamuu ni danda'a jedhee tumee kan jiru yoo ta'es haala kanaan raawwiin diiggaa waldaan dhuunfaa maal ta'uu akka qabu garuu seerichi waan dubbatu hin qabu. Seerri daldalaa kwt 532(1) fi 534 yoo ta'anis deebii kennan hin qaban.

3.4.5 Qulqulleessa Herregaa (Liquidation)

Waldaan aksiyoonaa yookaan waldaan dhuunfaa i/g/m sababoota armaan olitti ilaalleen diigamuu ni danda'u. Herrega waldaa diigamee qulqulleessuun immoo seeraan beekamtii kan argatee dha. Tumaaleen seera daldalaa kwt 497-509 jiran haala qabeenyaan waldaa aksiyoonaa ittiin qulqullaa'u kan dubbatanii dha. Qulqullaa'uun qabeenya waldaa dhuunfaa i/g/m dhimmaa diigamuutti aansee dhufu ta'ee utuu jiru waa'ee diiggaa qofa dubbachuun waa'ee qulqullaa'uu qabeenyaa utuu hin dubbatiin bira darbuun seerichaa adeemsi kun akka waan hin barbaachifneetti akka fudhatamu kan taasisu miti. Waldaan dhuunfaa i/g/m amala waldaa aksiyoonaa fi waldaa michummaa waan qabuuf adeemsawwan qabeenyaan waldaa aksiyoonaa fi michummaa ittiin qulqullaa'aniin qabeenyaan waldaa dhuunfaa akka hin qulqulloofne kan taasisu hin jiru. Waa'ee qulqullaa'uu qabeenyaa yeroo kaafnu waa'ee qulqulleessitootaa kaasuun dirqama; kanaafuu waa'ee qulqulleessitootaa ilaalchisee akka armaan gaditti ilaaluuf yaaliin taasifameera.

1. **Seerummaa Qulqulleessitootaa (Legal Status of Liquidators)**

Qulqulleessaan maalummaa lama qaba. Inni jalqabaa, ejjennoo waldaa ilaalchisee inni qabaatuu dha; inni lammaffaan immoo ejjennoo abbootii maallaqaa ilaalchisee qabaatuu dha. Bakka bu'aa waldaa ta'uun bu'uura seera daldalaa kwt 500(1) qabeenya waldichaa gurguruu kan danda'u yoo ta'u hojii isaas akka hojii gaggeessaa waldichaa ta'ee hojjeta. Aangoo fi itti gaafatamummaan isaas seera daldalaa kwt 499(1) kan bitamu ta'a.

2. **Muudama Qulqulleessitootaa (Appointment of Liquidators)**

Sababni guddaan muudama qulqulleessitootaa haala haqa qabeessa ta'een qabeenyaan waldaa akka buluu fi abbootii maallaqaa gidduutti akka qoodamu gochuu dha. Bu'uura seera daldalaa kwt 496tti qulqulleessitootni barreeffama hundeeffamaatiin yookaan walga'ii ariifachiisaa waliigalaa waldaan akka diigamu murteessan muudamu danda'u; haalawwan lamaan kanneeniin kan hin muudamne yoo ta'e mana murtiitiin muudamuu ni danda'u. Seerri daldalaa kwt 496(1) qulqulleessitootni barreeffama hundeeffamaatiin akka muudaman kan dubbatan yoo ta'es tumaaleen waa'ee barreeffama hundeeffamaa dubbatan garuu waa'ee kanaa waan jedhan hin qaban. Itti dabalees, namni qulqulleessa ta'u nama akkamii akka ta'e akkasumas namni

uumamaa qulqulleessaa ta'uu danda'uu yookaan ta'uu kan hin dandeenye ta'uu seerichi waan jedhu hin qabu. Ijoo kana ilaalchisee barreessaan *Lawrence Church* jedhu qulqulleessaa ta'uu kan danda'amu nama uumamaa qofa jedha. Sababa yeroo dhiyeessus akka seera daldalaa kwt 347(4)tti walitti qabaa boordii daarikteerotaa ta'uu kan danda'u nama uumamaa qofa waan ta'eef waldaa qaama seerummaa argate qulqulleessaa qabeenyaa godhanii muuduun hin danda'amu kan jedhuu dha. Muudamuun qulqulleesitootaa bu'aa maalii hordofsiisa? Seerri daldalaa kwt 499(2) qulqulleessitootni kan muudaman yoo ta'ellee daarikteerotni hojii isaanii itti fufu jedha; akkasumas qabeenyaan waldichaa yeroo qulqullaa'aa jirutti waldicha bakka bu'anii waan hojjetaniif qulqulleessitootni hojii isaanii guutummaatti akka hin hojjenne gufuu itti ta'uu danda'a. Haa ta'u malee qulqulleessitootni diibbaa uumamuu danda'u kana dandamatanii qabeenyaa jiru sirriitti qulqulleessuu fi dhimmichatti furmaata kennuu akka danda'anitti mirga seeraan argatanitti fayyadamuu qabu.

3. Kaffaltii Qulqulleessitootaa (Remuneration of liquidation)

Qulqulleessitootni herregaa miseensota yookaan abbootii maallaqaa gargaaruuf jecha gara hojiitti kan seenan miti. Seerri daldalaa waa'ee kaffaltii qulqulleessitootaa kan dubbatu hin qabu yoo ta'ellee kan bu'uureffachuun yaada adda addaa kennuun ni danda'ama. Yaadni tokkoffaan qaamni qulqulleessitoota muudu kaffaltii qulqulleessitootaas achumaan haa murteessu kan jedhu dha. Inni biraan, kaffaltii daarikteerotaa fi hojii gaggeessitootaa miseensotatu murteessa; itti gaafatamummaan qulquleessitootaa kan hojii gaggeessitootaa fi daarikterootaa wajjiin walfakkaata sababa ta'eef kaffaltii qulqulleessitootas miseensotni murteessuu qabu jechuun qaawa seeraa jiru kana duuchuun ni danda'ama.

4. Muudama Qulqulleessitootaa Haquu (Removal of a liquidator)

Seerri daldalaa kwt 496(3) walga'iin waliigalaa waldaan akka diigamu murteesse muudama qulqulleessitoota haquu ni danda'a jedha. Sababa gahaa miseensotni yookaan to'attootni dhiyeessaniin qulqulleessitootni mana murtiin hojii isaanii akka gadi lak isan taasifamu ni danda'u (seera daldalaa kwt 493(2)). Kanaafuu, qulqulleessitootni walga'ii waliigalaa waldaa fi mana murtiin aangoo isaaniirraa akka ka'an ni taasifamu.

5. Aangoo Waliigalaa Qulqullessitoota Herregaa

Qulqulleessitootni herregaa bakka bu'aa waldaa ta'anii waan hojjetaniif aangoon isaaniis aangoo bakka bu'aan tokko qabuu wajjiin madaalamuu kan danda'uu dha. Kanaafuu, qulqulleessitootni seera hariiroo hawaasaa kwt 2189 akka tumutti bakka bu'aan gita aangoo kennemee fi faayidaa bakka buusaa isaatiif hojjechuu qaba. Armaan olitti seera daldalaa kwt 500(1) jalatti qulqulleessitootni bakka bu'aa waldaa waan ta'aniif yaada kana kaafne malee aangoon isaanii barreeffama hundeeffamaan daanga'uu waan danda'uuf aangoo daangaa hin qabne kan qaban miti. Qulqulleessaan herregaa tokko hojiisaa yeroo raawwatutti akka abbaa gaarii tokkootti (*bonus pater familias*) fayyaalessuummaa (amanamummaa) guddaan hojiisaa raawwachuu qaba. Qulqulleessitootni qabeenyaa fi sanada herregaa qabuu, abbootii maallaqaa waamuun liqaa fi ragaa jiruu qulqulleessuu, liqaa jiru kaffaluu, mirga abbootii liqaa kabachiisuu, qabeenya kaffaltii liqaarraa hafe miseensota gidduutti akka qoodamu gochuu fi akka seera daldalaa kwt 226tti waldicha galmee daldalaa irraa akka haqamu ni godhu. Kanaafuu gahee hojii, itti gaafatamummaa fi aangoo seera daldalaa kwt 499(2), 500, 504(1), 502(3), 1110, 1056, 1066, 1068, 505, 495, 217, 542, 218 irratti tumaman akka aqaban hubachuun ni danda'ama. Kanaafuu akka waliigalaatti yoo ilaalamu hundeen hundeeffama dhaabbilee daldalaa waliigaltee yoo ta'ellee amala addaa kan qabanii fi tumaalee seera daldalaatiin kan bitamanii dha. Akkasumas waliigalteen hundeeffamanii yeroo dheeraa yookaan gabaabaa erga jiraatanii booda diigamuu ni danda'u; diiggaan kunis haala seera qabeessa ta'een kan raawwatu ta'uusaa hubachuun barbaachisaa dha.

Gaaffilee Marii

1. Waliigalteen waldaa daldalaa hin galmoofne, hin beeksifamnee fi haayyama daldalaa hin qabnee wajjiin taasifamu bu'aa akkamii qabaata?
2. Dhaabbatni guddisa daa'imman Abbabech Goobanaa *Action Aid Ethiopia* wajjiin ta'uun namoota mana dhabeenyii daandii irra jiratan gargaaruuf mana maxxansaa 'firri firaaf' jedhu yoo hundeessan haala hiikkaa seera daldalaa kwt 10tti waldaa daldalaa jedhamuu ni danda'a?
3. Ogeenyiin harkaa eenyuu? Nama tokko ogeessa harkaati jedhanii moggaasuuf safartuwwan gargaaran maalfayi?

4. Garagarummaan miseensota michummaa fi namoota qabeenya waliin qaban giddu jiraa?
5. Gaheen miseensotaa wabiin qabsiifamuu ni danda'aa?
6. Akaakuwwanii fi amalootni gaheen waldaa qaban maalfayi?
7. Garagarummaan gahee (aksiyoona) waldaa fi waraqaawwan dabarsoo maallaqaa dirqisiisoo gidduu jiru maali?
8. Abbootiin maallaqaa qabeenya dhuunfaa daarikterootaa fi hojii gaggeessitootaa irratti harka isaanii diriirfachuu danda'an yoomi?
9. Diigamuu dhaabbilee daldalaa fi qabeenya qulqulleessuu gidduu garagarummaan jiru maali?
10. Mirgi namoota waldaalee gara waldaa biraatti jijjiiramaa jiranii maali?

4. Seera Waliigaltee Inshuraansii

4.1 Seera Inshuraansii: Yaada Waliigalaa (insurance in general)

Inshuraansiin walitti dhufeenya waliigaltee kennaa fi fudhataa gidduutti taasifamurraa kan maddu yoo ta'u, hiikaa fi amala isaa yoo ilaallu seerri daldala Itoophiyaa kwt 654(1) irratti maalummaa inshuraansii akka armaan gadiitti ibsee jira.

> "*A contract where by a person called the insurer undertake against payment of one or more premiums to pay a person called beneficiary a sum of money where a specified risk materializes".*

Ogeessi biyya Ingilizii damee barnoota kanarratti qorannoo gaggeessan obbo *E. R. Hardy Ivamy* immoo inshuraansii akka armaan gadiitti hiikaniiru.

> *Insurance or as it is sometimes called assurance, in the widest sense of the term, may be defied as a contract where by a person called the insurer undertakes in return for the agreed consideration called the preriums to pay the another person called the assured on the happening of the specified event.*

Garagarummaan hiikowwan lameen kanneenirraa hubatamuu danda'u, seerri daldalaa kwt 654(1) haala kaffaltii beenyaa inshuraansii (mode of indemnification), balaa aguuggiin inshuraansii kennameef yeroo mudatutti waliigaltee kennaan (insurer) waliigaltee fudhataatiif maallaqa callaa bifa beenyaatiin akka kaffalu kan ibsuu dha. Hiikkaan ogeessi kun kennan immoo *'a sum of money or its equivalent'* jechuun haala beenyaa ittiin kaffalamu filannoon ta'uu akka danda'u kan agarsiisuu dha. Hiika inshuraansii ilaalchisee ijoon xiyyeeffannoo barbaadu tokko waliigaltee fudhataan sababa balaan qaqqabeef beenyaan akka kaffalamuuf yeroo gaafatu akka seera daldalaa kwt 654(1) kaa'utti beenyaan maallaqa callaa qofaan naaf kaffalamuu qaba jedhee falmuu ni danda'a moo hin danda'u gaafii jedhuu dha. Ijoo kanarratti yaadni barreessaan kun qabu namni beenyaan kaffalamuuf maallaqni callaan qofti naaf kaffalamuu qaba jedhee falmuu hin danda'u kan jedhuu dha. Seerri daldalaa kwt 654(1) beenyaan maallaqa callaan kaffalama jedhee yoo tume illee,

1. Kaayyoon waliigaltee inshuraansii qabeenya aguuggiin inshuraansii kennameef irra balaan qaqqabuusaa yoo mirkanaa'e abbaan qabeenyichaa yookaan dhaaltotni isaa balaan utuu hin qaqqabin dura bakka dinagdeen turanitti deebisuu dha. Bakka duraan turanitti deebisuun kun immoo maallaqa callaa qofaan ta'a jedhanii tumuun sirrii waan hin taaneef falmiin akkasii yoo ka'e fudhatama argachuu hin qabu.
2. Hojimaata biyya keenyaa yoo ilaallu fakkeenyaaf waldaan inshuraansii Naayil konkolaatawwan daldalaaf tajaajilaniif poolisii inshuraansiin qopheesse kutaa 1 kwt 2 irratti akkas jedha: "*The company may at its option pay in cash the amount of loss or damage or may repair, reinstate or replace the motor vehicle or any part there of ....*" jechuun kan teechise yoo ta'u dhaabbileen inshuraanii dhuunfaa fi kan mootummaa adeemsa kana hordofaa kan jiran ta'uusanii ni hubanna.

Kaffaltiin beenyaa haala addaan yoo raawwatame qabeenya manca'e bakka buusuu waan danda'uuf dirqama maallaqa callaan kaffalamuu qaba falmiin jedhu fudhatama kan qabu miti. Amala inshuraansii yoo ilaalluu poolisii n inshuraansii dursee waldaa inshuraansiin kan qophaa'u waan ta'eef qaamni aguuggii inshuraansii gaafatu guca iyyatichaa guutee erga deebisee booda waldaa inshuraansiitiin immoo jechi waliigaltichaa guutamee deebi'a. Haala kanaan dhaabbileen inshuraansii yoo barbaade fudhadhu yoo jibbite moo dhiisi adeemsa jedhu hordofu jechuun ni danda'ama; waliigalteen poolisii hordofu kun qaama aguuggii inshuraansii gaafatuf mirga waliigaluu wal-qixa ta'ee hin kennu.

4.2 Hundeeffama Waliigaltee Inshuraansii (Formation)

Waliigalteen inshuraansii tokko seera duratti fudhatama akka qabaatu ta'ee argamuuf safartuwwaan seera daldalaa kwt 1678 jalatti tarreeffaman guutee argamuu qaba. Kana jechuunis waliigaltichi haayyama qaamolee waliigalan irratti hundaa'a; kanaaf inshuraansiin qajeeltoo haayyama bilisa (consensus ad idem) kan hordofuu dha. Haayyamni bilisi jira jechuuf jecha waliigaltee kennaan dhiyeessu waliigaltee fudhataan jechicha guutummaatti kan fudhate yoo ta'ee dha. Jecha addaa itti dabalee deebii kan kenne yoo ta'e garuu waliigaluu utuu hin ta'iin gaaffii qaxxaamuraa waan ta'uuf qaamolee kanneen gidduu waliigalteen inshuraansii jira jechuuun hin danda'amu. Adeemsa gaaffii gaafachuu fi deebisuu keessatti gaaffii qaamni tokko dhiyeessu qaamni biraan yerootti utuu hin deebi'iin yoo hafe ija seeraan maal ta'uu danda'a?

Gaaffii kana bu'uura godhannee muuxannoo biyyoota biroo yoo ilaalle biyya Ameerikaatti manneen murtii baay'een deebiin yerootti utuu hin kennamiin kan hafe sababa quubsaa utuu hin qabaatini jedhanii yoo amanan qajeeltowwan armaan gadii bu'uura godhachuun waldicha itti gaafatamaa taasisu. Qajeeltowwan kanneeniis,

1. Guca iyyatichaa erga dhiyeessee fi guutee erga itti deebisee booda yeroo murtaa'aa tokko keessatti yaada isaa beeksisuu yoo baate gucicha kennuu qofaan waliigalticha akka simateetti fudhatama. Tumaalee waliigaltichaa yoo cabse qajeeltoo itti gaafatamaa isa taasisu hordofu
2. Yeroo iyyatni guutamee dhiyaatutti maallaqani wal amansiisaaf jedhamee qabame (retation payment) yoo jiraatee fi waldichi yerootti simachuusaa ibsuu yoo baate waldichi waliigalticha akka kennetti fudhatamee itti gaafatamaa qajeeltoo taasisuun murtaa'a
3. Waldaan inshuraansii guci iyyatichaa guutamee dhiyaateef utuu hin turiin deebii kennuu qaba. Dirqama isaa kana yerootti bahuu yoo baate itti gaafatamummaa waliigaltee alaa qaba qajeeltoo jedhu bu'uureffachuun itti gaafatamaa isa taasisuun ni danda'ama. Kanarraa ka'uun seerri daldalaa biyya keenyaa ejjennoo attamii ijoo kanarratti qaba? Waldaan inshuraansii guci iyyatichaa guutamee dhiyaateef yaada isaa utuu hin ibsin yoo hafe tumaan seeraa waliigalteen yookaan waliigaltee ala itti gaafatamaa isa taasisu hin jiru. Akka seera Itoophiyaatti waldaan yaadasaa ibsuu yoo baate waliigalticha fudhateera jechuu miti. Yaada kana bifa deeggaruun seera daldalaa kwt 657(1) qaamni aguuggii inshuraansii argachuu barbaadu waliigalteen raawwachuu qabu hundi utuu hin guutamin mirga argatu akka hin qabne tumee jira.

Waliigalteen inshuraansii waliigaltee addaa yoo ta'ellee akkuma waliigalteewwan kan biroo yaada dhiyeessuu fi fudhachuu (offer and ecceptance), qaamolee gaheessa ta'an (competent parties), dhimma irratti waliigalan- qabeenya yookaan lubbuu (subject matter of insurance), foormii waliigaltee fi balaa mudatu (certain peril) ibsuu kan gaafatuu dha. Waliigaltee inshuraansii seenuuf sanadoota lamatu barbaachisa: isaanis qaama aguuggii inshuraansii gaafatuun guca guutamu (offer) fi aguuggii inshuraansii waldaan kennuun ijoo waliigaltichaa ibsuun poolisii hojii gaggeessaan irratti mallateessuu fi chaappaan waldichaa itti rukutamuu dha. Qabiyyeewwan sanadoota kanneenii gabaabsinee kan ilaallu yoo ta'e guci iyyatichaa (insurance

proposal) akka dhimmoota aguuggii inshuraansii barbaadanitti garagarummaa kan qaban yoo ta'ellee qabiyyee akaakuun inshuraansii hundi waliin qaban kanneen armaan gadiiti.

1. Ibsa maalummaa nama aguuggii inshuraansii fudhatuu (description of the proposed assured)
2. Ibsa balaa (description of the risk)
3. Ibsa haalawwan balaa aguuggii inshuraansii argate qaqqabsiisuu danda'an (description of circumstances affecting the risk)
4. Seenaa qaama aguuggii inshuraansii gaafatee (previous history of the offeror)

4.2.1 Qabiyyee poolisii inshuraansii (content of the policy)

Poolisiin inshuraansii guca waliigaltee waldaa inshuraansiin qophaa'uu dha. Sanadichis qabiyyee armaan gaditti tarreeffaman of keessatti qabata. Isaanis,

1. Seensa akaakuu fi maalummaa inshuraansii ibsu (preamble clause)
2. Aguuggiin inshuraansii hanga yoomiitti akka turuu fi haalawwan qaamni aguuggii inshuraansii kenne beenyaa itti kaffalu (operative clause)
3. Bakka hojii gaggeessaan itti mallateessuu fi chaappaan waldichaa itti rukutamu kan qabuu dha. Poolisichi tumaalee dhimmoota irratti waliigalaniif (operative clauses) bakka bal'aa laatee jira.

Seera inshuraansii fi hojimaata jiru ilaalchisee foormiin waliigaltee inshuraansii biyya keenyaatti hojii irra oolaa jiru maal fakkaata jennee yoo ilaalle, waliigalteen inshuraansii seera duratti fudhatama qabu hundeessuuf haayyamnii fi gahumsi qaamolee waliigalanii barbaachisaa akkuma ta'e foormiin waliigaltichaas hedduu barbaachisaa dha. Seerri hariiroo hawaasaa kwt 1725(1) waliigalteen inshuraansii barreeffamaan ta'uu qaba jedhee yoo tumu, seera daldalaa kwt 657(1) haala iftoomina hin qabneen waliigalteen inshuraansii **poolisii** inshuraansiin deeggaramuu qaba jedha. Seerri daldalaa kwt 667(3) waliigalteen inshuraansii poolisii inshuraansiin raawwachuu kan qaba yoo jedhu seera daldalaa kwt 657(1) immoo waliigaltichi of danda'ee raawwachuu akka qabu tuma.

Tumaalee waa'ee foormii waliigaltee inshuraansii ibsan kanneen irraa hubachuun akka danda'amutti waliigalteen inshuraansii barreeffamaan ta'uu qaba. Seerri hariiroo hawaasaa kwt

1727(1) waliigalteen qaamolee waliigalaniin mallatteeffamuu kan qabu ta'uu yoo ibsu seera hariiroo hawaasaa kwt 1728(1) immoo waliigaltichi ragoolee lamaan mirkanaa'uu akka qabu tuma. Waliigaltee inshuraansii biyya keenya keessatti hundeeffamu yoo ilaalle garu dhimma seera wajjiin wal hin simne ta'uusaa argina. Qabatamaan hojjetamaa kan jiru qaamni aguuggii inshuraansii barbaadu guca kaa'ame guutee dhiyeessuun waldichaa wajjiin erga haasawanii booda hojii gaggeessan mallattoo isaa fi chaappaa waldichaa poolisii inshuraansiirratti rukutuun waliigalteedha jedhuun waliigaltee fudhataaf dhiyeessa. Bu'uura seera hariiroo hawaasaa kwt 1727(1) fi 1728(1)tti waliigalteen inshuraansii,

- Barreeffamaan ta'uu qaba
- Mallattoon qaamolee waliigaltee raawwatanii sanada tokkoorra jiraachuu qaba
- Ragaaleen mirkanaa'uu kan qabu yoo ta'u,
  Bu'uura seera daldalaa kwt 657, 659 fi 658tti
    - Gucicha guutuu
    - Waliigalticha sanada poolisii jedhamuun qopheessuu
    - Poolisicha mallatteessuu

Waliigaltee inshuraansii ilaalchisee qabiyee seerri hariiroo hawaasaa fi seerri daldalaa qaban yoo ilaallu garagarummaa akka qaban hubachuun ni danda'ama. Seerri daldalaa utubduu seera hariiroo hawaasaa ta'usaa *Peter Winship* kitaaba isaanii irratti akka armaan gadii jechuun barreessanii jiru.

> *"... a recent theory wich is still wide spread maintains that the commercial law is autonomous. I thought it preferable, however, and more in conformity with the permanent place of cvil law in the future law of Ethiopia, in the theory of obligation, and in regulation of contracts to maintain the classic principle of the priority of civil law. Commericial law is thus a law supplementing their civil codes. This princilple I have incorporated in Article 1 of the commercial code."*

Yaada barreessaa kanaa fudhachuun manneen murtii baay'een waliigalteen inshuraansii sanada qaamolee waliigaltee hundeessaniin mallateeffamuu fi ragoolee lamaan mirkanaa'u ta'uu qaba jechuun waliigaltee poolisii inshuraansiitiin deeggarame kufaa taasisaa turaniiru. Ejjennoo

m/murtii sadarkaa jalqabaa federalaa dhimma kanarratti qabachaa ture falmiiwwan armaan gadiirraa hubachuun ni danda'ama.

1. Falmii waldaa inshuraansii Itoophiyaa fi waldaa aksiyoona Malkaa, galmee lak 49788
2. Falmii waldaa inshuraansii Itoophiyaa fi Biiroo bishaan, albuudaa fi inerjii Oromiyaa galmee lak 24051
3. Falmii waldaa inshuraansii Itoophiyaa fi Saatikoon waldaa dhuunfaa i/g/m, galme lak 30269
4. Falmii waldaa inshuraansii Itoophiyaa fi Xiruwarki Mokonnin, galme lak 04649
5. Falmii waldaa inshuraansii Itoophiyaa fi waldaa konsitiraakshinii Faxxan galmee lak 39988
6. Waldaa inshuraansii biyyoolessa Itoophiyaa fi Alamaayyoo, galmee lak 45444

M/murtii ol'aanaa federaalaa immoo ejjennoo m/murtii anaa wajjiin bifa wal hin simneen seerri daldalaa dhimma inshuraansii irratti seera hariiroo hawaasaa caalaa haala adda ta'een raawwatiinsa waan qabuuf waliigalteen inshuraansii tumaalee seera daldalaatiin bitamuu qaba jechuun murtii manneen murtii sadarkaa jalqabaa diigaa tureera. Falmii waldaa keessa beekettii Kilinileekas fi waldaa inshuraansii Awaash galme lak 23703 irratti M/murtii Waliigala Federaalaa Dhaddacha Ijibbaataa seera hariiroo hawaasaa kwt 1725 waa'ee waliigaltee inshuraansii yeroo dheeraa turuu kan dubbatu yoo ta'u waliigalteen inshuraansii falmii kaase kun garuu waggaa tokko qofaaf kan turuu dha jechuun murtii m/murtii gadii diigeera. Murtiin dhaaddacha ijibbaataa kun bu'uura labsii lak 454/2005tti kan hin maxxanfamne waan ta'eef aangoo dirqisiisummaa yoo dhabellee murtichi garuu qeeqaaf kan saaxilamee dha. Mata duree keewwatichaa- waliigaltee yeroo dheeraaf hundeeffaman jedhu fudhachuun waliigalteen inshuraansii waggaa tokko qofaaf tura jechuun waliigalteen inshuraansii jireenyaa aguuggii seeraa akka hin arganne taasisuu dha. Itti dabalees himi 'yeroo dheeraa' jedhu of danda'ee waliigalteen inshuraansii barreeffamaan ta'uu qaba jedhu diiguu hin danda'u. Murtiin dhaddacha ijibbaataatiin kennames murtiiwwan manneen murtii gadiitiin kennerra furmaata kan kennuudha jechuun hin danda'amu. Kanaafuu, gargarummaan tumaalee seera daldalaa fi seera hariiroo hawaasaa gidduu jiran akkuma jiranitti ta'anii murtiin dhaaddacha ijibbaataatiin kenname kun bu'uura labsii 454/2005tti fayyadamuun ijoo yeroo dheeraaf falmisiisaa ta'ee jiru kanatti furmaata kennuu hin dandeenye.

4.2.2 Qajeeltowwan Bu'uraa Inshuraansii (Basic Principles of Insurance)

4.2.2.1 Yaad-rimee beenyaa miidhaa (the concept of indemnity)

Waliigalteen inshuraansii waliigaltee balaan aguuggii inshuraansii argate akka hin qaqqabne taasisu miti; balaa aguuggii inshuraasii argateen miidhaa maallaqaa qaqqabu bakka buusuuf waliigaltee hundeeffamuu dha. Balaa tasaa konkolaataa tokko qaqqabuu danda'uuf wabii inshuraansiin Mootarii kenne balichi akka hin mudanne kan taasisu utuu ta'iin sababa balaa akaakuu kanaa qaqqabeef miidhaa maallaqaa gahe bakka buusuu irratti kan xiyyeeffatuu dha. Kanaafuu, wabiin poolisii inshuraansii faayidaa balaan miidhamu bakka buusuuf kennama. Wabiin inshuraansii kan kennamuuf wanta qabeenya tokkottii adda bahee gatii qabu yoo ta'es wanti waliigalteen inshuraansii irratti hundaa'u kun faayidaa maallaqaa waan qabuuf wabii inshuraansii argachuuf mirga kan gonfachiisuu dha. Waliigalteen inshuraansii seera duratti fudhatama argachuuf waliigaltichi faayidaa inshuraansii seenuu dandeessisuun deeggaramuu qaba. Inshuraansii seenuu faayidaa dandeessisu ta'uu yoo baate waliigalteen inshuraansii hin jiraatu; hima biraan faayidaan inshuraansii seensisu hin jiru taanaan waliigaltichi guutummaatti fudhatama hin qabaatu.

Waliigalteen inshuraansii hundi waliigaltee beenyaa dha. Kana jechuunis namni inshuraansii seene sababa balaa uumameen hanga miidhaa maallaqa isa quunname argachuu qaba- hanga maallaqa isa jalaa manca'ee ol yookaan gadi argachuu hin qabu. Kaayyoon qajeeltoo kanaa hanga danda'amaa ta'etti nama aguuggii inshuraansii argate utuu balaan hin qaqqabiin dura bakka dinagdeen tureetti deebisuu dha. Namni inshuraansii seene kun sababa balaan isarra gaheen faayidaa dabalataa akka hin arganne dhorkuu dha. Qajeeltoon kun beenyaan miidhaa qaqqabee wajjiin kan wal madaalu ta'uu qaba jedha. Beenyaan kaffalamu miidhaa gahee ol yoo ta'e namni inshuraansii seene faayidaa hin malle argachuu danda'a waan ta'uuf gochaan kun immoo kaayyoo inshuraansii kan faallessu ta'a. Gama biraan beenyaan kaffalamu miidhaa qaqqabee gadi yoo ta'e namni inshuraansii seene beenyaa hin arganne jechuun ni dana'ama. Kanaafuu, inshuraansiin beenyaan kaffalamu madaalamaa akka ta'u yaalii taasisa. Miidhaa qaqqabee ol beenyaan kan kaffalamu yoo ta'e namni inshuraansii seene balaan akka uumamu taasisa; akkasumas qabeenyaasaa miidhaarraa eeguu fi balaan akka hin qaqqabne gochuurratti dhiba'aa akka ta'u godha. Barbaachisummaan qajeeltoo kanaa faayidaa uummataarraa madda.

Miidhaan haa ta'u jedhamanii uumaman qabeenya biyyaa mancaasu; kanaaf faayidaa fi imaammatan uummataa waliigalteen inshuraansii beenyaa qofa irratti akka hundaa'an dirqisiisu. Inshuraansiin qajeeltoo maallaqa waliinii keessaa beenyaa kaffaluu jedhu irratti bu'uureffata. Maallaqa waliinii jechuun kaffaltii namni inshuraansii seenu kaffalu balaawwan kanaan dura qaqqaban irratti hundaa'uun kan murtaa'an waan ta'eef beenyaan maallaqa waliinii irraa kaffalamu hanga miidhaan maallaqaa qaqqabe qofatti ta'uu qaba. Qajeeltoon beenyaa kan raawwatamu ta'uu yoo baate dameen inshuraansii qabeenya biyyaa irratti miidhaa guddaa kan fiduu fi mancaatii qabeenyaa kan hordofsiisuu dha. Beenyaan kaffalamuu fi miidhaan gahe wal qixa ta'uu qaba yeroo jennu miidhaan qaqqabee yeroo hunda beenyaa kaffalamuu wajjiin wal madaaluu qaba jechuu keenya miti. Waliigaltee inshuraansii irratti namootni tokko tokko walak aa balaa uumamuu danda'uu qofaf inshuraanii seenuun walakkaa immoo ofii itti guutna kan jedhan jiru; waliigaltee inshuraansii akkasii keessatti beenyaan kaffalamu walakkaa balaa qaqqabee yoo ta'u haalli kaffaltii kunis qajeeltoo beenyaa irratti utuu hin ta'iin aguuggii inshuraansii kenname irratti hundaa'a.

4.2.3. Faayidaalee inshuraansiin seenamuufii qabuu (insurable interests)

Waliigalteen inshuraansii jiraachuu faayidaalee inshuraansiin seenamuufii qabuu akka safartuu tokkootti ilaala. Sababa kanaaf ogeessi damee barnoota kanaa *Patterson* jedhamu "*An insurable interest in its broadeswhat sense is a relation between the insured and the event will cause substantial loss or injury of the some kind to the insured"* jechuun ibsa. Ijoo kana bal'ifnee ilaaluuf, namni tokko faayidaa inshuraansiin seenamuufii danda'u qaba kan jedhamu yoomi? gaaffii jedhu kaafnee haa ilaallu. Kitaaba *Professor Vance* barreessan irratti namni tokko faayidaa inshuraansiin seenamuufii danda'uu qaba kan jedhamu haalawwan armaan gadii yoo guutamaniidha jedha.

- *When the insured possesses a legal title to the property insured, whether vested or contingent , defensible or indefensible*
- *When he has an equitable title of whatever character and in whatever manner acquired*
- *When he possesses a qualified property or possessor right in the subject of the insurance such as as that of bailee*
- *When he has mere possession or right of possession*

- *When he has neither possession of the property or any other legal interest in it but stands in such relation with respect to it that he may suffer from its destruction, loss of legal right dependent up on its continued existence.*

Qajeeltoon inshuraansii kun seera daldalaa kwt 675 fi 693 irratti tumamee kan jiru yoo ta'u imaammata uummataa bu'uura godhachuun kaayyoo faayidaa uummataa kabachiisuu kan qabuu dha. Namni tokko wanta aguuggiin inshuraansii kennamuufii danda'u qaba jechuuf inshuraansii jiraan ala inshuraansiiwwan jiran hundi qabeenyaa maallaqaan tilmaamamuu danda'u ta'uu qabu. Yaadni bu'uura beenyaa inshuraansii tokko namni inshuraansii seenu beenyaa gita miidhaa irra gahee qofa gaafachuu danda'a. Faayidaa inshuraansii seenuuf tajaajilan haalawwan ijoon deeggaran kanneen armaan gadiiti.

a. Qabeenya, mirga, faayidaa, jireenyaa yookaan itti gaafatamummaan wabiin seenamuuf danda'u jiraachuu qaba
b. Qabeenyi, mirgi yookaan kan biroon wabiin inshuraansii kennamuuf kan qabu (*subject matter of insurance*) jiraachuu qaba
c. Namni inshuraansii seenu wanta wabiin inshuraansii seenamuufii wajjiin hariiroo kan qabu yookaan kuunuunsamuu qabeenyaa, mirgaa kkf irraa fayyadamaa yookaan manca'uu isaaniitiin miidhamaa ta'uu kan danda'u ta'uusaa agariisuu qaba
d. Wanta wabiin inshuraansii argatee fi nama inshuraansii seene gidduu hariiroon seera duratti fudhatamummaa qabu jiraachuu qaba

4.2.2 Madda faayidaa inshuraansii seenuu nama dandeessisu

❖ Mirga abbaa qabeenyummaa Irraa Maddu

Namni abbaa qabeenyaa ta'e faayidaa inshuraansii nama seensisuu danda'u akka qabutti fudhatama; mirgi abbaa qabeenyummaa akka fakkeenya dantaa inshuraansii seenuu nama dandeessisaniitti tajaajila. Fakkeenyaaf, namni abbaa qabeenya gamoo ta'e tokko gamoon isaa kun yoo gubate yookaan miidhaan tokko irraa gahe ni kasaara (miidhaa maallaqaatu isa quunnama). Kanaafuu, seerri mirga inshuraansii seenuu fi beenyaa argachuu isa gonfachiisa. Inshuraansii seenuuf faayidaan nama dandeessisu mirga abbaa qabeenyaa waliinii irraas ni argama.

- **Mirga abbaa qabeenyummaa gamisaa Irraa Maddu**

Mirgi abbaa qabeenyummaa gamisaa yoo jiraate faayidaan inshuraansii nama seensisuu danda'u ni jiraata. Faayidaaleen inshuraansii seenuu nama dandeessisan hedduun qabeenya tokkorraa madduu ni danda'u. Fakkeenyaaf, namni qabeenya tokko wabiin qabatee jiruu fi abbaan qabeenya sanaa dantaa qabeenyicharra ni qabaatu. Namni qabeenyicha qabsiisaan qabatee jiru bakka maallaqa liqeessee qabeenyicha harkasaatti qabatee jira waanta'eef faayidaa inshuransii isa seensisuu danda'u qaba jedhamee fudhatama. Haa ta'u malee faayidaan isaa hanga maallaqa liqeesse qofatti daanga'a; faayidaan abbaa qabeenya qabsiisa kennamee garuu gatii qabeenyichaa wajjin kan wal gituu dha. Faayidaalee adda addaa kanneenif aguuggiin inshuraansii akaakuu adda addaa kennamuufii danda'a. Aguuggiin inshuraansii faayidaalee adda addaa qabeenya tokkorraa maddaniif kennamu hanga faayidaa qabeenyicha irraa argamuu danda'uutti ta'uu qaba. Baankiin yookaan dhaabbileen misoomaa wabiin qabeenya qabatanii yoo jiraatan hanga liqaa liqeessan sanatti faayidaa inshuraansii seenuu ni qabaatu. Kanaafuu, imaammatan inshuraansii baakii fi abbaa qabeenyaaf faayidaa kennuu ni danda'a. Kaffaltiin beenyaa yeroo raawwatu lamaanuu mallatteessuu qabu.

- **Mirga Seera Irraa Maddu**

Namni qabeenya tokko amanaan namarraa fudhee to'annoo isaa jala galchee jiru qabeenyaan sun yoo manca'e miidhaa qaqqabuuf itti gaafatama. Kanaafuu, qabeenyaa to'annoo isaa jala jiraniif inshuraansii seenuu ni danda'a. Fakkeenyaaf inshuraansiin abiddaa, mana kuusaa, maashinii kafana miichuu fi kkf seenamu akka hubachiisutti inshuraansiin qabeenya nama inshuraasii seene qofa kan kabachiisu utuu hin ta'iin qabeenya amaanaan yookaan komiishiniin fuudhameefis eegumsa kan kennu ta'uu isaati. Fakkeenyaaf, namni daldala konkolaataa irratti bobba'ee yookaan namni konkolaataa suphu (mana garaajii qabu) konkolaataa harkasaa jiraniif, akka nama amaanaan fuudheetti, inshuraansii seenuufii ni danda'a.

- **Mirga Waliigaltee Irraa Maddu**

Namni gamoo qabu tokko gamoosaa kana yeroo kiraa kennutti gamichi ibidaan yoo gubatellee kiraa manichaa ni kaffala jedhee waliigale. Kanaaf, namni kireeffate kun sababa kaffaltii kiraa kanaan miidhaa irra gahuu danda'uuf inshuraansii seenuu ni danda'a. Namni meeshaalee ijaarsaa kiraa fuudhe miidhaa meeshaalee sanaa fi qaamolee sadaffaarra gahuu danda'uuf itti

gaafatamummaa yoo fudhate qophaasaa yookaan abbaa qabeenyaa wajjiin ta'uun waliigalteerra kan madde faayidaa inshuraansii isa seensisuu danda'u argata. Abbaan qabeenya gamoo, riqicha, hidhaa fi kkf nama hojicha hojjetuun meeshaalee hojicha hojjechuuf tajaajilaniif inshuraansii (contractor's all risk insurance) akka seenu waliigaluu ni danda'a.

- **Itti Gaafatamummaa Seeraa Irraa Maddu**

Hojjechiistootni miidhaa qaamaa fi baasii hojjetoota isaaniirra gahuu ilaalchisee beenyaa kaffaluuf itti gaafatamummaa seeraa qabu. Itti gaafatamummaan kun seera hariiroo hawaasaarraa madda. Itti gaafatamummaan kun maallaqa nama baasisa. Kanaafuu itti gaafatamummaan kun faayidaa inshuraansii seenuu nama dandeessisu argamsiisa. Namni konkolaataa qabu miidhaa konkolaataa isaarra gahuu qofaaf utuu hin ta'iin miidhaa konkolaataan sun nama biraa yookaan qabeenya nama biraa irraatti qaqqabsiisuuf eegumsa kennuuf jedhee inshuraansii seenuu ni danda'a. Imaammatan konkolaataa fakkeenyaaf imaammatan konkolaataa dhuunfaa itti gaafatamummaa qaama sadaffaaf beenyaan akka kaffalamu haayyamu abbaa konkolaataa inshuraansii seene qofa utuu hin ta'iin namoota haayyama konkolaachiisuu fi haayyama abbaa konkolaataan konkolaaticha konkolaachisaniifis kaffalamuu kan danda'uu dha. Abbaan konkolaataa balaa namootni biroon qaqqabsiisaniif inshuraansii seenuu hin danda'u; haa ta'u malee dhimma kanaaf beenyaan akka kaffalu yeroo haala mijeessutti akka bakka bu'aatti fudhaatama. Kanaafuu, namni tokko faayidaa inshuraansii isa seensisuu danda'uu kan hin qabne yoo ta'e balaan yoo qaqqabe faayidaa inni dhabu hin jiru jedhamee fudhatama; kanaaf inshuraansii seenuuf dantaan waliigalteen inshuraansii irratti hundaa'u (subject matter of insurance) jiraachuu qaba.

4.3.3 Itti-Darbuu (subrogation)

Itti darbuun (subrogation) beenyaa miidhaa qaamaa kaaffaluu (indemnity) kan ibsu yoo ta'ellee, qajeeltoo qaamni aguuggii inshuraansii kenne bakka nama waliigaltee inshuraansii fudhatee bu'ee mirga isaatti fayyadamuu kan danda'u ta'uusaa kan ibsuu dha. Hiikkoon itti-darbuu,

> *A legal fiction admitted or established by law in case exclusively determined by virtue of which an obligation extinguished with regard to the original creditor by payment which he has received from third person or the detor himself, but with fund that a third person*

> *furnished to that effect, in regard as subsisting in favour of this third person who has paid the rights and action of the ancient creditor (Artur and Rau, p 187)*

Itti-darbuun yeroo akkamii uumamuu akka danda'u yoo ilaallu barreessaan tokko akka armaan gadii jechuun ibseera.

> *Subrogation takes place, in the full sense of the word, when one person on paying the debt of another is entitled to stand in the shoe of the creditor, and to enforce against the debtor every right which the original creditor could have enforced against him. (John H.Mukman p 77)*

Barbaachisummaan qajeeltoo kanaa sababoota armaan gadiirratti hundaa'a. Isaanis,

1. Namni aguuggii inshuraansii qabu yeroo lama beenyaa argachuu hin qabu ejjennoo jedhu calaqqisiisa
2. Dirqamni beenyaa kaffaluu nama miidhaa geessiserra bu'uu qaba kan jedhu poolisii uummataa kan bu'uureeffatee dha
3. Itti-darbuun waldaaleen ishuraansii galii waan argataniif kaffaltii namni inshuraansii seenu kaffalu hir'isuun namootni akka inshuraansii seenan jajjabeesuu danda'a

Biyya Itoophiyaa keessatti sirni itti-darbuu seera daldalaa kwt 683(2) kan gaggeeffamu yoo ta'u bu'uurri mirga kanaa immoo seera. Dhimmi qajeeltoo kanaa wajjiin wal qabatee xiyyeeffannoo argachuu qabu armaan olitti akka ibsame itti-darbuun kaffaltii miidhaa qaamaa wajjiin hariiroo guddaa qaba waan ta'eef inshuraansii jireenyaa irratti raawwatiinsa hin qabaatu. Akka sababaatti fudhatamuu kan danda'u inshuraansii jireenyaa yeroo gabaabaaf seenamurraan kan hafe inshuraansii jireenyaa biroon akka qabeenya qusachuutti yookaan akka investimentiitti kan lakkaa'ama nii dha. Kanaafuu itti-darbuu jechuun namni dirqama seeraa qabu nama biraaf beenyaa erga kaffalee booda mirgoota nama beenyaa fudhateetti akka fayyadamu mirga taasisuu dha. Dhimma m/murtiibiyya Ingilizii tokkorratti akka ibsametti waldaan inshuraansii nama tokkoof beenyaa kaffale, kaffaltii namni inshuraansii seene madda kamirraayyuu argate deebisiisuf mirga qaba jedha. Kanaafuu, qajeeltoon kun waldaan aguuggii inshuraansii kenne dhimma inshuraansii wajjiin haala wal qabateen bu'aa namni inshuraansii seene argate deebisiisuuf mirga ni qabaata. Akkasumas, inshuraansii kennitootni bakka inshuraansii fudhattootaa bu'anii mirgoota jiranii fi miidhaa hir'isuu danda'anitti akka fayyadaman isaan

taasisa. As irratti ijoon hubachuu qabnu namni inshuraansii seene beenyaa qaama biraa waldaa inshuraansii kennerraa fudhachuu hin dhorkamne. Namni inshuraansii seene qaama biraa irraa beenyaa fudhachuu kan danda'u utuu ta'ee maallaqichi kan isaa utuu hin ta'iin waldaalee inshuraansii beenyaa kaffalaniif maallaqa amaanaan qabamee jiruu dha. Kaayyoon itti-darbuu qajeeltoo beenyaa wajjiin kan wal utubuudha. Kanaafuu namni waldaa inshuraansiin beenyaan kaffalameef beenyaa madda biraarraa argamu akka hin fudhanne dhorka. As irratti adeemsa waldaaleen inshuraansii beenyaa kaffalan nama inshuraansii seene irraan kan hafe namoota biroo irraa itti deeffatan ilaalaa jirra. Itti-darbuun utubduu qajeeltoo beenyaati kan jedhamee sababa kanaafi. Armaan olitti akka ibsame itti-darbuun qajeeltoo beenyaa wajjiin hariiroo waan qabuuf inshuraansii lubbuu fi miidhaa qaamaaf raawwatiinsa hin qabaatu. Isaan kanneen inshuraansii beenyaa miti. Qaamni inshuraansii kenne dirqama utuu hin qabaatiin nama inshuraansii seeneef beenyaa yoo kaffale madda biraarraa namni inshuraansii seene kaffaltii yoo argate mirga itti-darbuu hin qabaatu. Dirqamni utuu hin jiraatiin kaffaltiin kaffalamu akka beenyaatti hin ilaalamu; qajeeltoon itti-darbuu qajeeltoo beenyaa irratti hundaa'a.

4.3.4 Buusii (contribution)

Qajeeltoon buusii qajeeltoo beenyaa kan utubu yoo ta'u miidhaa wal fakkaatuuf waldaa inshuraansii tokkoo ol irraa imaammatan inshuraansii yoo kenname haala kaffaltii beenyaa murteessuuf kan tajaajiluu dha. Ejjennoo isaarratti waa'ee mirga itti-darbuu ilaalchisee kan ibsamee wajjiin wal fakkaata. Namni inshuraansii seene kun madda beenyaa lamaa ol waan qabuuf qaamolee kanneen hundarraa beenyaa akka argatu yoo haayyame hanga miidhamee ol fayyadama. Kanaaf, qajeeltoon buusii beenyaa kaffalamuu qabu waldaalee kanneen giddutti qooduun namni kun seeraa ala akka hin badhaadhine gochuun ni danda'ama. Waldaaleen kanneen beenyaa wal qixa kaffaluu yoo baatanillee hundisaanii akka kaffalan ni taasifama. Ijoon bu'uuraa qajeeltoo kanaa waldaan inshuraansii tokko guutummaa beenyichaa yoo kaffale miidhaa kanaaf beenyaa wal gitu waldaalee inshuraansii biroo gaafachuu ni danda'a. Beenyaa guutuu hin arganne taanaan waldaalee inshuraansii kennan gaafachuu kan danda'u yoo ta'u qajeeltoon buusii beenyaan kaffalamuu qabu haala haqa-qabeesa ta'een waldaalee gidduutti qoodamuu qaba kan jedhuu dha. Kaayyoon qajeeltoo kanaa maddi galii nama inshuraansii seenee tokko waan ta'eef imaammata inshuraansii baay'ee bituun galii hin malle akka hin

arganne gochuu dha. Kanaafuu, waldaan inshuraansii kenne tokko beenyaa guutuu yookaan gamisa kaffaluun waldaaleen biroon gahee isaanii akka kaffalan gaafachuuf mirga ni argata.

Qajeeltoon buusii rawwatiinsa akka qabaatutti haalawwan armaan gadii guutamuu qabu:

- Imaammatawwan lama yookaan isa ol jiraachuu qabu
- Imaammatawwan kanneen qabeenya tokkoof wabii kan kennan ta'uu qabu
- Balichi imaammatawwan kanneeniin aguuggii kan argate ta'uu qaba
- Namni inshuraansii qabeenya kanaaf seene tokko ta'u qabu
- Imaammatawwan kanneen yeroo walfakkaatu keessatti kan raawwataman ta'uu qabu; kanaafuu kaayyoon buusii namni inshuraansii seenu damee kanarraa bu'aa hin malle akka hin arganne ittisuun qaamoleen wabii inshuraansii kennan gita wabii seenanaitti itti gaafatamummaa isaanii akka bahan gochuun dameen dinagdee kun bu'a qabeessa akka ta'u taasisuu dha.

4.3.5 Sababa Dhiyoo (proximate cause)

4.3.5.1.Barbaachisummaa Qajeeltoo Kanaa

Kaayyoon waliigaltee inshuraansii, balaa hundumaaf utuu hin ta'iin, balaa aguuggiin inshuraansii kennameef yoo qaqqabe beenyaan akka kaffalamu taasisa. Balaawwan aguuggiin inshuraansii kennameef poolisii irratti ifatti kan teechifaman waan ta'eef, itti gaafatamummaan qaama inshuraansii kennee dhalachuu kan danda'u miidhaan qaqqabe sababa balaa aguuggii inshuraansii argateen yoo ta'e qofa. Miidhaan uumamuu sababa balaa aguuggii inshuraansii argate yookaan hin argannee yookaan akka hin argannee taasifameen ta'uu danda'a. Fakkeenyaaf, meeshaaleen tokko abiddaan yoo gubatanii fi meeshaalee kanneen ilaalchisee balaan abiddaa aguuggii inshuraansii argateera yoo ta'e abbaan qabeenya kanaa beenyaa kan argatu ta'a; qabeenyaan kanneen yoo hataman garuu beenyaa hin argatu. Meeshaaleen kanneen finciltootaan kan gubatan yoo ta'anii fi haala kanaan gubachuun meeshaalee kanneenii aguuggii inshuraansii ala taanaan, abbaan qabeenyaa ammas beenyaa hin argatu jechuu dha. Kanaafuu, miidhaan uumame beenyaa kan kaffalchiisuu ta'uu yookaan ta'uu dhabuusaa mirkaneessuuf sababoota miidhaan sun akka uumamu taasisan murteessuun barbaachisaa dha. Sababa kanaaf ta'uu hin hafu kan Aristootil "*True knowledge is the knowledge of proximate cause*" jechuun kan ibse. Miidhaan qaqqabe akka uumamu kan taasise sababa tokko qofa yoo ta'e qaamni

inshuraansii kenne itti gaafatamummaa kan qabu ta'uusaa adda baasuuf sababichi inshuraansiin aguuggii argachuusaa mirkaneessuu qofatu irraa eegama. Aguuggii kan argate yoo ta'e itti gaafatamummaa ni fudhata; ta'uu baannaan garuu hin fudhatu jechuu dha. Yeroo tokko tokko garuu sababootni baay'een miidhaan akka qaqqabu gochuu ni danda'u. Sababootni kanneen hundi aguuggii kan argatan yookaan kan hin arganne yookaan aguuggii ala yoo ta'an itti gaafatamummaa qabaachuu fi dhabuu adda baasuun salphaa dha. Aguuggii kan argatan yoo ta'e fudhachuu, kan hin arganne yookaan aguuggii ala yoo ta'an dhiisuu dha. Miidhaan qaqqabe sababa aguuggii argateen, hin arganneen yookaan aguuggii ala ta'aniin yoo ta'e sababootni kanneen qoba qophaatti miidhaa hangam akka qaqqabsiisan adda baasuun barbaachisaa dha. Sababootni kanneen miidhaa qaqqabsiisaniif sababa dhiyoo jedhamanii fudhatamu. Haa ta'u malee sababaa fi bu'aa adda baasuun kan hin dandaa'amne yoo ta'e garuu miidhaa sana qaqqabsiisuu keessatti gahee guddaa kan qabu adda baasuu dha.

4.3.5.2 Hiikoo Sababa Dhiyoo

Waa'ee sababa dhiyoo kan tuman seera daldalaa kwt 663 fi 665 waa'ee maalummaa jecha kana waan ibsan hin qaban. Kana qofas utuu hin ta'iin tumaaleen seeraa kanneen iftoomina gahaa waan hin qabneef hiikoo itti kennuuf rakkisaa dha. Haa ta'u malee akka barreessitoota biyya Ingilizii *Prof. Ivamy fi Raul Conlinvoux* dhimma kanarratti muuxannoo gahaa qabanitti miidhaan qaqqabe ka'uumsa tokko qaba yoo ta'e jiraachuu itti gaafatamummaa mirkaneessuun salphaa dha. Qabatamaan miidhaan sababoota hedduu al tokkicha uumamnaan yookaan irraa jala dhufaniin qaqqabuu ni danda'a. Yeroo akkasii sababni ijoon yookaan guddaan miidhaan sun akka qaqqabu taasise adda baasuun barbaachisaa dha; sabani kun sababa dhiyoo yoo jedhaman kanneen biroon immoo sababoota fagoo jedhamu. Qajeeltoon sababa dhiyoo miidhaa fi ka'umsi isaa adda baanaan gahaadha jedha; qajeeltoo sababaa fi bu'aa irratti hundaa'a. Seerri sababoota sababa uuman barbaaduu hin deemu. Fakkeenyaaf, namni tokko daandii utuu qaxxaamuruu konkolaataan yoo rukutame sababni dhiyoon miidhaa qaqqabee konkolaataan rukutamuu isaa ta'uu adda baasuun nama hin dhibu; yookaan immoo namichi sun bakka duraan turee deemuu utuu baate ta'ee balaan sun hin qaqqabu ture jechuun ni danda'ama. Kanaafuu, adda baafamuu kan qabu sababa sababaa utuu hin ta'iin sababa dhiyoo ta'uu qaba. Seerichaa irratti jechi "*wedawu*" (battalatti) jedhu sababa miidhichatti dhiyoo jiru jechuusaa miti. "Sababa dhiyoo" jedhamuuf miidhaa jedhame qaqqabsiisuu keessatti gahee inni qabutu ilaalamuu qaba. Fakeenya

armaan olitti ibsamerratti, konkolaatichi yeroon yommuu ilaalamu miidhaa qaqqabetti dhiyoo kan jiru utuu hin ta'iin balaan sun akka qaqqabu sababa ijoo waan ta'eef akka sababa dhiyootti fudhatame. Kanaafuu, sababoota hedduu keessaa tokko akka sababa dhiyootti yoo fudhatame miidhaan jedhame akka qaqqabuuf gahee ol'aanaa kan xabate isa jechuu dha. Gochaan tokko gochaa biraa uumuu akka danda'u namni jireenya isaarraa hubateera. Qajeeltoon inshuraansii bu'uuraas balaan aguuggii inshuraansii argate miidhaa tokkoof sababa dhiyoo yoo ta'e beenyaan kaffalamuu qaba jedha. Balaan tokko akka uumamuuf sababa kan ta'an sababoota walitti fufiinsa qabaniin (*successive cause*) yookaan gidduu seenaniin (*intervening factors which obscure the the chain of successive cause*) ta'uu danda'a. Qajeeltoon sababa dhiyoo garuu walitti fufiinsa sababoonti qaban hundi bu'aan argame akka uumamuuf sababa hin ta'an jedha. Fakeenyaaf, namni tokko miilla isaa sababa qunca'eef dhiigi isaa akka faalamu yoo ta'e, faalamuun dhiigaa immoo dhukkuba sombaaf saaxiluun akka du'u yoo taasise du'a nama kanaaf sabani dhiyoon qunca'uu miillaati. Sababni isaas du'a nama kanaaf sababa kan ta'e faalamuu dhiigati, faalamuun dhiigaa akka uumamu kan taasise qunca'uu miilladha. Sababni gidduu seenaa ta'e, dhukkubni sombaa sababa dhiyoo ta'uu hin danda'u. Sababni giddu seenaa ta'an (intervening causes) yeroo of danda'anii uumamuu miidhaaf sababa dhiyoo ta'uu ni danda'u.

Sababootni walfaana miidhaan akka qaqqabu taasisan lama keessaa tokko aguuggi inshuraansii kan qabu ta'ee kan biraan immoo kan hin qabnee yoo ta'ee fi lamaanuu wal utubanii miidhaan akka qaqqabu yoo taasisan isaani keessaa sababa dhiyoo adda baasuun rakkisaa dha. Yeroo akkasii gahee isaan gumaachan irratti hundaa'uun dhimmichatti furmaata kennuun barbaachisaa dha. Muuxannoon biyyoota adda addaa sababoota fagoo utuu hin ta'iin sababa dhiyoof xiyyeeffannoo kenna. Sababa dhiyoo adda baasuuf tooftaan itti fayyadaman tokko miidhaan qaqqabe maaliif qaqqabuu danda'e jedhanii gara boodaatti deebi'anii qorachuu dha. sababootni sun fuuncaa (addaan kan hin cinne) yoo ta'an sababa isa jalqabaa adda baasuun ni danda'ama. Kanaafuu, sababootni walitti dhidhatanii miidhaa qaqqabsiisan walitti hidhatanii kan dhufan yoo ta'e sababootni sun kan addaan citan yookaan hin cinne ta'uusaanii mirkaneeffachuun barbaachisaa dha. Sababootni sun addaan kan hin cinnee yoo ta'aniif sababa isa jalqabaa adda baasuun kan danda'amu yoo ta'e akka sababa isa dhiyootti kan fudhatamu sababa isa jalqabaati. Fuuncaan sababoota addaan kan cite yoo ta'e sababootni sunniin hundi miidhaa isaani qaqqabsiisan adda baasuun barbaachisaa dha; sababni hundinuu miidhaa qaqqabsiisan hundumaaf akka sababaatti fudhatamu. Yeroo tokko tokko sababootni lama miidhaa tokkoo

waliin ta'anii akka qaqqabsiisanitti fudhatatmu. Fakkeenyaaf, yeroo bubbeen (obonboleettiin) ka'utti balaan abiddaa qaqqabuu danda'a; balaan kun akka uumamu kan godhe obonboleettii sana ta'uu dhabuu danda'a. Miidhaa yeroo kana qaqqabu irratti obonboleettii fi abiddi gahee of danda'e qabaachuu danda'u. Bifuma walfakkaatuun yeroo jeequmsaa keessa balaan abiddaa qaqqabuu danda'a; jeequmsi garuu sababa ta'uu dhabuu danda'a. Fakeenyawwan lamaan armaan olii keessatti balaa abiddaa uumameen akkasumas balaa abiddaa jeequmsaan ka'een miidhaan qaqqabuu ni danda'a. Sababootni lamaan walfaana uumaman sunniin of danda'anii qoba qophaattis argamuu ni danda'u. Walfaanaa kan uumaman yoo ta'e miidhaa kamtu obonboleettiin miidhaa kamtu immoo ibiddaan akka qaqqabe adda baasuun hin danda'amu. Miidhaawwan kanneen aguuggii inshuraansii ala kan ta'an waan hin jirreef lamaaniif kaffaltiin raawwatamuu kan danda'anii dha. Sababoota kanneen sababni dhiyoon adda baafameera utuu ta'ee isa qofatuuf kaffaltiin akka raawwatamu ta'a. Fakkeenya lammaffaa irratti, sababootni lamaan sun adda fo'amuu hin danda'an taanaan aguuggii inshuraansii kan argatu hin jiru; sababootni sun adda baafamuu kan danda'an yoo ta'an miidhaa ibiddaan dhufe qofatu aguuggii inshuraansii argachuu danda'a. Sababa dhiyoo ilaalchisee yaadawwan armaan gaditti tarreeffamanii jiran hubachuun gaarii dha.

- Balaan aguuggii inshuraansii qabu sababa isa jalqabaa ta'uun irraa hin eegamu
- Balaan aguuggii inshuraansii qabu bu'aa kallattii balaa aguuggii inshuraansii ala ta'e ta'uu hin qabu (yaada kana poolisiin kan hin haqne yoo ta'e)
- Sababni dhiyoon miidhaan akka qaqqabu taasise poolisii irratti kan hin ibsamne yoo ta'es balaa aguuggii inshuraansii argateen kan dhufe taanaan miidhaa sanaaf beenyaan ni kaffalama (poolisiin bu'aa isaa ifatti aguuggii ala yoo taasiserraan kan hafe). Haala kanaan mancaatii ibiddaan qaqqabe booda miidhaan bishaan yookaan aaraan uumame aguuggii inshuraansii akka qabutti fudhatama.
- Balaan poolisiirratti ibsame hanga hin qaqqabnee fi miidhaa nama inshuraansii seenerratti hin geessisnetti balaan caqasame miidhaa qaqqabe kan hin geessifne yoo ta'ellee qabeenyichi aguuggii inshuraansii argachuu danda'a. Fakkeenyaaf gamoo qabeenya aguuggii argate cina jirutti ibiddi yoo qabate, qabeenyaan aguuggii argate kun immoo bishaanii fi aaraan yoo manca'e inshuraansiin ibiddaa aguuggii ni kennaaf (ibiddaan gubachuun ifatti poolisiin aguuggii ala yoo ta'erran kan hafe).

- Miidhaa gahaa jiru hambisaa yookaan xiqqeessaa utuu jiranii miidhaan qabeenyaarra yoo gahe miidhaan kun aguuggii ni argata. Kanaafuu, miidhaan namoota ibidda dhaamsaniin gahu aguuggii ni argata.
- Armaan olitti akka ibsame qajeeltoo sababa dhiyoo keessatti sababni gidduu seenaan fudhatama hin qabu. Kanaafuu, qabeenyaan ibiddaan yeroo gubachaa jirutti namootni dhaabatanii ilaalan qabeenya irratti miidhaa yoo qaqqabsiisan miidhaan kun aguuggii hin argatu. Sababni isaas miidhaan kun akka gahu kan taasise gochaa seeraa alaa namootni sun raawwatan malee ibidda miti. Raawwatiinsa waliigaltee inshuraansiif qajeeltowwan armaan olitti ilaalle qofatu xiyyeeffannoo argachuu qaba jechuu yoo baannellee barbaachisummaa fi kaayyoon isaanii garuu qooda guddaa kan qaban ta'uu hubachuu qabna.

4.4 Kaffaltii Dursaa (Premium)

Damee dinagdee inshuraansii keessatti seera qabeessummaa waliigaltee inshuraansii dhimmoota murteessan keessaa tokko kaffaltii dursaati. Kaffaltiin dursaa "*premium is the condideration which the inshurer receives from the assured in exchange for their undertaking to pay the sum assured event against"*hiikoo jedhu qaba.Akaakuu inshuraansii irratti hundaa'ee kaffaltiin dursaa amala lama qaba jechuunis waliigaltee inshuraansii jireenyaa fi waliigaltee inshuraansii jireenyaa hin taane jedhamee qoodama. Waliigaltee inshuraansii miidhaa qaamaa bu'uura seera daldalaa kwt 659(1) fi 666 taasifamuun kaffaltiin dursaa utuu hin kaffalamiin yoo hafe waldaan inshuraansii himata m/murtiidhiyeessuu kan danda'u yoo ta'u waliigaltee inshuraansii jireenyaa bu'uura seera daldalaa kwt 709tti taasifamu ilaalchisee garuu kaffaltiin dursaa kaffalamuu yoo baates himata dhiyeessuun hin haayyamamu. Tumaalee seera kanaarraa hubachuun akka danda'amutti inshuraansiin jireenyaa akka investimentiitti waan ilaalamuuf kaffaltii dursaa kaffaluu dhabuun dhimma himachiisu miti; haa ta'u malee inshuraansiwwan biroon irratti kaffaltii kana raawwachuu dhabuun himachiisuu kan danda'uu dha.

Kaffaltiin dursaa haala kamiin raawwachuu danda'a? gaaffii jedhu yoo ilaalle waliigalteen inshuraasnii poolisii waldaan inshuraansii qophaasaa qopheessu irratti kan hundaa'u yoo ta'es haalaa fi hanga kaffaltiichaa waldichi akka barbaadetti qophaasaa murteessa jechuu miti.

Kanaafuu, kaffaltiin dursaa hojimaata damee daldalaatiin beekamtii argatan armaan gaditti kan tarreeffaman kanneen irratti hundaa'uun kan murteeffamuu dha.

1. Waliigalteen inshuraansii utuu hin taasifamiin dura haalawwan yookaan balaawwan jiran (characterstics of the peril)
2. Tamsa'ina balichaa (risk distribution)
3. Akaakuu tokko ta'uu balichaa (homogeneous character of the peril)

Kaffaltii dursaa yerootti kaffaluu dhabuu ilaalchisee ejjennoo manneen murtii biratti fudhatamu yoo ilaallu inshuraansii jireenyarraan kan hafe inshuraansiwwan biroo adeemsi seera daldalaa kwt 666 irratti teechifame raawwatiinsa kan qabaatuu dha. Kaffaltiin dursaa yerootti kaffalamuu dhabuun waldaan inshuraansii battalatti waliigatee addaan kutuu utuu hin ta'iin kaffaltichi akka raawwatamuuf gaaffii dhiyeessuu danda'a (kwt 666(3)); gaaffiin dhiyaatee yeroo ji'a tokko keessatti kaffalamuu yoo baate waliigaltichi ni daangeffama. Yeroo kaa'ame kana booda kan hin kaffalamne yoo ta'e waldichi kaffaltichi akka raawwatu gaafachuu yookaan waliigalticha addaan kutuu ni danda'a (kwt 666(4)). Imaammatan inshuraansii biyyaa keenyaatti hojii irra oolaa jiran garuu seeraan bifa faallaa ta'een kaffaltiin dursaa akkuma kaffalamuu dhaabeen waliigalteen adda cita jedhanii murteesse. Fakkeenyaaf, imaammatan waldaa inshuraansii Itoophiyaa inshuraansii michii (illness), dhukkubaa (disease) fi miidhaa qaamaa ilaalchisee ittiin hojjetamaa jiran "*If any premium is not paid when due the insurance under the policy automatically terminates*" kan jedhu yoo ta'u dhimmoota biroo ilaalchisee imaammata dhaabbatni inshuraansii Itoophiyaa, waldaan inshuraansii Naayil fi waldaan inshuraansii Afrika baasan "*the company may at any time cancel the policy upon one month notice*" jechuun tumanii jiru. Dhaabbatni inshuraansii Itoophiyaa konkolaattota dhuunfaaf imaammata baase irratti yeroo akeekkachiisaa ji'a tokkoo gara guyyoota 15 gadi buuseera. Imaammatan inshuraansiiwwan kenneenii yaada nama seera daldalaa barreessee kan faallessuu dha:

> *As for the payment of the premium in order to spare the insured from the sudden unforeseen rupture of the contract. I have included a provision as has been done in the French law requiring a mandatory waiting period followed by a period of one month during which the insurance is only suspended. The provision is a matter of public policy and can not be varied by the parties.*

Ejjennoo manneen murtii seera daldalaa kwt 666 irratti qaban ilaalchisee m/murtiiwaliigala Itoophiyaa lak galmee 47/87 irratti, Obbo Xigaabuu Anbarbir falmii waldaa inshuraansii wajjiin gaggeessan irratti yeroon kaffaltii dursaa itti kaffalan erga darbee booda balaan kan qaqqabe yoo ta'ellee obbo Xigaabuuf kaffaltiin raawwatamuu qaba jedhee murteesse. Murtii kanaafis akka sababaatti kan kaa'ame seera daldalaa kwt 666(2) obbo Xigaabuuf yeroo akeekkachiisaa ni kenna waan ta'eef kaffaltii dursaa kaffaluu dhabuunsaa beenyaa akka hin arganne isa hin taasisu kan jedhuu dha. M/murtiiwaliigala federaalaa dhimma walfakkaataa falmii obbo Isheetuu Asaffaa fi waldaa inshuraansii biyyoolessa Itoophiyaa lak galmee 4452/2000 irratti murtii m/murtiiol'aanaa federaalaa lak galmee 35/89 irratti kenne diiguun yeroon kaffaltii dursaa itti raawwachuu qaban darbeera jechuun erga yeroon kaffaltii itti raawwachuu qaban darbee booda gaaffii dhiyaate kufaa gochuun murteesseera. Murtii kanaafis yaadawwan armaan gadii akka sababaatti dhiyeessee jira:

1. Namni mirga waliigalterraa madden qaba jedhu waliigalteen qaama biraa dirqisiisuu danda'u jiraachuu qaba
2. Yeroo beekamaa tokko keessatti kaffalamaa jiraachuun kaffaltii dursaa mirkanaa'uu qaba
3. Sababni kaffaltii dursaa itti kaffalan ni jira; kun hundi garuu dhimma obbo Isheetuu Asaffaa irratti hin mul'atu

Garagarummaa ejjennoo poolisiiwwanii fi seera gidduu jiru akkasumas manneen murtii gidduu jiru yoo ilaallu waldiddaan poolisiiwwanii fi seera guddii jiru haala seerri jedhuun furamuu qaba; hubannoo manneen murtii seera daldalaa kwt 666 irratti qabaachuu qaban sababa kaffaltii dursaa yerootti kaffalamuu dhabeef waliigalteen ishuraansii battalatti addaan yoo cite namni inshuraansii seene sun waliigaltee duraan qabuu fi kaffaltii kaffaleef aguuggii inshuraansii hin argatu waan ta'eef malee, damee dinagdee kana qummuunsuuf kan yaadamee akka hin taane hubachuun barbaachisaa dha. Yeroo akeekkachiisaa bu'uura godhachuun kan ilaallu yoo ta'es seerri hariiroo hawaasaa kwt 1770(2) fi 1774(2) yeroo akeekkachiisaa ji'a 6 kenna; haa ta'u malee gaaffiin kaffaltiin dursaa naaf haa raawwatu jedhu dhiyaatee ji'a tokko keessatti beenyaa fi kaffaltiiwwan tokko tokko kan argamsiisuudha malee qaama tokko iyyoomsanii qaama biroo immoo badhaadhsuuf kan kaayyeeffatame miti. Kanaafuu itti gaafatamummaan waldaa inshuraansii beenyaa kaffaluu qofa yoo ta'u kunis raawwachuu kan danda'u kaffaltii dursaa yeroo tokkotti kaffalamu yookaan irraa-jala kaffalamu irraa madda. Inshuraansii jireenyaa

ilaalchisee kaffaltiin dursaa yerootti kaffalamuu yoo baate bu'aan (taateen) uumamuu danda'u kanneen armaan olitti ilaallerraa adda. Bu'uura seera daldalaa kwt 703tti kaffaltiin walitti fufee waggaa sadiif erga kaffalamee booda kaffaltiin dursaa addaan yoo cite qaamni inshuraansii kenne kaffaltiin akka raawwatuuf gaaffii dhiyeessee ji'a tokko gidduutti kaffalamuu yoo baate waliigaltichi kufaa hin ta'u; filannoowwan armaan gadii keessa tokko hojii irra ooluu danda'a.

- Maallaqa kaffalamee jiruuf poolisii inshuraansii kennuu (paid up insurance), yookaan
- Maallaqa waliigalticha irratti waliigalan yookaan maallaqa lubbuun hanga jirutti kaffaluuf waliigale bu'uura seera daldalaa kwt 856tti hir'isanii kaffaluufii dha (cash or surrender).

Tumaaleen poolisii inshuraansii jireenyaa waldaa inshuraansii Itoophiyaa kwt 4 (a-b) tumaalee seera daldalaa wajjiin haala wal simuun kan tumaman yoo ta'u seerri kaffaltiin dursaa waggaa sadiif kan kaffalame yoo jedhu poolisichi immoo waggaa lamaaf kan kaffalame jechuun dheerina waggichaa waggaa tokkoon gadi xiqqeesseera. Waldaan poolisii kana baase poolisii isaa haala faallessuu danda'uun kaffaltiin duraa waggaa sadiif kaffalamuu qaba falmii jedhu ni gaggeessa yoo ta'e fayyaalessa miti jedhamee waan yaadamuuf falmiin akkasii ni dhiyaata hin jedhamu; kanaaf garagarummaan kun garagarummaa bu'uraa miti jechuun ni danda'ama. Yeroon kaffaltii kun gabaabbachuunsaa faayidaa nama inshuraansii seenee waan eegsisuuf namni kun garagarummaa kana bu'uura godhachuun falmii ni dhiyeessa hin jedhamu. Kanaafuu, poolisii inshuraansii jireenyaa fi seera gidduu garagarummaan yoo jiraatellee garagarummaa falmiif sababa ta'uu danda'uudha kan nama jechisiisu miti.

Filannoon kan biraa seera daldalaatiin aguuggii hin arganne poolisii inshuraansii jireenyaa waldaa inshuraansii Itoophiyaa kwt 4(c) irratti tumame waliigaltee inshuraansii dheeraa (extended term insurance) kan jedhamuu dha. Nama inshuraansii jireenyaa seenee waggaa lamaaf kaffaltii duraa kaffalaa erga turee booda addaan kuteef, hanga maallaqa kaffaleettiipoolisii inshuraansii jireenyaa kennuufiin yeroon kaffaltii itti raawwatan yoo gahu akka kaffalu taasisuun waliigalteen inshuraansichaa akka dheeratu adeemsa taasisuu dha. Hanqinni poolisicharratti mul'atu tokko waliigaltee inshuraansii dheereffame keessatti namni kaffaltii itti fufee kaffaluu eegale mirga akkamii akka qabu ifatti tumuu dhabuu isaati. Seerri daldalaa kwt 709 dhimma kanarratti waan jedhu hin qabu; seera daldalaa kwt 666(6)

inshuraansii jireenyaarratti seera daldalaa kwt 666(5) akka hin fayyadamne waan dhorkuuf ijoo kanarratti falmiin ka'u poolisii inshuraansiin yookaan waliigaltee qaamolee lamaan gidduutti taasifamuun furtmaata argachuu qaba. Akka waliigalaatti yeroo ilaalamu kaffaltii dursaa yerootti kaffaluu dhabuun waliigalteen inshuraansii battalatti kufaa hin taasisu. Filannoowwan jiran akka akaakuu inshuraansiitti garagarummaa kan qaban yoo ta'ellee waldhabdeen seeraa fi poolisii gidduutti yeroo uumamu dhimmichi bu'uura seeraatiin furmaata argachuu qaba. Dhimmi ijoo kanaa wajjiin ilaalamuu qabu kan biraan, waliigalteen inshuraansii jireenyaa akaakuu sadii qaba: inni jalqabaa bu'uura seera daldalaa kwt 692(1) namni inshuraansii seene yeroo lubbuun jirutti maallaqa walfaana yookaan irraa jala kaffale beeyaan akka kaffalamuuf adeemsa taasisuu dha; inni lammaffaan bu'uura seera daldalaa kwt 692(2)tti namni inshuraansii seene yeroo lubbuun jirutti maallaqa walfaanaa yookaan irraa jala kaffale yeroo inni du'utti dhaaltotni isaa yookaan namoota poolisicha keessatti caqasamaniif beenyaa kan kaffalamuu dha; inni sadaffaan immoo akaakuu inshuraansii isa tokkoffaa fi lammaffaa irratti caqame of keessatti kan hammatuu dha.

Ejjennoon adda addaa manneen murtii keessatti akka qabatamu inshuraansiin taasisu inshurasii yeroo du'a kaffalamuu dha. Akaakuu inshuraansii kana irratti fayyadamtoota adda baafaman ilaalchisee seera daldalaa kwt 701(1) inshuraansii kun nama tokko fayyadamaa taasisuuf seenamuu akka danda'u ni ibsa. Tumaa kana seera daldalaa kwt 709(1) wajjiin wal bira qabnee yoo ilaallu gaaffiilee adda addaa kaasuun ni danda'ama:

a. Inshuraansichi kan seename erga fuudhaa fi heerumni taasifamee booda ta'ee inshuraansicha kan seene abbaa manaa yookaan haadha manaa yoo ta'e,
b. Yeroo waliigalteen inshuraansii mallatteeffametti ijoolleen nama mallatteessee dhalatanii jiran akka fayyadamtoota adda baafamanii caqasamaniitti fudhatamu jedha. As irratti gaaffileen armaan gadii ka'uu ni danda'u:
    i. Fayyadamaan maqaan adda bahee caqasame abbaa manaa yookaan haadha manaa fi ijoollee nama inshuraansicha mallateessee wajjiin faayida adda qooddachuu ni danda'aa?
    ii. Fayyadamaan maqaan adda bahee caqasame kan hin jiraanne yoo ta'e abbaan manaa yookaan haati manaa fi ijoolleen fayyadamtoota ta'uu?

iii. Abbaanmanaa yookaan haatimanaa fi ijoolleen dimshaashaan kan caqasaman yoo ta'ee fi maqaan isaanii ifatti eeramuu yoo baate akka fayyadamtoota maqaan adda baafamanitti fudhatamuu?

Kaffaltiin dursaa qabeenya abbaanmanaa fi haatimanaa waliin qaban akkasumas qabeenya maatii ijoolleen jireenyaaf irratti hundoofturraa kan kaffalamu waan ta'eef maqaan namoota kanneenii ifatti caqasamuu yoo baatellee fayyadamaa adda bahee ibsamee wajjiin fayyadamoo ta'uu qabu jedhanii gudunfuun ni danda'ama. Haa ta'u malee, hiikoon akkanaa mirga fayyadamtoota adda baasuu danda'uu nama inshuraansii seenu kan daangessuu dha. Namni seera kana barreessan *prof. Jaufret* dhimma kanarratti xiyyeeffannoo kennuun namni inshuraansii seenu mirga nama fayyadamu adda baasuu qaba jechuun haala itti aanuun ibsaniiru: "*I have included the most libral solution for the determination of the beneficiaries of insured in the case of death*". Kanaafuu, abbaamanaa, haadhamanaa yookaan ijoollee fayyadamaa adda baafamee wajjiin hirmaattota faayidaa gochuun mirga fayyadamaa murteessuu nama inshuraansii seenee daangessuu ta'a. Abbaamanaa yookaan haadhamaa fi ijoolleen inshuraansii kanarraa fayyadamoo ta'uu kan danda'an fayyadamaan maqaan caqasame hanga hin jirreetti yaada jedhu yoo ilaallu faayidaan inshuraansii irraa argamu maal akka ta'e seera daldalaa kwt 705 fi seera hariiroo hawaasaa kwt 827(1) ifatti tumanii jiru. Haala tumaalee kanneeniin faayidaan argaman qaama qabeenya dhaalmaaf qophaa'e ta'u; haala kanaan hiikoo itti kennuun yaada seera daldalaa kwt 701(2) irratti tumamee jiru faallessuu yookaan keewwaticha hojii ala gochuu ta'a. Yaada isa sadaffaa irratti abbaanmanaa yookaan ijoolleen dimshaashaan kan caqasaman maqaan isaanii ibsamuu yoo baatellee akka fayyadamaatti fudhatamu kan jedhu mirga fayyadamtoota adda baasuu kan daangessu miti. Itti dabalees, namootni aguuggii argachuu hin qaban jedhaman fayyadamtoota gochuun namootni baay'een akka hammataman taasisa. Abbaanmanaa yookaan haatimanaa fi ijoolleen maqaan adda baafamanii hin caqasamne taanaan fayyadamtoota adda baafamanii wajjiin fayyadamuu hin qaban ejjennoon jedhu abbaanmanaa yookaan haatimanaa fi ijoolleen yeroo inshuraansichi mallatteeffame hin turre hirmaattota faayidichaa akka hin taane taasisa.

Haa ta'u malee, jechi waliigalaa kan akka "abbaamanaa", "haadhamanaa" fi "ijoollee" koo jedhu jiraannaan namootni gita kana keessatti kufuu danda'an hundi fayyadamtoota ta'uu danda'u. Kanaafuu gaaffii sadaffaa kana eeyyee jennee deebsuun dhimma fudhatama qabuu dha; jechootni tumaa seera daldalaa kwt 701(1-2) jiranis yaada kana kan cimsanii dha. Seerri daldalaa

kwt 701(1) "fayyadamaa adda baafame…." jechuunsaa namni tokko fayyadamaa adda baafame ta'uu kan danda'u maqaansaa kan caqasame yoo ta'ee dha. Haa ta'u malee, fakkeenyaaf jechi "ijoollee koo" jedhu ijoollota isaan kamiin ibsuu akka barbaade hin agarsiisu. Keewwatni 701(2) 'maqaan isaanii adda baafame yoo caqasamuu baates akka fayyadamtoota adda baafamanii caqasamaniitti fudhatamu' jechuunsaa ijoollota yeroo waliigalteen sun mallatteeffame jiran qofa ilaallata yaadni jedhu akka hin uumamne taasisa. Namni inshuraansii seene yeroo du'utti waliigalticha irraa fayyadamaa kan ta'u eenyu akka ta'e murteessuuf bilisummaa qaba. Kanaafuu, abbaanmanaa yookaan haatimanaa fi ijoolleen nama inshuraansii seenee adda baafamanii hin caqasamne taanaan fayyadamtoota hin ta'an jechuu dha. Haa ta'u malee, jechi "abbaamanaa, haadhamanaa fi ijoollee koo" jedhu jiraannaan namoota gita kanarra jiran fayyadamtoota akka ta'anitti fudhachuun yaada deeggaramuu qabuudha. Seera daldalaa kwt 701(2) irratti gaaffileen: abbaanmanaa yookaan haatimanaa yeroo inshuraansichi mallatteeffamee fi namni inshuraansii seene du'e gargar yoo ta'an eenyutu fayyadamaa ta'a? Ijoolleen inshuraansichi erga mallatteeffamee booda dhalatan fayyadamoo ni ta'uu? jedhan ka'uu danda'u. Gaaffii duraa ilaalchisee adda baasee kaa'uu yoo baates "waliigalteen inshuraansii erga mallatteeffamee booda" jedhu yeroo namni inshuraansii seene du'e namoota jiran jechuusaati jechuun ni danda'ama.

Sababni isaas namni inshuraansii mallatteesse abbaamanaa yookaan haadhamanaa duraanii fayyaduu yoo barbaade maqaan adda baasee ibsuu ni danda'a ture. Gaaffii isa lammaffaa yoo ilaallu seerri daldalaa hiikoon afaan Amaaraa "yeroo inshuraansiin mallatteeffame ijoollee dhalatan" waan jedhuuf ijoollotni erga inshuraaansiin mallatteeffamee booda dhalatan fayyadamoo waan hin taane fakkaata. Haa ta'u malee, waan fudhatama qabu hin fakkaatu. Hiikoon afaan Ingilizii immoo "*The subscriber's children, whether or not born at the time when the policy is entered into"* jedhuun ijoollota utuu inshuraansiin hin mallatteeffamnii fi erga mallatteeffamee booda dhalatan akka hammataman taasiseera. Kanaafuu, hiikoo afaan Ingilizii kana hordofuun ijoollotni hundi fayyadamoo akka ta'an taasisuun kaayyoo seerichaa wajjiin kan deemuu dha. Kaffaltii dursaa kaffaluu fi fayyadamtoota waliigaltee inshuraansii ilaalchisee falmiin ka'an kanneen armaan olitti kaafne qofa ta'uu yoo baatellee kanneen ijoo ta'an kaasuun kallattii furmaataa agarsiisuuf yaaliin taasifamee jira.

4.5 Dhoksuu fi Sobuu

Waliigalteen inshuraansii fayyaalessummaa (uberrima fedes) irratti kan hundaa'e ta'uusaa addunyaan erga hubate barootni lak a'amaniiru. *Professor Ivarmy* bifa wal fakkaatuun barbaachisummaa fayyaalessummaa haala armaan gadiin kitaaba isaanii irratti barreessaniiru:

> *The reason which underlies utmost good faith is that parties to the contract of insurance are duty bound to assist one another to come to the right conclusion instead of holding at arms length in defence of their conflicting interests.*

Dhoksuu fi ragaa sobaa dhiyeessuun seera daldalaa kwt 667 fi 668 irratti beekamtii kan argatan yoo ta'ellee hojimaata addunyaa wajjiin wal bira qabamee yoo ilaalamu garuu dhimma kanaaf aguuggiin gahaan hin kennamne jechuun ni danda'ama. Kaayyoon waliigalteen inshuraansii fayyaalessummaa irratti hundaa'uu qaba jedhu gama qaama inshuraansii kennuun yoo ilaalamu kaffaltii dursaa kaffalchiisuun yookaan kaffalciisuu kan qabu kaffalchiisuu dhiisuun hangi beenyaa odeeffannoo qabatamoo nama inshuraansii seenuun dhiyaatu irratti waan hundaa'uuf faayidaan isaa guddaa dha. Gama nama inshuraansii seenuun yoo ilaalamu waliigalteen erga mallatteeffamee booda ijoon dhokate yookaan sobaan dhiyaate jiraachuunsaa beekamnaan akka dhimma isaatti ejjennoon fudhatamuu qaban waan jiraniif itti gaafatamummaa hariiroo hawaasaa dhufuu danda'an jalaa baraaramuuf odeeffannoo dhuga-qabeessa ta'an qofa kennuu qaba.

Dhoksaa fi ragaa sobaa irratti gaaffilee ka'uu danda'an hedduu kaasanii ilaaluun kan danda'amu yoo ta'ellee kaayyoo barreeffama kanaa galmaan gahuuf muraasa kaafnee ilaalla. Qaamni waliigaltee inshuraansii seenu odeeffannoo dhuga qabeessa kennuu kan qabu yoo ta'es hangi yookaan daangaan dhuga qabeessummaa kanaa hangam ta'uu qaba? Namni inshuraansii seenu waan beeku yookaan waan beekuu qabu ibsuu qaba adeemsa jedhu kan hordofnu yoo ta'ellee seerri keenya seera daldalaa kwt 667 irratti keessumaa hiikoo afaan Ingilizii irratti 'within his knowledge and which are likely to assist the insurer to appreciate fully the risk' waan jedhuuf seerri keenya wanta beeku hunda dubbachuu qaba jedha. Kanaaf, dhimma waan beekuu qabuu hin ibsin hafe jedhame bu'uura seera daldalaa kwt 668tti gaafatamuu hin danda'u. Ijoo kanarratti falmiin adda addaa kan gaggeeffamu yoo ta'ellee tumaa seera daldalaa kwt 667 raawwatiinsa argachuu qaba. Gama biraan, waliigaltootni wanta ibsamuu qabu yoom ibsuutu irraa eegama? kan jedhuu dha. Dhimma beeku ibsuu kan qabu yeroo waliigaltee seenu malee sanaan booda

dhimmoota haaraa uumaman hunda ibsuuf dirqama seeraa hin qabu. Waliigaltee inshuraansii dheereffame keessatti waliigaltichi kaffaltiin dursaa yeroo kaffalamee kaasee waliigaltichi raawwatiinsa qabaachuu qaba jecha jedhu irratti waliigalaniiru taanaan hanga kaffaltiin dursaa kaffalametti kan fayyadamu waan ta'eef ragaa dhoksuu yookaan kan sobaa dhiyeessuun itti gaafatamaa taasisa. Waliigaltee inshuraansii keessatti dhimmi ibsamuu qabuu fi hin qabne yookaan faayidaa qaba jedhamuu fi hin qabu jedhamu isaan kami? gaaffii jedhuuf seerri keenya deebii ifa ta'e hin kennu. Kitaaba *professor Invmy, the general principle of insurance* jedhu irratti yaada jiru kaafnee ilaaluun faayida qabeessa waan ta'eef haala armaan gadiin akka dhiyaatu ta'eera:

1. *All facts suggesting that the subject matter of insurance is exposed to more than ordinary danger for the peril insured against*
2. *All facts suggesting the proposed assured is actuated by same special motive*
3. *All facts showing that the reliability of the ensurer might be greater than would normally be expected*
4. *All facts related to the moral hazard*
5. *All which the knowledge of the proposed assured are regarded by insurer as material*

Safartuwwan armaan olitti tarreeffaman irratti hundaa'uun dhoksamuu fi dhoksamuu dhabuu dhimma qaamolee waliigaltee inshuraansii raawwataniin ibsamu adda baasuun ni danda'ama. Bu'uura seera daldalaa kwt 668tti bu'aan dhimma ibsamuu qabu dhoksuu yookaan waan sobaa dubbachuu bakka saditti qoodamuu ni danda'a:

1. Yeroo waliigalteen seename dhimmoota ta'e jedhamnii dhoksaman yookaan odeeffanno sobaa kennaman kan ilaallatu
2. Erga waliigalteen seenamee booda dhimmoota dhoksaman yookaan odeeffannoo sobaa kennaman ilaalchisee adeemsa deemamuu qabu
3. Balaan qabeenya aguuggii inshuraansii argaterra erga gahee booda dhoksaa yookaan oddeeffannoo sabaa saaxilaman kan ilaalan. Seerri daldalaa gochaan dhoksaa kun taatewwan ibsaman sadan kana akka qabu kan ibsu yoo ta'u poolisiiwwan dhaabbilee inshuraansiitiin tumaman akka ibsanitti garuu dhoksaan yookaan odeeffannoon sobaa kennamu hubannaan waliigaltichi battalatti kufaa ta'a bifa jedhuun kan qophaa'anii dha.

Fakkeenyaaf, poolisii dhaabbatni inshuraansii itoophiyaa "burglary and house breaking" ilaalchisee baase irratti *"....If there shall by any misstatement in or omission of material fact for the information supplied by the assured where by the said proposal or declaration or otherwise the policy shall be null and void any premium paid there on shall be forfeited….*" jechuun ibseera. Tumaalee kanneen gidduu garagarummaan akka jiru hubachuun ni danda'ama. Dhimmi dhoksame yookaan odeeffannoo sobaan kenname ta'e jedhamee moo dagannoon raawwatame? Gochaan seeraa alaa kun balaan aguuggii inshuraansii argate erga qaqqabee booda moo dura beekame? Jedhanii adda baasuun bu'uura seera daldalaa kwt 668 furmaata itti kennuun dhimma ifa ta'uu qabuu dha.

4.6 Balaa: Waliigaltee Inshuraansii Keessatti

4.6.1 Balaa: Akka Waliigalaatti

Cimaa deemuu balaa fi bu'aa isaa kan tumu seera daldalaa kwt 669 balaan maal akka ta'e hin ibsu. Barreessitootni dhimma kanarratti qorannoo gaggeessan kan barreessan hiikoo "*Risk is a prediction concerning potential loss partly reasoned from things known and party predicted on guess work, is generally understood as the risk that is the basis of computation of premium that an insured pays to the insurer to acquire insurance"(Keeton and Widiss P.8* jedhu itti kennaniiru.Ibsakanarraa balaan dhimma qabatamaan ni ta'a jedhanii jala muran akka hin taane hubanna. Egereen jireenya isaatii maal akka ta'e dhalli namaa jala muree waan hin beekneef balaa uumamuu danda'u hambisuu yoo baatellee erga balaan qaqqabee booda hamaa gahu gara gaariitti jijjiiruuf inshuraansii bitata. Ibsa biraatiin, barbaachisummaan inshuraansii miidhaa balaa akka tasaa uumamuu xiqqeessuu dha. Akaakuwwan balaa yoo ilaallu,

1. Balaa maallaqaan tilmaamamuu danda'uu fi timaamamuu hin dandeenye (financial and non financial risk) jedhamee bakka lamatti qoodamuu danda'a. Balaan maallaqaan tilmaamamuu danda'u jedhamu balaa qabeenya gatiinsaa beekamu irratti qaqqabu yoo ta'u kan maallaqaan tilmaamamuu hin dandeenye immoo kanneen amala uumamaa (subjective nature) qaban yookaan dhimmoota miira irratti hunda'an ta'anii filannoo akka akaakuu haalluu filachuu, bakka bashannanaa filachuu fi muuziqaa ajaa'ibsiifachuu fi kkf of keessatti kan hammatuu dha

2. Taateeen isaa kan hin beekamnee fi balaa miidhaa qaqqabsiisuu yookaan bu'aa argamsiisuu danda'u (*pure or subjective risk*), balaa taateen isaa beekamuu danda'u yookaan beekamuu hin dandeenye (pure risk) jedhamu fakkeenyaaf balaa konkolaataa mucaa daandii irratti kubbaa taphataa jiru irratti gahuu danda'uu dha. Dhimmi akkanaa akka balaa nama maashinii mudaa qabuun hojjetu irra gahuu yookaan gahuu dhabuu danda'uu dha.Balaan taatee miidhaa geessisuu yookaan bu'aa argamsiisuu danda'u qabu jedhamu immoo fakkeenyaaf, warshaan meeshaa oomishu galiisaa guddifachuuf gatii meeshaa oomishuu daraan ol yoo guddise gabaa dhabuun kasaaruu ni danda'a; bu'aan argachuun hafee gatii ittiin oomishamuyyuu argachuu dhabuun ni danda'ama. Kanaafuu, balaan gahuu yookaan gahuu dhabuu danda'u (speculative risk) jira kan jedhamu.
3. Balaa bu'uuraa fi addaa (fundamental and particular risk) kan jedhaman maddaa fi taatee argamsiisan irratti hundaa'uun kan ramadamanii dha. balaan akaakuu balaa kana keessatti ramadamuu danda'u balaa jireenya yookaan dinagdee hawaasa (garee) tokkorra gahuu danda'anii dha. Obonboleettii, kirkira lafaa, lolaa, weerara, hir'isuu gatii maallaqaa (inflation), marii hojii dhaabuu (strike), waraana fi kkf akka fakkeenyaatti eeruun ni danda'ama. Balaa addaa kan jedhamu balaa garee yookaan hawaasa tokkoon qaqqabuu fi hawaasuma yookaan gareedhuma sanarratti miidhaa geessisu ta'ee balaa to'annooo nama dhuunfaa yookaan garee ala ta'uu danda'uu dha. Ijoo kanarratti balaan akka fakkeenyaatti caqasamuu danda'u balaa ibiddaa, hanna, miidhaa qaamaa, balaa konkolaataa fi kkf dha.

4.6.2 Dirqama Beeksisuu fi Ibsa Kennuu

Barbaachisummaan fayyaalessuummaa (amanamummaa) nama inshuraansii seenee ragaalee wanta aguuggii inshuraansii argate wajjin hariiroo qaban hunda dirqama isbsuu kan agarsiisuu dha. Dirqamni beeksisuu wanta beekan qofa utuu hin ta'iin wanta beekuu qabanis kan dabalatuudha jechuun falmiin utuu gaggeeffamuu ni mul'ata. Haa ta'u malee, seera daldalaa kwt 667 qaamni waliigaltee inshuraansiirraa fayyadamaa ta'e yeroowaliigalteen seenamuttii wantoota beekuu fi qaama balaa gahuuf wabii fudhatu dhimmicha madaaluu kan dandeessisu hunda dirqama ibsuu qaba jechuurraan kan hafe wanta beekuu qabus ibsuutu irraa eegama hin jedhu. Dirqamni beeksisuu dhimma qaamni inshuraansii kennu hin gaafannee ibsuu kan dabalatu miti. Haaluma kanaan namni inshuraansi seenu wantoota armaan gadii ibsuuf dirqama hin qabu:

- Wantoota balaa gahuu danda'u hir'isan fakkeenyaaf waliigaltee inshuraansii balaa irratti meeshaa balaa ibiddaa ittisan dhaabuu
- Dhimmoota qaama inshuraansii kennuun beekamanii fi beekamuu qaban, qaamni inshuraansii kennu dhimmoota beekamoo jedhaman beekuutu irraa eegama
- Ibsa nama waliigaltee inshuraansii fudhatuun dhimma mirka'anaa'u yookaan mirkanaa'uu qabu; fakkeenyaaf balaawwan ibiddaa warshaa pilaastikii wajjiin wal qabatan
- Dhimma seeraa wajjin wal qabatu
- Ragaa qaamni waliigaltee inshuraansii kennu barbaaduu yookaan ragaa hin barbaadu jedhu; fakkeenyaaf ragaa qaama inshuraansii kennuun gaafatamee deebii gahaan hin argannee fi dhimma qaamni waliigaltee inshuraansii kenne dhiise
- Wantoota salphaatti argamuu danda'an; fakkeenyaaf mooraan sarvayerii inshuraansii utuu sakatta'amuu wantootni argaman namni waliigaltee inshuraansii fudhatu akka ibsu hin dirqamu

Armaan olitti akkuma ilaalle waliigaltee inshuraansii keessatti qaamoleen waliigalticha hundeessan fayyaalessa ta'uu qabu. Seerri biyya Itoophiyaas qajeeltoo kana hordofa. Namni inshuraansii seenu yeroo waliigalticha seenutti wanta beekuu fi qaamni waliigaltee inshuraansii kennu waa'ee balaa aguuggii argate madaaluu akka danda'u kan taasisu hunda dirqama ibsuu akka qabu seera daldalaa kwt 667 ni tuma. Namni dirqama beeksisuu qabu, dhugummaa wanta beekuu dhoksuu yookaan ibsa sobaa kennuu hin qabu. Seerri taatee dhugaa dhoksuu, fi ibsa sobaa kennuu bakka lamatti qoodee kan jiru yoo ta'u inni jalqabaa itti yaadanii dhugaa dhoksuu fi ibsa sobaa kennuu dha; inni lammaffaan immoo haala fayyaalessummaa faallessuu danda'uun kan itti yaadamee hin raawwatamnee dha. Qaamni waliigaltee inshuraansii kenne dhugaa qabatamaan jiru beeke utuu ta'ee waliigaltichatti hin seenu yookaan kaffaltii dursaa caalmaa kaffalsiisuu danda'a ture taanaan ibsichi ibsa dogoggoraa itti yaadamee kennameedha jedhama; ibsi akkanaa waliigaltichi kufaa taasisa. Bu'uura seera daldalaa kwt 668tti ibsi itti yaadamee akkasumas fayyalessummaan hin kennamnne ta'e namni ibsa dogoggoraa kenne kun balaan utuu hin qaqqabiin dura ibsa isa dhugaa yoo kenne, qaamni waliigaltee inshuraansii kenne ibsi dhugaan erga kennamee ji'a tokko keessatti waliigalticha kufaa taasisuu yookaan kaffaltiin dursaa akka dabalu murteessuu ni danda'a; erga balaan qaqqabee kan beekame taanaan balaan

qaqqabe kun guutummaatti yookaan sirriitti ibsameera utuu ta'ee kaffaltii dursaa kaffalamuu danda'uu fi kan kaffalame bu'uura godhachuun beenyaa kaffalamu hir'isuun ni danda'ama seera daldalaa kwt 668(2a-b). Tumaaleen armaan olitti ilaalle gama tokkoon qaamoleen waliigaltee inshuraansiitti seenan ibsa dhugaa-qabeessa kennuu akka qaban kan agarsiisu yoo ta'u gama biraan immoo qaamni waliigaltee inshuraansii kenne ibsi dhuga-qabeessi sababa hin kennamne qofaaf waliigalticha kufaa taasisuu akka hin qabne ibsu.

Ibsi dogoggoraa itti yaadamee kan kenname yoo ta'ee fi qaamni waliigaltee inshuraansii kenne dhugaa jiru utuu beeke ta'ee waliigaltichatti hin seenu yookaan kaffaltii dursaa caalmaa kaffalchiisuu danda'a kan ture yoo ta'e waliigalteen inshuraansii battalatti adda cituu ni danda'a. Kanaafuu, dhimma kanarratti falmiin kan ka'u yoo ta'e maalummaa wanta dhoksamee yookaan ibsa sobaa kennamee, bu'aa argamuu danda'uu fi haala itti kenname qulqulleessuun barbaachisaa dha. Namni waliigaltee inshuraansii fudhatu bu'uura seera daldalaa kwt 669tti dirqama ibsuu lama qaba: isaanis haalli balaan itti gahu cimaa deemuu fi balaan yeroo qaqqabu ibsuu kan ilaallatanii dha. Haala kanaan, carraan qaqqabuu balaa cimaa yeroo deemu namni inshuraansii seenu dhimma kana utuu ibsee waliigaltee kennaan waliigaltichatti hin seenu yookaan kaffaltii dursaa ol kaasee kaffalchiisa ture yoo ta'e namni kun dirqama dhimma kana ibsuu qaba jedhamee fudhatama. Balaan aguuggii argate nama inshuraansii seeneen akka ariifatu ta'aa jira yoo ta'e guyyaa kanaa kaasee bultii 15 keessatti yookaan jiraachuu dhimma balaa kana ariifachiisuu hubatee bultii 15 keessatti qaama waliigaltee inshuraansii kenneef ibsuu qaba. Qaamni inshuraansii kenne odeeffannoo kana erga argatee booda waliigalticha addaan kutuu yookaan kafltiin dursaa ol akka ka'u gochuu ni danda'a (seera daldalaa kwt 669(2)). Dirqama kana ba'uu baanaan bu'aan ragaa sobaa kennuu seera daldalaa kwt 668 jalatti tarreeffaman ni raawwatama. Dirqamni ibsuu sadaffaan balaan seera daldalaa kwt 670 jalatti tumame yeroo qaqqabu kan raawwatuu dha. Namni inshuraansii seene rakkoon cimaan yoo isa quunnamerraan kan hafe balaan aguuggi inshuraansii argate qaqqabee guyyoota 5 keessattii ibsamuu qaba. Yerootti ibsamuun balaa haala raawwannaa balaa hubachuuf baay'ee gargaara; kanaafuu barbaachisummaan yerootti beeksifamuu dhimma salphaatti hubatamuu dha. Haa ta'u malee, namni inshuraansi seene dirqama kana bahuu baannaan bu'aan isaa maal akka ta'e seerri sirriitti hin ibsine. Yerootti ibsamuu dhabuu sababeeffachuun qaamni inshuraansii kenne beenyaa kaffaluurraa bilisa ta'uu ni danda'aa? gaaffiin jedhu ijoo falmisiisaa ta'uu akka danda'u kan

shakkisiisu miti. Tumaaleeen seera inshuraansii bakka hedduutti hiikoo garagarummaa qabu hordofsiisuu akka danda'an ilaalleerra; kun immoo manneen murtii yookaan dhaddachootni adda addaa dhimma tokkorratti murtii adda addaa akka kennaan taasisa. Itti dabalees hojimaatni qabatamaan jiran tokko tokko kaayyoo seeraa wajjiin kan deemu miti. Adeemsaalee adda addaa hordofuun bu'aan adda addaa akka uumamu taasisa. Tumaaleen seeraa hiika adda addaa akka hin kennine gochuun hin dandaa'amu; garagarummaan kun garuu m/murtiidhimma tokko irratti murtii garagarummaa qaban akka kennan taasisa. Gama biraan, poolisiin inshuraansii hojii irra jiran tokko tokko tumaa seeraa wajjiin kan wal siman miti. Kanaafuu, dhimma inshuraansiirratti hiikowwan garagarummaa qaban xiqqeessuuf hojiiwwan gargaaran hojjetamuu qabu.

Gaaffilee Marii

A. Waliigaltee Inshuraansii Ilaalchisee

1. Waliigalteen bittaa-gurgurtaa inshuraansii keessatti raawwatamu waliigaltee bittaa-gurgurtaa biroo irraa haala kamiin adda bahu? Dhimmootni balaa gahuu danda'u tilmaamuuf gargaaran attamitti ilaalamu?
2. Tumaan seera daldalaa kwt 665(2) irratti itti gaafatamummaan dhumaa waldaa inshuraansii ibsame tumaa seera daldalaa kwt 678 wajjiin attamitti walitti araarfamuu danda'a? Yeroo balaan qaqqabe gatii qabeenyi tokko qabu kaffaltii beenyaaf akka bu'uuraatti fayyada kan jedhuu fi yeroo waliigalteen inshuraansii seename baaxiin wabii kaa'ame beenyaa kaffaluuf akka bu'uuraatti fayyada kan jedhan waan jiraniif yaadawwan lamaan kanneen akkamitti walitti araarfamuu danda'u?
3. Mirga itti-darbuu qaamni waliigaltee inshuraansii kennu seera daldalaa kwt 683 irratti qabu itti- darbuu seera hariiroo hawaasaa kwt 2093 irratti ibsamee wajjiin attamitti haala wal simuu danda'uun hiikama? Mirgi qaamni waliigaltee inshuraansii kennu haftee qabeenyaa irratti qabu eessaa kan maddee dha? Akka waliigalaatti mirgi itti-darbuu seera daldalaa kwt 683 jiru haala sirriin hiikameeraa?
4. Waliigaltee inshuraansii jireenyaa yeroo du'aaf taasifame irratti fayyadamtootni haala kamiin murteeffamuu danda'u? Seerri daldalaa kwt 701 haala kamiin hiikamuu qaba?
5. Waa'ee kaffaltii dursaa kan tumu seerri daldalaa kwt 666 haala kamiin hiikamuu qaba? Waliigalteen inshuraansii yeroo seenametti balaan yoo qaqqabe bu'aan isaa maal ta'uu

danda'a? Waliigalteen daangeffamee yeroo jirutti kaffaltiin dursaa yoo kaffalame waliigaltichi yoomii kaasee kan itti fufu ta'a?

6. Bu'aan seera daldalaa kwt 670 maali? Namni inshuraansii seene balaa uumame ibsuu yoo baate itti gaafatamummaan qaama waliigaltee inshuraansii kennee maal ta'a?
7. Kasaaraan waliigalteerraa maddu tilmaama sammuutiin gahaadha jedhamee seera hariiroo hawaasaa kwt 1799 irratti kan ibsamee fi garagarummaan beenyaa miidhaa qabatamaa seera hariiroo hawaasaa kwt 1801 ibsame maali?
8. Namoota akkamiitu bu'uura seera daldalaa kwt 597tti sababa du'a namaatiif beenyaa geejjibaa gaafachuu danda'a? gaaffiin jedhu falmisiisaa dha. tumaaleen seera hariiroo hawaasaa kwt 2090 hanga 2123 jiran raawwachuu dhabuu waliigaltee ilaalchisee beenyaa gaafatamaniif raawwatiinsa hin qaban jedhama; kwt 2095 baay'ina namoota gaaffii kana dhiyeessuu danda'anii daangessa. Sababa du'a namaatiif beenyaan geejjibaan (qaamolee geejjiba irratti bobba'an) irraa gaafatamu haala kamiin shallagama? Sababa du'aan boqoteef qabeenyaan dhaalu xiqqaachuu danda'eera qofa jechuun beenya xiqqeessuun ni danda'amaa?
9. Sababa du'a namaatiif beenyaan gaafatamu hir'achuu ittiin bulmaataarraa wajjiin kan wal qabaate ta'uu akka qabu seera hariiroo hawaasaa kwt 2095 tumee jira. Kanaafuu, tumaan seera hariiroo hawaasaa kwt 812 waa'ee soorataa shallagu dhimma kanarratti faayidaa maalii qaba? Daangaan seera hariiroo hawaasaa kwt 2096n namoota beenyaa gaafatan irra kaa'aman baay'een isaanii raawwatiinsa ni qabaatuu?
10. Bu'uurri (ka'umsi) beenyaa hamillee maali? Daangaan seera hariiroo hawaasaa kwt 2116(3) irratti ibsame namootni beenyaa gaafatan yoo baayyatan yookaan miidhaan tokko namoota beenyaa gaafatan lamaaniif mirga kan kennu yoo ta'e raawwatiinsi keewwata kanaa maal ta'uu danda'a? Fakkeenyaaf, firootni yoo baayyatan, qaamni ishee waan miidhameef bu'uura seera hariiroo hawaasaa kwt 2113tiin beenyaa hamilee yoo gaafatte daangaan raawwatiinsa isaatii attamitti ilaalama?

5. Seera Waliigaltee Geejjibaa

5.1 Seera Waliigaltee Geejjibaa: Yaada Waliiglaa

Tajaajilli geejjibaa guddina biyya tokkoof hidda dhiigaati; geejjibni daldala, investimentii fi sochii dinagdee hawaasummaaf hedduu barbaachisaa dha. Sirna geejjiba fooyya'aa kanarra addunyaan utuu hin ga'iin dura dhalli namaa miillaan deemaa fi beelladootatti immoo fe'achaa akka ture hubachuuf fagoo deemuun utuu hin barbaachisin jireenya biyya keenyaarraa hubachuun ni danda'ama. Seenaa biyyi keenya geejjiba dachii irratti qabdu yoo ilaallu weerara Xaaliyaanii dura daandiin bonaa ganna tajaajilu Finfinnee hanga Jimmaa, Dabiramaarqoos fi Dassee qofa turan; bara weerara Xaaliyaani bara 1928-1933tti daandiin maayilii 2,770 ta'u qulqullaa'ee geejjibaaf akka oolu taasifamuusaa barreessitootni seenaa ni ibsu. Daandiin yeroo weerara Xaaliyaanii hojjetame miidhaa guddaan irra kan gahe yoo ta'ellee guddina daandii biyya keenyaaf gahee ol'aanaa xabateera. Seera daldala Itoophiyaa yeroo ammaa hojirra jiru baasuu keessatti seerri daldalaa biyya Faransaayi, seerri waliigaltee biyya Siwizii fi seerri baaburaa Awurooppaa akka ka'umsaatti gargaaraniiru. Seera geejjibaa dachii irraa ilaalchisee seera geejjiba qilleensaarraa haala adda hin baaneen kan qopheessan *professor Jaffert* haala armaan gadiin waa'ee isaa ibsanii turan.

> *I have not distinguished between carriage of goods and carriage of passengers or baggage. As in the Warsaw convention relative to carriage by air, believe it is advantageous to have parallel provisions governing the different kinds of carriage, except where it is necessary to treat them differently. Thus the two titles are presented in similar manner- which means that for carriage by land that the presentation is fairly novel.*

Guddina biyyi keenya yeroo ammaa irra jirtu yaada keessa galchuun tarsiimoo fi imaammata dinagdee hawaasummaa biyyi keenyaa gaggeessaa jirtu galmaan gahuuf seerri geejjibaa dandeessisu waan barbaachiseef labsiin lak 468/99 bahee geejjiba dachii, qilleensaa fi baaburaa bifa sirnaa fi seera qabuun akka gaggeeffamaniif tattaaffiin guddaan taasifamaa jira. Biyyoota biroo wajjiin wal bira qabamee yeroo ilaalamu geejjibni qilleessaa biyya keenyatti yeroo dhiyoo eegalame jechuun ni danda'ama; tajaajila geejjiba qilleensaa magaalotni biyya keenyaa dursa

argatan Goree, Jimma, Dabirmaarqoosii fi Goondor yoo ta'an xiyyaara *s-De-3/c-47* fayyadamuun gara biyya Eden, Jibuutii fi Kaayirootti tajaajilli balaliyuu ni kennama ture. Tajaajila geejjiba qilleensaa ilaalchisee Konveshinii Waarso bahe biyyi keenya bara 1950 ji'a Adoolessa keessa simachuun ji'a Onkoloolessaa keessa hojii irra akka oolu taasifteetti. Sana booda seerri daldalaa labsii lak 166/ 1952 irratti geejjiba qilleensaaf kwt 604 hanga 653tti aguuggiin kenneeraaf. Fedha geejjiba qilleensa amma jiruu fi stiraateejii fi imaammata dinagdee hawaasummaa biyyi keenya hordofaa kan jirtuu wajjiin bifa wal simuu danda'uun dameen geejjiba kanaa aguuggii seeraa akka argatu gochuun yakkawwan geejjiba qilleensaarratti raawwatan ilaalchisee labsiin lak 31/1988 fi nageenya geejjiba qilleensa Itoophiyaa irratti labsiin lak 432/1997 bahanii hojii irra oolaniiru. Geejjiba galaanaa ilaalchisee biyya keenya yeroo jalqabaaf bara 1945tti labsii eegumsa daangaa galaana Itoophiyaa labsii lak 136/1945 yoo baaftu waggaa tokko booda immoo labsii to'annoo doonii daldala Itoophiyaa lak 137/1946 baafteetti. Itii fufees, seera galaana addunya (the Hague rules) kan bu'uureffate seera galaana Itoophiyaa labsii lak 137/53baasuun hojii irra akka oolu taasifteetti. Akka waliigalaatti seera geejjiba dachii, galaanaa fi qilleessaa biyyi keenya baafte keessuuma seerota duraanii yoo ilallu seerri geejjiba qilleensaa keenya konvenshinii addunyaa bara 1929 bahe bu'uureffachuun kan tumame yoo ta'u seerri geejjiba galaanas akkasuma konvenshinii addunyaa 1924 bahe bu'uureffachuun kan tumamee ture.

5.2 Waliigaltee Geejjiba Dachee Irraa (Carriage by land)

Hiikoo geejjiba dachee irraa kan ibsu seera daldalaa kwt 561 qaamni tajaajila geejjibaa kennu nama yookaan meeshaa tokko gatii fudhatee bakka tokkoo bakka biraan gahuuf kan itti waliigaluudha jechuun maalummaa geejjibaa ibsa. Hojiin geejjibaa labsii lak 468/97 kwt 12(1) irratti namni dhuunfaan yookaan dhaabbatni seeraan hundeeffame hojii daldala uummata deddeebisuu irratti hirmaachuu ni danda'a jedha. Keewwatni 21(2) namootni dhuunfaan yookaan dhaabbileen haayyama qabaannaan miseensa dhaabbilee kwt 13 jalatti hundeeffamanii ta'uun utuu hin barbaachisin hojii uummata deeddeebisuurratti hirmaachuun ni danda'ama jechuun tuma. Tumaaleen kanneen namootni dhuunfaa yookaan dhaabbileen qaama seerummaa qaban of danda'anii yookaan gamtoomanii hojii geejjibaarratti hirmaachuu akka danda'an ibsu. Labsiin kun jireenya tajaajilamtootaa fi qabeenya biyyaa eegsisuurrattis kwt 22(1) irratti namni

kamiyyuu haayyama utuu hin qabaatiin konkolaataaa daandiirra konkolaachisuu hin danda'u jechuunsaa imaammata nageenyaa kan bu'uureffate ta'uusaa agarsiisa.

Waliigalteen geejjibaa qaama tajaajila geejjibaa kennuu fi fudhatu gidduutti kan taasifamu yoo ta'u qabiyyeen isaas namni tajaajila fudhatu imalli bakka eegaluu kaasee hanga bakka gahumsaatti nagayee harkatti qabachuu kan qabu ta'uu kan akeekkachiisu ta'e nagayeen kun badnaan kaffaltii dabalataa qaamni tajaajilicha kennu kaffalchiisuu akka danda'u hubachiisa. Nagayeen geejjibaa yeroo itti ka'anii fi itti gahan ofirraa qabachuu qaba. Seerri daldalaa kwt 567 imalaan nagayee geejjibaa of harkatti qabachuu qaba jechuunsaa waliigalteen geejjibaa akka jiru agarsiisuu isaati. Labsiin lak 468/97 kwt 2(1) irratti "imalaa (karaa deemaa)" jechuunsaa nama konkolaataa yaabbatee deemu kamiiniyyuu kan ibsu yoo ta'u konkolaachisaa, maallaqa walitti qabaa yookaan hojjetaa konkolaataa sanarratti ramadame kamiinuu kan hammatu miti jechuun tumee jira. "Nama kamiinuu" gaalee jedhu bu'ureffachuun namni nagayee bitee fi namni imalu adda adda yoo ta'an bu'aan waliigaltichaa maal ta'uu danda'a? Haala kanaan imalaa fi geejjibaa gidduu waliigalteen hin jiru jedhama moo akka kaayyoo labsichaatti gatii nagayee sanaa namni kamiyyuu haa kaffaluu waliigalteen jira jedhamee fudhatama? Akka hubannoo barreessaa kanaatti seera daldalaa kwt 651 "geejjibaan gatii fudhatee" waan jedhuuf maallaqicha eenyutu kaffalu gaaffiin jedhu hanga hin dhiyaannetti nagayee kan bite nama biraa yoo ta'ellee imalaan nagayee harkatti qabannaan waliigalteen akka jirutti fudhatama kan jedhuu dha. Nagayee geejjibaa wajjiin wal qabatee falmiin ka'u tokko waliigalteen nama nagayee muree wajjiin moo abbaa konkolaataa wajjiin seenama kan jedhu yoo ta'u ijoo kanarrattis yaadotni armaan gadii ni dhiyaatu:

1. Abbaan qabeenyummaa konkolaachisaa bu'uura seera galmee konkolaattotaan abbaa konkolaataaf malee nama nagayee muruuf hin kennamne waan ta'eef waliigaltichi nama nagayee muree wajjiin taasifame yaadni jedhu bu'uura seeraa hin qabu
2. Konkolaaticha galmee daldalaa irratti galmeessisuu kan danda'u abbaa konkolaataa waan ta'eef waliigaltichi abbaa konkolaataa wajjiin taasifame jechuun ni danda'ama
3. Haayyamicha kan baase abbaa konkolaataa waan ta'eef waliigaltichi abbaa konkolaataa wajjiin taasfame jedhamuu qaba
4. Namni nagayee muru bakka bu'aa abbaa konkolaataatti yoo jedhameyyuu daangaa aangoo kennameef darbee hanga maqaa isaatiin waliigalticha hin raawwannetti bu'uura

seera hariiroo hawaasaa kwt 2189tti waliigaltichi abbaa konkolaataa wajjiin taasfame jedhamuu qaba. Yaandi barreessaa kanaas kanarraa adda miti.

Seerri daldalaa Itoophiyaa geejjiba namaa fi meeshaalee ilaalchisee tumaalee baay'ee qaba. Haa ta'u malee, qaama jalqaba waliigalte geejjibaa kenneen ala qaama tajaajila geejjibaa booda kenneen meeshaan geejjibamaa jiru yoo bade abbaa konkolaataa isa jalqabaa moo isa lammaffaatu gaafatama? Ijoo kanarratti biyyootni adda addaa adeemsa adda addaa kan hordofan yoo ta'u, fakkeenyaaf, seera biyya Ingiliziin qaamni jalqaba tajaajila geejjibaa kenne bakka bu'uu isa lammaffaa yoo ta'e itti gaafatamummaa fudhachuu kan qabu qaama lammaffarratti tajaajila geejjibaa kenneedha. Biyya Faransaayitti immoo yeroo qabeenyichi bade qaamni tajaajila geejjibaa kennaa ture itti gaafatamummaa fudhata yaada jedhutu hojii irra oola.

Dhimma kana irratti seera daldalaa kwt 600 tumee akka jirutti waliigalteen addaa kan hin jirree yoo ta'e badiin yeroo qaqqabetti qaamni tajaajila kennaa jiru itti gaafatamummaa kan fudhatu ta'a. Hima biraan itti gaafatamummaa kana fudhachuu kan qaba qaama tajaajilicha yeroo lammaffaarratti kennaa jiru ta'uu qaba yaadni jedhu yeroo wal harkaa fuudhinsi gaggeeffame meeshaa hunda lakkaa'ee fuudhuu qaba yookaan yeroo meeshaa sanneen fuudhetti waliigaltichas simateera yookaan teessumni qaamni dursa tajaajila kennaa ture hin beekamu yaada jedhurraa kan madde fakkaata. Haaluma kanaan dogoggora qabaachuun jecha waliigaltichaa hin mirkanoofne taanaan meeshaan yookaan taajaajilli kennamu hir'annaan itti gaafatamummaa kan fudhatu geejjibaa lammaaffaa dha. Haa ta'u malee, miidhaan konkolaataa isa jalqabaarratti qaqqabe yoo ta'e meeshicha kan ergee fi kan simate himannaa isa jalqabaarratti dhiyeessuu ni danda'u. Kanaafuu, akka waliigalaatti yoo ilaalamu ergituu fi simattuun filannoo bal'aa qabu; sababni isaas bu'uura seera daldalaa kwt 600(3)tti qaama tajaajila kennu isa jalqabaa fi isa lammaffaa tokkummaa fi qeenxeen himachuun mirga isaanii kabachiisuu ni danda'u.

Waliigalteen geejjibaa waliigaltewwan biroo irraa adda kan baasu waliigaltee gatiif jedhamee waliigalamu ta'uusaati. Kanaafuu, *international encyclopedia* waliigaltee geejjibaa haala armaan gadiin hiikeera:

> *At law, the carriage of goods and person is the subject matter of an agreement called "contract of carriage" by this contract one party called the carrier, agrees with another*

party called the consignor to carry certain goods or certain person from one place to another in consideration or the payment of a sum of money, called freight.

Hiikoo afaan Ingilizii seera daldalaa kwt 651 yoo fudhanne "*A contract of carriage is a contract where by a person called the carrier undertakes for reward to carry person, baggage or goods and to convey them to a specific place*." jechuudhaan hiika. Wal fakkaatiinsi hiikowwan kanneen irratti mul'atu waliigalteen geejjibaa, waliigaltee faayidaaf jedhamee seenamu ta'uusaati. Garagarummaa isaanii ilaalchisee immoo hiikoon jalqabaa, ifatti kaffaltiin raawwatamuu qaba yoo jedhu seerri daldalaa garuu jecha 'kennaa' "reward" jedhutti waan fayyadamuuf waliigaltee kana keessatti dirqama maallaqa callaan ifatti kaffalamuu kan qabu ta'usaa kan ibsu miti. Hiikoon afaan Amaaraas "gatii fudhachuun" waan jedhuuf maallaqni bifa callaan kaffalamuusaa hin ibsu waan ta'eef keewwatni kun falmiif karra kan saaquudha.

Waliigalteen geejjiba dachee waliigaltee qaama tajaajila geejjibaa kennuun qophaa'u (adhersive contract) dha. kana jechuun garuu daangaawwan seerri qaamolee kanneen irra kaa'u hin jiru jechuu miti. Daangawwan kanneen keessaa fakkeenyaaf qaamni tajaajila kennu meeshaalee galmeessee geejjibuuf waliigale yoo badan itti gaafatamummaa qaba; hanga beenyaas gatii qabeenyaan sun baasu gaditti shallaguu hin danda'u. Akkasumas balaa isaan qaqqabe ilaalchisee daangaa kaffaltii beenyaa kaa'ame akka faccisaatti dhiyeeffachuu hin danda'u. Miidhaa qaamaaf beenyaa seeraan ka'ame qarshii 40,000 waliigalteen hir'isuu hin danda'u. Akka seera daldalaa kwt 594, 590 fi 597tti waliigalteen geejjibaa gatii geejjibaa kaffaluu fi nagayee harkatti qabachuun kan uumamu yoo ta'u bu'aan nagayee harkatti qabachuus akka ragaa fi abbaa qabeenyummaatti gargaaruu danda'uusaati. Tarreeffama qabiyyee waliigaltee kanaas seera daldalaa kwt 576, 579(2) fi 581 irraa hubachuu ni dandeenya.

5.2.1 Dirqama beenyaa kaffaluu qaama tajaajila geejjabaa kennuu

Dirqamni qaama tajaajila geejjibaa kennuu qajeeltoo itti gaafatamummaa guutuu baachisu (absolute liability) irratti hundaa'a. Haaluma kanaan seerichi qaamni tajaajila kennu namaa fi meeshaa nagaan bakka waliigalaniin akka gahu kaayyoo taasisu of keessatti qaba. Kana jechuun garuu hambifannoo hin qabu jechuu miti. Meeshaan nama tokkoo kan bade, kan miidhame yookaan kan boodatti hafe sababa mudannoon humnaa olii qaqqabeef yookaan balleessaa nama

ergee yookan fudhatu yookaan rakkina qabeenyichaan kan gahe yoo ta'e qaamni kun itti gaafatamummaa gamisaa (partial liability) qabaachuu ni danda'a. Haa ta'u malee, miidhaan kan qaqqabeef sababa balleessaa qaama tajaajila kennuun yoo ta'e akkasumas gochaan isaa miidhaa geessisuu kan danda'u ta'uusaa utuu beekuu gochaan raawwate miidhaa kan qaqqabsiise yoo ta'e tumaaleen seera daldalaa kwt 594 fi 597 irratti teechifaman raawwatiinsa hin qabaatan. Ibsa kanarraa hubachuu kan dandeenyu qaamni tajaajila geejjibaa kennu haalawwan armaan gadii keessatti miidhaa kan geessise yoo ta'e itti gaafatamummaa hin daangaafne fudhata:

a. Ta'e jedhee gochi yoo raawwate yookaan raawwachuu kan qabu raawwachuu dhabuusaatiin miidhaa kan qaqqabe yoo ta'e
b. Bu'aan waan tokko raawwachuu yookaan raawwachuu dhabuu isaatii maal akka hordofsiisu utuu beekuu yoo raawwate yookaan raawwachuu yoo dhabe
c. Raawwachuu yookaan raawwachuu dhabuu qaama tajaajila kennuun miidhaan kan qaqqabe yoo ta'e itti gaafatamummaa hin daangofne fudhata.

Geejjibaa utuu jiruu miidhaa qaama sadaffaan qaqqabuuf iti gaafatamummaa hin qabaatu, (vicarious liability) hin qabu. Namni tokko konkolaataan imalaa utuu jiruu nama biraan miidhaan irra kan gahe yoo ta'e miidhamaan mana miidhaa geessise sana himachuu ni danda'a (seera daldalaa kwt 599, 125(3) akkasumas seera hariiroo hawaasaa kwt 1679, 1952, 2027 fi 2028). Kana jechuun garuu qaamni tajaajila kennaa jiru miidhaa konkolaachisaa fi namoota biroo konkolaataarra hojjetaniif itti gaafatamummaa hin qabu jechuu akka hin taane ifa ta'uu qaba seera hariiroo hawaasaa kwt 2130, 2131, 1952(1), 1676(1) fi 1952(1), seera daldalaa kwt 28(2), 33(2) fi 37(3) wal bira qabnee ilaalle deebii argachuu ni dandeenya).

5.2.2 Beenyaa (compensatory awards)

Qaqqabuu miidhaa fi nama itti gaafatamummaa fudhatu erga adda bahee booda, dhimmi rakkisaa ta'uu fi akka hojii abbootii seeraatti fudhatamu hanga beenyaa murteessuu dha. Hanga beenyaa murteessuu keessatti dhimmootni yaada keessa galuu danda'an kanneen armaan gaditti tarreeffamanii dha.

- Waliigaltichi maal akka jedhu sirriitti hubachuu fi waliigalteen geejjiba meeshaa dhimma kanarratti waan jedhu yoo qabaate siriitti hubachuu
- Tumaalee dirqsiisoo seeraa ta'an adda baasanii hubachuu fi seericha kan jedhu hojii irra oolchuu
- Gahee imalaan (tajaajila fudhataan) qaqqabuu miidhaa keessatti gumaache adda baasuu
- Amala meeshaalee hubachuu
- Falmii (faccisa) qaamni tajaajila kennu dhiyeessuu fi amanamummaa isaa
- Giddu seensi qaama sadaffaa kan jiru ta'uu adda baafachuu fi akka seerri jedhutti raawwachuu
- Haala qaqqabiisna miidhaa fakkeenyaaf, miidhaan sababa humnaa oliin qaqqabuu danda'e moo miti jechuun erga adda baasanii booda hanga beenyaa murteessuu dha (seera daldalaa kwt 590, 591 fi 596).

Seera biyya keenyaa keessatti miidhaan qaama imalaa tokkoorra sababa gaheef yookaan meeshaan isaa sababa badeef yeroo bakka yaade gahuu maluu dabarsee yoo gahe haalli beenyaan itti kaffalamuuf jira. Isaanis,

- Waliigaltee geejjiba meeshaarratti teechifamuu yoo baates miidhamuu yookaan baduu meeshaaf yookaan yerootti bakka barbaadame gahuu dhabuusaatiif qaamni tajaajila kennnu beenyaa idilee (normal damages) kaffaluuf dirqama qaba
- Waliigaltootni miidhaa qaamaa fi lubbuu irraan kan hafe miidhaa meeshaarra gahuuf hanga beenyaa kaffalamuu irratti waliigaluu ni danda'u. Haa ta'u malee, qaamni tajaajila kennu gatii meeshaa daraan gadi buusee waliigaltuu hin danda'u; gatii meeshaa gadiitti akka waliigalu seerri kan haayyamu yoo ta'e dhimma seeraa fi hamileen fudhatama hin qabne ta'a (seera daldalaa kwt 594)
- Qaama yookaan lubbuu namaa fi meeshaa galmeeffamee geejjiibamaa jiru irratti miidhaan balleessa qaama tajaajila kennuun kan qaqqabe yoo ta'e beenyaan kaffalamu adabbii kan dabalatuudha (seera daldalaa kwt 594 fi seera hariiroo hawaasaa kwt 1887)
- Miidhaan hojjettoota qaama tajaajila kennuun kan qaqqabe yoo ta'e namni miidhaan irra gahe yookaan dhaaltotni isaa hojjettoota miidhaa geessisan yookaan qaama tajaajila kennu qophaaqophaatti yookaan lamaan isaanii bakka tokkotti himachuu ni danda'u (seera hariiroo hawaasaa kwt 2130)

Akka waliigalaatti yoo ilaalamu itti fayyadama geejjiboota dachee kan akka konkolaataa uummata deddeebisu, baaburaa fi labsii lak 468/97 irratti beekamtii kan argatan kan akka gaarii fi kan biroo, mirgaa fi dirqama qaamolee waliigaltee geejjibaa irratti hirmaatan akkasumas gahuu miidhaa qabeenyaa, qaamaa fi lubbuu ilaalchisee itti gaafatamummaa fi haala kaffaltiin beenyaa itti raawwatu seerri daldalaa fi labsiin lak 468/97 bal'inaan aguuggii kennaniifii jiru.

5.3 Geejjiba qilleensaa Irraa (air carriage)

Geejjibni qilleensaa irraa geejjiba hammayyaa yoo ta'u biyyootnii fi ummatni si'oominaan akka daldalan kan taasisu waan ta'eef tajaajilli kun haala saffisaan akka guddatu ta'eera. Biyyootni walabummaa fi seera mataa isaanii kan qaban waan ta'eef seerota biyya biroo fudhachuuf dirqama hin qaban. Haa ta'u malee, biyyi tokko yeroo ammaa balbala isaa cufatee taa'uu waan hin dandeenyeef jaallatus jibbus biyyoota biroo wajjiin daldaluu, jiraachuu fi aadaa wal jijjiiruun qaba. Kanaaf, *M.C.Cheshire* addunyaarraa foxxoqanii jiraachuun akka hin danda'amne haala armaan gadiitiin ibsu:

> *It is impracticable in the modern civilized world, and nations have long ago found out that they can not, by sheltering behind the principle of territorial sovereignty afford to disregard foreign rules of law merely because they happen to be at variance with their own territorial or internal system of law.*

Bara 1929tti Konvenshiniin Waarsoo utuu hin bahiin dura addunyaan seera geejjiba qilleensaa tokkummaa hin qabneen bulaa turteetti. Seerota adda addaa kanneen bakka tokkootti walitti fiduuf tattaaffii hedduun taasifamaa akka ture barreeffama tokkorraa hubachuun ni danda'ama. Geejjiba qilleensa irraa addunyaa bu'uura godhachuun kan bahe Konvenshiniin Waarsoo jalqaba biyyoota 23 mallatteeffamuun seera dhuunfaa addunyaa (international private law) ta'uun konvenshinii rakkina qabatamoo hedduu furee dha. Kanaafuu, "*A good rule with word wide acceptance is better than a better rule opposed by a number of states. One has to pay a price for International Uniformity,*" jechuun leellifamee ture. Konvenshiniin kun seera daldalaa biyya keenyaaf bal'inaan akka maddaatti kan tajaajile yoo ta'e tumaan konvenshinichaa kwt 2 kutaa tokkoffarra kallattiin geejjiba qilleensaa Itoophiyaarratti raawwatiinsa akka hin qabaanne

taasisuun, tumaalee hafan hunda bara 1950tti qaama seera biyyattii gootee mirkaneessiteetti. Heerri mootummaa RDF Itoophiyaa kwt 9(4) waliigalteewwan biyyi keenya mirkaneessite akka qaama seera biyya keenyaatti ilaalama jechuun tumee waan jiruuf konvenshiniin Waarsoo bara 1987 kaasaa qaama seera biyya keenyaati. Haa ta'u malee, Itoophiyaan hambifannoo armaan olitti ibsame keessee waan jirtuuf balaliin addunyaarratti taasifamu konvenshinii kanaan kan bitamu yoo ta'u balaliin addunyaa konvenshinii kanaan hin bitamnee fi balaliin biyya keessaa seera daldalaatiin kan bitamanii dha. Tumaaleen seera daldalaa kwt 604 hanga 653 jiran tumaalee geejjiba qilleensaa bitan yoo ta'u itti gaafatamummaa qaama tajaajila kana kennuu ilaalchisee tumaalee konvenshinichaa fi seera daldala wal fakkaatu.

5.3.1 Itti gaafatamummaa Geejjibaa: ija seera daldalaa Itoophiyaa fi Konvenshinii Waarsoon yoo ilaalamu

Qabiyyee itti gaafatamummaa qaama tajaajila geejjibaa kennuurratti bobba'e hubachuuf bakka saditti qoodnee ilaaluun gaarii ta'a.

1. Miidhaa imaltoota irra gahu ilaalchisee itti gaafatamummaa jiru (liability for carriage of passengers)
2. Miidhamuu fi baduu meeshaalee ilaalchisee itti gaafatamummaa jiru (liability for the carriage of goods and baggages)
3. Turtii (boodatti harkifachuu) ilaalchisee itti gaafatamummaa jiru (liability for delay)

Itti gaafatamummaa isa jalqabaarraa yoo kaane qaamni tajaajila geejjiba qilleensaa kennu yeroo imalaan xiyyaara keessa jiruu, yaabbatuu yookaan bu'aa jiruu qaamaan yoo miidhame yookaan yoo du'e itti gaafatamummaa ni fudhata. Haaluma kanaan, konvenshinniin waarsoo kwt 17 imalaarra balaan miidhaa qaamaa yookaan lubbuu geenyaan beenyaan kan kaffalamuudha jechuun tumee jira. Bifuma wal fakkaatuun seera daldalaa kwt 630 imalaan utuu xiyyaaraan balaliyaa, irraa bu'aa yookaa yaabbataa jiru qaamaan yoo miidhame yookaan du'e geejjibaan itti gaafatamummaa ni qabaata. As irratti dhimmi xiyyeeffannoo argachuu qabu tokko tajaajila kennaan itti gaafatamummaa fudhachuu kan danda'u miidhaan qaqqabe sababa balaatiin yoo ta'e qofa (seera daldalaa kwt 630). Itti gaafatamummaa lammaffaa ilaalchisee konvenshiniin waarsoo kwt 18 akkas jechuunn itti gaafatamummaa kana ibsa: "*The carrier is liable for damages*

sustained in the event of the destruction or loss of damage to any registered luggage or any good, if the occurrence which caused the damage so sustained took place during the carriage by air." Haaluma kanaan seera daldalaa kwt 631 meeshaaleen geejjibamuuf galmaan utuu geejjibamaa jiranii yoo badan yookaan miidhaan irra yoo gahe tajaajila kennaan itti gaafatamummaa ni fudhata jechuun ibsee jira. Itti gaafatamummaa sadaffaa ilaalchisee konvenshiniin waarsoo kwt 19 "*The carrier is Liable for damage occasioned by delay in the carriage by air of passengers or goods"* jechuun kan tumu yoo ta'u seera daldalaa kwt 633 sababa imalaan yookaan meeshaan daandiirra tureef yookaan yerootti utuu hin ga'iin hafuuf miidhaan kan gahe taanaan qaamni tajaajila geejjiibaa kennu itti gaafatamaa ni ta'a jedha. Itti gaafatamummaa jalqabaa ilaalchisee ijoon falmii kaase jira; innis konvenshinii fi seerri daldalaa hiika jecha "balaa" jedhuu hin keenye. Jechi kun balaa akka tasaa qaqqabe, balaa hin amalateeffamne moo balaa alaa (bakkeedhaa) dhufe ilaallata gaaffii jedhuuf manneen murtii biyyoota adda addaa yaada adda addummaa qabu kennu. Fakkeenyaaf, falmii *Padilla vs Olympia Air Lines* irratti Padillan balaliyaa utuu jiru biiraa 6-7 dhugee mana fincaanii keessatti kufee miidhaan kan irra gahe yoo ta'es manni murtii namni kun haayyama mataa isaatiin miidhaan akka gahu taasiseera jechuun beenyaa argachuu hin qabu jedhee murteesse. Ijoon falmisiisaan kanaa wajjiin wal qabatee ka'uu danda'u miidhaan qaamaa, miidhaa sammuu ni dabalata moo hin dabalatu kan jedhuu dha; manneen murtii baay'een miidhaan qaamaa miidhaa sammuu of keessatti ni hammata jechuun murtii kennu.

Itti gaafatamummaa baduu yookaan manca'uu meeshaalee geejjibamanii wajjiin wal qabatee meeshaan tokko xiyyaaraan utuu geejjibamaa jiruu bade jechuuf, geejjiibamuun eessaa kaasee hanga eessatti deemuu kan danda'uudha? gaaffiin jedhu deebii argachuu qaba. Murtiin ijoo kanarratti biyya keessatti kenname hin jiru; murtiin biyya alaa dhimmicharratti kenname garuu jira. Falmii *Fovie vs.Sabena* gidduu ture irratti *Fovie* meeshaalee tokko qabattee biyya Siwizerlaandii gara magaalaa Biraazilsitti balaliyaa utuu jiru xiyyaara keessatti meeshaaleen sun badan. Dhimma kanarratti himannaa yoo dhiyeessites m/murtii tajaajila kennaan itti gaafatamummaa hin qabu jedhee bilisa gaggeesse. M/murtii biroon falmii *Westminster Bank vs. Imperial Airways* irratti baankiin magaalaa Paarisii gara magaalaa Londoonitti balaliyuuf utuu jedhu warqii saanduqa nageenyaa (security box) xiyyaaraa keessa keewwate waan badeef itti gaafatamummaan jira jechuun murteesseera. Murtiiwwan kanneen irraa hubachuun akka danda'amutti tumaaleen konveshiniichaa fi seera daldalaa falmiif kan saaxilamanii dha.

Konvenshinichi kwt 19 irratti "*in the carriage by air" gaalee jedhu yoo fayyadamu seerri daldalaa kwt 633 bifa wal fakkaatuun "in the carriage*" kan jedhu fayyadama. Haa ta'u malee, balaliyaa utuu jiruu kan jedhamu yoom jalqabee yoom xumurama gaafiin jedhu ni dhagahama. Ijoo kanarratti barreessitootni tumaan konvenshinii kanaa kwt 17, 18, 22 fi 24 wajjiin wal bira qabamee ilaalamuu qaba jedhu; biyya keenyatti dhimmi kana fakkaatu yoo uumame tumaaleen seera daldalaa keewwatoota kanneenii wajjiin hariiroo qaban hojii irra akka oolan gochuudha.

5.3.2 Itti gaafatamummaa murtaa'aa Geejjibaa (limited liabilities of air carrier)

Hubannoo fooyya'aa argachuuf itti gaafatamummaan murtaa'aa maal akka ta'e seera daldalaa Itoophiyaa fi konveshinoota addunyaa irraa yoo ilaallu, biyyi keenya kaffaltii beenyaa murtaa'aa kan hordoftu ta'uu hubanna. Konvenshinii Waarsoo booda kan bahe konvenshiniin Montiriil [Itoophiyaan bara 1999 mallatteessiteetti] itti gaafaramummaa murtaa'aa kana irratti kan bu'uureffatanii dha. Konvenshiniin Waarsoo kwt 22(1) irratti waliigaltootni hanga kaffaltii beenyaa waliigaluu kan danda'an yoo ta'ellee Firaankii 125,000 yookaan Doolaara 10,000 gaditti waliigaluun hin danda'amu. Beenyaan kun beenyaa miidhaa imalaa irra gahuuf kaffalamu kan ilaallatu yoo ta'u meeshaalee biroo ilaalchisee walitti qabaatti *Firaankiin* 250 yookaan Doolarri 20 kan kaffalamu ta'uu ni ibsa. Meeshaaleen amma caqafaman kanneen kan galmeeffaman yoo ta'u meeshaalee harkatti qabatamaniif garuu Firaankii 5000 yookaan Doolara 400 kan kaffalamu ta'uu tumee jira. Haa ta'u malee, konvenshiniin Waarsoo miidhaa namarra gahuuf yookaan miidhaa turtiin dhufuuf beenyaan baaxii seeraan kaa'amee ol kaffalamuu akka danda'u waan ibsuuf konvenshiniin kun akka qajeeltootti itti gaafatamummaa murtaa'aa kan hordofu yoo ta'ellee hambifannoon garuu itti gaafatamummaa hin murtoofne kan hordofu ta'uusaa hubachuun barbaachisaa dha.

Haala kaffaltii miidhaa biyya keenyaa yoo ilaallu biyyi keenya konvenshinii Montiriil bara 1999tti mallatteessitee waan jirtuuf haala seera kanaatiin beenyaan miidhaa gahee fi sababa miidhamichaatiin baasii qaqqabe walitti ida'amee kan kaffalamu ta'a. Bu'uura kanaan beenyaan sababa namni du'ee fi miidhaan qaamaa gaheef kaffalamu Doolara Ameerikaa 75,000 yoo ta'u baasii utuu hin dabalatiin garuu Doolar 58,000 kan kaffalamu waan ta'eef beenyaan kun isa duraan turerra daraan akka ol ka'u ta'eera. Gara konvenshinii Waarsoo bu'uura godhatanii

tumamanii fi balalii biyya keessaa kan bitan tumaalee seera daldalaatti yoo deebinu miidhaa qaamaa fi lubburra gahuf seera daldalaa kwt 636(1) beenyaan qarshii 40,000 ni kaffalama jedha. Konvenshinii fi seera daldalaa kanneen irraa daandiin qilleensa Itoophiyaa balalii biyyaa keessaa fi addunyaarratti taasifamu ilaalchisee itti gaafatamummaa adda addaa kan qabu ta'uusaa hubanna. Adda addummaa qabaachuusaanii qofa utuu hin ta'iin haala sharafa maallaqaa yeroo ammaa jiruun balalii addunyaarratti taasifamuf beenyaan miliyoona walak aa ol ta'u kan kaffalamu yoo ta'u kan biyya keessaaf garuu qarshii 40,000 qofatu kaffalama; garagarummaan kun immoo hedduu guddaadha jechuun ni danda'ama. Itoophiyaan pirotokoolii bara 1955 kan konvenshinii waarsoo fooyyesse hin mallatteessine; hin mirkaneessines. Dhimma kanarratti utuu waliigaltee addunyaa kana hin mallatteessinii fi hin mirkaneessiin attamitti biyyi keenya addunyaa wajjiin hojjechaa turte? Pirotokooliin kun keewwatoota konvenshinii waarsaa itti gaafatamummaa qaamaa tajaajila geejjibaa kennu tuman kan akka kwt 17, 18 fi 19 utuu hin fooyyessin bira waan darbeef keewwatootni kanneen hanga yoonaatti hojii irra jiru. Mortiriil konvenshiniin bara 1999 bahe pirotokoolii kana kan fooyyesse yoo ta'u Itoophiyaan konvenshinicha mallatteessuun addunyaa wajjiin hanga yoonaatti akka hojjetu ta'eera. Bu'uura itti gaafatamummaa murtaa'aa kanaatiin biyya keenyatti miidhaan qaamaa fi lubbuu kan qaqqabe yoo ta'e beenyaa qarshii 40,000 hin caalle kan kaffalamu yoo ta'u baduu fi manca'uu meeshaatiif kiilogaraamii tokkotti qarshiin 40 ol akka hin kaffalamne seerri daldalaa tumee jira. Haa ta'u malee, imalaan dursee qaama tajaajila geejjibaa kennuu wajjiin bu'uura seera daldalaa kwt 637(2)(3) kan waliigale yoo ta'e beenyaan daangaa kaa'ame kanaa ol kaffalamuu ni danda'a. Konvenshiniin waarsoo beenyaan miidhaa meeshalee ulfaatina meeshaa bu'uura godhachuun kaffalama yoo jedhu seera daldalaa kwt 637(4) ulfaatina meeshaalee nagayee irratti caqasame ka'umsa taasifachuun beenyaan akka kaffalamu tumuun falmii uumamaa ture salphisuu danda'eera. Dhimmi kanaa wajjiin wal qabatee ka'uu qabu kan biraan Itoophiyaan konvenshinii waarsoo qofa bu'uureffattee deemuun ishii fi balalii biyya keessaaf tumaalee seera daldalaatti fayyadamuun ishee hangam fudhatamummaa qaba kan jedhuu dha. Sharafin biyya alaa fi gadi bu'uun gatii maallaqaa qofa yoo ilaalle itti gaafatamummaan qaamolee tajaajila geejjibaa kennan yeroo konvenshiniin kun baherra caalaa yeroo ammaa daraan gadi aanaa akka ta'e hubanna. Balalii addunyarratti taasifamu ilaalchisees biyyoonti baay'een konvenshinii montiriilii kufaa godhanii IATA jedhamu hordofuun haala kaffaltii beenyaa shallagaa waan jiraniif konvenshinii fi tumaalee seera daldalaa boodatti hafoo ta'an hordofuun dameen hojii kanaa dorgomaa akka

hin taane taasisa. Yeroon yeroo dorgommii waan ta'eef fageessanii yaaduu barbaachisa. Kanaafuu geejjiba qilleensaa ilaalchisee biyyi keenya konvenshinii waarsoo fi montiriil, pirotokoolii heeg fi seera daldalaa bu'uura godhachuun fayyadamaa ta'uuf hojjechaa jirti; haa ta'u malee mirgaa fi dirqama imalaa ilaalchisee waliiglteewwan addunyaa jiran bara 1955 pirotokoolii heeg, bara 1971 pirotokoolii magaalaa Guwaantanamaalaa, bara 1978 pirotokoolii guwadalajiraa fi bara 1999 konvenshinii montiriil fooyya'aniin yoo ilaalame dhimma xiyyeeffannoon gadi aanaa kennameef fakkaata.

5.4 Geejjiba Galaana Irraa (Carriage by Sea)

5.4.1 Geejjiba Galaana Irraa: Yaada Waliigalaa

Seerri geejjiba galaana irraa eessaa fi yoom akka jalqabe sirriitti beekamuu yoo baates daldalli galaana irraa hojimaata barmaatileetiin bara dheeraaf gaggeeffamaa akka ture qorattootni damee kanaa ni hubachiisu. Haaluma kanaan, *Professor Edgar Gold* kan jedhaman akaakuun geejjiba kanaa kan bara durii eegale ta'uusaa haala armaan gadiin ibsu:

> *The Phoenicians, Judeans, Greeks, and Etruscans, who would become the principal seafaring peoples for the next era, eventually overshadowed the early Egyptian prominence in commercial shipping. In the last millennium B.C. in particular, the Phoenicians become the true master of the colonized Cyprus by 900 B.C, although they had trade relations with the island long before, By the beginning of the seventh century B.C, Phoenicians had settled in Spain and founded cartage in north Africa, By 600 B.C they had established trading colonies well down the Atlantic coast of Morocco.*

Haala guddina seenaa geejjiba galaana irraa yeroo ilaallu waliigalteen geejjiba galaana irraa barreeffamaan yeroo jalqabe kitaabni waliigaltee fe'iisaa (*book of lading)* hojii irra akka oolu ta'eera. Haa ta'u malee gochaan kun qindoomina gahaa waan hin qabneef rakkoowwan hedduutu isa quunnama ture: qaamoleen tajaajila geejjibaa kennanii fi fudhatan garagalcha sanada kanaa qopheessuun akka ragaatti dhiyeessaa turaniiru. Jaarraa 11 kaasanii sanada waliigaltee fe'iisaa (*bill of lading)* akka miiltoo kitaaba waliigaltee fe'iisaa godhanii qopheessuun itti fayyadamaa turaniiru. Yeroo sanatti tajaajila kennitootnii fi fudhatootni sanada waliigaltee fe'iisaa akka sanada abbaa qabeenyummaa fi waliigalteetti fayyadamaa turan. Seenaa kanarraa sanadni

waliigaltee fe'iisaa amala lama jechuunis amala sanada abbaa qabeenyummaa fi sanada waliigaltee qabaachuun gara daldala galaana irratti erga makamee baroota lakkoofsiseera. Barmaatileen gaggeeffamaa kan ture geejjibni galaana irraa barreeffamaan kan qophaa'e book of lading n achiimmoo bill fo lading guddachaa kan dhufe yoo ta'u Itoophiyaatti fudhatamummaa kan argate bara 1950ffaa keessa ture. Haaluma kanaan Itoophiyaan bara 1953 labsii lak 136/1953 eegumsa daangaa galaanaa (Ethiopian caost guard) fi labsii to'annoo doonii daldala Itoophiyaa lak 137/1953 baasteetti; sana boodas seerri galaanaa bara 1960 tumameera.

5.4.2 Sanada waliigaltee fe'iisaa (bill of lading)

Hiikoon sanada waliigaltee fe'iisaa *Hague rules, Hague-visiby rules* fi seera galaana Itoophiyaan hin kennamne. Hiika isaa sanada *United Nations convention on carriage of goods by sea* bara 1978 yookaan *Humberg Rules* jedhamee waamamu kwt 1(7) arganna. Innis haala armaan gadiin tumammee jira:

> *Bill of lading" means a document which evidences a contract of carriage by the sea and the taking over or loading of the goods by the carrier, and by which the carrier under takes to deliver the goods against surrender of the document. a provision in the document that the goods are to be delivered to the order of a named person, or to order, or to bearer, constitutes such an undertaking.*

Meeshaa dooniin geejjibuu keessatti gaheen sanadni waliigaltee fe'iisaa qabu guddaadha. Namni meeshaa feesifatu waldaa doonii barbaadee meeshaasaa akka fe'aniif ni gaafata. Sana booda dhaabbatichi abbaan meeshaaf yoomii fi eessatti meeshaasaa akka dhiyeessuu itti hima; haala kanaan meeshaasaa yeroo dhiyeessu dhaabbatichi lakkaa'ee erga harkaa fuudhuun baayina, akaakuu fi haala meeshaa sanaaa ibsuun nagayee ni kennaa. Dhaabbatichis yeroo wal harkaa fuudhinsi gaggeeffamee kaasee dhaabbatni doonii fe'iisa meeshaalee sanaaf itti gaafatamummaa ni fudhata. Yeroo kana abbaan qabeenyaa bakka bu'aa dhaabbatichaa irraa gargalcha (copy) sanada waliigaltee fe'iisaa ni fudhata. Yeroo kanatti qaamni meeshicha feesise sanada waliigaltee fe'iisaa nama meeshicha biteef ni erga yookaan haalli kaffaltii waliigaltee gurgurtaa waraqaa liqiin (letter of credit L/C) raawwate yoo ta'e sanadicha baankiitti dhiyeessuun yookaan waraqaa dabarsa maallaqaa baasuun baankii kaffaluu fudhata. Sana booda namni meeshicha bite

yookaan bakka bu'aasaa sanadni waliigaltee fe'iisaa harkasaa geenyaan meeshicha fudhachuu yookaan karaarra utuu jiruu mallatteessee nama biraatti dabarsuu danda'a.

Kanaafuu sanadni waliigaltee fe'iisaa mirga qabeenyaa fe'amee bakka bu'a waan ta'eef qabeenyichi utuu harkarra hin ga'iin gurguruun gara maallaqaatti jijjiirachuu sanada taasisuu dha. Kanaafuu, sirna bittaa-gurgurtaa si'oomaaf gahee inni xabatu guddaa dha. Sanadni kun tajaajilawwan hedduu kan qabu yoo ta'u muraasa isaanii armaan gaditti tarreeffamaniiru:

1. **Akka nagayeetti tajaajila**

Dhaabbatni tajaajila fe'iisaa kennu meeshaa geejjibu yeroo simatutti baayina, qulqullinaa fi akaakuu isaa sanada waliigaltee fe'iisaa irratti waan ibsuuf sanadni kun akka nagayeetti fayyada. Waldhabdeen abbaa doonii fi abbaa meeshaa gidduutti sababoota armaan gadiif yoo uumame sanada kana dhiyeessuun mo'achuun ni danda'ama.

- Meeshaaleen sun yoo hir'atan yookaan miidhaan irra yoo gahe
- Meeshaaleen sun *cost, insurance and freight* kan gurguraman yoo ta'e kaffaltiin sanadicha dhiyeessuun raawwatama waan ta'eef ibsi sanada waliigaltee fe'iisaa irra jiruu fi nagayee gurgurtaarraa jiru kan wal simu ta'uu yoo baate namni bite sanadoota sana kufaa taasisuu ni danda'a
- Sanadaa fi meeshaalee gidduutti garagarummaan yoo umame namni bite sanada waliigaltee fe'iisaa mallatteessee nama biraatti dabarsuu waan hin dandeenyeef sanadni kun mirga abbaa qabeenyaa eegsisuu keessatti gahee sanada abbaa qabeenyummaa taphata.

2. **Akka ragaatti tajaajila**

Abbaa dooniitiin yookaan bakka bu'aa isaa qofaan waan mallatteeffamuuf sanadni waliigaltee fe'iisaa of danda'ee waliigaltee dha hin jedhamu. Armaan olitti akka ilaalle waliigalteen fe'iisaa feesisaa fi waldaa doonii gidduutti taasifama. Sanadni kun erga meeshaan fe'amee booda waldaa dooniin yookaan bakka bu'aa isaatiin kennama. Guyyaan waliigaltee, sanadni waliigaltee fe'iisaa itti bahuu fi nama meeshaa gurgureef kan laatamu garagara ta'uu danda'a. Sanadni kun nama meeshaa gurgureef utuu hin kennamiin dura balaan meeshaarra yoo gahe yeroo wal harkaa fuudhinsa meeshaa raawwatan nagayee waliitti laataniin gaafatamuu ni danda'u. Waliigalteen

geejjibaa erga mallattaa'e booda haalli sanadni waliigaltee fe'iisaa itti bahu baay'ee yoo ta'ellee muraasa isaanii akka armaan gadiitti haa ilaallu:

- Hanqina bakkaaf jecha meeshaan yerootti fe'amuu dhabuu waan danda'a; utuu meeshaan hin fa'amin immoo sanada waliigaltee fe'iisaa kennuun hin danda'amu
- Baay'ina hojii irra an kan ka'e sanadni waliigaltee fe'iisaa erga meeshaan fe'amee galaanarra gaheellee bahuu dhabuu danda'a; kanaafuu waliigalteen geejjibaa fi sanadni waliigaltee fe'iisaa guyyaa adda addaa taasifamuu danda'u. Ibsa biraatiin, waliigaltee fi sanadni waliigaltee guyyaa adda addaa kennamuu danda'a jechuun sanadni waliigaltee fe'iisaa ofiisaatii waliigaltee akka hin taane agarsiisa.

3. Akka sanada abbaa qabeenyummaatti tajaajila

Faayidaan sanada waliigaltee fa'iinsaa meeshaa fe'ame bakka bu'uun qabeenyichi geejjibamaa utuu jiru mirga abbaa qabeenyummaa argamsiisuu isaati. Sanadicha qabachuun yeroo baay'ee akka qabeenyicha qabaachuutti lakkaa'ama ; sandicha nama biraatti dabarsuun qabeenyicha akka dabarsuutti fudhatama. Sanadni waliigaltee fe'iisaa akka sanada maallaqaa daddarbootti (tarnsferable securities) namarraa namatti darbuu yoo danda'ellee sanada maallaqaa darddarboo miti. Sababni isaan namni sanadni kun itti darbe nama sanadicha dabarse caalaa mirga hin qabu. Fakkeenyaaf, hannaan sanadni kun gara nama birootti darbeera yoo ta'e qabeenya hannaan argame bakka waan bu'uuf namni kun akka hojimaata sanadoota daddarboo utuu mirga hin qabaatiin, fakkeenyaaf akka cheekii nama mirga hin qabneen mallatteeffamee darbeetti kan lakkaa'amu yoo ta'ullee, sanadni kun hannaan kan argame ta'uusaa utuu hin beekin qabatee jira yoo ta'e akka nama cheekii fayyaalessummaan qabatee jiruutti (holder in due course) kan fudhatamu hin ta'u. Kanaafuu, darbuun sanada kanaa akka darbuu qabeenyaatti lakkaa'ama yeroo jennu akka mallattoo darbuu mirga abbaa qabiyyummaatti (symbol of transfer of possession) ilaalama malee akka nama tokkorraa nama biraatti darbuu sanada maallaqa daddarbootti kan fudhatamu akka hin taane ifa ta'uu qaba. Sanadni waliigaltee fe'iisaa akka waraqaa dabarsituu maallaqaatti 'dhiyeessaaf' yookaan 'nama maqaan adda bahee beekameef' yookaan 'nama ajajameef' jedhamee bahuu danda'a. Sanadichi 'nama ajajeef' kan bahe taanaan mallatteeffamee kennamuun darbuu kan danda'u yoo ta'u haala adeemsa biraatiin garuu qaama biraatti darbuu kan danda'u kennuu qofaan ta'a. Asirratti ifa ta'uu kan qabu sanadni waliigaltee

fe'iisaa nama maqaan adda bahe taokkoof kan bahe taanaan namni maqaasaan baafate kun kennuu qofaan gara nama biraatti dabaruu isaati. Haa ta'u malee, namni lammaffaan kun mallatteessees haa ta'u utuu hin mallatteessiin kennuun gara nama biraatti dabarsuu hin danda'u (seera galaanaa kwt 189 fi190). Sanada waliigaltee fe'iisaa mallatteeffamee kennameerratti namootni baay'een kan wal falman yoo ta'e namni dhiyeenya argate abbaa mirgaa ni ta'a (seera galaanaa kwt 192). Yeroo tokkootti namootni baay'een mallatteessanii kan dabarsan yoo ta'e falmiin uumamuu danda'u akkamitti furamuu akka danda'u seerichi furmaata hin kennine. Waliigalteen geejjiba galaanaa sanada waliigaltee fe'iisaa irratti hundaa'ee akka gaggeeffamu seerri galaanaa kwt 180-209tti tumee jira; haa ta'u malee seera Heeg bara 1924 bahee fi isa fooyyessuun kan bahanis hanga yoonaatti Itoophiyaan hin mirkaneessine. Gama biraan yeroo ilaalamu garuu seerri galaanaa keenya qajeeltota Heeg bu'uureffachuun kan bahan waan ta'eef gama kanaan rakkinni guddaan ni mudata jedhamee hin yaadamu.

5.4.3 Itti gaafatamummaa qaama tajaajila geejjibaa kennu

1. Doonii tajaajilaaf gahaa gochuu

Itti gaafatamummaa qaama tajaajila geejjiba galaanaa kennu keessa tokko doonii galaana irra deemuu fi meeshaa baachuu dandeessu qopheessuu dha. Qaamni tajaajila kennu kun meeshaa fe'e nagaan iddoo barbaadameen gahuutu irraa eegama. Utuu qajeeltoon Heegi bara 1924tti hin bahiin dura tajaajila kennitootni hojiisaanii fayyaalessummaan raawwachaa akka hin turre baruulee tokko tokkorraa hubachuun ni danda'ama. Qajeeltoon Heegi kwt 19 fi 138 irratti dhimma tumaalee rakkina qabatamaa kana furan tumuun itti gaafatamummaan qaama tajaajila kennuu ifatti haala armaaan gadiin akka kaa'amu taasiseera.

The carrier shall be bound before and at the beginning of voyage to exercise due diligence to

a) Make the ship sea worthy

b) Properly man, equip and supply the ship

c) Make the holds, refrigerating and cool Champers, and all other parts of the ship in which goods are carried, fit and safe for their reception, carriage and preservation.

2. Dirqama mirkaneessuu (burden of proof)

Abbaan qabeenyaa dooniin isaa geejjiba galaanaatiif gahaa ta'uu dirqama mirkaneessuu kan qabu yoo ta'u, itti gaafatamummaa uumamu jalaa bilisa bahuuf balaan qaqqabe bu'uura qajeeltoo Heegitiin gati-dhabeettii (unworthy) ta'uu dhabuushee mirkaneessuutu irraa eegama. Dhimma kana ilaalchisee tumaan armaan gadii seerri galaanaa kwt 139 irratti tumamee jira:

> *The ship owner shall incur no liability for loss or damage results arising out of or due to, Un-sea worthiness, unless such loss or damage results from his failure to carry out his duties*

Jechuun kwt 138 jalatti yoo tumu, kwt 138(2)jalatti immoo "*The burden of proof under this article shall rest with the ship owner or with any person pleading the exemption under this article*" jechuun yeroo balaan qaqqabutti balaan kan qaqqabeef hir'ina to'annoo isaatiin akka hin taane dirqama mirkaneessuu qaba. Gahumsa dhabuu doonii bu'uureffachuun inshuraansiin Hibreeti waldaa doonii Itoophiyaarratti himata m/murtii jalqabaa federaalaa lak galmee 32305 irratti dhiyeesse yoo ilaallu doonittiin waggaa 24 tajaajila kennaa waan tureteef tajaajila kennuuf gahaa miti jechuun m/murtii murtii kennee jira. Qabeenyichi dhangala'uu keemikaalaatiin gubate jechuun himatamaan faccisa yoo dhiyeessellee m/murtii falmii kana kufaa gochuun waggaa 24 hojjechuu qofti doonittii tajaajilaaf gahaa miti jedhee murteessuu hin danda'u. Dhangala'uu keemikaalaa moo rakkina doonittiirraa ka'etu gubaatii ibiddaa fide ijoon jedhu hin mirkanoofne. Balaa qaqqabe ilaalchisee bu'aa fi sababa gidduu hariiroon jiraachuu wanti mirkanaa'e hin jiru jechuun murtiin kenname, armaan oltiitti akka ilaalle falmii himataan dhiyeesse mirkaneessuu yoo baate abbaan doonii balaa gaheef itti gaafatamummaa hin qabu gara yaada jedhuutti geessa.

3. Itti gaafatamummaa fe'iisaa to'achuu (duty of the carrier to take care the cargo)

Dirqamni kun seerarraa kan maddu yoo ta'u bu'uura seera galaana Itoophiyaa fi Heegitti kan armaan gadii tumamee jira. Seera Heeg kwt 3(2) irratti "*subject to the provision ofarticle 4, the carrier shall properly and carefully load, handle, stow carry, keepcare for and discharge the goods delivered*" jechuun kan tumame yoo ta'u, seera galaanaa kwt 196(2) irratti immoo ''Heshall properly and carefully load, handle, stow, keep, care for and discharge thegoods carried" jechuun tumameera. Kanaafuu, tajaajila kennaan meeshaa geejjibu haala gaariin qabee bakka barbaadamuun gahuuf dirqama seeraa qaba.

4. Dirqama sanada waliigaltee fe'iisaa kennuu (the carrier's duty to issue bill of lading)

Bu'uura seera galaanaa kwt 183 fi seera Heegi kwt 3(3)tti qaamni tajaajila geejjibaa kennu meeshaa fe'amu erga fuudhee booda gaaffii nama meeshicha feesiseen yookaan abbaa qabeenyaa yookaan bakka bu'aa isaatiin dhiyaatuun sanada waliigaltee fe'iisaa kennuu akka qabu ifatti tumameera. Seerota kanneen gidduu garagarummaan mul'atu ni jira; innis seerri Heegi gaaffii nama meeshaa feesiseen yoo jedhu seerri galaanaa keenya garuu dhimma kanarratti waan dubbatu hin qabu. Gama biraan, qabiyyee sanada kanaa seerri Heegi hin dubbatu; seerri galaanaa garuu kwt 182 irratti kan teechifame malee kwt 183 irratti qabiyyeewwan armaan gadii tarreessee jira:

- Maqaa fi teessoo qaama tajaajila kennuu
- Maqaa fi teessoo abbaa meeshaa
- Maqaa fi teessoo doonichaa
- Nama maqaan adda baafameef bahe yoo ta'e maqaa fi teessoo isaa
- Tarreeffama maqaa meeshaalee geejjibamanii
- Bakkaa fi guyyaa itti fe'aman
- Hanga gatii geejjibaaf kaffalamu ibsuu ilaalchisee garagarummaan jira.

Bu'uura seera Heeg kwt 3(4)(5) fi seera galaanaa kwt 186tti sanada waliigaltee fe'iisaa baasuu jechuun meeshaalee sanadicharratti caqasaman fuudheera jechuusaakan ibsu waan ta'eef sanadicha harkatti qabachuu qofti meeshaalee tarreeffamanii jiran simachuuf mirga kan gonfachiisuu dha. Meeshaalee fi tarreeffama meeshaalee sanada irra jiran gidduu garagarummaan jira kan jedhamu yoo ta'e dirqama mirkaneessuu kan baatu qaama tajaajila geejjibaa kennuudha. Feesisaan maqaa, maalummaa, qulqullinaa fi uumama meeshaalee ibsuu dhabuu isaatiin mancaatii fi baduun meeshaalee sanarra yoo gahe itti gaafatamummaa kan fudhatu nama feesisee dha. Kanaafuu tajaajilli geejjiba galaanaa feesisaa, abbaa doonii yookaan qaama geejjibicha kennu irratti itti gaafatamummaa adda addaa kan kaa'u ta'uu hubachuun barbaachisaadha.

Qaamni tajaajila kennu itti gaafatamummaa akkuma qabu haalli bilisa itti ta'us seera galaanaa kwt 197(1) fi seera Heegi kwt 4(2) irratti tumamee jira. Qaamni kun tumaalee seerota kanneen

jalatti faccisa teechifaman dhiyeessuun mirkaneessuu yoo baate miidhaa uumameef itti gaafatamummaa kan fudhatu ta'uunsaa oola hin qabu. Namni meeshaa geejjibamee dhufe fudhatu meeshicha sakatta'ee hanqina qabaachuu isaanii bu'uura seera Heegi kwt 3(6)tti guyyaa sadii keessatti dhiyeessuu qaba. Haala kanaan beeksisin dhiyeeffachuu yoo baate meeshaaleen haala gaariin bakka barbaadamu gahaniiru jedhama. Beeksisin kun barreeffamaan qophaa'ee qaama tajaajila geejjibaa kennu yookaan bakka bu'aa isaatti kennamuu qaba. Bu'uura seera galaanaa kwt 201tti beeksisin kennamuu kan qabu yeroo meeshaaleen sun qaama biraatti darban utuu hin ta'in yeroo wal harkaa fuudhinsi gaggeeffamu ta'uu qaba.

5.4.4 Daangaa Itti Gaafatamummaa (limitation of liability)

Daangaan itti gaafatamummaa akka murtaa'u kan ta'eef abbootii doonii jajjabeessuu fi hojii irra akka turan isaan gochuuf jedhameeti. Hajimaatni kun hanga ammaattii qaamolee tajaajila kana kennaan karaa lama fayyadaa jira. Meeshaalee gatii isaanii murteessuun rakkisaa ta'e' yoo miidhaman beenyaan kaffalamu dursamee kan murtaa'e waan ta'eef kaffaltii kana raawwachuun rakkisaa miti. Gama biraan hojimaatni kun faayidaa qaama tajaajila kana kennu utubuuf bahe waan ta'eef qaamni kun adeemsa kanaan faayidaasaa akka eegsisu isa taasisa. Haaluma kanaan seera galaanaarratti daangaaleen hedduun kaa'amanii jiru. Bu'uura itti gaafatamummaa jalaa bilisa ta'uu fi daangaa waliigalaatiin (package limitation and exemption from any liability) qaamni tajaajila dhiyeessu kun sababoota seera Heegi kwt 4(2) fi seera galaanaa kwt 197(1) jalatti tarreeffamanii jiraniin miidhaan yoo gahe itti hin gaafatamu. Seerri galaana Itoophiyaa dhimma kana callisee bira kan darbe yoo ta'ellee bu'uura seera Heegi kwt 4(4)tti lubbuu namaa balaa gahuuf jedhurraa baraaruuf tattaaffii taasifameen miidhaan qabeenyaarra yoo gahe miidhaa qaqqabeef itti gaafatamummaa hin qabaatu. Itti dabalees, feesisaan maalummaa meeshaa tokkoo qaama fe'utti utuu hin ibsin miidhaan meeshicharra yoo gahe qaamni kun itti gaafatamummaa hin qabaatu (seera Heeg kwt 4(5-4) fi seera galaanaa kwt 185).

Tumaaleen kanneen qajeeltoo *Hambergi* bara 1978 keessatti hin hammatamne; sababni isaan hin hammatamneefis geejjibaan itti gaafatamummaa kan qabaatu ta'e jedhee yookaan dagannoon qabeenyaarratti miidhaa kan geessise yoo ta'e qofa waan ta'eef tarreeffamuu fi dhiisuun isaanii jijjiirama fidu hin qabu. Tumaalee geejjibaa itti gaafatamummaa jalaa bilisa baasan armaan olitti ilaalletti dabalatee haalawwan itti aananii jiranis qaama kana itti gaafatamummaa jalaa kan

baasanii dha. Kunis meeshaa fe'ameef beenyaa waliigalaa murtaa'aa (package limitation) kaffaluuf waliigaluu ni danda'a. Mirgi kun hambifannoo tokko malee qaama kanaaf waan kennameef bu'uura *Hague Visby Rules kwt 4(5)(a) fi* seera galaanaa kwt198(3)ttimirga kana kaasuun itti gaafatamummaan isaa murtaa'aa akka ta'u gochuu ni danda'a. Geejjibaan itti gaafatamummaa isaa akka waliigalaatti murteessuu kan danda'uu fi meeqa kaffaluu akka danda'u seerri Heegi kwt 4(5) paawundii Ingilizii 100 yoo jedhu seera galaanaa kwt 198(1) immoo qarshii 1000 jechuun tumanii jiru. Armaan olitti haala addaatiin kan tumamerraan kan hafe geejjibaan mirga isaa kanatti fayyadamee itti gaafatamummaan isaa murtaa'aa akka ta'u gochuuf mirga qaba.

5.4.5 Daangaa yeroo

Sababa meeshaan galaana irra geejjibamaa utuu jiruu badeef yookaan manca'eef himannaan dhiyaatu bu'uura seera Heegi kwt 6(4) fi seera galaanaa kwt 203tti meeshicha erga fudhatee yeroo waggaa tokkoo keessatti ta'uu qaba. Haaluma kanaan seerri daldalaa hiikoon Afaan Ingilizii akkas jedha:

> *1. The rights arising out of carriage shall be barred after one year from the delivery of the goods and, where the goods have not been delivered, from the day when they should have been delivered.*
>
> *2. In the case of recovery of payment made by mistake, the period shall from the date of payment and, for proceedings by way of recourse from the date of the introduction of the main action.*

Sirni lakkoofsa daangaa yeroo haala tumaalee armaan oliitiin kan gaggeeffamu ta'uu agarsiisa. Kana murteessuuf aangoo kan qabu garuu mana murtiiti. Aangoon m/murtiiaangoo hundee dubbii yookaan aangoo bakkaa (tooraa) murtaa'uu ni danda'a. Geejjiba galaana irraa ilaalchisee aangoo m/murtiiadda baasuuf tumaaleen seera galaanaa fi seerri deemsa falmii hariiroo hawaasaa sanada waliigaltee fe'iisaa dhaabbatni doonii Itoophiyaan baase irratti tarreeffamee jira. Haaluma kanaan aangoo m/murtiiseera deemsa falmii hariiroo hawaasaa kwt 15, seera galaanaa kwt 208 fi sanada waliigaltee fe'iisaa dhaabbatni doonii Itoophiyaa baasee irratti kan tumaman ilaaluun ni dana'ama:

> "*The contracts evidenced by this bill of lading shall be governed by the law of Ethiopia and any dispute arising here under shall be determined by the Ethiopia courts according to that law to the exclusion of the jurisdiction of the courts of any other country.*"

Aangoo m/murtii wajjiin wal qabatee falmiin ka'u seerri galaana biyya keenyaa yeroo Itoophiyaan balbala galaanaa Asabii fi Masawwaa qabdutti waan baheef tumaan kwt 208 seera kanaa yeroo ammaa kanatti raawwatiinsa kan qabu miti kan jedhuudha. Dhaabbata doonii Itoophiyaa hundeessuuf danbiin 1/1996 kwt 4 irratti galmeen doonii Finfinneetti raawwata jechuun kan tumu waan ta'eef dhimmootni geejjiba galaana irraa wajjiin wal qabatan keessummeeffamuu kan qaban seera daldalaa falmii hariiroo hawaasaa kwt 15 utuu hin ta'iin manneen murtii federaalaa qofa keessatti keessummeeffamu falmiin jedhu utuu ka'uu dhaga'ama. Falmiiwwan kanneen dhama hin qaban jechuun rakkisaa yoo ta'ellee labsiin 25/88 manneen murtii hundeessuuf bahe aangoo m/murtiiyeroo tarreessu tumaa seera daldalaa falmii hariiroo hawaasaa kwt 15(b) bifa diiguu danda'uun kan tumame waan hin taaneef keewwatni kun ammayyuu hojii irra jira jechuun ni danda'ama. Labsiin galanaa lak 137/1953 yoo ta'ees yaada kanaa wajjiin wal hin faallessu waan ta'eef tumaan seera daldalaa falmii hariiroo hawaasaa ammayyuu hojii irra jira jechuun kan adeemsisuu dha. Seerri galaanaa kwt 208 "*The consignee or the shipper may bring proceeding against the carrier at the port of arrival of the goods where such port is in Ethiopia"* jechuun tumee waan jiruuf yeroo ammaa kanatti Itoophiyaan buufata doonii waan hin qabneef gama raawwatiinsa isaa qofaan yoo ilaalle falmiin kun fudhatama kan qabu fakkaata. Haa ta'u malee falmiin kun gama aangoo murtii kennuu danda'uu mana murtiitiinis dhimma ilaalamuu qabuu dha. Kanaafuu manneen murtii Itoophiyaa falmiin dhimma geejjiba galaanaa wajjiin wal qabatu yeroo dhiyaatutti aangoo murteessuu hin qaban jechuu akka hin taane ifa ta'uu qaba. Akka waliigalaatti yeroo ilaalamu waliigalteen geejjiba galaanaa akkuma waliigalteewwan addaa biroo maalummaa fi haala raawwii mataa isaa kan qabu waan ta'eef, seerri of danda'e baheefii guddinni dinagdee biyyattii saffisaa fi fulla'aa akkasumans tarsiimoo fi imaammata lammiileen sadarkaa sadarkaan irraa fayyadaman hojii irra oolchuuf gahee guddaa taphachaa kan jiru waan ta'eef leenjifamtootni seera waliigaltee geejjibaa bitu kana sirriitti hubatanii hojii irra oolchuu qabu.

Gaaffilee Marii

1. Waliigalteen geejjiba dachee irraa nama nagayee geejjibaa muruu wajjiin moo qaama tajaajila geejjiibaa kennuu wajjiin taasifama? Maaliif?
2. Mirgii fi dirqamni qaama erguu fi fudhatuu isaan kami?
3. Hojii geejjiba dachee irrarratti itti gaafatamummaan geejjibaa maalfa'i?
4. Obbo Ababaan biyya Jaarmaan Firaankifartii daandii qilleensa Luftaanzaa fayyadamanii Dubaayiin gahuun xiyyaara Itoophiyaa yaabbachuun Boolee yeroo gahan shaanxaan isaanii badeera. Kanaaf beenyaa argachuuf dhaabbbata daandii qilleensa Luftaanzaa moo Itoophiyaa himachuu danda'u? Maaliif?
5. Geejjiba qilleensa irraarratti mirgii fi dirqamni ergaa fi fudhataa maali?
6. Geejjiba qilleensa irraarratti itti gaafatamummaan geejjibaa maali?
7. Obbo Zammanaan do'iidhaaf daandii qilleensa Itoophiyaatiin gara Aksuum deemaa utuu jiranii xiyyaarichi qubachuuf yeroo gadi siqu dhukkubni gurraa cimaan qabachuun wallaansis dadhabee gurri isaanii kan duude yoo ta'e daandiin qilleensa Itoophiyaa beenyaa akka kaffaluuf gaafachuu ni danda'aa? Maaliif?
8. Hojimaatni xalayaa liqiitiin bittaa taasifamuu (letter of credit) fi sanada waliigaltee fe'iisaa (bill of lading) gidduu jiru maali?
9. Waliigalteen geejjiba galaana irraa attamitti hafaa ta'a?
10. Tokkummaa fi addummaan sanada waliigaltee fe'iisaa fi sanadoota maallaqaa daddarboo gidduu jiru maali?

6. Sanadoota Maallaqaa Daddarboo (Negotiable Instruments)

6.1.Sanadoota Maallaqaa Daddarboo:Yaada Waliigalaa

Daldalli, akkuma guddina haawaasaa biroo, yeroo gara yerootti guddina agarsiisaa haaluma dhufeen, sanadootni maallaqaa daddarboo sirna bittaa-gurgurtaa si'oomaa fi amansiisaa taasisuuf hojimaatni isaanii guddina yeroon gaafatuu wajjiin fooyya'aa fi mijataa ta'aa akka dhufan barreessitootni seenaa ni ibsu. Seenaan sanadoota maallaqaa daddarboo walitti dhufeenyaa hawaasummaa fi dinagdee dhala namaa wajjiin walitti hidhata guddaa qaba; namni jireenya waliinii (gamtummaa) gadi lakkisuun sirna oomisha hirtaa fi hojimaata oomishaa jijjiiraa waan dhufeef sirna bittaa fi gurgurtaa meeshaa meeshaan jijjiiruu fayyadamuu eegale. Guddina dinagdee wajjiin yaadota deemaan maddisiisuun maallaqa callaa fayyadamuun sirna bittaa-gurgurtaa raawwachuutti ce'uun baroota dheeraaf biyyaa keessaa fi biyyaa alatti haala kanaan fayyadamaa turuun daldaltotni biyya Xaaliyaanii sanadoota maallaqaa daddarboo hojii irra oolchuun ardii Awurooppaa keessatti fayyadamaa akka turan barreessitootni seenaa tokko tokko ni ibsu. Sanadoota maallaqaa daddarboo yeroo ammaa kana beekamtii qaban keessaa dursa hojii irra kan oolan waraqaa dabarsoo maallaqaa biyya alaa (foreign bill of exchange) fi sanadni abdii (promissory note) turan. Jaarraa 17 keessa sanadootni kanneen bal'inaan Biyya Ingiliziitti hojii irra oola kan turan yoo ta'u biyyi kun bara 1882 seera waraqaa dabarsoo maallaqaa baasteetti. Biyya Ameerikaatti seerri sanadoota kanneen bitu tumamee biyyoota biroo wajjiin sirna bittaa-gurgurtaa haala kanaan akka gaggeeffamuuf waldaa abukaattotaatiin yaadni dhiyaatee ture.

Seenaa sanadoota daddarboo biyya Itoophiyaa ilaalchisee *proffessor* Iskaariyaan seera daldalaa biyya keenyaa bara 1960 bahe yeroo qopheessan sirna *Anglio-Saxon* hordofuun kan sirni tokkummaa seeraa (uniform laws) hin haayyamne waraqaa dabarsoo maallaqaa dhiyeessaa (bearer bill of exchange) seera daldalaa kwt 719-721 fi 746(1) jalatti akka hammatamu godhaniiru. Hojimaata waraqaa daldalaa biyyoota *komanlowu* fi Awurooppaatti beekaman bu'uura godhachuun sirna mallattoo (modes of endorsement) Ameerikaatti hojjetamaa ture seera daldalaa kwt 724-730; 746-756 fi 842-852 jalatti akka tumaman taasisaniiru. Yeroo seerichi barreeffamaa turetti kwt 731 jalatti falmiin baduu, manca'uu yookaan hatamuu waraqaa dabarsoo maallaqaa wajjiin wal qabatan seeraan murtaa'u jechuun ta'e jedhanii kan bira darban yoo ta'u seera biyya Faransaayi irratti dirqisiisanii sanada fudhachuun dhimma beekamtii argate ture.

Bakka kanaa hojimaatni baankota biratti fudhatama kan argatan wabiin akka kaffalaman (acceptance for honour) seera daldalaa kwt 766-768 jiran jalatti beekamtii akka argatan ta'ee jira. Hojimaata waraqaa daldalaa duwwaa baasuu seera biyya Faransaayii fi Ingilizii fudhachuun seera daldalaa kwt 744 fi 749(1) jalatti akka hammataman ta'eera. Hojimaata qabeenya socho'oo wabiin qabuu (sequestration) waraqaa dabarsoo maallaqaa to'atan seera daldalaa kwt 798 jala akka galan ta'eera. Nama fayyaalessummaan sanada qabatee jiru ilaalchisee barreessaan seerichaa yaadni tokkummaa seeraa (uniform laws) seera Ingiliziirra fooyya'aadha jechuun sanadichi gatiif kan bahe ta'uusaa yaada keessa isa hin galchine seera daldalaa kwt 718 jalatti akka hammatamu taasisaniiru.

Waraqaa dabarsoo maallaqaa ilaalchisee seera daldalaa kwt 801 irratti akka tumame galaa gahaa qabaachuusaa akka safartuu tokkootti utuu hin fudhatiin dabarsuun ni danda'ama jedhee kan tume seera Faransaayirraa haala adda ta'een akka tumamu ta'eera. Kan biraan hojimaata waraqaa dabarsoo maallaqaa fi cheekii gidduu garagarummaa biyya Ingiliziitti jirurraa haala adda ta'een sanadootni kanneen lamaan biyya keenyatti seera adda addaatiin akka bitaman ta'eera. Tumaalee seera daldalaa kwt 735-822, 825-826 fi 827-886 faayidaa guddaa qaban kanneen konvenshinoota addunyaa waraqaa dabarsoo maallaqaa ilaalchisanii bara 1930 fi 1931tti bahan irraa kan fudhataman yoo ta'u tumaaleen 887-890 fi 891-895 jiran seera hariiroo hawaasaa Xaaliyaaniirraa kan waraabamanii fi armaan olitti kan ilaalleen bifa adda ta'een *Prof Alfred Juaffred* kan qopha'an turan. Hiikoo sanadoota maallaqa daddarboo yoo ilaallu,

1. Sanada maallaqaa daddarboo jechuun sanada mirga tajaajilaa qabuu fi mirgichi sanadicharraa adda bahee darbuu yookaan itti hojjetamuu kan hin dandeenyee dha
2. *Negotiable Instruments are documents of a certain type used in commercial transactions and monetary dealings. Negotiable means transferable by delivery and instrument means a written document by which a right is created in favor of some person (Indian commercial act)*
3. *Negotiable Instrument means an unconditional promise or order to pay a fixed amount of money, with or without interest or other charges described in the promise or order. (UCC)* jechuun hiikoon adda addaa itti kennamanii jiru.

Bu'uura seera daldalaa kwt 715tti sanadoota maallaqaa daddarboo kan jedhaman,

A. Waraqaa daldalaa,
   - Waraqaa dabarsoo maallaqaa (seera daldalaa kwt 732-822)
   - Sanadoota abdii (seera daldalaa kwt 823-826)
   - Cheekota (seera daldalaa kwt 827-895)

B. Waraqaa ragaa dirqamaa,
   - Aksiyoonota yookaan sertifikeetii aksiyoonaa (seera daldalaa kwt 340-341)
   - Imaammata inshuraansii yeroo du'aaf seename (seera daldalaa kwt 660- 669)
   - Waraqaa dirqamaa (debentures) (seera daldalaa kwt 429)

C. Sanadoota ibsituu meeshaalee (documents of title) (seera daldalaa kwt 561-663)
   - Sanada waliigaltee fe'iisaa (bill of lading)
   - Sanada waliigaltee geejjiiba qilleensaa (air way bills)
   - Sanada waliigaltee geejjiba baaburaa (railway bills)
   - Sanada waliigaltee geejjiba konkolaataa (trukway bills)

6.2 Nama fayyaalessummaan sanada maallaqaa daddarboo qabatee jiru (holder in due coures)

Namni fayyaalessummaan sanadoota maallaqaa daddarboo qabatee jiru jedhamu nama akkamiiti? Bu'uura seera daldalaa kwt 751(2)tti namni kun nama yaada badaan sanada harkasaa hin galchine yookaan hojii balleessaa qabu raawwachuun harkasaa kan hin galchine yoo ta'u, abbaan sanadichaati jedhamee mirga waamamuusaatti (fudhatamuusaatti) fayyadamee mirga sanadichi argamsiisutti fayyadamuu akka danda'u hubachuu qaba. Mirgi kun mirga seera daldalaa kwt 718 jalatti beekamtii seeraa argateedha. Maalummaa yookaan hiikoo nama fayyaalessummaan sanada maallaqaa daddarboo qabatee jiru yoo ilaallu,

> *A holder in due course is a holder who has taken a bill of exchange complete and regular on the face of it under the following conditions, namely,*
>
> a. *That he becomes the holder before it was over due and with out notice that it had been previously dishonored if such was the fact.*

b. *That he took the bill in good faith and for value and that at the same time the bill was negotiated to him he had no notice of any defect in the title of the person who negotiated it (Borrie, Gordon J. 1962. P.130)*

Hiikoon jedhu itti kennamee kan jiru ta'uusaa kan arginu yoo ta'u qorataan biroon seera Indiyaa bu'uura godhachuun haala aramaan gadiin ibsaniiru.

Holder in due course is a particular kind of holder. The holder of a negotiable instrument is called the holder in due course if he satisfies the following conditions.

1. *He obtained the instrument for valuable consideration*
2. *He be came the holder of the instrument before its maturity. That is before the amount mentioned in it be came payable.*
3. *He had no cause to believe that any defect existed in the title of the person from whom he derived his title.*

It is clear that a person can not be a holder in due course

a. *If He has obtained the instrument by gift or for an lawful consideration or by illegal methods.*
b. *If he has obtained the instrument after its maturity*
c. *If the circumstances are such that a reasonable person would suspect that the title of the transferor is defective. (Indian commercial act. Sec. 9)*

Nama fayyaalessummaan sanada maallaqaa daddarboo qabatee ta'uun mirga argamsiisu,

- Mirga sanadicha fayyaalessummaan harkasaa galche jedhamee yaadamuu
- Sanadichi utuu harkasaa hin seenin dura badiin raawwatame mirga isaarratti miidhaa qaqqabsiisu kan hin jirre ta'uu
- Sanada hin guutamne (blank bill) irratti utuu guutamuu dogoggora uumameef itti gaafatamummaa kan hin qabnee fi sababa kanaafis mirgi isaa kan hin miidhamne ta'uu
- Qaamni baase yookaan kaffalamuuf waldaa qaama seerummaa qabu ta'uunsaa mirga isaarratti dhiibbaa fidu hin qabu
- Namni isa harkaa fuudha kanaan dura sanadicharra rakkinni akka jiru kan beeku yoo ta'e nama fayyaalessummaan san adicha qabaterratti miidhaa geessisu hin jiru

Namni fayyaalessummaan sanada maallaqaa daddarboo qabatee jiru eenyu? mata duree jedhu irratti seerri keenya seera daldalaa kwt 868, 871, 718, 751(1)(a) fi 847 irratti tumamee kan jiru ta'uusaa argina.

6.3 Ibsituu maalummaa sanadoota maallaqaa daddarboo (basic features)

1. **Mallattoo (endorsement)**

Mallattoon sanadoota maallaqaa daddarboo ilaalchisee mallattoo qaamni baasu yookaan dabarsu dugda sanadichaa irratti mallatteessu jechuu yoo ta'u sanadichi yaada utuu hin ibsin kan mallatteeffamu ta'a. Dhimma kanas seera daldalaa kwt 748(1) fi 743 tumee kan jiru yoo ta'u bu'aa isaa ilaalchisee nama dhiyeessuuf jedhanii mallatteessuu (endorsement to bearer) fi mallattoo qofa mallatteessuu (endorsement in black) gidduu garagarummaan hin jiru (seera daldalaa kwt 725(3), 747(3) fi 745(3)).

2. **Sanadicha dabarsuu (delivery)**

Namni sanada maallaqaa daddarboo harkasaatii qabu sanadicha nama biraatti dabarsuuf sanadicha irratti mallatteessuu qofti gahaa miti. Mirga maallaqaa sanadicharra jiru gara nama biraatti dabarsuu yoo barbaade sanadicha nama sanaaf kennuu qaba.

3. **Simachuu[tole jechuu] (acceptance)**

Qopheessaa (aastuun) waraqaa dabarsoo maallaqaa (drawer) yeroon kaffaltii maallaqa sanadicha irratti ibsamee si'a gahu guutummaatti yookaan gamisaan maallaqicha kaffaluuf haayyama isaa kennuu ni danda'a. Wabiin tole jechuu kun baastuun (drawer) yookaan nama biraan kennamuu ni danda'a (seera daldalaa kwt 764, 766 fi 768).

4. **Kaffaltiif dhiyeessuu fi mormii beeksisuu (presentation for payment and protest for recouses)**

Yeroon kaffaltii sanada maallaqaa daddarboo itti raawwatan si'a gahutti yookaan kaffaltiif dhiyaatee mormiin irratti yoo ka'e namni sanadicha harkatti galfate beekisa mormii baasuun bu'uura seera daldalaa 788 fi 870 namoota sanadicha dabarsuu keessatti hirmaatan irratti himata dhiyeessuun mirgi isaa akka kabajamu gochuu ni danda'a (seera daldalaa kwt 780-797, fi 825(c), 868 fi 873-875). Haala kanaan gaafatamee kaffaltiin qaamni raawwate namoota sanadicha irratti mallatteessanirratti himata dhiyeessuun haala tumaaleen armaan gadiitiin mirga isaa kabachiifachuu ni danda'a (seera daldalaa kwt 781-791, 825(d) fi 869-871). Namootni waliigaltee sanadoota maallaqaa daddarboo keessatti hirmaatan itti gaafatamummaa isaanii karaan ofirraa ittiin buusan hedduu kan qaban yoo ta'u muraasni isaanii akka armaan gadiitti tarreeffamaniiru,

- Sanadicha haquun (by cancellation)
- Itti gaafatamummaa jalaa bahe jedhanii waliigaluu (by release)
- Kaffaltii raawwachuun (by payment)
- Simannaa mirkanaa'e raawwachuun (by qualified acceptance)
- Yeroo kaffaltii cheekii dheeressuu (by delaying in presenting the cheque)
- Sanadichi naanna'ee gara nama simannaa dhiyeessetti yoo deebi'u (by negotiation back)

5. Amala sanada biroorraa adda isa baasu

Gurgurtaa fi bittaa meeshaalee keessatti daldaltotni jimlaa sanadoota maallaqaa daddarboo baroota dheeraaf fayyadamaa turaniiru. Maddi mirga sanadoota kanaa waliigaltee yoo ta'u waliigaltee idilleerra adda kan isa baasan mirgoota waliigaltootni kaasuu danda'an jiru. Isaanis,

- Maallaqni akka kaffalamuuf gaafachuu
- Mirgi qabeenyicharra jiru akka darbuutiif gaafachuu
- Waliigalaan dirqamee tajaajila eegamu akka kennuuf taasisuu
- Wanti tokko yookaan isaa ol akka raawwatuuf, yookaan akka hin raawwatamnetti dhorkamee akka turu gochuu yoo ta'u sanadoota maallaqaa daddarboon akka raawwataman gaafachuun maallaqni akka kaffalamu gaafachuu dha. As irratti ijoon ifa ta'uu qabu sanadootni daddarboon kanneen amala mataa isaanii kan qaban yoo ta'u sanadni waliigaltee fe'iisaa fi nagayeen mana kuusaa (ware house receipts) sanadoota

kanneen keessatti ramadamuu kan danda'an yoo ta'ellee sanadootni lamaan kun maallaqani akka kaffalamu gochuu utuu hin ta'iin meeshaan akka kennamu kan taasisan waan ta'ef waraqaa daldalaa (commercial papers) irraa adda bahanii kan ilaalamanii dha

Waliigalteewwan sanadoota maallaqaa daddarboo waliigaltee idileerraa amalootni adda isaan baasus jira. Isaanis,

- Waliigalteen bu'uura seera waliigaltee idileetiin taasifamu haala irratti kan hundaa'e ta'uu ni danda'a; waliigalteen sanada daddarboo irratti raawwatu garuu haala irratti kan hundaa'u miti.
- Waliigalteen bu'uura seera waliigaltee idileetiin taasifamu yeroo adda bahee beekameef yookaan hin beekamnef taasifamuu kan danda'u yoo ta'u sanadoota maallaqaa daddarboo bu'uura godhachuun waliigalteen taasifamu garuu yeroo kaffaltiin itti raawwatu yeroo adda bahee beekame keessatti ta'uu qaba.
- Mirgi waliigaltee idileetiin argamu akkamiin gara nama biraatti akka darbu kan ibsu miti; sanadootni maallaqa daddarboo garuu 'nama ajajameef' yookaan 'nama fideef' ibsa jedhu waan qabaniif daandii mirgootni sun itti darban adda kan baasanii dha. Kanaafuu, maddi mirgoota sanadoota kanaarraa argaman waliigaltee yoo ta'ellee waliigaltichi waliigaltee addaa waan ta'eef amala mataa isaatii kan qabuu fi seera of danda'een kan buluu dha.

Akka waliigalaatti yoo ilaalamu, sanadootni maallaqaa daddarboo sirna gabaa bilisaa biyyi keenya hordofaa jirtu galmaan galuu keessatti haawaasni daldalaa sanadoota kanatti fayyadamee guddina fulla'aaf jabaatee hojjechuun hojiin daldala biyyattii haqa qabeessa akka ta'u gochuu qaba. Haaluma kanaan nus sirna daddarbii sanadoota kanaa fi bu'aa seeraa hordofuu danda'u sirriitti hubachuun dirqama seera kabachiisuu keenyaa haala haqa qabeessa ta'een bahuutu nurraa eegama.

6.4 Faccisa sanadoota maallaqaa daddarboo irratti ka'uu danda'u

Qabxiileen akka faccisaatti sanadoota maallaqaa daddarboo irratti ka'uu danda'an seera daldalaa kwt 717 irratti tumamanii jiru. Diddiriirsinee yoo ilaallu bu'uura seera daldalaa kwt 717(1)tti qabxiileen akka faccisaatti nama fide (dhiyeesse) irratti ka'uu danda'an,

- Dhimmoota hariiroo dhuunfaa qaamolee lamaanii irraa maddan
- Haala qopheessa sanadichaa (foormii isaa) fi
- Jechoota sanadicha irratti barreeffaman yoo ta'an, armaan gaditti sadan kana tokko tokkoon ilaaluuf ni yaalla.

1. **Hariiroo dhuunfaa qaamolee lamaanii**

Bu'uura faccisa kanaatiin namni sanada maallaqaa daddarboo fidee (dhiyeessee) utuu hin kaffalaminiif hafe hariiroo dhuunfaa isaa fi nama sanada sana baase (drawer) gidduu jiru kaasuun nama kanarratti falmii dhiyeessuu ni danda'a. Dhimmi falmii yookaan faccisa kanaa wajjiin wal qabatee gaaffiin deebii argachuu qabu tokko "hariiroo dhuunfaa" jechuun maal jechuu dha, yookaan "xuqaalee attamii of keessatti qabachuu qaba" kan jedhuudha. Jireenya har'aa borii keessatti hariiroo dhuunfaa jechuun dhimmoota dhuunfaan qaamolee lamaan sana qofa ilaallatan yookaan dhimmoota qaamolee lamaan sana ilaallatan ta'ee giddu seensa qaama sadaffaa hin barbaadne jechuu dha. Jireenya hawaasummaa keessatti hiikoo kana kan qabu yoo ta'e, ija seeraatiin yookaan bu'uura seera daldalaa kwt 717tti gaaleen kun ergaa maalii dabarsa? Qabxiilee akkamii of keessatti hammachuu danda'a? gaaffii jedhuu, keewwata kana keessattis yoo ta'e gaaleen kun hiikuma jireenya har'aa borii keessatti qabu qabaachuu danda'a jechuun ni danda'ama. Seera daldalaa kwt 717 jalatti "hariiroo dhuunfaa" gaaleen jedhu seera daldalaa kwt 790(1), 825(1)(c) fi 872 irratti kan barreeffaman akkuma jiranitti ta'anii nama biraa tokkollee utuu hin dabalatiin hariiroo nama sanadicha dhiyeessee fi maallaqa kaffaluu qabu gidduu jiru kan ilaallatuu dha. Hiikoo gaaleen kun hariiroo har'aa borii keessatti qabu haala kanaan erga ilaallee hiikoo seera keessatti qabaachuu danda'u immoo akka armaan gadiitti haa ilaalu.

Faccisni yookaan ijoon falmii hariiroo qaamolee lamaan irraa madduu danda'u jedhaman kanneen falmii nama fayyaalessummaan sanadoota maallaqaa daddarboo irratti dhiyaachuu danda'anii dha. Falmii yookaan faccisa sana namni dhiyeessu jechuunis abbaa liqaa fi dhiyeessa gidduu kan jiruu fi haalli, dhugaan yookaan hariiroon lamaan isaaniitiin kan beekamu ta'ee abbaan liqaa waa'ee haalaa, dhugaa yookaan hariiroo jiru akka falmiitti nama sanadicha dhiyeesse irratti kaasuu danda'uudha. Fakkeenyaaf, dhiyeessaa fi abbaa liqaa gidduu waliigalteen kan jiru yoo ta'e sanadichis nama amma dhiyeesse kanatti kan kenname waliigaltee sanarratti hundaa'ee yoo ta'e abbaan liqaa kun waliigaltee gidduu isaanii jiru kaasuun falmii

dhiyeessuu ni danda'a. Dhimma bahuu sanadichaa wajjiin hariiroo qaba taanaan abbaan liqaa waa'ee hundaa'uu yookaan raawwannaa waliigaltichaa kaasuun falmachuu ni danda'a. Fakkeenya biraa ilaaluuf, namni tokko waliigaltee bittaa meeshaa nama biraa wajjiin taasisuun guyyaa kanatti meeshaa naaf dhiyeessita jedhee gatii meeshichaaf cheekii muree yoo kenninaan abbaan meeshaa dhiyeessuu yoo baate bu'uura seera daldalaa kwt 857 tti hariiroo kana kaasee cheekichi akka hin kaffalamne falmuu ni danda'a.

Gama biraan bu'uura seera daldalaa kwt 744 fi 841tti namni cheekii yookaan waraqaa dabarsoo maallaqaa baase dhiyeessaan haala murtaa'aa tokkoon itti guutee akka dhiyeessu bu'uura waliigalanii alla guutee kan dhiyeesse yoo ta'e abbaan liqaa yaada kana kaasuun maallaqni akka hin kaffalamne taasisuu ni danda'a. Haala namoota lamaan kana gidduu jiru utuu beekuu namni sadaffaan sanadicha fudhate yookaan yeroo fudhatetti badii kan raawwate yoo ta'erraan kan hafe namni sanadicha baase hariiroo isa jalqabaa nama sadaffaa kanarratti dhiyeessuu hin danda'u. Falmiin yookaan faccisin hariiroo dhuunfaa irratti hundaa'ee ka'uu danda'u kun seera daldalaa kwt 717(1) qofa irratti utuu hin ta'iin kwt 717(3)ttis kan tumaman ta'uusaanii hubachuun barbaachisaa dha.

2. Haala qophii sanadichaa (form)

Faccisin yookaan falmiin haala qophii sanadaarra madduu danda'u sanadichi foormii seerri gaafattu guutee dhiyaachuu yoo baate ka'uu kan danda'uu dha. Hima biraan, fakkeenyaaf sanadni tokko cheekii jedhamuuf safartuwwan guutamuu qaban guutuu waan qabuuf qopheessaan cheekii tokkoo safartuwwan kenneen utuu hin guutiin mallatteessee nama biraatti yoo dabarse mallattoon koo akkan kaffaluuf na dirqisiisuu hin danda'u jedhee falmachuu ni danda'a. Sanadni tokko cheekii jedhamee waamamuuf safartuwwan seera daldalaa kwt 827 fi 828 jala jiran guutee qophaa'uu qaba; safartuwwan sun,

- Maallaqa murtaa'aa ta'e kaffaluuf haal-dureen yookaan ajajin kan hin jirre ta'uu
- Maqaa nama maallaqa sanadicharra jiru kaffaluu qabu
- Kaffaltiin maallaqa sanadichaa bakka itti raawwatu
- Yeroo fi bakka sanadichi itti qophaa'e
- Mallatto nama sanadicha qopheessee

Bu'uura seera daldalaa kwt 828 (a)(b)tti safartuwwan hafan akka guutamanitti kan lakkaa'ama n yoo ta'e malee sanadichi akka cheekiitti fudhatamuu akka hin dandeenye seera daldalaa kwt 828 tumee jira. Haaluma kanaan bu'uura kwt 827(b) maqaan baankii kaffaltii raawwatuu caqasamuu yoo baate abbaan liqaa maallaqicha kaffaluuf hin dirqamu. Haa ta'u malee, baankiwwan damee baay'ee qaba ilaalchisee bakka kaffaltiin itti raawwatu adda baafamee hin caqasamne yoo ta'e dameen muummichaa bakka kaffaltiin itti raawwatu ta'a. Baankiin kaffaltii raawwatu damee baay'ee qaba yoo ta'e maqaa nama kaffaltiin raawwatamuufii cinatti dameen kitaabin qusanoo nama sanadicha qopheessee jiru barreeffamuu qaba. Tumaan seera daldalaa kwt 828(c) hiiktuu dhimmootaa kan ta'u kun akka ajajutti maqaan daamee baankii tokkoo damee muummichaa cinatti barreeffamee jiru bakka kaffaltiin itti raawwatuudha jechuun tumee jira; fakkeenyaa kaffaltiin kan raawwatamu baankii Wugaagenyitti ta'ee maqaa baankii kanaa cinatti damee Piyaassaa kan jedhu jira taanaan bakki kaffaltii baankii Wugaageen damee piyaassaa ta'a jechuu dha. Gama biraan, kaffaltiin kan itti raawwatu baankii Wugaagenitti ta'ee maqaa baankii kanaa cinatti maqaan dame baankichaa baay'een barreeffamee jira yoo ta'e dameen baankii kanaa baankii muummichaatti aanee jiru bakka kaffaltiin itti raawwatamuudha jedhamee fudhatama. Seera daldalaa kwt 828(a)(b) irrati filannowwan akka furmaataatti ta'an irraan kan hafe haalawwan kaffaltii cheekii hambisuu danda'an sanada kana irratti barreefamanii jiru taanaan cheekichi fudhatama hin qabaatu jechuu dha. Fakkeenyaaf, bokkaan arfaasaa yoo robe kaffaltiin raawwachuu danda'a ajajin jedhu sanadicharratti barreeffamee jira taanaan abbaan liqaa kaffaltii hin raawwadhu jedhee mormii kaasuu danda'a; sababni isaas sanadni maalaqaa daddarboo haal dureewwan kaffaltiin irratti hundaa'anii raawwataman of irraa qaba taanaan fudhatama akka hin qabneetti tumee jira. Itti daballees, safartuwwan jiran keessaa safartuu seera daldalaa kwt 827(d) jalatti teechifamee jiru yoo ilaalle cheekiin tokko fudhatamummaa akka qabaatu kan taasisan keessa tokko mallattoon nama qopheessa irratti mallatteeffamee jira yoo ta'ee dha. Haaluma kanaan cheekiin mallattoo hin qabne dhiyaannaan abbaan liqaa hanqin kana kaasee kaffaltii hin raawwadhu jechuun falmii dhiyeessuu ni danda'a. Bifuma wal fakkaatuun safartuwwan waraqaa dabarsoo maallaqaa seera daldalaa kwt 735 fi 736 akkasumas saffartuwwan sanada abdii seera daldalaa kwt 823 fi 824 jalatti tumamanii jiran utuu hin guutiin kaffaltiif kan dhiyaatan taanaan abbaan liqaa sanadootni kanneen foormaalitii seerri teechise hin guutne jechuun kaffaltii hin raawwadhu jechuu ni danda'a.

3. Jechoota sanadicha irratti barreeffaman

Ijoon faccisaa, mormii yookaan falmii seera daldalaa kwt 717(1) barreeffaman keessa tokko faccisa, mormii yookaan falmii jechoota sanadicha irratti barreefaman irraa kan madduu dha. Armaan olitti seera daldalaa kwt 735 fi 736, 823 fi 824 akkasumas 827 jalatti wantootni waraqaa dabarsoo maallaqaa, sanada abdii fi cheekii irratti barreeffaman dhimmoota xiyyeeffannoo argachuu qaban ta'uu ilaalleerra. Haaluma kanaan safartuwwan sanadootni kanneen guutuu qaban utuu hin guutiin qopha'anii kan jiran taanaan seera duratti fudhatamummaa hin qabaatan. Safartuwwan seera daldalaa kwt 723, 824 fi 827 jalatti teechifaman dhimmoota sanadoota kanneen irratti barreeffaman yookaan haala ibsa isaanii kan ilaallatanii dha. Safartuwwan keewwatoota kanneen jalatti tumaman sanadoota akaakuu sadan caqasaman kanneeniif barbaachisoo yoo ta'an haala keewwatoota kanaatiin guyyaan sanadootni kanneen itti qopha'an utuu hin barreeffaman yoo dhiyaatan yookaan guyyaan barreeffame jijjiirameera yoo ta'e abbaan liqaa dhimma kana akka ijoo falmiitti kaasuun kaffaltii hin raawwadhu jechuu ni danda'a. Gama biraan, namni sanadoota kana qopheesse bu'uura 769(1)(b)tti 'obbo A' yookaan 'nama inni ajajeef' sanadichi dhiyaatee 'ji'a sadii booda' kaffali jechoota jedhu irratti barressee jira yoo ta'ee fi namni sanadni itti darbe jecha ji'a sadii booda jedhu haquun sanadicha kaffaltiif yoo dhiyeesse abbaan liqaa ijoo kana akka facisaatti dhiyeessuu ni danda'a. Haaluma wal fakkaatuun namni yeroo keessa sanada kana harkaan gahate hanga qarshii sanadicha irratti barreeffamee jiru ol yoo kaase yookaan gadi yoo buuse ammas gochaan kun akka ijoo falmiitti dhimmaa dhiyaachuu danda'uu dha. Haa ta'u malee sanadoota cheekii fi waraqaa dabarsoo maallaqaa ilaalchisee hangi maallaqaa haqamee kan jijjiirame yoo ta'e bu'uura tumaalee seera daldalaa kwt 740 fi 837tti seerri furmaata kennee waan jiruuf dhimmoota falmiin irratti ka'uu danda'u miti. Hambifannoon kun akkuma jirutti ta'ee falmiiwwan sanadni dhiyaate akka hin kaffalamne taasisan kan biroon afur seera daldalaa kwt 717(2) jalatti tarreeffamanii jiru. Isaanis,

- Mallattoo nama biraa fakkeessanii mallatteessuu
- Gahummaa (Dandeettii)
- Yeroo sanadichi qopha'a aangoo bakka bu'ummaa dhabuu
- Himata dhiyeessuuf haalawwan barbaachisoo ta'an guutamuu dhabu yoo ta'an xuqaalee kanneen tokko tokkoon akka armaan gadiitti ilaaluuf haa yaallu.

A. Fakkeessanii mallatteessuu

Sanadoota maallaqaa daddarboo keessatti mallattootn gahee guddaa taphata. Sanadootni kanneen waliigaltee barreeffamaan hundeeffaman waan ta'eef mallattoo of irratti qabaachuu qabu. Armaan olitti seera daldalaa kwt 735, 827 fi 823 jalatti sanadootni cheekii, waraqaa dabarsoo maallaqaa fi sanada abdii mallattoo of irraa hin qaban taanaan fudhatamummaa akka hin qabne ilaalleerra. Bifuma wal fakkaatuun namni waraqaa daldalaa qopheesse barreeffama harkaatiin sanadicha irratti mallatteessuu akka qabu seera daldalaa kwt 734 jalatti tumamee jira. Kana jechuun garuu bu'uura seera daldalaa kwt 838 fi 839 akkasumas 741tti namni dirqisiifamee waraqaa daldalaa irratti akka mallatteessu ta'e sababa mallatteesse qofaaf itti gaafatamummaa hin qabaatu. Kanaafuu, sababa mallattoon jiru qofaaf namoota kaffaltii sanadaa raawwachuuf hin dirqamne keessaa tokko namoota mallattoon isaanii fakkeeffamee mallatteeffamee dha. Namni sanadicha qopheesse mallattoo koo fakkeessanii mallatteessan sababa ta'eef kaffaltii hin raawwadhu jechuu akka danda'u seera daldalaa kwt 717(2) irraa hubachuu dandeenya.

B. Gahumsa (dandeettii)

Seera daldalaa kwt 717(2) jalatti ijoowwan akka faccisaa yookaan mormiitti dhiyaachuu danda'an keessaa tokko gahumsa; kunis gahumsa seera daldalaa kwt 717(2) jalatti tumameen ala gahumsa namni qabu waliigaltee kana raawwachuu akka hin dandeenyeetti fudhatama. Haaluma kanaan bu'uura seera daldalaa kwt 733tti namni waliigalteen dirqisiifamuuf gahumsa qabu kamiyyuu waliigaltee sanadoota maallaqaa daddarboo keessatti dirqisiifamuu ni danda'a. Akkaataa seera hariiroo hawaasaatti namni umurii seerri gaafatu kan hin guutne, adabamee kan jiru yookaan rakkina fayyummaa sammuu qaba taanaan gahumsa hin qabu jedhamuu kan danda'u yoo ta'u haala addaatiin lammummaa yookaan hojii hojjetu irraa ka'uun gahumsa akka hin qabnetti ilaalamuu danda'a. Haala kanaan namni umurii seerr gaafatu utuu hin guutiin sanada maallaqaa daddarboo irratti mallatteesse waliigaltee kana raawwachuuf gahumsa hin qabu jechuun falmii dhiyeessuu ni danda'a. Haaluma wal fakkaatuun, sababa dhukkuba sammuutiin namni gahumsa hin gabu jedhame tokko sanada irratti kan mallatteesse yoo ta'e gahumsa dhubuusaa kana kaasuun maallaqicha kaffaluuf akka hin dirqamne falmuu ni danda'a. seera daldalaa kwt 742 fi 742 akkasumas 838 fi 839tti maallattoon isaanii kan dubbifamu yoo ta'ellee sababa gahumsa dhabuu isaaniitiin mallattoo isaaniitiif dirqisiifamuu akka hin dandeenye barreeffameera.

C. Aangoo bakka bu'ummaa utuu hin qabaatiin sanada mallatteessuu (qopheessuu)

Namni sanadicha mallatteesse (qopheesse) aangoo bakka bu'ummaa utuu hin qabaatiin gochaa kana raawwate jechuun abbaan liqaa dirqama isaa bahuu dhabuu akka danda'u seera daldalaa kwt 717(2) ni ibsa. Falmiin kun seera bakka bu'ummaa wajjiin wal qabata. Haala kanaan falmiin abbaan liqaa kaasuu danda'u falmii bakka buusaan kaasuu danda'u yoo ta'u isaanis bakka koo bu'ee namni mallatteesse kun gochaa kana yeroo raawwatetti bakka bu'umma hin qabu ture yookaan bakka bu'ummaa utuu hin qabaatiin hojii inni hojjete hin mirkaneessine falmii jedhu kaasuun aangoon utuu hin kennaminiif nama akka muudamaa ta'ee dhiyaateef maallaqa kaffaluuf hin dirqamu jechuu ni danda'a. Namni bakka bu'aa of fakkeessee sanada maallaqaa mallatteesse gochaa isaa kanaaf kan itti gaafatamu waan ta'eef nama biraa dirqisiisuu hin danda'u. Seerri daldalaa kwt 742 fi 839 namni tokko bakka bu'ummaa utuu hin qabaatiin akka bakka bu'aatti yoo mallatteesse aangessaan muudama kana simachuu (mirkaneessuu) baannaan gochaasaa kanaaf itti gaaftamummaa akka qabu nutti agarsiisa.

D. Falmii dhiyeessuuf haal-dureewwan guutamuu qaban

Abbaan liqaa ijoowwan akka faccisaatti dhiyeessuu danda'u kan seera daldalaa kwt 717(2) jalatti tarreeffaman keessa inni dhumaa falmii dhiyeessuuf haal-dureewwan guutamuu qaban utuu hin guutamni hafuu isaaniiti. Akkaataa ijoo falmii kanaatti beeksisa kaffaltii raawwachuuf haayyamamaa ta'uu dhabuusaa agariisuu baasuun barbaachisaa ta'ee utuu jiruu namni sanada sana amma dhiyeessa garuu dirqama kan utuu hin ba'ii hafe yoo ta'ee abbaan liqaa dirqamasaa hin raawwadhu jechuu ni danda'a. Seera daldalaa kwt 780 fi itti aananii jiranitti bu'uura simannaa (haayyama) abbaa liqaa wajjiin qabuun yookaan yeroo kaffalamuu qabutti sanadicha dhiyeessee kaffaltiin kan hin raawanne taanaan akkuma haala isaatti beeksisa kaffaltii yookaan 'hin raawwadhuu' baasuu qaba. Seera daldalaa kwt 789tti jechi hin raawwadhu yookaan waa'uu jedhu sanadicha irra jiraanaan himannaan beekisisaa irratti kan dhiyaatu yoo ta'e malee himannaa dhiyeessuuf beeksisa hin simadhu jechuusaa ibsu baasuutu irraa eegama. Kanaafuu, namni sanadicha dhiyyeessu beeksisa kana utuu hin baasiin falmii yoo dhiyeesse namni kaffaltii raawwatu ijoo kana akka falmiitti kaasuu ni danda'a (seera daldalaa kwt 717(2)).

Dhuma irratti ijoon akka faccisaatti ka'uu danda'u dhimma seera daldalaa kwt 717(3) jalatti tumamee jiruu yoo ta'u haala keewwata kanaatiin namni yeroo ammaa sanadicha harakatti qabatee jiru hariiroo dhuunfaa abbaan liqaa fi namni sanada sana dabarse waliinqaban utuu beekuu yookaan yaada ammeenyaatiin sanadicha harkasaa galchateera yoo ta'e malee ijoo kana akka falmiitti dhiyeessuu hin danda'u. Hariiroo dhuunfaa namoota lamaan ammaa kana gidduu jiru akka falmiitti kaasuun kan danda'amu ta'uusaa armaan olitii ilaalleerra. Haa ta'u malee, haala addaatiin hariiroo dhuunfaa abbaa liqaa fi namoota nama sanadicha amma dhiyyeesse dura jiran gidduu ture kaasuun dirqamicha raawwachuu akka hin qabne falmachuu ni danda'a. Kunis, namni amma sanadicha dhiyeesse gochaa malaamaluutiin wal-harkaa fuudhinsa sanadichaa raawwate yoo ta'ee dha. Hima biraatiin, namni sanadicha nama amma dhiyeesse kanatti kenne dirqama abbaa liqaaf bahuu qabu baqa sanadicha nama kanatti dabarsuun karaa nama kanaa maallaqicha fudhachuu kan barbaade yoo ta'e abbaan liqaa kun hariiroo isaa fi nama isa jalqabaa gidduu ture kaasuun kaffaltii nama amma dhiyeesse kanaaf hin kaffalu jechuu ni danda'a. Kanaafuu, ijoon falmii seera daldalaa kwt 717(3) jalatti tumamee jiru haala fayyaalessummaa miidhuu danda'uun sanadicha simatanii abbaa liqaa bifa miidhuu danda'uun sanada kaffaltiif yoo dhiyeessan ka'uu kan danda'u ta'uusaa hubachuun barbaachisaa dha.

6.5 Haalawwan Sanadootni Maallaqaa Daddarboo Ittiin Darban

Sanadootni maallaqaa daddarboon haalawwan (karaawwan) adda addaatiin nama tokkorraa gara nama biraatti darbuu danda'u. Nama maqaasaa sanadicha irratti caqasame yookaan nama inni ajajeetiif jechuun bu'uura seera daldalaa kwt 719 darbuu ni danda'u. Akaakuun sanadichaa dhiyeessaa (fidaa) (bearer) yoo ta'e bu'uura seera daldalaa kwt 721tti namni sanadicha kaffaltiin akka raawwatuuf dhiyeessu mirga sanadicha irratti ibsamee jiru argachuuf mirga qaba. Akaakuun sanadichaa nama maqaansaa caqasameef yookaan nama ajajameef kan jedhu yoo ta'e mirga jiraachuu danda'u ilaalchisee seera daldalaa kwt 722 irratti tumamee jira. Sanadni ajajaan ta'e haala armaan gadiin darba:

- Dugda sanadichaa irratti mallatteessuu fi
- Abbaa faayidaatiif kennuun yoo ta'u haalli raawwannaa isaa seera daldalaa kwt 724 jalatti tarreeffameera.

Dugda irratti mallatteessuun,

- Dugda irratti barreessuu fi mallatteessuun
- Maqaa utuu hin barreessiin mallattoo qofaan dabarsuu
- Nama dhiyeessuuf jechanii mallatteessuun yoo ta'u kunis bu'uura seera daldalaa kwt 725, 748, 825, fi 844tti kan raawwatamuu dha. Haala kanaanis,
    - Yaada ibsuun hin barbaachisu (seera daldalaa 725(4))
    - Sanadicharra maallaqa barraa'ee keessaa walak aan haa kaffalamu jedhanii mallatteessuu fi dabarsuun hin danda'amu (seera daldalaa kwt 725(5))

Dugda irratti mallatteessuun bu'aa seeraa inni hordofsiisu ilaalchisee seera daldalaa kwt 726, 749, 845 fi 825(1)(a) tumanii jiru.

- Mirga sanadicharraa jiran ni dabarsaa
- Dugda sanadichaa irratti maqaan hin guutamne yoo ta'e
    - Bakka duwwaa sanatti maqaasaa yookaan maqaa nama biraa guutuuf mirga qaba
    - Maqaa nama biraatiin dabarsuu
    - Bakka duwwaatti utuu hin guutiin yookaan hin mallatteessin nama biraatiif kennuun mirgicha akka nama sanatti darbu gochuuf mirga qaba

Maallaqa fudhachuuf yookaan bakka buusuuf jedhamanii sanadootni dugda isaaniirratti mallatteeffaman bu'uura seera daldalaa kwt 728, 753 fi 851 mirgoota armaan gadii argamsiisu,

- Dhiyeessaan mirgoota sanadicharra jiranitti fayyadamuu ni danda'a
- Dugda irratti mallatteessuun dabarsuu ni danda'a; haa ta'u malee namni mallatteessee bakka bu'aa ta'ee akka hojjetetti lakkaa'ama
- Mirga faccisaa namni sanadicha qopheesse qabu nama sanadicharratti mallatteesse irrarratti kan dhiyaatu malee faayidaa bakka bu'uutiin argamu irratti dhiyaachuu hin danda'u

Maqaa wabiitiin barreeffamni sanadarratti barreeffamu ilaalchisee bu'uura seera daldalaa kwt 729, 754 fi 825(1)tti bu'aa seeraa armaan gaditti tarreeffaman qaba. Isaanis,

- Dhiyeessan mirgoota sanadicharra jiran hundatti fayyadamuu ni danda'a
- Dugda sanadichaa irratti mallatteessee nama biraatti dabarsinaan bakka bu'iinsaa akka hojjetetti lakkaa'ama

Wabummaan sanadichi nama itti darbe irratti falmiin (mormiin) dhiyaachuu danda'u,

- Nama maallaqicha kaffalu miidhuuf jedhamee kan raawwatame yoo ta'e
- Hariiroo qabeessaa fi mallatteessaa gidduu jiru kaasuun yoo ta'e malee hariiroo biraa kaasuun falmii dhiyeessuu hin danda'u.

Kanaafuu, seera daldalaa kwt 717(1) akka waliigalaatti yoo ilaalamu sanadootni maallaqaa daddarboon meeshaa damee dinagdee waan ta'aniif hojimaata isaanii sirriitti hubachuu fi haala seera qabeessa ta'een hojii irra oolchuu barbaadu.

6.6 Waraqaa Daldalaa (commercial papers)

6.6.1 Hiikoo Waraqaa Dabarsoo Maallaqaa (Bill of Exchange)

Hiikoon waraqaa dabarsoo maallaqaa seera daldalaa biyya keenyaa irratti hin kennamne; kanaafuu hiikoo waraqaan kun seera biyya Indii keessatti qabuu fi qorataan damee barnoota kanaa kenneen akka armaan gadiitti dhiyaateera.

> *"A bill of exchange is an instrument in writing Containing an unconditional order signed by the maker direction a certain person to pay a certain sum of money only to or to the order of a certain person or to the bearer of the instrument." (Indian commercial act sec.5)*

> *"A bill of exchange is unconditional order in writing, addressed by one person to another, signed by the person giving it, requiring the person to whom it is addressed to pay on demand or at a fixed or determinable future time a sum certain in money to or to the order of a specified person or to bearer." (David*

> *A.L.Smout, 1964, P.11)*

Seerri daldalaa kwt 735 waraqaan dabarsoo maallaqaa maal ibsuu akka qabu tumuurraan kan hafe hiikoo isaa waan hin kennineef hiikoo armaan olitti kenname tumaa seera kana wajjiin akka armaan gadiitti haa ilaallu:

- Barreeffamaan ta'uu qabu; haa ta'u malee guyyaa qophaa boodatti deebisanii yookaan fuul-duratti butanii barreessuun waraqicha gatii hin dhabsiisu (seera daldalaa kwt 745)
- Yeroo gaafatamu kaffalamuu qaba; aangoo dirqisiisuus qaba (seera daldalaa kwt 769-770)
- Mallatteeffamuu sanadichaa ilaalchisee tumaa seera daldalaa kwt 735(g) wajjiin wal fakkaatiinsa qaba
- Ifatti yeroo beeku, ibsi jedhu ibsa seera daldalaa kwt 769 irra jiruu wajjiin wal fakkaata
- Maallaqa hangi isaa beekame hiikoon jedhu jecha seera daldalaa kwt 735(b) fi 740(2) wajjiin kan adeemuu dha
- Yaadni ofiisaatiif yookaan nama ajajeef jedhu tumaa seera daldalaa kwt 735(h) jiruu wajjiin kan wal simu ta'uusaa ni hubannaa

Tumaaleen waraqaa dabarsoo maallaqaa bitan sanada abdii irratti raawwatiinsa akka qabaatan seera daldalaa kwt 825 ni ibsa. Waraqaan dabarsoo maallaqaa bu'uura seera daldalaa kwt 746 kan darban ta'u,

- Dhiyeessaaf kan jedhu taanaan sanadicha kennuun
- Ajajaan jedhamee hin qophoofne (baane) yoo ta'ellee dugda isaarratti mallatteessuun dabarsuun ni danda'ama
- Ajajaan miti yookaan jecha kanaa wajjiin wal fakkaatu kan qabu taanaan haalawwan idilee ittiin darbuu ala darbuu hin danda'u; yoo darbes bu'aa hin qabaatu
- Nama kaffaluuf, nama dhiyeessuuf yookaan faayidaa nama birootiif jecha dugda isaa irrratti mallatteessanii dabarsuun ni danda'ama.
- Namootni kanneen ammas gugda isaarratti mallatteessanii dabarsuu ni danda'u

Haalli dugda irratti mallatteessuu bu'uura seera daldalaa kwt 747 kan raawwataman ta'u. Isaanis,

- Yaada utuu hin ibsin ta'uu qaba
- Maallaqni muraasni akka kaffalamu jedhanii mallatteessuun hin danda'amu

- Dhiyeessaaf jedhamee gugda irratti yoo mallatteeffama akka hin barreeffamaneetti fudhatama
- Mallattoon dugda irratti mallatta'u sanadicha irratti yookaan waraqaa sanadicha duukaa jiru irratti ta'uu ni danda'a (seera daldalaa kwt 748).

Dugda irratti mallatteessuun bu'aawwan armaan gadii qabaata,

- Mirga waraqaa sanarra jiru hunda dabarsuu danda'a
- Dugda duubatti hin barreeffamne taanaan,
    - Maqaa isaa yookaan maqaa nama biraa itti guutuun dabasuu
    - Maqaa nama biraa guutuun yookaan utuu hin guutiin mallatteessanii dabarsuu
    - Maqaa utuu hin guutinii fi hin mallatteessin nama biraatti dabarsuun ni danda'ama

Yeroo kaffaltiin itti raawwatamuu qabu yookaan beeksisi diddaa (waa'uu) jechuu ibsu erga bahee booda gugda irratti mallatteessanii dabarsuun bu'aa seeraa armaan gadii qabaata:

- Bu'aa yeroon utuu hin darbiin mallatteeffama fidu argamsiisa
- Darbiinsi raawwatame bu'aa darbiinsi idilee (assignment) fidu qabaata
- Guyyaan utuu irratti hin barreeffamniin mallatteessanii dabarsuunn beeksisi diddaa (waa'uu) utuu hin beeksifamiin akka darbeetti fudhatama
- Bu'uura seera daldalaa kwt 781(1)tti beeksisa qaama kaffaltii raawwatuun ibsameera yoo ta'e sanadni guyyaan utuu irratti hin barreeffamiin mallatteeffame utuu beeksisi hin bahiin akka darbeetti fudhatama

Sirni kaffaltii waraqaa dabarsoo maallaqaa bu'uura seera daldalaa kwt 769tti kan raawwatamu yoo ta'u,

- Akka dhiyaateen
- Erga dhiyaatee guyyaa murtaa'aa booda
- Guyyaa barreeffamee kaase yeroo murtaa'aa keessatti
- Guyyaa murtaa'aatti haa kaffalamu jedhee qophaa'uu ni danda'a (seera daldalaa kwt 779, 771, 772, fi 773).

Kaffaltii waraqaa dabarsoo maallaqaa didame yookaan kaffaltiin hin raawwatamneef ilaalchisee seera daldalaa kwt 780 haalawwan armaan gadii tumeera,

- Yeroon kaffaltiin itti raawwatamu gahee hin kaffaltiin hin raawwatamne taanaan dhiyeessan nama sanadicha qopheessee fi dugda isaa irratti mallatteessanirratti himata dhiyeessuu ni danda'a
- Yeroon kaffaltiin itti raawwatu yoo gahuu baates simannaan (haayyamni) kenname guutummaatti yookaan gamisaan kan didame yoo ta'e
- Tole yoo jedhe yookaan tole jechuu yoo baate murtiin kasaaruu irratti darbuu yoo baates liqaarra jiru kaffaluu addaan kan kute yoo ta'e yookaan qabeenyaan isaa akka qabamu jedhamu firiin gaarii hin argatiin yoo hafe
- Namni waraqaa daddarboo maallaqaa simannaa (haayyama) hin arganne baase (qopheesse) yoo kasaare

Daangaa yeroo waraqaa daddarsoo maallaqaa irratti jiran ilaalchisee (seera daldalaa kwt 817),

- Nama simate (haayyama isaa kenne) irratti waggaa sadii gidduutti himanni dhiyaachuu qaba
- Qopheessaa fi nama dugda irratti mallatteesse ilaalchisee immoo,
    - Beeksisin diddaa yeroo beeksifamee kaasee
    - 'Beenyaa malee kan deebi'u' gaalee jedhu ofirraa kan qabu yoo ta'e waggaa tokko keessatti himanni dhiyaachuu qabe

Himanni namoota dugda irratti mallatteessan wal irratti dhiyeessan yookaan namootni mallatteessanii fi qopheessan wali irratti dhiyeessan ilaalchisee, namni dugda irratti mallatteesse yeroo maallaqa waraqichaa kaffalee kaasee yookaan himannaan guyyaa irratti dhiyaatee kaasee ji'a jaha keessatti dhiyaachuu qaba. Himannaan mana murtiitti kan dhiyaate taanaan darbiinsi yeroo lak aa'uun kan eegalu falmii isa dhumaarratti murtiin gaafa kennamee kaaseeti. Murtiin kenname yookaan liqaan sun waraqaa biraa irratti amaname taanaan darbiinsi yeroo armaan olitti ibsaman raawwatiinsa hin qabaatan (seera daldalaa kwt 818). Waraqaa dabarsoo maallaqaa irratti yeroo bayyannachuu (grace period) kennuun hin danda'amu. Kana jechuun garuu sanadni abdii amala waraqaa dabarsoo maallaqaarraa adda isa baasuu hin qabu jechuu miti. Waliigaltootni waraqaa dabarsoo maallaqaa keessatti hirmaatan qopheessaa, kaffalaa fi nama kaffaltiin

raawwatamuuf yoo ta'an sanada abdii ilaalchisee garuu qopheessaa fi nama kaffaltiin raawwatamuuf qofa. Waraqaan dabarsoo maallaqaa abbaa mirgaatiin qophaa'ee abbaa liqaatiif kan kennamu yoo ta'u sanadni abdii garuu abbaa liqaatiin qophaa'ee abbaa mirgaatiif kennama. Waraqaa dabarsoo maallaqaa keessatti simannaan (acceptance) kan barbaachisu yoo ta'u sanadni abdii garuu liqaa kaffaluuf kan kennamu waan ta'eef simannaa hin barbaadu. Sanadoota lamaan kanneen gidduu gargarummaan caqasaman jiraachuusaani hubachuun barbaachisaa dha.

6.6.2 Sanada Abdii (Promissory Note)

6.6.2.1 Hiikoo fi akaakuwwan sanada abdii

'A promissory note is an instrument in writing (not being a bank note or currency note) containing an unconditional undertaking signal by the maker to pay a certain sum of money only to or to order of a certain person to the bearer of the instrument' (Indian commercial act sec. 4)

"A Promissory note is an unconditional promise in writing made by one person to another signed by the maker, engaging to pay, on demand or at a fixed determinable future time, a sum certain in money to the order of a specified person or to bearer."(Bil of exchange Act sec 65(1) hiikaan jedhu kennameeraaf.

Akaakuwwan sanada abdii hedduu yoo ta'an,

- **Sanada abdii idilee (ordinary promissory note**): akaakuun sanada abdii kun sanada daldaltooni jimlaa meeshaa gara biyyaa alaatti geessan yookaan biyya alaa gara biyya keessatti galchan akkasumas raabsitootni jimlaa fi qinxaaboo hojii daldalaatiif sanada itti fayyadamanii dha. Fakkeenyaaf *Amcheen* konkolaataa biyya keessatti galche liqiin yeroo gurguru sanadni itti fayyadamu akka sanada abdii idileetti kan ilaalamuu dha.
- **Sanada abdii baankii (bank note):** sanadootni baankiin qophaa'an akka sanada abdii dhiyeessaaf yookaan kan ajajameef kaffaltiin kan raawwatamuu fi darbuu iisaaniitiif wabii kan qabanii dha. Sanadootni kanneen akka maallaqaatti waan lakkaa'ama niif sochoo maallaqa keessatti bakki guddaan kan kennamuufii dha.

- **Boondii (bonds and treasury bills):**boondotni akaakuu sanada abdii yoo ta'an jechi "*bond*" jechu hiikni "*A long term promissory note with stipulated interest issued by a government or a corporation*" jedhu kan itti kennamuu dha; jecha "*treasury bill*" jedhutti immoo "*A short term promisorry note with stipulated interest*" hiika jedhutti itti kennama.
- **Sertifikeetii Amaanaa (certificate of deposit):** sanadni abdiin kun abdii yaada dabalataa hin qabne kennuun yeroo kaffaltii addaan bahee beekametti kaffaltiin akka raawwatamu kan taasisuu dha. Haalli raawwii isaatiis namni tokko maallaqa baankii ol kaahuun namootni sertifikeetii (ragaa) qabatanii maallaqichi akka kaffalamuuf kan ittiin gaafatanii dha. Kana jechuun garuu akkuma dhiyaateen kaffaltiin akka kaffalamu kan taasisu yookaan haala kanaan kaffaltii raawwachuuf sanada gargaaru miti. Akkuma sanadoota abdii kan biroo yeroo gaafatamu (payable on demand) kaffaltiin kan raawatamuu dha. Kanaafu akkuma tumaalee seera sanada abdii bitaniin kan bitamu waan ta'eef seera daldalaa kwt 823-826 jalatti ijoo aguuggii argachuu qabuu dha.

6.6.3 Cheekii (Cheque)

6.6.3.1 Waa'ee cheekii akka waliigalaatti

Cheekiin akkuma sanadoota maallaqaa daddarboo kan biraa sochii daldala keessatti maallaqa bakka bu'ee hojjechuun sirna bittaa-gurgurtaa si'oomaa gochuudhaan guddina dinagdee biyya tokkoo keessatti gahee isaa sanada maallaqaa bahuu danda'uu dha. Bu'uura seera daldalaa kwt 732, 827, 828 fi 829tti cheekiin yaada dabalataa ofirraa hin qabnee yoo ta'u nama herrega qusannoo baankii qabuun qophaa'ee herrega qusannoo sanarraa nama qopheesseef yookaan nama biraatiif akka kaffalamuuf sanada maallaqaa dhiyaatuu dha.

Dr. Harti kan jedhaman kitaaba isaanii "*Law of banking, 4th ed p 327*" jedhamu irratti hiika seera Itoophiyaatiin kennamerraa bifa adda hin baaneen cheekii haala armaan gadiin hiikaniiru,

> *"A cheque is unconditional order in writing drawn on a banker signed by the drawer, requiring the banker to pay on demand a sum certain in money to or to the order of a*

specified person or bearer, and which does not order any act to be done in addition to the payment of money.

Seerri daldalaa biyya Indiis"*A cheque is a bill of exchange drawn up on a special field banker and payee on demand*" (Indian commercial act Sec.6) jechuun hiikeera. Cheekiin faayidaalee armaan gadii qaba:

- Sochii daldalaa guddisa
- Sochii maallaqaa xiqqeessa
- Bittaa fi gurgurtaa si'eessa
- Hannaa fi saamicha xiqqeessa
- Maallaqa hojii irra hin oolle walitti qaba
- Qopheessaan haala salphaan maallaqa isaa akka to'atu gargaara

Cheekiin sanadoota maallaqaa daddarboo kan biroorraa amala adda isa baasu baay'ee kan qabu yoo ta'u muraasni isaanii armaan gaditti tarreeffamaniiru,

- Sochii cheekii keessatti kaffalaan yeroo hunda baankii dha (seera daldalaa kwt 829)
- Cheekiin akka dhiyaateen sanada kaffaltiin raawwatamuufii dha (seera daldalaa kwt 854)
- Cheekiin haqamuu ni danda'a (seera daldalaa kwt 863-869)
- Cheekiin kaffaluuf simannaan (hayyamni) hin barbaachisu (seera daldalaa kwt 831)

Qopheessaan maallaqa baankii kan qabu, sirriitti yoo barreessee fi mallatteesse seeraan hanga hin daangofnetti namoota irratti mallatteessanii dabarsanii fi dhiyeessaaf wabii dha (seera daldalaa kwt 832, 831, 855, 839; 853 fi 766-768). Cheekiin amaloota sanadoota maallaqaa daddarboo kan biroo wajjiin hirmaatus qaba; isaanis,

- Dugda irratti mallatteessuu yookaan dugda irratti mallatteessuu fi kennuun maallaqa irratti ibsame gara nama biraatti dabarsuu danda'uusaa
- Namni fayyaalessummaan cheekii harkasaa galfate (holder in due course), mirgoota armaan gadii qaba:
    - Nama isatti dabarse caalaa mirga abbaa qabeenyummaa fooyya'aa qaba
    - Badii duraan hojjetametti itti gaafatamummaa hin qabu

- Sanadicha harkatti erga galfatee booda maqaasaatiin himata dhiyeessuu danda'a
- Sanadichi harkasaa akka galu haalawwan taasisan ibsuuf dirqama akka hin qabu

6.6.3.2 Akaakuwwan cheekii

1. *Bearer cheque*: dhiyeessaan akka dhiyeesseen (battalatti) kaffaltii kan argatu dha (seera daldalaa kwt 848)
2. *Blank cheque*: maqaan nama kaffaltiin raawwatamuufii kan irratti hin guutamne ta'ee mallattoon garuu sirriitti kan irratti mallattaa'ee fi kaffaltiin akka raawwatamuufiif ajajin kan kenname (seera daldalaa kwt 843&844)
3. *Open cheque*: mallattoon kan irratti hin godhamne ta'ee akka dhiyaateen kan kaffalamu
4. *Crossed cheque*: (mallattoo qaxxaamuraa kan qabu) biyyootaa tokko tokkootti mallattoon qaxxaamuraa irratti godhamu haala daddarbii cheekichaa kan daangessuu yoo ta'u biyya keenyatti garuu daddarbiisaa kan daangessu miti (seera daldalaa kwt 863-865)
5. *Antedated cheque*: cheekii yeroon kaffaltii itti darbe
6. *Marked cheque*: (mallattoo kan qabu) yeroo dhiyaatutti akka kaffalamu qopheessaan kan mirkanaa'ee dha (seera daldalaa kwt 842)
7. *Order cheque*: nama adda baafame tokkoof yookaan nama inni ajajeef kan kaffalamu
8. *Stopped cheque*: (cheekii kaffaltiin hin raawwatamneef) kaffaltiin akka hin raawwatamne kaffalaa kan beeksisuu dha (seera daldalaa kwt 857)
9. *Certified cheque*: (cheekii mirkanaa'e) qopheessaan qabeenya gahaa qabaachuu cheekii irratti mirkanaa'e (seera daldalaa kwt 832)
10. *Traveler cheque*: (cheekii imalaa) cheekii imalaaf kennamu ta'ee maallaqa yeroo fudhatu bakka itti mallatteessuu kan qabuu dha; yoo bade yookaan hatame salphaatti bakka bu'uu danda'a (seera daldalaa kwt 887)
11. *Cashiers cheque*: baankii tokko gara damee baankichaatti yookaan saanduqa tokkoo gara saanduqa biraatti cheekii ittiin dabarsanii dha
12. *Teller's cheque*: kan baase baankii tokko ta'ee kaffaltiin kan raawwatamu immoo baankii biraa kan ta'ee dha.

6.6.3.3 Mirgaa fi dirqama hojimaata cheekii keessatti mul'atan

1. **Mirgaa fi dirqama qopheessaa (rights and obligations of the drawer)**

1.1 Mirga

- Maallaqa yookaan qabeenyawwan biroo adda baasee baankii kaa'e nama biraatiif akka kaffalamu ajajuuf mirga qaba (seera daldalaa kwt 896)
- Maallaqa yookaan qabeenya amaanaan kaa'aman ilaalchisee waliigalteen haalawwan ittiin socha'an irratti daangaa kaa'uu ni danda'a
- Herrega baankii qabu ilaalchisee ibsi akka kennamuuf ji'atti al tokko baankii gaafachuu ni dana'a
- Maallaqa qaburratti daangaa tokko malee ajajuu ni dana'a
- Nama kaffaltiin raawwatamuuf adda baasuu ni danda'a (seera daldalaa kwt 833)
- Qopheessan ofiisaatiif yookaan nama biraatiif cheekii baasuu ni danda'a. qopheessan maallaqni akka isaaf kaffalamu kan barbaadu yoo ta'e dhiyeessaaf kaffaltiin haa raawwatamu jechuu hin danda'u (seera daldalaa kwt 834)
- Qopheessan haala mallatteessee ittiin dabarsu daangessuu ni danda'a (seera daldalaa kwt 842(2))
- Dhiyeessaan yookaan namni cheekiin ajajameef yeroo dhiyeessutti kaffaltiin raawwatamuufii qaba (seera daldalaa kwt 854 and 855)
- Qopheessaan cheekii dursee baase baankiin kaffaltii akka hin raawwanne ajajuu ni danda'a (seera daldalaa kwt 857)
- Qopheessaan erga cheekii baasee booda yoo du'e yookaan gahumsa seeraa yoo dhabe ajajin duraan kenname hin haqamu (seera daldalaa kwt 858)
- Cheekii irratti mallattoo qaxxaamuraa kaa'uun "darbuu kan hin dandeenye" jecha jedhu itti ida'uun haalawwan cheekichi ittiin darbu daangessuun ni dana'ama

1.2 **Dirqama**

- Baankiitti herrega socho'aa banuu qaba
- Herrega socha'aa baankii qabuu ol akka kaffalamu ajajuu hin danda'u (seera daldalaa kwt 833 fi 899)

- Sanad cheekitti sirreessee baasuu qabu (seera daldalaa 827 fi 828)
- Kaffaltii kan raawwatu gaafannaan jiraachuu maallaqaa mirkaneessuu qaba; bakka kaffaltiin itti raawwatuu fi kaffalamuu maallaqichaaf wabii kennuutu irraa eegama (seera daldalaa kwt 832, 836 fi 840)
- Cheekii tokko namootni baay'een kan qopheessan yoo ta'e nama kaffaltiin raawwatamuuf waliin itti gaafatamummaa fudhatu (seera daldalaa kwt 827; seera hariiroo hawaasaa kwt 1896 1897)

2. Mirgaa fi dirqama kaffalaa

2.1 **Mirga**

1. Maallaqa qopheessaan baankii ol kaa'e irratti baankiin mirga abbaa qabeenyummaa qaba. Hojiiwwan hojii isaa wajjiin deemaniif itti fayyadamuu ni danda'a (seera daldalaa kwt 896)
2. Sababoota armaan gaditti tarreeffamaniif baankiin kaffaltii raawwachuu dhabuu ni danda'a:
    - Dugda cheekichaa irratti mallattoon kan hin jirre yoo ta'e
    - Namni yeroo dhumaaf dabarse irratti hin mallatteesine yoo ta'e
    - Namni yeroo dhumaaf dabarse sirriitti hin mallatteessine yoo ta'e
    - Mallattoon qopheessaa mallattoo isaa duraan baankii jiruu wajjiin tokko ta'uu yoo baate
    - Fooyya'iinsa taasifamee qopheessiin kana mirkaneessin yoo hafe
    - Guyyaa baheen booda akka waan baheetti yoo barreeffame
    - Yeroo kaffaltiinsaa kan irra darbe yoo ta'e
    - Lakkoofsa a fi barreeffamaan hangi maallaqaa hin ibsamne yoo ta'e
    - Abbaan herregaa kaffaltiin akka hin raawwanne yoo ajaje
    - Hangi kaffalamuu qabu adda utuu hin baafamin kan kenname yoo ta'e
    - Barreeffamichi kan hin dubbifamne yoo ta'e
    - Cheekichi nama qopheesseen hin mallattoofne yoo ta'e
    - Mallattoon dabalataa kan barbaachisu ta'e kun utuu hin raawwatiin yoo hafe
    - Herregni kan cufame yoo ta'e
    - Herregni bakka biraatti kan naanna'e yoo ta'e

- Herregicharra maallaqni gahaan hin jiru yoo ta'e

3. Herregni akka naanna'u qopheessaan yoo ajaje galaa gahaa hin qabu yoo ta'e hin naannessu jechuu ni danda'a (seera daldalaa kwt 903 fi 908)
4. Guutummaa yookaan gamisa kaffaltii raawwatamuuf nagahee akka kennu gaafachuu ni danda'a
5. Mallattoo qopheessaa fi nama yeroo dhumaaf mallatteessee dabarsee qulqulleessuuf mirga qaba (seera daldalaa kwt 860)

2.2 Dirqama

- Haala addaan kan waliigalame yoo ta'e malee baankichi herrega qopheessaarraa dirqama kaffaluu qaba
- Ibsa herregaa yeroo yerootti qopheessee kennuu qaba (seera daldalaa kwt 900)
- Hojimaata qopheessaan haayyame yookaan qopheessaa wajjiin waliigalee malee kan birratti fayyadamuu hin danda'u (seera daldalaa kwt 897)
- Qopheessaan kaffaltiin akka raawwatu ajajee kaffaltiin utuu hin raawwatamin yoo du'e yookaan gahumsa seeraa yoo dhabe baankiin sababoota kan ka'umsa godhatee kaffaltii hin raawwadhu jechuu hin danda'u (seera daldalaa kwt 858)
- Qopheessaan sababa kaffaltiin akka hin raawwanne jedheef wabii kennuu qaba (seera daldalaa kwt kwt 857)
- Kaffaltii utuu hin raawwatiin dura dirqama mallattoo cheekii irratti mallatteeffamee fi akka ragaatti ta'e wal bira qabee ilaaluuf mirga qaba (seera daldalaa kwt 860)

6.6.3.4 Falmiiwwan cheekiirratti dhiyaatan

Yeroo baay'ee akka argamutti namootni tokko tokko cheekii galaa gahaa hin qabne kennuun kaffaltii utuu hin argatiin akka deebi'an taasisu. Sababa kanaaf himatni yakkaa yeroo dhiyaatu wabii liqaa narra jiruuf cheekii kennamee dha jechuun falmii dhiyeessu. Hojimaatni snadoota qabsiisaa (wabii) fi cheekii garagarummaa qaba; seera daldalaa kwt 842-852 waa'ee daddarbii cheekii dubbatu. Keewwatootni kanneen cheekiin wabiin haala itti kennamuu danda'u waan dubbatan hin qaban. Itti dabalees cheekiin tumaalee seera waraqaa dabarsoo maallaqaatiin ni bitama kan jedhamu yoo ta'ellee tumaan seera daldalaa kwt 886 waa'e cheekiin qabsiisaan kennamuu danda'u kan dubbatan hin qaban. Haa ta'u malee seera daldalaa kwt 825 fi 754 sanadni abdii fi waraqaan dabarsoo maallaqaa qabsiisa kennamuu akka danda'an tumanii jiru;

tumaaleen sanadoota kanneen waliin bitan sanadni abdiin qabsiisa kennamuu akka danda'u ifatti tumanii jiru. Seerri daldalaa kwt 886 cheekii fi waraqaa dabarsoo maallaqaarratti raawwatiinsa qabaatu cheekiin qabsiisa kennamuu akka danda'u tumuu dhabuunsaa sababa malee miti. Kaayyoo, hojimaatnii fi faayidaan cheekii qabsiisa ta'uu dhabuusaa kan agarsiisuu dha. Guyyaan cheekii irratti bareeffamu guyyaa cheekichi bahe kan agarsiisu yoo ta'u kaffaltiinsi guyaa sanaa eegalee kan raawwatamu ta'a. Waraqaa dabarsoo maallaqaa fi sanada abdii ilaalchisee garuu kaffaltiin gara fuul duraatti kan raawwatamuuf waan ta'eef sanadoota kanneen qabsiisanii liqeeffachuun ni danda'ama (seera daldalaa kwt 754). Tumaan seera daldalaa kwt 754 cheekiirratti raawwatiinsa hin qabaatu waan ta'eef cheekii qabsiisaaf kennuun hin danda'amu. Guyyaa mallatteeffamee bahee kaasee ni kaffalama waan ta'eef cheekii qabsiisanii maallaqa liqeeffachuun barbaachisaa miti; kanaaf amalli sanada kanaa qabsiisa kennuu kan haayyamu miti; seerri daldalaas hojimaata kana hin mirkaneessine (seera daldalaa kwt 827, 827, 854 fi 856). Akka seerri biyya keenyaa fi addunyaa ajajutti namni cheekii mallatteessee baasu cheekichi baankiitti yeroo dhiyaatu kaffaltii gahaa argachuu danda'uusaa mirkaneessuu qaba. Namni cheekii mallatteessee kennuu fi fudhatu seeraan haala faallaa ta'een waliigaluu hin danda'an; waliigalanii yoo argamanis fudhatama hin argatu. Qajeeltoo cheekiin ittiin gaggeeffamu kana yoo ta'es hojimaatni biyya keenyaa akka agarsiisutti cheekicha mallatteessee kanan kenneef akka wabiitti akka qabatuuf malee baankii deemee maallaqa akka ittiin baafatuuf miti jechuun namootni baay'een falmii utuu dhiyeessanii mul'atu. M/murtiifaccisa kana yoo simatellee yaadni kun gaaffiwwan armaan gadii kaasuunsaa oola hin qabu:

- Cheekiin yeroo seerri teechise keessatti baankiitti dhiyaatee kaffaltii hin argatu yoo ta'e wabummaan isaa maaliin madaalama
- Waliigaltootni haala kanaan waliigalaniiru yoo ta'e maaliif baankii deemuu fi himannaa banuu dhaqu?
- Qabsiisa kennaniiru taanaan waliigaltee qabsiisaa sanada biraarratti maaliif waliigaluu dhiisan? Cheekiin sanada sana bakka bu'ee tajaajiluu ni danda'aa?
- Cheekiin qabsiisaaf mallatteeffamee kenname ta'uunsa waliigaltee biraatiin kan mirkanaa'e yoo ta'ellee cheekiin galaa gahaa waan hin qabaanneef hin kaffalamne yoo ta'e itti gaafatamummaan yakkaa attamitti ilaalama.

- Waliigalaan tokko cheekii hin guutamnee fi guyyaa bahe ofirraa hin qabne mallatteessee bakka wabootni jiranitti waliigalaa isa biraatiif yoo kenne, namni fudhate kun immoo guyyaa fi hanga maallaqichaa itti guutee baankiitti dhiyyeessuun galaa gahaa hin qabu jedhamee utuu kaffaltii hin argatiin yoo deebi'e, yakka waliin dhahuun himatamuu ni danda'aa? Himatamaan mana murtiitti dhiyaatee waliigaltee isaan gidduu jiru yoo ibse falmiin kun akka faccisaatti fudhatamuu ni danda'aa? Seera hariiroo hawaasaatiin itti gaafatamummaa ni qabaataa?
- Cheekii gamisaan kaffaluun itti gaafatamummaa jalaa nama baraaraa? (seera daldalaa kwt 859)
- Falmii cheekirratti ka'u irratti waliigaltooni yoo araaraman itti gaafatamummaa yakkaa jala bilisa bahuu danda'uu?
- Kaffaltiin akka hin raawwatamne gochaan taasisu (humanaa olii kan ta'e) yoo uumame itti gaafatamummaa yakkaa jalaa bilisa baasuu ni danda'aa?
- Cheekiin qopheessaan mallatteeffame bahuun baankiin galaa gahaa hin qabu jechuun kaffaltii raawwachuu yoo baate, cheekichi gara nama jalqaba mallatteessee baasetti yoo deebise cheekitti akka jalqaba nama kana harkaa hin baanetti fudhatamuu ni danda'aa?
- Cheekiin kaffaltiin akka raawwatu ajaju bu'uura seera daldalaa kwt 857tti kaffaltiin akka hin raawwatamne yoo dhorkame itti gaafatamummaa yakkaa hordofsiisuu ni danda'aa?
- Yakki gowomsaa dagannoon yakka raawwatamuu danda'uudhaa? Hin danda'amu kan jedhamu yoo ta'e seera yakkaa kwt 693(2) jalatti haayyamamuun maaliif barbaachise gaaffii jedhu kaasuun ni danda'ama.

Itti fayyadamni cheekii haaluma guddachaa dhufeen rakkoowwan cheekii wajjiin wal qabatanii mana murtiitti deddeebi'uu erga eegalanii barootni lakkaa'ama niiru. Rakkoo kana hambisuuf baankootnii fi maammiltooni cheekitti fayyaalessummaan fyyadamuu akka danda'anitti barumsi kennamuufii qaba; maamiltoota cheekitti seeraa ala fayyadaman tajaajila baankii akka hin arganne ejjennoon taasisu fudhatamuun barbaachisaa dha. Kana ta'uu baannaan kaayyoo baankitti fayyadamuu daraan kan gadi xiqqeessu ta'uutti dabalatee namootni yakkaan akka gaafatamanii fi baasiin dabalataa akka bahu taasisuun isaa oola hin qabu.

6.6.4 Cheekii Himalaa (Travelers Cheque)

Seerri daldalaa kwt 887, cheekii imalaa jechuun cheekii namni kaffaltiin raawwatamuuf damee baankii qopheessaatii yookaan baankii isaa wajjiin hariiroo qabuu maallaqa fudhachuu dandeessisuu fi bakka kaffalaan hanga maallaqa kaffalamee irratti guutee kennu qabuu dha jechuun hiika itti kenneera. Garagarummaa cheekii imalaa fi cheekota biroo gidduu jiru yoo ilaallu tumaaleen seeraa cheekota biroo irratti raawwatiinsa qabatan cheekii imalaa irratti raawwwatiinsa akka hin qabaannee seera daldalaa kwt 890 tumee jira. Cheekiin imalaa yoo bade salphaatti bakka bu'uu kan danda'u yoo ta'u cheekotni biroon yoo badan garuu bu'uura seera daldalaa kwt 857tti kaffaltiin akka hin raawwanne ajaja kennuun kan danda'an yoo ta'e malee salphaatti bakka buusuun hin danda'amu. Kanaafuu tumaaleen seera daldalaa kwt 715-734 jiranii fi kwt 893 cheekii imalaarratti raawwatiinsa kan qabaatan ta'u. Kanaafuu cheekiin imalaa maamiltootni haala salphaan tajaajila maallaqaa akka argatan kan taasisuu fi meeshaa maallaqa baankii gara baankiitti dabarsuuf gargaaruu dha.

6.6.5 Tokkummaa fi Garagarummaa Sanadoota Maallaqaa Gidduu Jiru

- **Tokkummaa cheekii fi waraqaa dabarsoo maallaqaa**
  - Lamaanuu sanadoota maallaqaa daddarboo dha
  - Lamaanuu dhiyeessaaf yookaan nama dhiyeessaan akka kaffalamuuf ajajeef yookaan qopheessaaf maallaqani murtaa'aan akka kaffalamu gochuu ni danda'u
- **Garagarummaan isaanii immoo**
  - Waraqaa dabarsoo maallaqaatiin kaffaltiin fuul duratti akka raawwatu ajajuun ni danda'ama; hojimaatni kun garuu cheekiitiif raawwatiinsa hin qabaatu (seera daldalaa kwt 855 fi 848)
  - Waraqaa dabarsoo maallaqaan dhalli akka kaffalamu ajajuun ni danda'ama (seera daldalaa kwt 835 fi 739)
  - Kaffaltiin cheekiif raawwachuu kan danda'u herregni socho'aan baankii yoo jiraate qofa. Waraqaa dabarsoo maallaqaaf garuu kun barbaachisaa miti (seera daldalaa kwt 830)

- Cheekiitiif kaffalaan yeroo hunda baankii dha. waraqaa dabarsoo maallaqaaf garuu kaffalaan yeroo hunda baankii ta'uu dhabuu ni danda'a
- Dugda waraqaa dabarsoo maallaqaa irratti namni mallatteessuu sanadicha simachuu fi kaffaltii raawwachuuf wabii kan seene yoo ta'u dugda cheekii irratti namni mallatteesse immoo raawwatamuu kaffaltii qofaaf itti gaafatamummaa qaba (seera daldalaa kwt 750 fi 846).
- Waraqaan dabarsoo maallaqaa simannaan (acceptance) mirkanaa'uu qaba; cheekiin garuu hojimaata kana hin hordofu (seera daldalaa kwt 853)
- Cheekiin maallaqa bakka bu'ee kan hojjetuu fi akka dhiyaataan kan kaffalamuu dha; waraqaan dabarsoo maallaqaa garuu dirqama gara fuul duraatti raawwatuu fi kaffaltii raawwatamu wabii mirkaneessuu dha
- Waraqaa dabarsoo maallaqaa ilaalchisee waliigaltee dhala kaffaluu seenuun kan danda'amu yoo ta'u hojimaatni kun cheekiirratti raawwatiinsa hin qabaatu. Hima biraan, cheekii ilaalchisee waliigalteen akkanaa seenamnaan fudhatamummaa seeraa hin qabaatu (seera daldalaa kwt 835, 739 fi 825)

❖ **Garagarummaa cheekii fi cheekii imalaa gidduu jiru**

- Cheekiin imalaa yoo bade yookaan hatame salphaatti bakka bu'uu danda'a
- Bu'uura seera daldalaa kwt 890tti ulaagaaleen cheekiirratti raawwatiinsa qabaatan cheekii imalaarratti raawwatiinsa hin qabaatan; tumaaleen cheekii imalaarratti raawwatiinsa qabaatan isaan kana: seera daldalaa kwt 715-734, fi seera yakkaa kwt 693
- Cheekiin guyyaa qophaa'ee kaasee ji'a jaha keessatti kaffalamuu kan qabu yoo ta'u cheekii imalaan garuu waggaa tokko keessatti kaffalama (seera daldalaa kwt 888(7) fi 855)
- Cheekii imalaarratti "nama ajajameef" jecha jedhu yookaan jecha kanaa fi "kan hin darbine" jecha jedhu irratti barreessuun kan barbaachisu yoo ta'u hojimaatni kun cheekii keessatti garuu hin barbaachisu (seera daldalaa kwt 888(5))
- Cheekii imalaa keessatti qopheessaan (drawer) baankii yoo ta'u cheekii keessatti garuu qopheessaan nama herrega socho'aa baankii qabuu dha

Armaan olitti ibsuuf yaaliin akka taasifame faayidaan sanadoota maallaqaa daddarboo guddaa dha; haa ta'u malee hojimaatni jiru gaaffii hedduu kaasuu fi ejjennoon adda addaa manneen

murtii keessatti akka qabatamu kan taasisan ta'u barreeffama dhiyaaterraa hubachuun ni danda'ama. Kanaaf mariin dhimma kanarratti gaggeeffamuu qabu ibsa gabaabaa kana qofaan aguugamuu kan danda'u miti; ibsa kenname kana bu'uureffachuun hojii har'aa borii keessatti bal'ifnee ilaaluu fi marii walii wajjiin taasisuun hanqina hubannoo jiru xiqqeessuutu nurra eegama.

Gaaffilee Marii

1. Namni dhimma sanadoota maallaqaa daddarboo wajjiin wal qabatan ilaalchisee himatame faccisa akkamii dhiyeeffachuu danda'a? Garagarummaan faccisa addunya'aa (universal) fi hariiroo dhuunfaa (personal relation) gidduu jiru maali?
2. Cheekiin sanada qabsiisa kennamuu danda'uudhaa? Maaliif?
3. Tukkummaa fi garagarummaan cheekii fi waraqaa dabarsoo maallaqaa gidduu jiru maali? Cheekii fi sanada abdii gidduu garagarummaan jiru maali?
4. Dugda sanadoota maallaqaa daddarboo irratti mallatteessanii dabarsuun bu'aa seeraa attamii qaba?
5. Waraqaan dabarsoo maallaqaa haala kamiin darbuu danda'a?
6. Cheekiin kaffaltiif dhiyaatee haalli kaffaltii itti hin arganne jiraa?
7. Namni umuriin gahaa hin taane tokko dugda cheekii irratti mallatteessee yoo dabarse namoota itti fufanii mallatteessanii dabarsan itti gaafatamummaa jalaa oolchuu ni danda'aa?
8. Wabummaan sanada irratti barreessuun bu'aa seeraa attamii qaba?
9. Mirgii fi dirqamni maammila baankii maali? Mirgii fi dirqamni baankii maal fakkaata?
10. Seerri yakkaa kwt 693 cheekii galaa gahaa hin qabne mallatteessanii baasuun yakkaan kan adabsiisu ta'uu tuma; seera daldalaa kwt 859 immoo kaffaltii gamisa raawwachuun ni haayyama. Kanaafuu namni cheekii mallattaa'ee bahee kaffaltii gamisa raawwate itti gaafatamummaa yakkaa jalaa bahuu ni danda'aa? Maaliif?

7. Seera Kasaaraa (Bankruptcy)

7.1 Hiikoo, fi Seenaa Guddina Seera Kasaaraa

Seenaan guddina seera kasaaruu guddina sirna bittaa-gurgurtaa wajjiin walitti hidhata guddaa qaba. Seenaa warra Roomaa durii kaasee suuta suuta liqeeffataa amanamaa kasaare addabbii dabalataaf saaxiluurra liqaansaa qabeenya isarraa kaffalamuu akka danda'u gochuu fi mirga qabeenyummaa abbootii maallaqaa kabachiisuuf seera bahe ta'uu qorattootni damee kanaa ni ibsu. Seerri kasaaruu suuta suuta guddachuun bara giloobalayizeeshii nuy amma keessa jirru keessatti kaayyoo maalii akka qabu ilaalchisee barreessaan tokko akka armaan gadiitti ibsaniiru: "*Bankruptcy laws are no longer used primarily to punish an insolvent, but more often to release (discharge) and Rehabilitate him*." Kanaafuu seerri kasaaruu walitti dhufeenya dinagdee fayyaalessa ta'e akka uumuu kan godhuu dha; hariiroon gaariin kun yoo boora'e immoo qabeenya walii fudhachuun seeraa ala badhaadhuun akka hin uumamne kan taasisuu dha; hundumtuu mirga qabeenya isaa seeraan akka fayyadamu gochuurratti seera xiyyeeffatuu dha.

Seerri kasaaruu yeroo jalqabaaf biyya Xaaliyaaniitti kan bahe yoo ta'u qaama seera biyya keenyaa bara 1933tti ta'uu danda'eera. Seerrsi kun hangam hojii irra akka oole beekamuu yoo baates hanga bifa haaraatiin bara 1960 bahutti seera turee dha. Seerri kasaaruu barreessitoota adda addaatiin bifa wal fakkaatiinsa qabuun hiikamaa tureera; hubannoof akka gargaarutti hiikowwan armaan gadii haa ilaallu:

> *Bankruptcy can be defined as both a collective and universal mode of execution, collective in the sense that it puts secured and unsecured creditors more or less on an equal footing, universal is a sense it applies to the total estate of the bankrupt person. The goal of this procedure is either to save the enterprise by a composition with creditors or to liquidate it, which may bring into play different loses of right or penalties for the debtor in bade faith in particular.*
>
> *Bankruptcy is a situation where, one who by his acts and conducts affords evidence of his inability to pay or his intention to avoid payment of his debt."*

Seerri daldalaa kwt 969 jalatti "Namni liqaa hojii daldalaa isaa wajjiin wal qabatu kaffaluu addaan kutee fi kasaaruunsaa murtiin mirkanaa'e hundumtuu akka kasaaretti lakkaa'ama" jedhamee tumameera. Hiikowwan kanneenirraa hubachuun akka danda'amutti namni tokko kasaarera kan jedhamu liqaa isarra jiru kaffaluu kan dadhabee fi haalli kunis mana murtiin kan mirkanaa'e yoo ta'ee dha. Hima biraan, kasaaruun nama tokkoo dhimma m/murtiii dileetiin mirkanaa'uu qabu malee liqaarra jiru kaffaluu sababa dadhabe qofaaf kasaareera jedhamuu akka hin dandeenye tumaan seera daldalaa ni hubachiisa.

Kitaabni shanaffaa seera daldalaa dhimma kasaaruu irratti xiyyeeffata. Kutaalee gurguddoo arfan jalqabaa seera daldalaa Faransaayi bara 1955 bahe irratti hundaa'uun *Professor Escarra* kan barreessan yoo ta'u erga isaan du'anii booda hojichatti kan darban *Professor Janffret* kutaa shanaffaa kwt 1119-1166tti kan jiru seera Xaaliyaanii bara 1942 bahe irratti hunda'anii barreessaniiru. Kitaabni shanaffaan seera daldalaa kutaalee gurguddoo afurtti qoodama. Isaanis,

Kutaa tokkoffaa- tumaalee waliigalaa

Kutaa lammaffaa- waa'ee kasaaruu

Kutaan sadaffaa - waliigaltee eegannaa

Kutaa arfaffaa- waa'ee kasaaruu dhaabbilee daldalaa fi waliigaltee eeggannaa

Kutaa shanaffaa- adeemsa falmsa gabaabaa

Adeemsi isaas qabeenya abbaa liqaa qulqulleessuun liqaa keessa jirurraas akka bayyaannatu gochuu akka ta'e seera daldalaarraa hubachuu ni dandeenya. Seerichi eegumsa tokkummaa (adda bahuu dhabuu) qabeenya abba liqaatiif kennurraa adeemsa akkamii akka filate kan agarsiisuu dha. Gama biraatiin abbaa liqaa fi abbaa maallaqaa filannoo lama hordofuu danda'u jechuunis beekisa kasaaruu ibsu akka kennu gaafachuu yookaan waliigaltee eegannaa (schema of arrangement) fayyadamanii dhimma isaanitti furmaata kennuu ni danda'u. Seerri daldalaa Itoophiyaa hojimaata (adeemsa) seerri daldalaa komiishinii mootummaalee gamtoomanii (UNCITRAL) hordofu [Unitary approach] yoo ilaalamu ka'umsa yookaan filannoowwan adda addaa kan hordofu ta'uusaa hubanna. Innis daldalaan kasaare jalqaba akka bayyaannatu taasisuun, booda immoo liqaasaa akka kaffalu gochuu dha. Adeemsi kun galma gahuu yoo baate qofa gara qabeenya qulqulleessutti adeemama kan jedhuu wajjiin kan wal dhiituu dha. Yeroo

ammaa kana hordofamaa kan jiru adeemsi suuta jedhii ilaali (wait and see period) jedhuu wajjiin yoo ilaalamu dhaabbatni daldalaa tokko kasaarera jedhanii mirkaneessuuf rakkisaa ta'ee kan argame taanaan dafanii gara murtii kasaaru kennutti ce'uun barbaachisaa miti ilaalcha jedhu kan hordofu waan hin taaneef gara fuul duraatti dhimma xiyyeeffannoo barbaaduu dha. Ijoon biraan seera daldalaatiin xiyyeeffannoo argachuu barbaadu haala tuma seerichaatti; seericha adeemsa lama jechuunisa kasaaruu fi waliigaltee eeggannoo jechuun seera daldalaa kwt 974 -1118 jalatti tumamuun itti fufees waa'ee dhaabbilee daldalaa jechuun bakka lamatti qoodameera. Waa'een dhaabbilee daldalaa seera matasaa danda'e kan barbaadu yoo ta'ellee mata duree kana jalatti aguuggii akka argatu ta'uunsaa dhimma xiyyeeffannoo barbaadu akka ta'u godheera.

Hiikaan afaan Ingilizii jecha kasaaruu jedhuuf bakka baay'eetti "bankruptcy" jedhu kan fayyadamu yoo ta'u kwt 542(3) jalatti qofa jecha "insolvency" jedhu fayyadameera. Hiikoo jechoota kanneen gidduu jiru ilaalchisee barreessaan tokko haala armaan gadiitiin kaa'eera.

> *The leading distinction between a bankruptcy law and an insolvency law in the proper technical sense of the words consists in the character of the persons upon whom it is designed to operate the former contemplating as to objects traders of a certain description, the later insolvents in general, or persons unable to pay their debts.*

Haala hiikoo kanaatiin jechi "bankruptcy" jedhu harka caalaa kasaaruu daldalaa wajjiin wal qabatu kan ilaallatu yoo ta'u jechi "insolvency" jedhu kasaaruu dhimma kamirraayyuu maddu kan ilaallatu akka ta'e hubanna. Haa ta'u malee biyyootni baay'een yeroo ammaa kana "bankruptcy" dhimma daldalaa wajjiin qofa kan adeemu utuu hin ta'iin namoota liqaa irra jiru baasuu dadhaban hundarratti raawwatiinsa akka qabaatu gochaa jiru. Ijoo kanaan yoo ilaalame fudhatamummaa seera daldalaa kwt 968 seera addunyaa biratti qabu gadi aanaadha jechuun ni danda'ama. Akkuma beekamu erga seerri daldalaa keenya bara 1952tti bahee as Itoophiyaan labsiilee biyyoota adduyaarratti fudhatamummaa qaban hedduu keessummeessiteetti. Seerri daldalaa kwt 968 fi 1115 tumaa sirna heerummaa yeroo ammaa wajjiin kan deemu miti jechuun ulfaataa yoo ta'ellee kasaaruu baankii labsii of danda'e lak 592/2000 akka bitamu taasisee jira. Biyyootni tokko tokko fakkeenyaaf Ameerikaan seera kasaaruu baankii bitan kan of danda'e kan qaba yoo ta'u biyya Ingilziirraa kan hafe biyyootni Awurooppaa hundi seera daldalaatiin dhimmi baankii akka bitamu taasisuun amala baankiirraa ka'uun seera dabalataatiin (supplementary laws) akka deeggaru godhaniiru. Gama kanaan haalli kasaaruun baankii itti gamalamu adeemsa

biyyi Ameerikaa deemtuu wajjiin kan wal fakkaatuudha jechuun ni danda'ama. Qabiyyee labsii baankii yeroo ilaallu haayyama haquu (revocation of license), to'ataa qabeenyaa (receivership) fi qulqulleessuu seera daldalaa caalaa kwt 33 fi 34 jalatti aguuggii gahaa akka argatu ta'eera. Kanaan dura amaanaan nama qabeenya namaa eegu (trustee) jecha jedhurra to'ataa qabeenyaa fi komishiner kan jedhu baankii biyyoolessaa kan tajaajilu waan ta'eef ibsa fooyya'aa seera fayyadamee dha. Haaluma kanaan kasaaruu baankii ilaalchisee tumaalee seera daldalaa kwt 1071, 1072, 1081 fi 1119 irraan adda bifa ta'een akka tumaman godheera. Tumaaleen labsicha kwt 39-46 waa'ee aangoo fi gahee hojii to'ataa qabeenyaa, tajaajila biroo to'ataa qabeenyaa fi himannaa to'ataa kanaan dhiyaatuu fi hojiisaa xumuruu ilaalchisanii ibsa gahaa kennaniiru. Kanaafuu tumaaleen seera daldalaa kwt 986-1003 jiran kasaaruu baankiirratti raawwatiinsa hin qabaatan. Labsichi kwt 48 irratti tumaaleen seera daldalaa dhimma kasaaraa baankiirratti raawwatiinsa qabaachuu kan danda'an hanga labsichaa wajjiin wal hin faallessinetti waan jedhuuf seerri daldalaa dhimma kanarratti raawwatiinsa akka hin qabaanne kan daangesse ta'uu yoo baates caalmaan raawwatiinsa kan qabu labsicha akka ta'e garuu ibseera.

Raawwatiinsa seerri daldalaa dhaabbilee misoomaa mootummaarratti qabu yoo ilaallu galmeen dhaabbilee kanaa seera addaa labsii 25/1992 chaarterii mootummaa ce'umsaa jalatti baheen erga raawwatee booda bu'uura seera daldalaatiin irra deebi'anii galmaa'u. Labsichi kwt 40 irratti diigumsii fi qabeenya qulqulleessuun dhaabbilee kanaa bu'uura seera daldalaa kitaaba shanaffaatiin kan bitamu akka ta'e tumeera waan ta'eef seerri daldalaa dhaabbilee kanneen irratti raawwatiinsa ni qabaata jechuu dha. Labsii kana jalatti ijoon adda ta'e tokko adeemsi gabaabaan kwt 40(2) jalatti tarreeffame hordofuun hangi maallaqaa seera daldalaa kwt 1072(1-2) jalatti ibsame yaada keessa utuu hin galiin dhaabbilee daldalaarratti raawwatiinsa qabaachuusaati. Waa'een diigumsaa fi herrega qulqulleessuu dhaabbilee misoomaa mootummaa labsicha kwt 39-44 jiraniin kan bitamu yoo ta'u diigumsa kan raawwatu bu'uura kwt 39 ta'a:

- Daangaan jireenya yeroo dhaabbachi yoo xumurame
- Hojiin dhaabbatichi hojjechuuf hundeeffame yoo xumurame
- Kaayyoon hundeeffama dhaabbatichaa yoo fashalaa'e yookaan raawwatamuu kan hin dandeenye yoo ta'e
- Kaappitaala hundeeffamaa kaffalame keessee harki 75 yoo bade
- Manni maree ministeerotaa jireenya dhaabbatichaa murtii hubu (miidhu) yoo kenne

- Kasaaruun dhaabbatichaa mana murtiin yoo murtaa'e diigamuu akka danda'u tumee jira.

Tumaaleen kanneen kan agarsiisan haalli kasaaruu waldaa kanneenii kan seera daldalaatiin tumamerraa garagarummaa guddaa kan hin qabne yoo ta'u murtii mana marii ministeerotaatiin diigamuu danda'uunsaa garuu sababa seera daldalaatiin tumamee hin jirree dha. Fakkeenyaaf, mootummaan murtii mana marii ministeerotaa dambii lak 124/1993 *Engineering Design and Tool Enterprise*'' hundeeffamee fi dambii lak 38/1998 *Addis Metal Pressing Enterprise* hundeeffame dambii lak 102/2004 akka diigamu godheera. Seerri daldalaa keenya seerota ardii Awurooppaa bu'uura kan godhate fi barreessitoota lamaan kan barraa'e yoo ta'u yeroo ammaa kana addunyaa wajjiin tarkaanfachuurratti hanqina mataasaatii kan qabuu dha. Seera daldalaa heera mootummaa wajjin deemu barreeffamaa kan jiru ta'uu fi kasaaruun baankii seera addaatiin kan bitamu akkasumas diigumsii fi qulqulleessi qabeenyaa dhaabbilee misoomaa mootummaa seera daldalaa akka dhimmasaatti fayyadamuu kan ajajuu fi seera mataasaanii akka qabaatan kan ajaju ta'uu hubachuun barbaachisaa dha.

7.2 Raawwatiinsa Seera Kasaaraa

Biyyootni adda addaa seera kasaaraa adda adda kan hojimaatni isaa garagarummaa qabu tumatanii jiru. Fakkeenyaaf, seera kasaaraa biyya Ameerikaa, Ingilzii fi Jarmaanii yoo ilaalle namoota dhuunfaa irrattillee raawwatiinsa ni qabaata. Biyya Ingiliziitti waldaan michummaa dhaaba michummaa itti gaafatamummaa murtaa'aa akka qabutti lakkaa'amuun bu'uura seera bara 1907 bahetti seerri kasaaraa irratti kan raawwatamu ta'a. Waldaan michummaa seera waldaatiin bulan immoo seera kasaaraatiin kan bulan utuu hin ta'iin seera qulqulleessa qabeenyaa waldaatiin kan gaggeeffamanii dha. Biyya Ameerikaatti immoo garagarummaa xiqqoo qofa uumuun seerri kasaaruu namoota daldaltota ta'anii fi hin taane irratti akka raawwatu taasisu.

Bifa seera biyya alaa kanaan seerri keenya maal fakkaata? Seerri daldalaa kwt 969 seerri kasaaruu daldaltootaa fi dhaabbilee daldalaa keessaa waldaa keessa beekettii ala jiran hundarratti raawwatiinsa kan qabu ta'a jedha. Haala kanaan seerri keenyaa akka seera biyya Faransaayi, Argentiinaa, Beeljiyeem, Biraazilii fi Xaaliyaan namootni dhuunfaa fi dhaabbileen daldalaa

waldaa keessa beekettii ala jiran kan hojii seera daldalaa kwt 5 jalatti tarreeffamanii jiran hojjetan hundi seera kasaaruutiin kan bulanii dha.

7.3 Kasaaruu Waldaa Michummaa

Waldaan michummaa waldaa seera daldalaa kwt 969 jalatti kufuu danda'uudha jechuuf hojiiwwan seera daldalaa kwt 5 fi 10(1) jalatti tarreeffaman hojjechuutu irraa eegama. Kasaaruu waldaa michummaatiin seerri eegumsa abbootii maallaqaatiif godhu yoo jiraate itti gaafatamummaan miseensota waldichaa kan hin daangofne ta'uurraa madda. Kanaafuu seera daldalaa kwt 255(2) fi kwt 280(1) wajjiin wal bira qabnee ilaaluu qabna. Kasaaruun michummaa taatewwan lama qaba: inni jalqabaa kasaaruu miseensotaatiin dhaabbatichi akka diigamu kan taasisu yoo ta'u inni lammaffaan immoo dhaabbatichi kasaarera jedhamee murtiin mana murtiitiin kan kenname yoo ta'e yookaan kasaaruun waldichaa kasaaruu miseensota kan fiduu dha. Seera daldalaa kwt 26092) seera daldalaa kwt 1158(2) fi 1163 wajjiin wal bira qabnee yoo ilaalle kasaaruun miseensota dhaabichaa kasaaruu waldichaa akka hin taane hubanna. Waldaan michummaa yeroo kasaaru itti gaafatamummaan miseensotaa kan hin daangofne waan ta'eef abbootiin maallaqaa miseensota himachuun mirga isaanii qabeenya dhuunfaa isaaniitiin akka kabajamu gochuuu danda'amuuf, mirgi abbootii maallaqaa haala gahaan akka kabajamu taasisa. Kanaaf namootni baay'een waldaan michummaa kasaarera jedhanii murtiin akka kennamu taasisuun garagarummaa hin qabu kan jedhaniif. Kanaafuu bu'uura seera daldalaa kwt 255(2)tti miseensotni waldaa michummaa tokkummaan liqaa waldichaaf kan itti gaafataman waan ta'eef abbootni maallaqaa daangaa tokko malee mirga isaanii akka kabachiisan kan taasisu haalli mijahaan kan jiru ta'uusaa hubachuun gaarii dha.

7.3.1 Falmii Kasaaruu Waldaa Michummaa

Falmii kasaaruu waldaa michummaa adeemsa ittiin gaggeeffamu ilaalchisee seerri adeemsa falmii sivilii fi seerri kasaaraa waan ibsu kan hin qabne yoo ta'es qabiyyee tumaalee seera daldalaa kwt 1158 fi 1163 irraa hubachuun akka danda'amutti miseensota yookaan miseensotaa fi waldicha walitti qabanii himachuun ni danda'ama. Seerri daldalaa kwt 1158(2) miseensota itti gaafatamummaa adda hin baanee fi tokkummaa waldaan qaban kasaaruun miseensota sanaa kasaaruu waldichaa hordofsiisa jedha. Kanaafuu, abbootiin maallaqaa mirga isaanii

miseensotarraa gaafachuu ni danda'u; miseensotnis liqaa jiru kana kaffaluun itti gaafatamummaa jalaa bilisa bahuu ni danda'u. Himannaan kasaaruu miseensota waldaa michummaarratti yeroo dhiyaatu adeemsa jiru ilaalchisee seera daldalaa kwt 1163(1) kasaaruun miseensota itti gaafatamummaan isaanii adda hin baanee fi waldaan isaanii walfaana keenama waan jedhuuf adeemsa deemamuuf murtii kennamuu danda'u tumaa seera kanaarraa hubachuu ni dandeenya.

Waldaan michummaa kasaaruu isaatiin akka diigamu murtiin yeroo kennamu mirgootni xiyyeeffannoo keessa galuu qaban mirga abbootii maallaqaa dhuunfaa fi abbootii maallaqaa waldichaati. As irratti ijoonn xiyyeeffannoo argachuu qabu mirgoota abbootii maallaqaa kana keessa isa kamtu dursa kan jedhuu dha. Seerri daldalaa kwt 1163(3) akka ibsutti abbaan maallaqaa mirgasaa guutummaatti hanga kabachiisutti miseensota jiran irratti himata dhiyeessuu ni danda'a; seera daldalaa kwt 256(1) waldaan michummaarraa liqaa miseensota isaarra jiru yoo baase gahee miseensa sanaa qabuu akka danda'u tumee jira. Mirgoota qaamolee lamaan kanneen attamitti wal simsiisanii deemuun akka danda'amu hubachuus muuxannoo biyyoota qajeeltoo "the jingle rule" hordofan ilaaluun gaarii dha. Bu'uura kanaan namootni abbootii maallaqaa waldaa michummaa ta'aniif dursa qabeenya waldichaarraa kaffaltiin akka raawwatamuuf yoo ta'u abbootii maallaqaa miseensotaaf kaffaltiin dursa qabeenya dhuunfaa miseensotaarra akka kaffalamuuf ni ta'a. Haa ta'u malee qajeeltoon "the jingle rule" haalawwan hunda keessatti kan raawwatamu miti. Haala kanaan, namootni abbootii maallaqaa waldichaa ta'an,

- Qabeenya waldaaa kan ta'e tokkoyyuu kan hin jirre yoo ta'ee yookaan miseensi qabeenya qabu kan hin jirree yoo ta'e
- Abbootiin maallaqaa miseensota hundarraa maallaqa yoo gaafatan isaan duukaa abbootiin maallaqaa waldichaa gaaffii mirgaa kaasuu ni danda'u yookaan isaanii wajjiin dorgomuu ni danda'u.

Hojimaata kana gara biyya keenyaatti finnee hojii irra akka oolu yoo taasifne bu'uura seera daldalaa kwt 1163(5)tti namootni maallaqa miseensa dhabbata michummaarraa qaban anatu mirga dursaa qaba jedhanii falmii dhiyeessuu ni danda'u. Namootni maallaqa miseensota hundarraa qaban namoota maallaqaa miseensota hundarraa qaban kan biraarratti falmii dhiyeessuu ni danda'u jechuun hiikuu yoo banne namni maallaqa gaafatu namoota isaa wajjiin kaffaltii hirmaachuu danda'an falmuu ni danda'a kan jedhu qofa yoo fudhanne mirgi dursaa maal

barbaachise gaafii jdhu deebisuu hin dandeenyu. Kanaafuu akka yaada barreessaa kanaatti qajeeltoo "*the jingle rule*" biyya keenyatti hojii irra yoo oolchine adeemsa raawwii kasaaraa bu'a qabeessa ni ta'a kan jedhuu dha. Akka waliigalaatti yoo ilaalamu kasaaruun miseensa waldaa michummaa kasaaruu fi diigamuu waldichaa kan hordofsiisu yoo ta'u kasaaruun waldichaa guutummaan miseensotaa akka kasaaran kan taasisuu dha; namootni waldicharraa maallaqa gaafatan gara qabeenya waldichaa deemanii mirga isaanii kabachiifachuu akka danda'an adeemsa hordofuudha seerri keenya.

7.4 Kasaaruu Waldaa Aksiyoonaa fi Waldaa Dhuunfaa i/g/m

Waldaan aksiyoonaa fi waldaan dhuunfaa i/g/m bu'uura seera daldalaa kwt 10(2)tti hojiiwwan seera daldalaa kwt 5 jalatti tarreeffaman hojjetanis hojjechuu baatanis yeroo hunda daldalaa waan ta'aniif kasaaruun isaan quunnamuu ni danda'a. Itti gaafatamummaan miseensota waldaa aksiyoonaa daanga'aa waan ta'eef waldichi yoo kasaare abbootiin maallaqa waldichaa qabeenya miseensotaa irratti falmii kaasuu hin danda'an (seera daldalaa kwt 310 fi 510). Liqaan waldaa aksiyoonaa qabeenya isaa yoo caale, kaayyoo hundeeffama isaa galmaan gahuu yoo dadhabe, yeroo dheerattis yoo ta'e liqaa kaffalee xumuruu hin dandeenye keessa yoo gale waldichi kasaareera jedhama. Waldichi of danda'ee kan dhaabatuu fi itti gaafatamummaan miseensotaa daanga'aa waan ta'eef abbootiin liqaa waldichaa qabeenya miseensotaa irratti himata banuu hin danda'an jechuun garuu miseensotni gatii gahee isaanii hin kaffalle yoo ta'e hin gaafataman jechuu miti.

Miseensotni waldaa irraa maallaqa qabu yoo ta'e akkuma abbootii maallaqaa kan biroo himata qabeenya waldichaarratti dhiyeeffachuu ni danda'u. Kasaaruun waldichaa qabeenyaa daarikteerotaarratti miidhaa geessisu tokkoyyuu hin qabu; haa ta'u malee bakka bu'aa waldichaa waan ta'aniif badii raawwatan qabaannaan itti gaafatamummaa seeraa ni qabaatu (seera daldalaa kwt 364-366). Daarikteerri waldaa aksiyoonaa yookaan waldaa dhuunfaa i/g/m maqaa waldaatiin faayidaa ofiisaatiif hojjetaa kan ture yoo ta'ee fi kasaaruu waldichaa m/murtii yoo beeksise innis duukaa akka kasaaretti fudhatamuu danda'a (seera daldalaa kwt 1060(1)). Kanaafuu akka waliigalaatti yoo ilaalle kasaaruunn waldaa aksiyoonaa kasaaruu miseensotaa kan hin hordofsiifnee fi himatni kan dhiyaatu yoo ta'es waldicha irratti malee qabeenya miseensotaa irratti akka hin taane hubachuun barbaachisaa dha. Miseensa irratti himatni dhiyaachuu kan

danda'u miseensichi gatii aksiyoonaa kan hin kaffalle yoo ta'u kunis ta'uu kan danda'eef gatiin aksiyoonaa qabeenya waldaati jedhamee kan fudhatamu ta'uunsaa ifa ta'uu qaba.

6.4.1 Himata Waldaa Aksiyoonaarratti Dhiyaatu

Biyyoota akka Amerikaa fi Ingilaziitti falmiin kasaaruu dhaddacha mataasaa danda'etti dhiyaata; biyya keenyatti garuu m/murtii idilee hanga maallaqichaa ilaaluuf aangoo qabutti dhiyaata. Falmiin kasaaruu waldaalee qabeenyaa isaaniirratti kan dhiyaatu yoo ta'u abbootiin maallaqaa qabeenya waldichaarratti himata dhiyeessuun qabeenyichi calalamee adda akka bahuu fi abbootii maallaqaa gidduutti akka qoodamu godhu. Bu'uura seera daldalaa kwt 975tti murtiin kasaaruu akka kennamuuf abbaan liqaa yookaan abbootiin maallaqaa himata mana murtiitti dhiyeessuu ni danda'u. Abbaan liqaa kasaareera jechuun fedha mataasaaiin himata kan dhiyeessu yoo ta'u akka sababaattis liqaa narra jiru kaffaluu hin dandeenye kan jedhu dhiyeessa. Himatni akkasii daarikteerotaan dhiyaata; aangoon kunis seera daldalaa kwt 362(f) irraa madda. Waldaan aksiyoonaa kasaareera jechuun bu'uura seera daldalaa kwt 969 fi 971tti ragaalee waldichi liqaarra jiru kaffaluu dadhabuusaa agarsiisan dhiyyeessuutu irraa eegama; m/murtiis murtii kennuusaatiin dura jiraachuu haalawwan kanneen mirkaneessuu qaba. Bu'uura seera daldalaa Itoophiyaatti daldalaan tokko kasaarera kan jedhu yoo ta'e guyyoota 15 gidduutti himata m/murtiitti dhiyeessuu qaba (seera daldalaa kwt 971fi 972(1)). Liqaan jiru yeroo dheeraa keessatti akka kaffalamu kan jedhamu yoo ta'e miseensota waldichaa keessa tokko bakka buusuun yookaan qabeenyaan waldichaa calalamaa jira yoo ta'e calaltuun qabeenyichaa himaticha m/murtiitti dhiyeessuu ni danda'u.

Bu'uura himannaa murtiin kasaaruu waldaa irratti haa kennamu yookaan yeroon kaffaltii haa dheeratu jedhutti [seera daldalaa kwt 975(b)] himattooti abbootii maallaqaa tokko yookaan isaa ol ta'uu danda'u. Abbootiin maallaqaa maallaaqa waldicharraa qaban caqasuun bu'uura seera daldalaa falmii hariiroo hawaasaa kwt 226(1)tti himata dhiyeessuu kan danda'an yoo ta'u kana gochuus kan danda'an yeroon kaffaltii liqichaa kan gahe yoo ta'e yookaan abbaan liqaa maallaqarra jiru kaffaluu hin danda'u jedhee dursee yoo beeksise yeroo kaffaltiin itti raawwatamu eeguun utuu hin barbaachisin himata dhiyeessuun ni danda'ama. Waldaan akka kaseera murtiin kennamee qabeenyaan isaa calalamee kaffaltii liqaarra jiruuf akka oolu haa ta'u himanni jedhu erga dhiyaatee booda abbootiin maallaqaa biroo gidduu seenuun falmachuu kan

danda'an yoo ta'u jalqabuma abbootiin maallaqaa hundi himata isaanii walitti akka hin dhiyeessine kan isaan taasisu hin jiru.

7.4.2 Falmii Kasaaruu Falmisiisuu fi Murteessuu

M/murtii murtii kasaaruu murteessuusaatiin dura waldichi dhugummaatti liqaarra jiru kaffaluu dadhabuusaa mirkaneeffachuu qaba. Waldichi yeroo kaffaltii itti raawwachuu qabutti kaffaltii utuu hin raawwatiin kan dabarse (suspension of payment) yoo ta'ee fi kanas gochuu kan dadhabeef qabeenyaa harkasaarra waan hin qabneef ta'uusaa mirkaneeffachuu qaba. Murtiin kasaaruu akka kennamuu abbootiin maallaqaa yookaan abbaan liqaa gaafatan kasaaruu waldichaa dirqama mirkaneessuu qabu. Adeemsi ragaa dhagahuu erga xumuramee booda murtiin kasaaruu kan kennamu yoo ta'u adeemsi falmichaas bu'uura seera daldalaa kwt 976 fi 977 gaggeeffama.

Guyyaa kaffaltii raawwachuun dhaabbate kaasee hanga guyyaa beeksisni kasaaruu m/murtiitti dhiyaate guyyoota 15 keessatti daldalaan sun hojiiwwan seera daldalaa kwt 1929 jalatti tarreeffaman hojjetee yoo argame abbootiin maallaqaa daarikteerotaa wajjin waliigaluun karaa seeraa ala ta'een maallaqa isaanii deeffachuuf akka hin dhamaane gocha. Kaayyoon murtii kanaas abbaan liqaa kasaareera jedhanii murtii kennuu dha. Murtii booda qabeenyaa waldichaa kan bulchu komiishineera yookaan to'attuu amaanaa qabeenyaa (trustee) muuduun qabeenyaan waldicaa duraan turan akkasumas booda argaman akka kunuunsamu taasisuu dha. Qabeenyaan waldichaa qulqullaa'ee erga xumuramee booda haalli kaffaltii liqaa maalummaa abbootii maallaqaarratti hundaa'uun addaan kan qoodamu ta'a. Abbootiin maallaaqaa gita (status) adda addaa qabu:

- Abbootiin maallaqaa wabii qaban akka namoota qabsiisa qabeenyaa waldaaa (mortgage), qabsiisa qabeenyaa socho'aa (pledge) yookaan itti fayyadama qabeenya wabiin akka qabamu ta'ee (lien) qabanitti ilaalamu
- Abbootiin maallaqaa wabiin hin kennamneef qabeenya abbaa liqaa qabsiisaan qabatanii jiran hin qaban
- Abbootiin maallaqaa mirga caalmaa qaban (preferential creditors) abbootii maallaqaa kan biroorra mirga dursaa qabaatu

Haala kanaan murtii kasaaruu m/murtii yeroo kennutti yeroon kaffaltii itti raawwatamuu qabu gahuu yoo baatellee abbootiin maallaqaa qabeenya qabsiisaan qabatanii jiran qabeenyicha akka fudhatan ni taasifamu. Fakkeenyaaf, abbaan maallaqaa baankii yoo ta'e bu'uura labsii lak 97/98tiin mirgasaa kabachiifachuu danda'a. Nama dhuunfaa yoo ta'es qabeenyaan qabsiisaan qabatee jiru maallaqicha akka kaffalamu taasisuuf waan ta'eef mirgasaatti fayyadamuu ni danda'a. Kasaaruun waldaa taatee mirga abbaa maallaqaa qabsiisa hin qabnerratti fiduu danda'u ilaalchisee namootni gita kana keessa jira walfaana himata m/murtiitti dhiyeeffachuu ni danda'u. Haala kanaan dafanii himata hin dhiyeessan taanaan carraan mirga isaanii itti dhaban jiraachuu danda'a. Yeroo murtiin kasaaruu kennametti abbaan maallaqaa mirga dursaa qabu hunduma dura kaffaltiin akka isaaf raawwatamu mirga gochuu qaba. Murtiin kasaaruu ni kenname jechuun himanni banamee qoodinsi qabeenyaa yeroo gaggeeffamutti namni kun mirga isaatti fayyadamuu dnada'a. Abbootiin maallaqa bu'uura seera daldalaa kwt 1041tti mirga waldaarraa qaban dirqama mirkaneessuu qabu. Kanaafuu murtiin kasaaruu abbootii maallaqaa adda addaarratti taatee adda addaa kan qabu yoo ta'u kaayyoon isaas mirga abbootii maallaqaa eegsisuu fi sochiin daldalaa haala toora qabuun akka gaggeeffamu gochuun waliitti dhufeenyi gaariin akka jiraatu akkasumas bu'aa damee kanarraa argamuun lammiileen fayyadamoota akka ta'an gochuu dha.

Gaaffilee Marii

1. Seerri daldalaa kwt 968(1), tumaaleen seera kasaaruu namoota hojiiwwan kwt 5 jalatti hojjetanii fi kwt 10 jalatti dhaabbilee keessa beekettii irraan hafe dhaabbilee daldalaa hundarratti raawwatiinsa ni qabaata jedha. Kanaafuu waldaa michummaa idileerratti murtiin kasaaruu kennamuu ni danda'a jechuu dha?
2. Akka seera daldalaa kwt 1155(1)tti murtiin kasaaruu waldaa michummaarratti raawwatiinsa ni qabaata jettuu? Maaliif?
3. Dhaabbanti daldalaa qabatamaan jiruu fi qaama seerummaa hin qabne kasaaruu akka danda'u seera daldalaa kwt 1155(3) ni tuma. Kan hin dhalannee akka hin duune utuu beekamuu haala kanaan tamuunsaa maal jechuusaati?
4. Waldaa michummaa itti gaafatamummaansaa hin murtoofne abbaa maallaqaa wajjiin mari'atee bu'aa argatu (benefit of discussion) qabaa?
5. Kasaaruun waldaa michummaa kasaaruu miseensota isaa hordofsiisuu attamitti danda'a?

6. Seerri daldalaa kwt 987 mirga ol'iyyannoo hin haayyamu; keewwatni kun heera mootummaa RDF Itoophiyaa kwt 20(6) wajjiin attamitti ilaalamuu danda'a? Keewwatni seera daldalaa kun bu'uura heera mootummaa kwt 9(4)tti tumaa fudhatamummaa hin qabneedha jedhamuu ni danda'aa?
7. Kasaaruu beeksisuun bu'aa seeraa maalii abbaa liqaarratti fiduu danda'a?
8. Hoggantootni qabeenyaa waldaa kasaaree itti gaafatamummaa fi mirga attamii qabu?
9. Bu'uurri mirgoota gaaffii falmachuu maali?
10. Itti gaafatamummaan namoota hojii kasaaruu raawwachiisanii maali?

Yaada Guduunfaa

Sirni daldala biyya keenyaa sirna daldala addunyaa wajjiin wal bira qabamee yoo ilaalamu baay'ee boodatti hafaa yoo ta'ellee damee kana hammayyaa'aa taasisuuf tattaaffiiwwan baay'een fudhatamaa turniiru. Hojii daldalaa bifa seera qabeessa ta'een gaggeessuuf biyya keenyaatti kaayyoo istiraateejiwwanii fi imaammatawwan guddina sirna diimokiraasii, nageenyaa fi misoomaa galmaan gahuu keessatti qooda qabu jedhaman labsiiwwan hojii daldalaa deeggaran hedduun bahanii hojii irra oolaniiru.

Leenjifamtootni moojulii kana akka ka'umsaatti fayyadamanii beekumsa, dandeettii fi ilaalcha diimokiraasii seera daldalaarratti qaban guddifatanii, jijjiirama hubannoo leenjiin argatan hojii irra oolchuu fi sirna heera mootummaa bu'uura godhachuun hawaasni daldaltootaa fi soorattootaa amantaa akka horatan taasisuun dirqama lammiilee hundaa ta'uusaa hubatanii dirqama ogummaa fi lammummaa isaanii bahuu qabu. Kanaafuu, leenjifamtootni moojulii mata dureewwan adda addaa ofkeessatti qabate kana akka ka'umsaatti fayyadamuun qabiyyee isaa beekuufis ta'e gaaffilee marii sirriitti hubachuun daangaa beekumsa, dandeettii fi ilaalcha diimokiraasii isaanii bal'ifachuun kaka'umsa cimaan hojjechuu fi ittiin of qaruu qabu. Ogeessota bulchiisa gaarii, misoomaa, nageenyaa fi haqaa ta'uu kan dandeenyu hojiiwwan caqasaman kanneen yoo hojjenne qofa. Kanaafuu, adeemsa sirna ijaarsa diimokiraasii keessatti haqa haala barbaachisuun kennuun amantaa uummataa argachuuf cimnee hojjechuu qabna.

Galatoomaa!!

Maddawwan (References)

1. **Seerota (Laws)**

- Heera mootummaaRippaabiliika Diimokiraatawaa Federaalawaa Itoophiyaa, labsii lak 1/1987
- Seera daldala Itoophiyaa, labsii lak 166/1952
- Seera hariiroo Hawasaa Itoophiyaa, haala addaan bahe, labsii lak 165/1952
- Seera adeemsa falmii hariiroo hawaasaa, tumaa lak 52/1958
- Seera yakkaa, labsii lak 410/1997
- Labsii kalaqaa, kalaqa giddu-galeessaa fi dizaayinii industrii, lak 123/198
- Labsii galmee fi eegumsa haayyama daldalaa, lak 510/1998
- Labsii waraabbii, lak 410/1996
- Hojimaata daldalaa, lak 329/1995
- Labsii wabii fi qabsiisa dhaabbilee daldalaa, lak 98/1990
- Labsii galmee fi haayyama daldalaa, lak 67/1989 fi labsiilee fooyya'iinsaa lak 171/1991, 328/1995 fi 376/1996
- Labsii qabeenya baankiitti qabsiisa kennamee, lak 97/1990
- Labsii geejjiba to'achuuf bahe, lak 468/1997
- Dambii waldaa doonii Itoophiyaa hundeessuuf bahe, lak 1/1996
- Labsii hojii baankii ilaalchisee bahe, lak 592/2000
- Labsii dhaabbilee misoomaa mootummaa, lak 25/1992
- Dambii galmee doonii to'achuuf bahe, lak 2/1996

2. **Kitaabolee (Books)**

- Arun Kumar sen and Jitendra Kumar mitra, ***Commercial Law***, (including company law), the world press private Limited, Reprinted 1998.
- Colinvaux Raul, ***The Law of Insurance***, London, sweet and Maxwell, 5th ed., 1984
- Hailu Zeleke, ***Insurance in Ethiopia***, Historical Development, present status and future challenges, Master printing press, 2007
- Harka Haroye, ***Competition policy and Law***, Mizan Law review,2008
- Ivamy E.R.Hardy, ***General Principles of Insurance Law***, London, Butter worths, 6th ed., 1986.

- Jain D.P, ***Company law***, Koare publishers, PVT LTD, Revised ed., 2004.
- Keeton Robert E. and Widiss ALan I, ***Insurance Law***, St. Paul, Minn, West publisheing Co.1988.
- MC Kuchhal, ***Business Law***, Vikas Publishing House PVT LTD, 4th ed., 2005. Raoul Colinvaux, ***The Law of Insurance***, London,Sweet and Maxwell,5th ed.1984
- Singh Avtar***, Law of Insurance***, East Book Company, Lucknow, India, 2004.
- Singh Avtar, ***Introduction to Negotiable Instruments***, East Book Company, Lucknow, India, 2002.
- Taddese Lencho, ***Ethiopian Bankruptcy Law***, A commentary (part I)
- Vance William R., Hand Book on the Law of insurance, Sc.Paul.Minn, west publishing company, 3rd ed. 1951.
- WE Astle, ***Bill of Lading Law***, Fair play Publications, 1982.
- Wilson John F., ***Carriage of goods by sea***, Parson Longman, 4th ed., 2001.
- Win ship Peter, ***Background Documents of the Ethiopian Commercial code of 1966***, Addis Ababa University (Published) 1996.

3. Waliigalteewwan Idil-Addunyaa (International Conventions)

- Convention for the unification of certain Rules Relating to international carriage by Air. Signed at Warsaw on 12 October 1929.
- Convention for unification of certain Rules for International carriage by Air, Mont real, 28 May 1999.
- Protocol to amend the Convention for the unification of certain Rules relating to International carriage by Air, signed at Warsaw on 12 October 1929, done at the Hague on 28 September, 1955.
- Protocol to amend the convention for the unification of certain Rules Relating to International carriage by Air signed at Warsaw on 12 October 1929. As a mended by the protocol done by the Hague on 28 September 1955, signed at Guatemala city, on 8 March 1971.
- International convention for the unification of certain Rules of law relating to Bill of Lading signed at Brussels, on 25 August 1924.
- The Hague Visibly Rules, The Hague Rules as amended by Brussels protocol 1968.

- The United Nations convention on the carriage of Goods by sea. 1978 (The Hamburg Rules)

4. **Poolisii Inshuraansii (Insurance Policies)**

- Commercial Vehicle Policy issued by Nile Insurance Company (S.C)
- Burglary and Housebreaking policy issued by Ethiopian Insurance corporation Life Insurance policy issued by Ethiopian Insurance Corporation Illness, diseases and bodily injury policy issued by Ethiopian Insurance Corporation

5. **Qorannoowwan (Research Papers)**

- Berhane Assefa, ***The Discrepancy of Insurance policies with the 1960 Ethiopian commercial law***, LL.M Dissertation, Amsterdam University, 2007. (Unpublished)
- Berhane Assefa, ***The International Air carrier Liability Regime under the Warsaw and Montreal conventions,*** LL.M, Term paper, Amsterdam University, 2005, (Unpublished)
- Gebru Zenebe, ***Carriers Liability under contract of carriage supported by a Bill of Lading, The Ethiopian Law and practice***, LL.M Dissertation, Amsterdam University, 2007 (Unpublished)
- Ahimad Jamaal, ***Inshuraansii***, barreeffama leenjiin abbootii seeraaf irratti kenname, bara19993
- Biraanee Asaffaa, ***seera baankii fi foorkiloojerii***, barreeffama leenjiin abbootii seeraaf irratti kenname,bara1993
- Biraanee Aseffaa, ***sanadoota maallaqaa daddarboo***, barreeffama leenjiin Abbootii Alangaa Naannoo Gambeellatiif irratti kenname, bara 1998
- Xilahuun Tashoomaa, ***sanadoota maallaqaa daddarboo***, barreeffama leenjiin abbootii seeraaf irratti kenname, 1993

6. **Murtiiwwan Mana Murtii**

- Obbo Xigaabuu Anbarbir vs. waldaa inshuraansii Itoophiyaa, g/ol/h/lak 47/87
- Obbo Isheetuu Asaffaa vs. waldaa inshuraansii biyyoolessa Itoophiyaa, g/ol/h/lak 4452
- Baankii Intarnaashinaalii Hoorni vs. Baankii Biyyoolessaa, m/m ol/f/ (g/h/lak 58/92)
- Waldaa inshuraansii Yuuniversaalii vs. Baankii Biyyoolessaa, (g/h/lak 812/88)
- Obbo Xaayir Hajii vs Obbo Ayibdel Melki, g/h/lak 2869/87
- Waldaa imalsiisaa Alfaa vs. miseensotasaa, g/h/lak 97/90

- Waldaa inshuraansii Itoophiyaa vs. waldaa dhuunfaa i/g/m itarnaashinaalii Kadir, g/h/lak 70/89
- Waldaa inshuraansii Hibrat vs. waldaa doonii Itoophiyaa, g/h/lak 313051
- Waldaa keessa beekettii saayilii leeksii vs. Inshuraansii Awash, g/lak 23703/99
- Waldaa inshuraansii vs. waldaa doonii Itoophiyaa, g/h/lak 32305

7. Toora interneetii (website)

- Copy rights, Wikipedia, the free encyclopedia, 2008
- (http://en.Wikipedia.org/w/index.php?title=Copyright and printable=yes)
- Industrial Design Rights, Wikipedia, the free Encyclopedia,2008
- (http://en.Wikipedia.org/w/index.php? Title=Industrial design and printable +yes)
- Patent, Wikipedia, the free Encyclopedia 2008.
- (http://en.Wikipedia.org/w/index.php? Title + patent and printable =yes)
- Trade Mark, Wikipedia, the free Encyclopedia, 2008 (http://en.Wikipedia.org/w/index.php? Title=Trademark and printable =yes)
- Waldaa inshuraansii vs. waldaa doonii Itoophiyaa, g/h/lak 32305